Addis Ababa University
አዲስ፡አበባ፡ዩኒቨርሲቲ
SEEK WISDOM, ELEVATE YOUR INTELLECT AND SERVE HUMANITY !

# Nagaa Oromoo: Nagaa Aadaa Booranaa keessatti Yaadrimeessuu

Daani'eel Bal'is Yaadataan

Koolleejjii Namummaa, Qorannoo Afaanii, Joornaalizimiifi Qunnamtiitti

Muummee Afaanii, Ogbarruufi Fookloorii Oromoo,

Qorannoo ittiin Guuttannaa PhD Afaaniifi Fookloorii Oromoof kan Dhihaate

Adoolessa 2024, Finfinnee

# Nagaa Oromoo: Nagaa Aadaa Booranaa keessatti Yaadrimeessuu

Daani’eel Bal’is Yaadataan

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namummaa, Qorannoo Afaanii, Joornaalizimiifi Qunnamtiitti

Muummee Afaanii, Ogbarruufi Fookloorii Oromoo,

Qorannoo ittiin Guuttannaa PhD Afaaniifi Fookloorii Oromoof kan Dhihaate

Gorsitoonni:

1. Taaddasee Jaallataa (PhD, Associate Professor)

2. Assebee Raggaasaa (PhD, Associate Professor)

Adoolessa 2024, Finfinnee

## Mirkaneessaafi mallattoo

Akka miseensa boordii qorannoo waraqaa xumuraa PhD Daani'eel Bal'is mataduree **Nagaa Oromoo: Nagaa Aadaa Booranaa keessatti Yaadrimeessuu** jedhu irratti dhiheesse dubbisnee madaaluu keenya nimirkaneessina. Haaluma kanaan, hojiin kun ittiin guuttannaa PhD Afaaniifi Fookloorii Oromoof ulaagaa guuttachuu isaan fudhatameera.

| | | |
|---|---|---|
| Dr. Tolamaariyaam Fufaa (Haala Mijeessaa) | ____________<br>Mallattoo | ______________<br>Guyyaa |
| Dr. Filee Jaallataa (Qoraa Keessaa) | ____________<br>Mallattoo | ______________<br>Guyyaa |
| Dr. Abarraa Dagafaa (Qoraa Alaa) | ____________<br>Mallattoo | ______________<br>Guyyaa |

Hojii qorannoo gorsaafi qajeelcha keenya jalatti gaggeeffame kana gulaallii xumuraa isaa dubbisnee ulaagaa waraqaa PhD guutee kan dhihaate ta'uu mirkaneessineerra.

| | | |
|---|---|---|
| Dr. Taaddasee Jaallataa | _______________<br>Mallattoo | _________________<br>Guyyaa |
| Dr. Assabee Raggaasaa | _______________<br>Mallattoo | 25.07.2024<br>Guyyaa |

**Ibsa Barreessaa**

Jalqaba irratti, qorannoon kun ifaajjii dhuunfaa kiyyaafi maddeen hojii kana keessatti dhihaatan hundi qixa sirriin wabeeffatamaniiru. Hojiin kun, ulaagaa ittiin guuttannaa digirii 3[ffaa]f (PhD), sagantaa Afaan Oromoofi Fookloorii Yuunivarsiitii Addis Ababaaf dhihaate. Ulaagaa barruulee lamaaf hojii kana keessaa fudhatamaniin alatti, hojiin kun digirii biraa argamsiisuuf kanaan alatti bakka kamittuu akka hinkennamiin nan mirkaneessa.

Daani'eel Bal'is Yaadataa

_____________ Mallattoo

________________ Guyyaa

**GABATEE QABIYYEE/BAAFATA**

**Qabiyyee** **Fuula**

GABATEE QABIYYEE/BAAFATA ........ i
A. Ibsa Fakiilee ........ iii
B. Ibsa Gabateewwanii ........ iii
C. Ibsa Suuraalee ........ iii
D. Ibsa Dabaleewwanii ........ iii
E. Hiika gabaajeefi Kottoonfachiiftuwwanii ........ iii
F. Danaalee ........ iv
G. Ibsa *yaadaa* gara afaan Ingiliziitti ........ iv
GALATA ........ v
AXEERARA ........ vi
BOQONNAA TOKKO ........ 1
1. SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee ........ 1
1.2. Ka’umsa Qorannoo ........ 3
1.3. Gaaffilee Qorannoo ........ 5
1.4. Kaayyoo Qorannoo ........ 6
1.4.1. Kaayyoo gooroo ........ 6
1.4.2. Kaayyoo gooree ........ 6
1.5. Faayidaa Qorannoo ........ 7
1.6. Daangaa Qorannoo ........ 7
1.7. Ibsa Jechoota Murteessoo ........ 9
1.8. Hanqina Qorannoo kanaa ........ 11
1.9. Akkaataa Qindaa’ina Hojii kanaa ........ 11
BOQONNAA LAMA ........ 13
2. YAADRIMEE, YAAXXINAAFI SAKATTA’A MADDEEN AANTEE ........ 13
2.1. Yaadrimeewwan Ijoo ........ 13
2.2. Yaaxxina Qorannoo (Theoretical Framework) ........ 18
2.3. Sakatta’a Maddeen Aantee ........ 26
2.3.1. Yayyaba ibsaafi yaadrimee nagaa ........ 26
2.3.2. Hariirowwan yaadrimee nagaa baatan haala itti mul’atan ........ 32
2.3.2.1. Nama gama dhugeeffannaan ........ 33
2.3.2.2. Hariiroo namaa uumama biroo faana ........ 39
2.3.2.3. Hariiroo namaa nama faana ........ 41
2.3.3. Yaadrimeen nagaa cabuu mallattoolee mul’isan ........ 45
2.3.4. Haala yaadrimeen nagaa ittiin eegamu irratti muuxannoo jiru ........ 50
BOQONNAA SADII ........ 58
3. MALLEEN QORANNOO ........ 58
3.1. Fuulleffannoo Qorannoo (research paradigm) ........ 58
3.2. Saxaxa Qorannoo (research design) ........ 60
3.3. Maleenyaa (methodology) ........ 60
3.4. Malleen Funaansa Ragaa ........ 61

3.4.1. Daawwannaa ........ 61
3.4.2. Af-gaaffii ........ 66
3.4.3. Marii garee xiyyeeffannoo (focused group discussion) ........ 68
3.5. Xiinxala Ragaa ........ 69
3.6. Sakkoo Qorannoo ........ 73
3.7. Calaqqee ........ 75
BOQONNAA AFUR ........ 77
4. BOORANAAFI AADAA BOORANAA ........ 77
4.1. Eenyummaa Booranaafi Qindaa'ina Hawaasaa ........ 77
4.2. Aadaa Booranaa ........ 83
BOQONNAA SHAN ........ 91
5. YAYYABA NAGAA BOORANAA ........ 91
5.1. Nagaa Hariiroo Namaafi Waaqaa keessatti ........ 92
5.2. Nagaa Hariiroo Namaafi Uumamaa keessatti ........ 99
5.3. Nagaa Hariiroo Namaafi Namaa keessatti ........ 111
BOQONNAA JA'A ........ 122
6. MALLATTOOLEE BOORANNI NAGAAN CABUU ITTIIN HUBATU ........ 122
6.1. Mallattoolee Amala Nama Dhuunfaan wal Qabatan ........ 123
6.2. Mallattoolee Gocha Namaan Calaqqisan ........ 132
6.3. Mallattoolee Hookkarsa Mudateen Baraman ........ 155
BOQONNAA TOORBA ........ 161
7. AADAA BOORANNI NAGAA ITTIIN TIKSU ........ 161
7.1. Raawwilee Aadaa Irreen alaa Nagaan ittiin Tikfamu ........ 162
7.1.1. Itti gaafatamummaa dhuunfaa fudhachuun nagaa eeggachuu ........ 162
7.1.2. Jireenya waliinii keessaan nagaa eeggachuu ........ 169
7.2. Irree itti Fudhachuun Nagaa Eeggachuu ........ 194
BOQONNAA SADDET ........ 204
8. GOOLABAAFI YABOO/YAADA FURMAATAA ........ 204
8.1. Goolaba ........ 204
8.2. Yaboo/Yaada Furmaataa ........ 206
WABIILEE ........ 209
DABALEEWWAN ........ 219

**A. Ibsa fakiilee**

Fakii 1: Daangaa Siyaasaa Godina Booranaa (yeroo ragaan funaaname: 2020-2022)
Fakii 2: Faca'insa Oromoo Lewis (1966:29) kaa'e, hidhata afaaniifi hidda dhalootaan.

**B. Ibsa gabateewwanii**

Gabatee 1: Dhaha Booranaa
Gabatee 2: Abbootii Gadaa Booranaa
Gabatee 3: Adulaa filatamanii baallii fudachuuf eeggatan
Gabatee 4: Ilmaan dhalatanii garuu adulaan keessaa hinfilatamne
Gabatee 5: Adulaa filatamanii baallii fudachuuf eeggatan
Gabatee 6: Hariyyaa Booranaa
Gabatee 7: Gumiiwwan Booranaa
Gabatee 8: Qorsa Booranni biqiltoota irraa qopheessuun kan dhukube wal'aanu
Gabatee 9: Adeemsa hojiirra oolmaa aadaa ilmaan kormaa
Gabatee 10: Haala Maq-basni Gogeessarra itti Maru
Gabatee 11: Seerota haaraa Booranni gadaa lama irratti lallabate

**C. Ibsa suuraalee**

Suuraa 1: Marii fiixee (hayyootaa) fi gosaa, Gumii Gaayootti.
Suuraa 2: Af-gaaffii daawwannaan booda taasifaman keessaa muraasa.
Suuraa 3: Af-gaaffii gadifageenyaan jaarrolee argaa-dhageettii faana.
Suuraa 4: Marii worra laduu (Qaalluu Maxxaarrii, Liiban Jiloo) fi argaa-dhageettii waliin
Suuraa 5: Bu'aa horii lubbuun jirurraa argamu.
Suuraa 6: Bu'aa horii lubbuun jiruu ida'atanii nyaata aadaa qopha'an.
Suuraa 7: Horii qaluun soora qophaa'u.
Suuraa 8: Loon gurguraaf Haroo Bakkee dhufan.
Suuraa 9: Loon gurguraaf Haroo Bakkee dhufee achitti du'e.
Suuraa 10: Buduunuufi dibbee gonofuun qophaa'an.
Suuraa 11: Adabbii qaamaa Gumii Gaayoo 2020 irratti.

**D. Ibsa dabaleewwanii**

Dabalee 1: Qajeelfama Daawwannaa
Dabalee 2: Af-gaaffiif gaaffilee ka'umsaa
Dabalee 3: Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoof
Dabalee 4: Odeeffannoo madda ragaalee
Dabalee 5: Eebba
Dabalee 6: Sirba Loonii
Dabalee 7: Raagamtaafi durii-durii

**E. Hiika gabaajeefi kottoonfachiiftuwwanii**

Qorannoo kana keessatti gabaajewwan bakkeewwan gara garaatti tajaajilarra oolaniiru. Gabaajeefi kottoonfachiiftuwwan kunneen hiika jecha/oota bakka bu'anii faana armaan gaditti dhihaataniiru.

- AG = Abbaa Gadaa
- ALA = Akka Lakkoofsa Awurooppaa
- BZPEDO = Borena Zone Planning and Economic Development Office
- Fkn = fakkeenya
- GG = Gumii Gaayoo

- Kkf = kan kana fakkaatan
- MGX = marii garee xiyyeeffannoo
- Ykn = yookaan/yookiin

## F. Danaalee

Danaa 1: Nagaa yaadrimeessuuf hariiroo yaaxxina sadeen hojii kanaaf filatamanii.
Danaa 2: Adeemsa raawwii dayalektikii (Dujardin 2021) irraa kan fudhatame.
Danaa 3: Rog-arfee Seemiyootik (Chandler, 2017) irraa kan fudhatame.
Danaa 4: Lafa Booranaafi qoqqoodinsa dheedan.
Danaa 5: Hidda dhaloota Booranaa (Gosa Booranaa)
Danaa 6: Gosoota Bulchiinsaa Booranni ittiin wal oogganu
Danaa 7: Qaalluu/laduu shanan Booranaa
Danaa 8: Yaadrimee nagaa yayyaba uumama kaanii keessaan
Danaa 9: Haala Gogeessiifi Maqbaasi Luba/Gadaarra Maru.

## G. Ibsa *yaadaa* gara afaan Ingiliziitti

Ibsi armaan gaditti jechoota/gaalewwaniif kenname hiika isaan guutummaa qabiyyaa keessatti qabaniini. Kanaaf, hojiin dubbisuu ibsa/hiika kennameen daanga'a jechuudha.

- Bak-bu'ee = symbol
- Bakbu'eefi hiikkaa = Symbolic & interpretive
- Barruu/lee = galumsa irratti hundaa'uun 'literature/bulletins' bakka bu'a.
- Dhugeeffannaa = belief/religion
- Duudhaa = traditions
- Jeebana = indigenous
- Mallattoo = sign
- Waaqoma = divine
- Xiin-uumee = cosmology
- Yaadrimee = concept
- Yaadrimeessuu = conceptualization
- Yayyaba = foundation/basics/underpinning

## GALATA

Hunda dura gorsitoota kiyya Dr. Taaddasee Jaallataafi Dr. Assabee Raggaasaa hojiin kun eegalee akka xumuramuuf gumaacha keessaniif guddaan isin galateeffadha. Yeroo keessan qaalii keessatti ogummaafi muuxannoo keessan arjoomuu keessaniin hojiin kun asiin ga’e. Akkasumas, barsiisaa kiyya Dr. Xilaahun madda meeshaalee deeggarsaa qorannoo kana gabbisan ofiin itti yaaddee anaaf qoodaa turte cinatti jajjabina amileefi gorsa obbolummaa adeemsa hojii kana keessatti jalqabaa hanga xumuraatti ba’aa turteef ulfaadhu.

Galanni kiyya biraa, adeemsa ragaa maddisiisuu keessatti qooda olaanaa kan taphatan Aab Borbor Bulee, Aab Jaarsoo Liiban, Aab Jaatanii Diida, Aab Waaqoo Guyyoo… aadaa ofii beektan utuu hinqusatiin; kan dagattaniifi muuxannoo irratti hinqabneef ammoo namoota biroo eeruun ana cina dhaabbattaniif haata’u. Dabalataan, dargaggoota aadaa beektan naaf qooduufi jaarrolee aadaa beekanitti naqajeelchitan Waaqoo Biqqoo, Halakee Moluu, Waariyoo Garbooleefi hojjettoonni Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Godina Booranaa hedduu galatoomaa. Haalli itti isin ana simattaniifi hojiin kiyya akka galma ga’u tumsitan, amala maatiiti malee akka keessummaatti waan hinturreef ragaa ga’aa maddisiisuuf ga’ee guddaa baataniittu.

Kallattii gara garaan deeggarsi keessan kan ana duukaa ture maatiin kiyya ulfaadhaa. Akkasumas, iriyyoota kiyya hunda maqaa dhahuu baadhus, keessattuu Dhugaasaa, haadhaafi abbaa kiyya, Ob. Dajuu, Alemtsii, Faxxee, Shoree, Dr. Abbebee L., Dr. Tafarii K., Dr. Katamaa B., Ibsaa A., Eelsaa F., Ahmed D., Ayyelee A., ogeessa koompiyuuteraa Demmellaash, Dheeraa, Jeerii, Maammushee, Sebileefi kallattiinis ta’e mit-kallattiin hojii kana keessatti qooda kan fudhattan hundi galata guddaa anarraa qabdu. Adeemsa hojii dirree irratti bakkaafi namootan baasii dhuunfaan ga’uufi walitti qabachuu hindandeenye sagantaa isaanii keessaan akkan raga walitti qabadhu haala kan naaf mijeessan hojjettootaafi ooggantoota **Kolleejii Seeraa Yuunivarsiitii Haramaayaa, Pirojektii USAID Booranaa, Yayyaba Qaxxaamura Daangaa Nagaa** galatoomaan jedha.

Xumura irratti, sagantaan kun banamee afaaniifi aadaan Oromoo akka fuula duratti tarkaanfatu ga’ee keessan kan taphattan hundi galatoomaa. Utuu isin yeroo keessan aarsaa hingoonee carraa barnootaa kana keessatti qooda furadhuu hindanda’un ture.

**_AXEERARA_**

*Ibsaafi yaadrimee nagaa hanga ammaatti dhihaataniin yaada ogeeyyii walitti fidurra ga'uun hindanda'amne. Hanqinni kun ammoo tooftaan biraa akka barbaadamu affeera. Kanaafuu, hojii kanaan akkaataa hawaasa jeebanaa biratti itti yaadrimaa'u uummata Oromoo, keessattuu Boorana irratti xiyyeeffachuun gaggeeffame. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hubannoo nagaa Oromoon Booranaa qabu akkaataa aadaa isaan yaadrimeessuu kan jedhu ta'ee, jechi nagaa jedhu yaadrimee fookloorii dachaan dhihaate. Gosti qorannoo kanaa akkamtaa yoo ta'u, maleenyaa sanyaabaa keessaan malleen ragaa maddisiisuu daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannooti hojiirra oole. Kallattiin qorannoo kanaaf marsaa sadiin hojii ragaa funaanuuf taasifameen, daawwannaan Gumii Gaayoofi marii dhimma nagaa irratti taasifaman afur irratti taasifame. Af-gaaffiifi MGX irratti tuuta ilmaan kormaa, ilmaan jaarsaa, qaalluu, jaarrolee argaa-dhageettiifi barattoota, walumaa galatti namoonni 53 qooda fudhataniiru. Adeemsa kanaan, ragaaleen akka maddan kan ta'e aadaa Booranni jireenyi akka itti fufuuf hojiirra oolchu keessaani. Ragaaleen maddan jalqaba akkaataa gaaffilee qorannoo deebisaniin qooduun qaama hawaasaa ta'uun hiika irrattis hawaasa si'aayinaan hirmaachisuun xiinxalli taasifame. Ogafaanonni, seenessoonniifi duudhaaleen hiika jireenya qabatamaa Booranaa keessatti qabaniin ibsuun yaadrimeef-famani. Yaadrimeen nagaa Booranaa kan yayyabame hariiroonamni Waaqa, nama akka isaafi uumama kaan waliin qabu irratti. Hariiroon kun aad-malee namni ta'ee argamurraa kan ka'e akka cabu, amala aad-malee kanas mallattoo ittiin hubatu qaba. Mallattoolee calaqqisanirratti hundaa'uun ammoo ejjennoo fudhachuun nagaa isaa eeggata. Kaayyoon nagaa eeguu fedha jiraachuu namaa guutuuf utuu hintaane, seera uumamaa eeguufi. Innis, yayyabni uumamaa kan Waaqaa waan ta'eef namni yayyaba kana akka hincabsine of eega ykn caasaa hawaasni qabuun eegama. Yoo sadarkaa to'annoo namaarra darbe Waaqni aad-malee uumamaa mul'isuun nagaan akka eegamu taasisa. Booranni nagaa Booranaa jedhee kan ittiin jiraatu adeemsota wal xaxaa kan of keessaa qabudha. Ibsi nagaas gabaabumatti 'itti fufinsa jireenyaa' jedhamuu danda'a. Goolaba qorannoo kanaa irratti hundaa'uun, jechi nagaa jedhu yaadrimee bal'aa guutummaan jiruuf jireenya namaa keessatti argamu waan ta'eef fuulleffannoo qorannoo ta'ee tajaajiluuf humna kan qabudha.*

**Jechoota ijoo:** Boorantittii, dhugeeffannaa, fookloorii dachaa, nagaa Booranaa

# BOQONNAA TOKKO

## 1. SEENSA

### 1.1. Seenduubee

Qorannoon kallattiin *nagaa* (peace) irratti taasifamuu kan eegale yeroo dhihoofi innis walakkeessa jaarraa 20[ffaa] keessa Waraana Addunyaa lamaan gidduutti ta'uu ibsa (Kelman, 1981). Drago (2012) qo'annoon jalqabaa bara 1948 biyya USA-tti akka adeemsifame hima. Kana jechuun, hawaasni yaadrimee nagaa waan hinqabneef akka hintaane maddeen gara garaa ragaa ba'u. Ogeessi seenaa Raaflaub (2007) hawaasni yaadrimeen nagaafi waraanaa akka qabu eeruun, "Experts on war in the ancient world are numerous, those on peace hard to find," (2007:2) jechuun hanqinni gama ogeeyyiin ta'uu qeeqe. Gamabiraan Tytler (1836; 1837), kitaabbilee seenaa barreesse keessatti wal ooggansaafi hariiroo hawaasa gara garaa gidduu jiruun wal qabatee dhimmi nagaa akka calaqqisu ibse. Tytler nagaa hariiroo namni nama akka isaa faana qabuufi gama ooggansaan wal qabsiisee yoo ibsu Raaflaub ammoo, nagaafi waraana jechoota faallaa walii dhaabbatan akka ta'etti ibse. Hojiilee muraasa dhimma nagaa irratti yeroo gara garaatti dhihaatan hubannoowwan gara garaa dhiheessaa turuu kaa'eera (Kainz, 1987).

> …efforts of major thinkers of the past and present to philosophize about peace, their efforts seem to divide up rather naturally into the following six categories, according to whether the relative emphasis is on (1) strongly centralized world government, (2) international federation, (3) distributive justice, (4) religious or moral revitalization, (5) the sublimation or deflection of human aggression, or (6) some paradoxes connected with military preparedness, especially in the nuclear age. (Kainz, 1987:x)

Yaadni kun gama falaasamaan nagaa yaadrimeessuuf kan yaalan yoo ta'u, bu'uura irraa nagaa ibsuu utuu hintaane haala nagaan itti uumamu hariiroo namni walii isaa faana qabuun dhihaatani. Kana ta'eeyyu, fuulleffannoo gara garaa irratti xiyyeeffachuun taa'ani malee inni tokko isakaan faana wal ijaaraa itti hinfufne. Xiyyeeffannoon isaanii nagaan namni wal dhabbii/hookkarsa irraa walaba gochuu kan jedhudha. Falaasamoonni kunneen ega qorannon dhimma nagaa kallattiin eegalee ifatti ka'uu baatanis yaadonni wal faallessan ka'uu (Matsuo, 2007), isaanis nagaa sona qeenxee, waraana qofaan ibsuu irraa gara sona heddeetti guddachuu hima. Kanaaf ragaa kan ta'u Galtung (1964) hojii isaa duraan nagaan *bakka waraanni/hookkarsi hinjirretti* jedhe. Booda nagaan yaadrimee daangaa hubannoo bal'aa qabu ta'uu ibsedha (Galtung, 1967; 1981; 1996). Hojiileen isaa hundi gama hubannoo biyyoota Lixaan qofa waan ta'aniif ammoo ibsiifi yaadrimeen dhihaatan waalta'oo akka hinta'iin qeeqa irratti dhihaatan keessaa isa ijoodha.

Hangamuu bal'atu, yaadrimeen nagaa biyyoota Lixaa dhimma dinagdeefi qajeelfama bulchiinsa irraa madduun oogganamuurra akka hindabarre, hubannoo Afrikaa faana wal bira qabuun dhiheesse (Albert, 2008). Ogeessi kun dabaluun, kallattiin nagaa irratti xiyyeeffatee hojii hojjetame argachuun hanqina akka addunyaatti jiru ta'uufi gama Afrikaan ammoo kan jiranuu hubannoo biyyoota Lixaan akka ta'e kan eereen rakkoon Afrikaa dachaa ta'uu ibse. Hanqina jiran bu'uura godhachuun, adeemsa qorannoon nagaa gara fuulduraatti hordofu karoorsuun akka barbaachisu qoode (Mushakoji, 1978). Hawaasni hubannoo nagaa qabaachuu kan hubachiisan jechuun Raaflaub (2007), raagamtaa (myth), jechoota, bocaaleefi oguma gara garaa keessaan ta'uu qoode. Albert (2008), yaadrimeen nagaa hawaasa Afrikaa aadaafi duudhaa isaa keessaa akka ba'uufi ogafaanonni akka mammaaksa, faaruufi raawwileen dhugeeffannaa calaqqee isaa ta'uu kaa'e. Haata'umalee, jechi *nagaa* jedhu uumama isaan jecha killayyaa (abstract) ta'uun, ibsa kennuuf rakkiisaa ta'uu qoodani (Webel & Kaba 2019). Dabalataan, Jarstad et al. (2019) maddeen gara garaa sakatta'uun ega madaalanii booda, dhimmi nagaa akka walii galaatti hanqina yaadrimeessuu qaba jechuun goolaba kennani. Kana jechuun, yaadrimeessuun yaadota wal xaxoo ta'an yaadrimee ifa ta'een kaa'uu akka ta'e (Neuman, 2014:205) kan ibse, hanqina isaati.

Dhimmi nagaa uummata Oromoo gara dirree qorannootti kan seene yoom akka ta'e ragaan eeru dhibus, yaadonni wal dhiitan gara garaa ka'aa turaniiru. Kanneen keessaa Andrzjewsky (1962) Booranni hubannoo nagaa bulchiinsa hammayyaa (sirna koloneeffannaa yerosii) irraa kan argate malee hawaasa waraana leellisu ta'uu qoode. Haata'umalee, dhimmi nagaa kan afaan Booranaa irraa hinbuune, aadaa isaan kan walitti qabateefi hariiroo gidduu isaa jiru gaalee *nagaa Booranaa* jedhuun akka eeggatu ibse (Baxter, 1965). Oromoo akka walii galaa irrattis ta'e garee hawaasaa irratti dhimma nagaa kallattiifi mit kallattiin (Aberra, 2015; Aguilar 1998; 2008; Asebe & Tadesse, 2018; Aseba, 2019; Gufu, 1996; 2008; Markakis, 2011; Mekuria, 2011; Tenna, 2008; Tsega, 2012) kaasaniiru. Amala gosa barnoota isaanii irraa kan ka'e yaadrimeen nagaa raawwilee jireenya qabatamaa hawaasaa keessatti calaqqisan keessaa akka ba'u eerurraa darbanii xiyyeeffannoo hojii isaanii hingodhanne. Qabxiilee isaan akka tumsituutti kaasan garuu caacculee fookloorii jechuun (Dundes, 1965) tarreesse keessa seenu. Haata'umalee, muuxannoo hawaasni jeebanaa jireenya isaa guyya-guyyaa keessatti nagaa itti yaadrimeessu irratti hojii banaa jirudha. Kanaafuu, hojii kanaan haala nagaan akkaataa ilaalcha addunyaa Booranaan yaadrimeessuu irratti xiyyeeffatame.

### 1.2. Ka'umsa Qorannoo

Qorannoon kun 'Nagaa Oromoo: Nagaa Aadaa Booranaa keessatti Yaadrimeessuu' jedhu irratti xiyyeeffate. Dhimmi nagaa ijoo akka addunyaatti irratti xiyyeeffatame ta'uu maddeen gara garaan dhihaateera. Haata'u malee, ibsaafi yaadrimee isaa kaa'uu irratti hanqina bal'aa mul'ateen mataduree kana irratti xiyyeeffatame. Mataduree kana irratti xiyyeeffachuuf sababa kan ta'an keessaa tokko, ibsa nagaa faallaa waraanaa/hookkarsaa qofaan (Galtung, 1964) ibsuu ega eegalee kaasee ammas itti fufuu isaati. Jireenya qabatamaa hawaasaa dhiisanii nagaa waraana qofaan ibsuun sona qeenxee qofaan akka yaadrimaa'uuf saaxiluu qeeqe (Matsuo, 2007). Akkasumas, hubannoo garee tokkoon ibsa waalta'aa kennuuf yaaluun kan hawaasa jeebanaa xiyyeeffannoon ala gochuun akka jiru ibsani (Tadesse & Asebe, 2018). Ammayyu, nagaan bifa ogeeyyii walitti fiduun yaadrimaa'ee dhihaachuu irratti hanqinni akka jiru (Jarstad et al., 2019) hojii isaanii dhihoon eerani. Gama hubannoo fooklooriin, yaadrimeen dhimma hawaasaa galumsa hawaasaa (social context) irratti hundaa'ee akka murtaa'u (Dundes, 1965) kan ibse, nagaa haala jireenya qabatamaa hawaasaan yaadrimeessuuf mala filatamaa ta'uu mul'ise. Kanaafuu, hojiin kunis waan hawaasni qabu waan hawaasaan ibsuun hanqina jiru cufuu keessatti qoodni kan fudhatame.

Ka'umsa qorannoo kanaaf sababni lammataa, ilaalcha addunyaa Oromoon nagaa irratti qabu dhiheessuun wal qabatee garaa garummaan bal'aa ogeeyyii gidduutti mul'achuudha. Kanneen keessaa Andrzjewski (1962) Boorana irratti xiyyeeffatee hojii isaa gaggeessus, Oromoon akka walii galaatti hawaasa kaka'umsa waraanaan guutame akka ta'eefi yaadrimee nagaayyu qaama mootummaa irraa akka argatetti dhiheesse. Baxter (1965) ammoo, gaalee *nagaa Booranaa* jedhu dhiheessuun, yaadrimeen isaa garuu Boorana irratti malee hawaasa kaaniif akka hinhojjenne ibse. Marcus (1994), sadarkaan lubaa lafa Oromoon alatti marsaa hookkarsaati jechuun, jireenyi isaa akka walii galaatti garuu 'loose egalitarian' akka barsiisu qoode. Akkasumas Markakis (2011), hariiroo Booranni hawaasa ollaa faana qabu hammeenyummaan kan guute ta'uu kaa'e. Faallaa kanaan, bulchiinsa *gadaa* keessatti namni namummaa isaan kan simatamu (egalitarian) ta'uu eere (Asmarom, 1973). Mekuria (2011) gama isaan, nagaan Oromoo akka itti fufu kan taasisan sirna siyaasaa dimokiraatawaa qabaachuu qofaan utuu hintaane, raawwilee waraanaa gama gadaan taasifamu ta'uu kaase. Akkaataa odeeffannoo maddeen kanaatti, yaadota wal faallessan, wal dhiitaniifi wal deeggaran kan dhihaatan yoo ta'u, ilaalcha gara garaa kan dhiheessan fakkaata. Ragaan yaadota kana walitti araarsu argamuun dirqama akka ta'es akeeku.

Sababni ka'umsa qorannoo kanaa sadaffaan, hojiirra oolmaa gadaa qofaan ilaalcha addunyaa Oromoo ibsuuf yaaluufi garaa garummaa hubannoo ogeeyyii gidduutti mul'atedha. Innis, Asmerom (1973; 2006) fi Baxter (1978) gidduutti yoo ta'u, bu'uurri garaa garummaa isaanii amala hojiirra oolmaa gadaati. Asmerom, gadaan siyaasa irratti xiyyeeffachuu yoo ibsu, Baxter ammoo dhugeeffannaa (religion) irratti akka ta'e falme. Wal dhabbiin kun yaadrimee nagaa keessatti walitti dhufanii guutuu akka ta'an, "The idea of peace (nagaa) as an all-encompassing, unifying idea…," (Aguilar, 2008:182) yaada jedhuun ibse. Kana malee, Oromoon ilaacha siyaasa, afaan, barnootaafi dhugeeffannaan addaan faca'ee jiru jecha *nagaa* jedhu irratti tokko akka ta'e ragaalee seenaan deeggaree dhiheesse. Hojiin kun qorannoo nagaaf bu'uura ta'us, kallattii xiyyeeffannoo isaa irraa kan ka'e jechi *nagaa* jedhu hubannoo fooklooriin hinilaalamne. Gama biraan, duudhaalee hawaasaa jireenya guyyuu keessatti kallattii gara garaan hojiirra oolaniin deeggaruun yaada isaa ka'umsa irraa eegalee hinyaadrimeessine.

Ka'umsi qorannoo kanaa afraffaafi kan xumuraa akkaataa qorattoonniifi barreesitoonni aadaa Oromoo irratti hojjetan afaan maddaa jijjiiranii kaa'aniin wal qabata. Qabatamaan ammoo aadaa Oromoo mudachuu ragaalee yeroo gara garaa keessatti calaqqiseera. Kanneen keessaa, "Lub really means "followers of a king." The government was formed after main tribe called "Hayum" kingdom. Over each Lub a ruler was appointed called Hayu, i.e., king. This ruler was nominated along with a regent or prime minister, who is called a lower king," (Phillipson, 1916:179-80) jechuun kadhiheesse isa tokkodha. Hojii kanaan jechoonni Oromoo galumsa isaanii keessaa ba'uun ilaalcha addunyaa biraan ibsamani. Dhiibbaa amalli kun qabu, "…removal of a tradition from its context is a form of amputation," (Vansina, 1965:188) jechuun ibse. Gama biraan, Asmarom (1973:160) gaalee *ilmaan kormaa* jedhu akkaataa moggaatii isaa dogoggoruun cinatti, gara Afaan Ingiliziitti yoo fidu mala jijjiirraa kallattiin *the sons of bulls* jedhe. Leus & Salvadori (2006) fi Oba-Smidt (2016) gaalee kana bifa wal fakkaatuun jijjiirani. Kan afaan ingiliziin jiru hiika Afaan Oromoo hinqabu. Amalli akkanaas jechoonni aadaa yoo jijjiiraman gita akka dhaban kan (Phillipson, 1916) eereen wal qabata. Jireenya qabatamaa keessatti waan hawaasni qabu kan ittiin himamu afaaniin ta'uu (de Saussure, 1959) kaa'e. Hawaasa Afrikaafis moggaasni, "…the identity of and window into one's culture and self," (Lubisi, 2004:575) akka ta'e ibse. Kanaafuu, hanga danda'ameen afaan maddaa afaan qorannoo gochuun rakkoo gama kanaan dhufan hanqisuuf wabii akka ta'u mul'ise.

Nagaa gama falaasamaan yaadrimeessuuf kan yaaleen Verharen, “The Oromo parallel to *maat* is found in the concept of *nagaa* or peace and harmony,” (2008:17) jechuun kaa’e. Jecha *maat* jedhu galmeen jechaa Britannica (2024), “…in ancient Egyptian religion, the personification of truth, justice, and the cosmic order. The daughter of the sun god Re, she was associated with Thoth, god of wisdom,” ibsa jedhuun taa’e. Yaada ani asitti kaasu yaadrimeen jechoota lamaanii wal gitu ykn hingitan jechuu utuu hintaane, *maat* kan jedhu bifa ifa ta’een yaadrimaa’uu isaati. Kana kan mirkaneessu Verharen, “Maat is given mythological status as a goddess,” (2008:20) jechuun ibse. Faallaa kanaan jechi nagaa jedhu akka hinyaadrimaa’iin, “Maat was the controlling element of ancient Egyptian philosophy for three thousand years. Nagaa’s longevity is a matter for further research, but its force is as old as Oromia,” (2008:26) jedhe. Umrii nagaa wallaaluun raagamtaas ta’e durii-durii irratti dubbatuun dhihaachuu dhabuu isaati.

Walumaagalatti, bu’uurri ka’umsa hojii kanaa qabxiilee ijoo armaan olitti eeraman yoo ta’u, hojii kanaan duudhaalee hawaasaa irratti hundaa’uun ilaalcha addunyaa qabatamaa hawaasni qabu kaa’uu keessatti qoodni fudhatame. Innis, yaadrimee nagaa Booranni jireenya qabatamaa keessatti hojiirra oolchu dhiheessuuni. Kanaaf ammoo, jalqaba moggaasni hawaasaa caaccuu fookloorii akka ta’e (Dundes, 1965) kan qoodeen nagaanis maqaa wanni ta’e ittiin waamamu jalatti qooduun eegalame. Itti fufuun, moggaasa kanaafi waantota moggaasa kanaan waamaman walitti fiduun ibsuun hojiin yaadrimeessuu hojjetame. Kana jechuun, caaccuu hawaasaa tokko caaccuu biraan ibsuu (Dundes, 1966) fookloorii dachaa (metafolklore) jechuun beeksiseen wal sima. Kanaafuu, jechi nagaa jedhu maqaa killayyaa ta’ee caaccuu biraan ibsame. Adeemsa nagaan hojii kanaan itti yaadrimaa’es, guutummaan akkaataa Booranni nagaa itti hubatu bu’uura irraa ibsuun, mallattoolee nagaa cabsaniifi duudhaalee nagaan ittiin eegamaniin qindaa’e. Qindaa’inni kun yaadrimee nagaa guutuu ta’e, kan hawaasni jireenya qabatamaa keessatti barbaadudha.

### 1.3. Gaaffilee Qorannoo

Hojii qorannoo keessatti waan qorataan dursa raawwatu keessaa xiyyeeffannoo qorannoo agarsiisuu akka ta’eefi innis gaaffilee qorannoo adda baafachuun akka mul’atu (Sarantakos, 2013) ibsa. Akkasumas, bakka qorataan dhimma baruu barbaaduufi maal irratti akka deebii barbaadu kan ittiin gaafatu ta’uu (Kumar, 2011) qoode. Haaluma kanaan, yaadrimee nagaa Oromoo keessatti, Booranni jecha *nagaa* jedhu yoo tajaajilamu maaliin wal qabsiisee akka ta’e ba’anii mul’achuu barbaachisa. Kanaaf ammoo, yaadrimeen nagaa Booranaa bu’uura irraa maal irratti yayyabamuun

jireenya qabatamaa keessatti hojiirra akka oolu deebisuun ijoo hojii kanaa yoo ta'u, gaaffilee gooree armaan gadiitti caccabee dhihaateera.

1. Yayyaba yaadrimeen nagaa Booranaa irratti hundaa'e jireenya qabatamaa keessatti akkamiin yaadrimaa'u?
2. Booranni jireenya guyya guyyaa keessatti yayyabni yaadrimee nagaa isaa cabuu mallattoolee ittiin hubatu akkamiin ibsa?
3. Booranni yaadrimeen nagaa isaa akka itti fufuuf raawwilee aadaa akkamiin tikfata?

### 1.4. Kaayyoo Qorannoo

Maalummaafi akkaataa qindaa'ina kaayyoo qorannoo dhiheesseen Kumar (2011), galma hojii qorannoon qorataan bira ga'amuuf kaawwatee jamaan akka hubatu barbaadu waan ta'eef, jecha ifaafi gooreen kan dhihaatu ta'uu ibsa. Kaayyoon kunis gooroofi gooreen qoodamee akka taa'u hima. Haaluma kanaan, qorannoo kanaafis kaayyoolee armaan gadiiti bu'uureffame.

#### 1.4.1. Kaayyoo gooroo

Gosoota qorannoo lamaan Kumar (2011) eere keessaa kaayyoon gooroo hima dhimma qorannoo cuunfee qabate ta'uudha. Haaluma kanaan, kaayyoon gooroo qorannoo kanaa hubannoo nagaa Oromoon Booranaa qabu akkaataa aadaa isaan yaadrimeessuudha.

#### 1.4.2. Kaayyoo gooree

Kaayyon gooree, daangaa ijoo taa'e keessatti waan abuuramuu barbaadame gadi bu'ee bifa ifa ta'een kan taa'udha jedha (Kumar, 2011). Haaluma kanaan, hojii kanaaf kaayyowwan gooree armaan gadiiti qindaa'e.

- Yayyaba yaadrimeen nagaa Booranaa irratti hundaa'e akkaataa isaan jireenya qabatamaa keessatti mul'ataniin yaadrimeessuu.

- Mallattoolee Booranni yaadrimeen nagaa isaa cabuu ittiin hubatu haala isaan jireenya guyya-guyyaa keessatti itti hojiirra oolan ibsuu.

- Aadaa Booranni nagaa ittiin tikfachuuf hojiirra oolchu itti fufinsa jireenyaa irratti shoora inni qabuun ibsuu.

### 1.5. Faayidaa Qorannoo

Qorannoo kanaan nagaan Booranaa mataa isaan duudhaa hawaasaa ta'ee tuuta duudhaalee ittiin ba'ee mul'atuun yaadrimaa'e. Adeemsa gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa deebisuu keessatti bu'aaleen irraa eegaman:

- Yaadrimee nagaa Booranaa gama fooklooriin qorachuun beekumsiifi muuxannoon akka-sumas hubannoo Oromoon akka walii galaatti qabu baasuu keessatti qooda fudhachuun cinatti, kallattiin Booranni duudhaaleenni yaadrimee nagaa isaa itti hidhee jireenya guy-yuu isaatti hiika itti kennatu akka ba'u taasisa. Kun kan barbaadu beekumsaafi muuxan-noo hawaasaa kan akka moggaasa, meeshaalee aadaa, jechamoota, seenessa, sirnootniifi kkf bu'uura irraa ka'anii tajaajilarra oolaniin sakatta'amuun xiinxalli ogummaa itti ken-namee dhalootaaf akka darbu shoora ba'a. Dhaloonnis kanarraa maddi yayyaba duudhaa-lee hawaasaa maal irraa ka'ee akka ta'e akka hubannoo argatan gargaara.


- Yaadrimee nagaa qorachuun yayyabanni irratti hundaa'ee jiru abuuruun cinatti, akka nagaan hookkaramu kanneen taasisan mallattoolee isaanii irraa ka'uun akka hubatamu gar-gaara. Yayyabni yaadrimee nagaa yoo cabu kan ba'ee ittiin mul'atu waan qabuuf akkuma (Mbiti, 1970, 1975) kaase, qorannoo kana keessatti amaloonni akkanaa kan akkamii akka ta'an qoodamu. Kana jechuun, raawwileen jireenya namaan wal qabatanii jiran yaadrimee nagaan akka walitti hidhataniifi qaama qorannoo ta'uun akka ilaalaman taasisa.

- Duudhaalee yaadrimee nagaa baatanii jiraniifi waan isaan ittiin cabanii hookkarsa uuman sakatta'uun, namni hariiroo Waaqa, namaafi uumama kaan faana qabu eeggatee akka jiraatu gargaara. Kana jechuun, kan hinbeekne hubannoo akka argatan; kan utuu beekanii dagataniif dadammaqinsa ta'ee tajaajila. Walumaagalatti, qorannoon dhimma nagaa hagam jireenya hawaasaan wal qabatee akka jiruufi tokkoon tokkoo raawwii namaa kana keessatti akka ilaalamtu dabarsa.

### 1.6. Daangaa Qorannoo

Qorannoo keessatti *daangaan* bakka qorannoon itti gaggeeffamu, *eessattiifi* dhimma qoratamu, *maal irratti* kan jedhan of keessaa qaba. Jalqaba irratti bakkaan wal qabatee hojiin kun Boorana irratti xiyyeeffate. Oromoo guutuu irratti hojjechuun kan filatamu ta'us, hanqina baajetaafi yeroo jiru keessatti daangaa bal'aa Oromoon qabatee jiru waliin ga'uun waan hidanda'amneef, bakka

murteessuun dirqama ta'e. Booranni addatti akka filatamu kan ta'e ammoo, cichanni aadaa isaatti qabuufi sadarkaa salphaan hubamuu isaati. Godinni Booranaa Kibba Oromiyaa, Finfinnee irraa 770 km fagaatti. Daangaa siyaasaan, teessuma Astironoomii, "'$30^0$ 24' 20'' N to $60^0$ 36' 01'' N latitude and $36^0$ 42' 58'' E to $40^0$ 46' 31'' E longitudes" fiixee Kibbaa irratti akka argamtu (Borena Zone Planning and Economic Development Office (BZPEDO), 2013) irratti ibsameera.




Fakii 1: Daangaa Siyaasaa Godina Booranaa (yeroo ragaan funaaname: 2020-2022)

Akkaataa daangaa siyaasaan ollaan Godina Booranaa, Kaabaan Gujii, Bahaan Somaalee, Kibbaan Keeniyaafi Lixaan Uummattoota Kibbaan daanga'a. Bakka Booranni irra jiraatu daangaa eerame kanarra darbee Gujiifi Keeniyaa keessa akka jiru maddeen hedduun kan eeran cinatti, Gumii Gaayoo irratti hirmaachuuf kan dhufan irraas kan argamedha. Kana jechuun, daangaan gaditti dhihaate, kan bulchiinsa mootummaa malee kan bulchiinsa Gadaa miti. Hanga yakka raawwatee Booranummaa hingadhiifnetti, Booranni daangaa lafaan eessayyu ta'u gadaa tokkoon waamama.

Carraa argame keessattis Booranni Keeniyaafi Gujii keessa jiraatan madda ragaa ta'anii qorannoo keessatti qooda fudhataniiru.

Daangaa qorannoo jalatti gaaffii lammataa *maal irratti* jedhu deebisuuf yaadni, "To complete the conceptualization process, boundaries are necessary. I must decide exactly what I intend to include and exclude," (Neuman, 2014:207) jedhu barbaachisummaa isaa hima. Hojiin kunis mataduree **Nagaa Oromoo: Nagaa Aadaa Booranaa keessatti Yaadrimeessuu** irratti xiyyeeffate. Dhimmi nagaa jireenya nama dhuunfaafi garee keessatti waantota murteessoo ta'an hubachuu akka barbaachisu (Matsuo, 2007) akkuma ibse, dhimmoonni gara garaa daangaa hojii kanaa keessa seenaniiru. Haaluma kanaan, akkaataa barbaachisummaa isaatti, mudannoo nama dhuunfaa gama aadaan ibsaman, ogafaanota, raawwilee jilaa, waliin dubbii namootaa adeemsa duudhaa hawaasaa qabu, meeshaalee aadaafi mallattoolee gara garaa dhimma nagaan wal qabatan xiyyeeffannoo argataniiru. Gama biraan, sona/waan hawaasni gatii itti kennee jireenya guyyuu keessatti tajaajilamuti bu'uura ta'e. Kana jechuun, fookloorii Booranni calaqqisiisuti madda hojii kanaati. Fooklooriin ammoo, daangaa bal'aa waan hawaasaa tarreessuun hindanda'amne akka hammatu (Sims & Stephens, 2011) eeranis, daangaa itti gochuu barbaachisa. Jalqaba jechi *nagaa* jedhu fookloorii hawaasaa ta'ee caacculee fookloorii biraa bu'uura jecha kanaa agarsiisan/himan, yaadrimeen nagaa cabuu kan himaniifi waan ittiin nagaa eeggatanidha daangaan hojii kanaa. Hojii kana galmaan ga'uuf, yaadrimee caaccuu fookloorii tokko caaccuu fookloorii biraan ibsuu kan (Dundes, 1966) fookloorii dachaa (metafolklore) jechuun qoodeti hojiirra oole.

### 1.7. Ibsa Jechoota Murteessoo

Jechoonni armaan gadii hojii kana keessatti yeroo tokkos ta'u irra deddeebi'anii ka'aniiru. Hiika itti kennuun kan barbaachiseef, gama tokkoon dubbisaan hundi hubannoo wal qixa akka qabaatu kan yaadame yoo ta'u, gama biraan ammoo, hojii kana keessatti hiika dabalataaf kan tajaajilan burjaajjii hir'isuufi.

**Aad-malee:** jechi kunis jecha tiishoo ta'ee, taateen kamuu faallaa aadaa raawwatu aad-malee jedhamee ibsama.

**Akaakoo:** akkaataa Booranatti tajaajiluun, dhala dhalaa ykn abbaa abbaa/haadha ofii ibsa.

**Boorantittii:** jecha Boorana ta'uu raawwii irratti xiyyeeffatee ibsudha. Hojii kana keessatti haala Booranni itti tajaajilamu irratti hundaa'ee kan dhihaate yoo ta'u, dhalootaan utuu hintaane, waan

aadaan Booranaa jedhuufi dhugeeffatuun argamuudha. Yaadrimee waan namni itti jiru ibsuuf tajaajiludha.

**Dhugeeffannaa:** jechi kun kan Booranni guyyuu itti tajaajilamaa oolu ta'ee kitaabbilees ta'an qorannoo Boorana irratti xiyyeeffatanii dhihaatan keessatti guddoo hinibsamne. Qorannoo kana keessatti kan irra deddeebi'uun dhufu yoo ta'u, innis akkaataa Booranni itti tajaajilamu irratti hundaa'uuni. Innis kallattiin dhugaan kan wal qabatu yoo ta'u, Waaqa irraa eegalee hanga hariiroo uumamata gidduu jiru ibsuutti tajaajila.

**Guyyuu:** jechi kun guyya-guyyaa kan jedhu faana hiika wal qixa qaba. Irra deddeebii hir'isuuf wal jijjiiruun tajaajilani.

**Hariyyaa:** ijoollee gadaa abba tokkoo keessa dhalatte (turtii ganna saddetii)

**Jilachuu:** adeemsa waan ittiin hubamu ykn komatamu kadhaa Waaqaan ofirra dabarsuudha.

**Nyaapha:** hiika isaa kallattiin nama boorana hinta'iin jechuu yoo ta'u, sidii/diinas ibsuuf nitaajila.

**Naga-dhaba:** jecha tiishoo 'nagaa + dhaba' irraa qindeess'uun Booranni taatee faallaa *nagaa* ittiin ibsudha. Jechi kun qaama hojii kana keessatti bakka gara garaatti kan dhihaate yoo ta'u, yaadrimee bal'aa jireenya hawaasa sadarkaa hammaataan hookkaran bakka bu'uun dhihaata.

**Ogeeyyii:** hojii kana keessatti afaan Ingiliziin 'elits' kan jedhudha. Yeroo baay'ee hayyuu/oota jedhamus, Oromoon hayyuu jedhee aadaa isaa keessatti kan waamu qaba. Jaarroleen Booranaa haala nama barnoota hammayyaa barate itti waamu waan mormuuf, ogeessa kan jedhuunan ibsame. Hayyuun kanuma aadaa qofa bakka bu'a.

**Qara:** angafa ykn kan dursee raawwate/dhufe.

**Sidii:** jechi kun gita jecha diina jedhuuti. Booranni kan sidii jedhee waamu, kan yoo walitti dhufe wal waraanu/hadhudha.

**Yaadrimee nagaa:** sona ykn waan jireenya keessatti namni gatii itti kennu hunda kan hammatu. Yeroo hunda waan gaarii kan bakka bu'u utuu hintaane, hubannoo hawaasni qabuun murtaa'a.

### 1.8. Hanqina Qorannoo Kanaa

Qorannoon kun nagaa aadaa Booranaa keessatti yaadrimssuu yoo ta'u, raawwileen hawaasaafi ogafaanonni gara garaa hojii kana galmaan ga'uuf fudhatamaniiru. Nagaa Booranaa irratti dhuftee jecha *nagaa* jedhu irraa eegalee akkaataa jireenya guyya guyyaa keessatti hojiirra oolutti kaasuun yaadrimaa'us, hanqinni hojii kana keessa hinjiru jechuu miti. Hanqinoonni ka'uu malan, godina tokko qofa fudhachuun isa tokkodha. Akka godina tokkoottuu jiloota Booranni tuuta afuriin (qaalluu, ilmaan kormaa, ilmaan jaarsaafi akka Boorana guutuutti) gaggeessu keessaa Gumii Gaayoofi sirna Baallii wal harkaa fuudhinsaa qofa carraan daawwannaa kan argame. Jilli buttaa, lallaba ijoollee, jila ilmaan jaarsaa, jila gadamoojjii, odaa buluu, muuda, dhibaayyuufi kkf akka bu'uuraatti hanqina yeroofi baajataa irraa kan ka'e irratti argamuun hindanda'amne. Kanaaf akka furmaataatti, namoota jiloota kana irratti hirmaachuun muuxannoo gabbataa qaban faana af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoon qabiyyee jilootaa baasuun kan danda'ame. Kana malees, yeroon funaansa ragaa kanaa hongeen walirra bu'uun haalonni akka wal xaxan taasisus, suuqa jaarroleen qubatan (magaalaa keessa fira bira) iyyaafachuun hanqina mudate ittiin furame. Muuxannoon marsaa lamaa gara Booranaatti aadaa baruuf tasisee jaarrolee faana wal baradhe, adeemsa jaarrolee haalaafi bakka rakkootti dubbisuuf shoora olaanaa ba'aniiru. Akkasumas, amala gosa barnootaa kana irraa kan ka'e ragaaleen maddan, keessattuu ogafaan hawaasaa gama saayinsii ogbarruun hinxiinxalamne. Qabxiileen eeraman kuneen bakkeewwan duwwaa yoo guutaman yaadrimee nagaa waalta'aatti ogeeyyii fiduu danda'anidha.

### 1.9. Akkaataa Qindaa'ina Hojii kanaa

Dhimma qorannoon kun irratti xiyyeeffate dhiheessuuf hojiin kun boqonnaalee saddetiin qindaa'e. Boqonnaan duraa seensa yoo ta'u, seenduubee dhimmi qorannoo kun qabu, ka'umsa qorannoo, gaaffilee qorannoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannoon kun qabu, daangaa qorannoon kun ittiin murtaa'u, ibsa yaadrimeewwan murteessoo hojii kana keessa jiran, hanqina qorannoon kun qabuufi akkaataa hojiin kun itti qindaa'e of keessaa qaba. Boqonnaan lammaffaa yaaxxina qorannoon akka ittiin ilaalamu kan fudhatamaniifi sakatta'a maddeen hidhata mataduree kanaan qabanidha. Boqonnaan sadaffaa yaaxxina maleenyaa yoo ta'u, fuulleffannoo, saxaxa, maleenyaa, malleen funaansa ragaa, haala ragaan itti xiinxalame, sakkoofi calaqqee of keessaa qaba. Boqonnaan afraffaa ammoo seenduubee waa'ee Booranaafi aadaa isaati dhihaate. Boqonnaa seenduubee kanaan, hidhata jireenyi Booranaa nagaa faana qabu keessatti agarsiifamuun gara boqonnaalee xiinxalaatti ce'ame.

Boqonnaaleen sadii (shan, ja’aafi torba) xiinxala ragaa walitti aananii dhufanidha. Boqonnaan shanaffaa Booranni yaadrimee nagaa isaaf yayyaba akkamii akka qabuti dhihaate. Kana jechuun, jireenya qabatamaa keessatti *nagaa Booranaa* kan jedhu ibsuuf bu’uura irraa maaliin akka wal qabatu dursee kan ittiin ibsamedha. Boqonnaan ja’affaa hariiroo Booranni yaadrimee nagaa isaa ittiin ibsatu cabuu mallattoolee ittiin hubatamuti dhihaate. Boqonnaan torbaffaa itti fufinsa jreenya isaa mirkaneeffachuuf haala Booranni nagaa isaa itti eeggatuti ibsame. Boqonnaan saddettaffaafi kan xumuraa, goolabaafi yaada furmaataa hanqina qorannoo kanaa irratti kenname qabateera.

# BOQONNAA LAMA

## 2. YAADRIMEE, YAAXXINAAFI SAKATTA’A MADDEEN AANTEE

### 2.1. Yaadrimeewwan Ijoo

Mataduree kana jalatti yaadrimeewwan ijoo hojii kanaa: nagaafi yaadrimeessuutti ibsa kennuun daangaan xiyyeeffannoo hojii kanaati ittiin agarsiifame. Jechoonni kun lamaan yaadrimeedhas jechadhas. Guutummaan qorannoo kanaas kan irratti hundaa’ee dhihaate isaan irratti. Haata’uutii, ibsi mataduree kana jalatti itti kenname gabaabaa yoo ta’u, matadureewwan gara garaa jalatti akkaataa barbaachisummaa isaaniin ka’aniiru.

### A. Nagaa

Jechi nagaa (peace) jedhu jecha wal xaxaafi hiika kennuuf ulfaataa ta’uu kan qorattoonniifi barreessitoonni kaa’an cinatti hojii jijjiirraa Afaan Oromoo irraa gara afaan Ingiliziitti ykn faallaan taasifame keessatti qabatamaan mul’ateera. Kana kan mirkaneessan keessaa jecha *nagaa* jedhu jechoota afaan Ingilizii afur (peace, happiness, safety, health) bakka buusuun kaa’ani (Leus & Salvadori, 2006). Akkasumas, nagaa garee jechaa maqaafi ibsa maqaa taasisee kan dhiheesse (Foot, 1913:45), akka maqaatti *peace; compliment; farewell* jechuun, akka ibsa maqaatti ammoo *good; safe; secure* kanneen jedhan bakka buusee dhiheesse. Barreessaan kun jecha *peace* jedhu gara Afaan Oromootti yoo deebisu garuu jechoota lama (nagaa, araara) qofaan bakka buuse. Adeemsa dhaabbataa hordofuu dhabuun tarii xiyyeeffannoo ga’aa kennuu dhabuun ykn amala wal xaxummaa qabiyyee irraa madduu danda’a. Akka maddeen eeranitti, hojiin nagaa irratti dhihaatan amala lamaaniifuu kan saaxilaman ta’us, kan lammataa bal’inaan kan mudatedha.

Hojii sakatta’aa kana keessatti jechi *nagaa* jedhu, gita afaan Ingilizii *peace* jedhuu dhaabbachuun tajaajile. Kana jechuun, jechoonni kun lamaan wal madaalu jechuuf utuu hintaane, hojiilee gara garaa keessatti bakka walii buusuun hojiirra ooluun waan beekamaniifi. Jecha *nagaa* jedhu Oromoon Booranaa maal bakka buusee akka tajaajilamu xiinxala keessatti kan dhihaatu yoo ta’u, jechi *peace* jedhus dhuftee mataa isaa qaba. Maddi isaa afaan biraa ta’uu irratti falmiin hinjiru. Haaluma kanaan, afaan Laatinii *pax* jedhurraa akka ta’etti qoodame (Webster, 1979). Kana malees, “Middle English *pees,* from Anglo-French *pes, pees,* from Latin *pac-, pax;* akin to Latin *pacisci* to agree,” (Merriam-Webster, n.d.) kanneen jedhan irraa ta’uu galmee jechootaa toora interneetii keessatti taa’e. Kanaafuu, jechi kun dhufteefi tajaajilli isaa bakka gara gara jechuudha. Kana

jechuun ammoo, garaa garummaa amala ilaalcha addunyaa hawaasaa irraa kan ka'e hubannoon jecha maddaafi kan amma tajaajilarra jiruu carraan wal gituu isaa dhiphaadha.

Kanneen olitti eeraman malee jechi *peace* jedhu gita moggaasa afaan gara garaa keessa jiruu akka ta'etti dhihaata. Jechi afaan Arabaa *salaam* jedhuufi afaan Hibiruun *shalom* jedhu, tajaajila keessatti nagaa wal gaafannaa akka waliigalaatti dhihaatuuf kan oolan ta'uu eeruun, gama biraan ammoo gita jecha afaan Ingilizii *peace* jedhuu akka ta'etti kaa'e (Herzog, 2005:386). Nagaa wal gaafannaa/iyyaafannaan adeemsa hawaasni haala keessa jiru cufa wal iyyaafatudha. Jechi *peace* jedhu adeemsa nagaa wal gaafannaa keessatti tajaajila afaanii keessatti hinka'u. *Peace* kan jedhu sona tokko/murtaa'aatti daangessanii ega ibsanii booda gita moggaasa hawaasa kaanii yaadrimee bal'aa qabuu taasisuun dhiheessuun yaada ifa ta'e hindabarsu. Muuxannoo jechi peace jedhu ittiin ibsamaa dhufe irraa ka'uun yoo madaalamu, jecha Afaan Oromoo *nagaa* jedhu irraas garaa garummaa bal'aa qabaachuu akka danda'u mul'isa.

Qorannoonis ta'e hojiilee gara garaa keessatti nagaan sonoota akkamii bakka bu'ee akka ibsamu qabiyyee waalta'aa tokkoon hinteenye. Bal'inaan, galmeewwan jechootaa keessatti kan calaqqise yoo ta'u, guutummaan nama irratti qofa xiyyeeffatani. Ibsoota kennaman keessaa, "Freedom or a period of freedom from public disturbance or war; a quiet and calm state of mind; agreement and harmony among people; an agreement to end a war," (Merriam-Webster, 2009:497). Kana malees, (Perrault, 2008:1192) haala gara garaa afuriin kaa'uuf yaalus hundi isaanii hariiroo namni nama akka isaa faana qabaachuu qabuufi qabaachuu/raawwachuu hinqabne giddu galeessa godhatani. Kallattiin ibsoota nagaa Parrault kaa'e, bakka waraanni hinjirre; haala callisaafi tasgabbaa'aa; bakka waanti jireenya namaa hookkaru hinjirretti (kan yakke yakka isaan kan gaafatamu yoo ta'e); namni miira isaan yoo tasgabbaa'eefi waan yaadda'u (yakkaan kan wal qabate) hinqabaanne kanneefi bakka namni wal hinfalmineefi gufuu walitti hitaanetti kanneen jedhanidha. Ibsoonni kunneen daangaa keessatti hojjetaniin yoo madaalaman, dhiibbaa nama irraa nama kaan mudatuun hubaatii alaafi keessa nama dhuunfaa irratti qaqqabutti kan murtaa'anidha.

Qabxiileen kun hundi bakka tokkotti dhufanii jecha nagaa (peace) jedhu haala ibsuu danda'uun hindhihaanne. Akkasumas, waan namni irraa walaba ta'uu male kaa'uurra darbee nagaan sonoota akkamiin akka ijaarameefi maal irratti akka bu'uureffate hinmul'ifne. Waanti ifatti mul'ate, namni waraana ykn hookkarsa jireenya isaa irratti gufuu ta'an irraa walaba ta'uu akka qabu kan ibse qofa.

Qabxiilee eeraman hunda keessatti dhimma namaan qofa nagaa yaadrimeessuuf kan yaalame. Kun ammoo, yaadrimeen nagaa namaaf qofa kan dhaabbateefi waantonni namaan alatti jiran hundi galma ga'insa jireenya namaaf qofa akka jiran hakeeka. Adeemsa kanaan, namni namaan alatti uumama kaan irratti yakkuun nagaan wal hinqabatu jechuudha. Akka yaada maddeen kanaatti nama nagaa qabu jechuun hookkarsa irraa walaba ta'uufi nama faana hariiroo wal danda'uu irratti hundaa'e kan qabudha. Faallaa kanaan, nagaan kun kan cabuu danda'uufi innis hookkara gaggeessuun akka ta'e ibsa dulloomaa (Webster et al., 1910) irraa eegalee hanga har'aatti hubannoo Biyyoota Lixaati dirree barnootaa keessatti kan hojiirra oolaa jiru. Kallattii tokko qofatti daanga'uun hawaasa hunda bakka buusuuf yaaluun ogeeyyii walitti fiduu hindandeenye. Yaada waalta'aa tokkotti dhufuuf hubannoo gama hundaan jiru dhiheessuun kan barbaachise kanaafi. Kanaafuu, hojii kanaan yaadrimee nagaa gama hawaasa jeebanaan jiru yaadrimeessuun qaawwa jiru cufuuf gargaara.

Sadarkaa amma qorannoon nagaa irra jiruun nagaa ibsuus ta'e yaadrimeenni of keessaa qabu kaa'uun ulfaataadha. Akkuma qaama hojii kana keessatti bakka ta'etti ka'e, "…peace itself has been under-conceptualized," (Jarstad, et al. 2019:1) kan jedhu qorannoo yeroo dhihoo raga ta'udha. Waanti jireenya keessatti hojiirra oolu, kan ammoo akkaataa ilaalcha addunyaa hawaasaa irratti hundaa'e yoo hinyaadrimaa'iin qaama kaaniif hubatamuu hindanda'u. Hubannoo waalta'aa dabarsuuf waan hawaasni jireenya qabatamaa keessatti calaqqisiisu bu'uura godhachuun dirqama. Ibsa nagaa faallaa waraanaan sona qeenxeetti daanga'ee dhihaatu hubannoo achiin alatti jiru ifa hintaasisu. Nagaan gama fafeen (negative) ibsamu, gama sirrii isaan maal akka bakka bu'uufi raawwilee qabatamaa jireenya guyya-guyyaan deeggaramee hindhihaanne. Akkasumas, hariiroo namni walii isaa faana qabu malee waan namni dhugeeffatuufi uumamni namaan ala jiran, kan namni jiraachuuf itti tajaajilamuu yaadrimee nagaa isaa keessaa qooda qabaachuus ta'e dhabuun kan taa'e hinjiru. Kanneen kun hundi hojii yaadrimeessuu keessatti, waan hawaasni qabu irratti xiyyeeffachuu isaan hubannoon nagaa hawaasichaan wal fakkaatu ifa ta'a.

Ibsaafi yaadrimee nagaa akkaataa ilaalcha addunyaa Booranni qabuun kaa'uuf hajii kana keessatti nagaan sadarkaa sadiitti argama jechuun fudhatame. Sadarkaan jalqabaa yayyaba irratti hundaa'e, bu'uura yaadrimeen isaa irraatti hundaa'e qaba. Lammaffaan, itti fufinsa jireenyaaf namni waan raawwatee hariiroo yayyaba faana jiru ittiin calaqqisiisu qaba. Sadaffaafi kan xumuraa, sadarkaa-leen lamaan duraa jiraachuun isaaniifi hariiroon sonoota nagaa gidduu jiru kan ifa ta'u itti

fayyadama afaanii qabaachuudha. Akka hojii qorannoo kanaatti, yaadrimee guutuu ta'eefi ibsa nagaa ifa ta'e baasuuf sadarkaaleen sadeen kun jiraachu akka qabanitti fudhatame. Yaadrimeessuun haala sadarkaaleen kun ifa itti ta'an kan hojjetu yoo ta'u, qoodni yaadrimeessuus maal akka ta'e mataduree armaan gadiin dhihaateera.

**B. Yaadrimeessuu**

Mata duree kana jalatti maalummaa yaadrimeessuufi haala inni qabiyyee hojii kanaan wal qabatee hojiirra ooluti dhihaate. Yaadrimeessuun hojii qorannoo keessatti, keessattuu qorannoo hawaasaafi akkamtaa keessatti bal'inaan tajaajileera. Hiika galmee jechaa ibsaan, "To form a concept of/to interpret conceptually," (Merriam-Webster, n.d.) jedhu qaba. Ibsa kana keessatti yaadrimee (concept) kan jedhu, "Something conceived in the mind: thought, notion," akka ta'e galmee jechaa kanaan ibsi itti kenname. Akka ibsa galmee jechaa kanatti, waan summuu keessaa qaban, kan akka yaadaa bifa qabatamaan calaqqisiisuudha. Hojii qorannoo walii galaa keessatti yaadrimeessuu, "The process of developing clear, rigorous, systematic conceptual definitions for abstract ideas/ concepts," (Neuman, 2014:205) jechuun ibsa. Barreessaan kun dabaluun, yaadota wal xaxoofi bifa ifa hintaaneen qindaa'anitti ibsa yaadrimee ykn yaaxxinaa kennuu akka ta'e qoode. Adeemsa kanaan yaadrimeessuun, "…highly creative and produces new insights," (2014:205) jedha.

Hojii kana keessatti adeemsa yaadrimeessuu hordofuun yaadrimee xaxaa ifa taasisuuf yoo ta'u, innis kan hawaasni dimshaashaan raawwatu ykn dubbatu tumsituu itti fiduun dhiheessuudha. Yaadrimeewwan ijoo hojii qorannoo keessa jiraniin wal qabsiisuun, "Conceptualization involves writing out clear, concise definitions for our key concepts," (Blackstone, 2018:101) yaada jedhu kaa'e. Yaada isaa kanaan yaadrimeen ijoo hojii qorannoo keessatti yaadni akka ifa ta'uuf murteessoo akka ta'an ittiin mul'ise. Aadaa keessatti raawwiifi jechi ijoo qabiyyee bal'aa of keessaa qaban baay'inaan argamu. Raawwiis ta'e jechi gooroofi gooree waan qabaniif kanneenitti ibsa kennuun dirqama hojiiti. Yaadrimeessuun jecha dhaga'me ykn/fi gocha ijatti mul'ate akkuma jiruun bifa salphaan kan ibsamu utuu hintaane, adeemsa qabiyyeefi galumsa gara garaa walitti fiduun ibsi jamaaf galuu danda'a jedhamu kan kennamu. Kana jechuun, ibsa tajaajilarra jiru bifa biraan jamaa ibsa duraa hinbeekneef akkaataa isaan hubachuu danda'aniin ibsuudha. Kanaafuu, yaadrimeessuun ifaajjii guddaa kan qabuufi dhimma itti gaafatamummaa fudhatanii hojjetan ta'uu mul'isa.

Hojii qorannoo kamuu keessa yaadrimeessuun kan jiru yoo ta'u, innis caaccuu saxaxa qorannoo (research design) keessaa tokko ta'ee waan baruu barbaannu kan ittiin ibsamudha (Lune & Berg, 2017). Kana jechuun, adeemsi qabiyyeewwan ifa taasisuuf hordofamuufi ibsi kennamu hundi hojii yaadrimeessuu akka ta'e agarsiisu. Hojii kana keessatti yaadrimeessuun qooda saxaxa qorannoo keessatti qabu cinatti qabiyyeen qorannoos ittiin ibsame. Qabiyyeen qorannoo kanaa nagaa irratti xiyyeeffachuun, hanqina gama yaadrimeessuun jiru ka'umsa godhachuuni. Akkuma mataduree olii jalatti dhihaate amala wal xaxaa qabaachuun isaa akka yaadrimaa'u dirqisiisa. Adeemsa yaadrimeessuu keessatti yaadrimeewwan gara garaa sona/caaccuu hedduu of keessaa qaban akka jiran kan agarsiisudha (Blackstone, 2018). Hubannoo kana qabaachuun nagaa sadarkaa yaadri-meetti yoo ibsamu, yaadni kallattii gara garaan akka maddu gargaara.

Jechi *nagaa* jedhu jechas yaadrimeedhas. Nagaa yaadrimeessuun sadarkaa jechaatti gama afaaniin ibsuufi sadarkaa yaadrimeetti ammoo qabiyyee inni of keessaa qabu adda baafachuu barbaada. Adeemsa nagaa yaadrimeessuu keessatti ragaan eessaa akka madduufi mudannoo jiaachuu danda'u, "Concepts of peace can be understood to be within human experience(s), or beyond it and probably out of reach," (Richmond, 2005:198-9) jechuun ibse. Yaadni isaa kun akka jiru kanaan amala walxaxinsa ilaalcha addunyaa hawaasaan yoo madaalamu, yaada deeggaramudha. Haata'u malee, ulaagaa inni nagaa itti yaadrimeessee yaada kana kaaseen garuu hojii kallattii isaa hineegganne taasise. Richmond ogeeyyii nagaa yaadrimeessuuf hojjetan keessaa tokko yoo ta'u, qabxiilee inni irratti hundaa'ee dhiheessuuf yaale nagaa caalaa wal dhabbii ykn waraana yaadrimeessuuf oolu. Qabxiilee isaa keessaa akkaataa qindaa'ina bulchiinsaa irratti kan ibseen nagaan caasaa bulchiinsaa keessaa kan argamu akka ta'etti ibse. Kun ammoo yayyaba nagaan irraa madde qindaa'ina hawaasni adeemsa keessa uummatetti daangessuun qindaa'inaan duratti maalti akka jiruu fi/ykn ture hinhimu.

Qorannoo kanaan hojii yaadrimeessuu galmaan ga'uuf yaadonni akka ijootti fudhataman keessaa, "To complete the conceptualization process, boundaries are necessary. I must decide exactly what I intend to include and exclude," (Neuman, 2014:207) kan jedhe isa tokkodha. Akka yaada kanaatti daangaan hojii dirqama akka ta'eefi innis qabiyyee qaama xiinxalaa ta'uufi keessaa ba'u irratti murtoo fudhachuun akka barbaachisudha. Hojii qorannoo, dhimma hawaasaa keessatti daangaa ifa ta'e yoo hinkaa'iin bal'ina irraa kan ka'e yaada ifa ta'e dabarsuun hindanda'amu. Yaada Neuman faana kan wal simatu, "By conceptualizing a set of behaviors or ideas as part of a coherent package,

we can describe a range of possible ideas, relations, and outcomes with a single term," (Lune & Berg, 2017:23) kan jedhu ijoo adeemsi yaadrimeessuu irratti hunda'e isa biraati. Yaada kanaan, yaadrimeessuun sadarkaa wal xaxaatii hanga moggaasa/jecha ykn jechama qeenxeetti gadi bu'ee akka hojiirra ooluti ibsame. Kun ammoo, jecha *nagaa* jedhutti qabiyyeewwan hidhatanii dhufaniifi jechichi mataa isaan qaama xiinxalaa akka ta'an kallattii agarsiisa.

Yaadolee yaadrimeessuun wal qabatanii kallattii gara garaan olitti ibsaman ka'umsa godhachuun hojii kanaan haala yaadrimeen nagaa Booranaa hubannoo guutuu qabaatutti qindaa'e. Haaluma kanaan, bu'uura nagaan Booranaa irratti hundaa'ee tajaajilarra oolu, mallattoo yayyaba nagaa kana cabsan kan ittiin hubatamuufi haala nagaan kun ittiin tikfamu irratti xiyyeeffatame. Kana jechuun, hawaasni nagaa isaaf yayyaba yoo qabaate, nagaan isaa cabuu yoo hubateefi akka hincabne/yoo cabe deebisee ijaarrachuun yoo tikfate yaadrimeen nagaa isaa jireenyi akka itti fufu taasisu guutuu ta'a. Kaayyoleen kun akka galmaan ga'aniif, daangaa qabiyyee murteessuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, daangaan bu'uraa jalqaba gama yaaxxinaan raawwate. Yaaxxinni hojii kanaaf filataman kan madda ilaalchi addunyaa hawaasaa irratti hundaa'e kan ittiin baramu; ilaalcha addunyaa qabuun jireenya isaa itti fufsiisuuf waan raawwatuufi afaan qabiyyeewwan kana keessatti hojiirra oolan kan ibsanidha. Kanaafuu, yaaxxinni qorannoo kanaaf filataman sadii yoo ta'an isaanis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 2.2. Yaaxxina Qorannoo

Qabiyyee qorannoon irratti xiyyeeffatutti daangaa tolchuuf yaaxxina murteessuun ijoo tokkodha. Yaaxxinni qorannoo dhimmi hawaasaa keessatti hojiirra ooluu danda'an hedduuu yoo ta'an, hunduu hanqinaafi cimina mataa isaanii qabu. Hojii kanaaf yaaxxinoota hojii kanaaf filatamiin alatti *hermeneutics* fi *social constructionism* tajaajilamuuf bal'inaan ega madaaalamanii booda hanqina qaban irraa kan ka'e kanneen biroo dubbisuun dirqama ta'e. Yaaxxina *hermeneutics* ogafaan hawaasaa ittiin hiikuuf kan ooluu danda'u ta'us, hiika kennamu irratti nama hojicharra jiruuf aboo kennuu isaan qeeqa irratti ka'u ta'uu (Petzschmann, 2013) hima. Amala walxaxinsaa aadaan hawaasaa qabuun qorataan ragaa akka barbaadetti hiikuun hubannoo sirruu dabarsuuf wabii waan hintaaneef yaaxxinni kun dhiifame. Itti fufuun, qorannoo saayinsii hawaasaa keessatti *social constructionism* daran kan hojjeteefi hojii kanaaf kan duraarra mijataa ta'us, qooda afaaniifi dubbataa wal keessa dhahuun hanqina uumuuf hinfilatamne. Innis, "…social constructionism explicitly reject an acting subject and the resulting subjectivity—and thus the agent, its intention-

nality, and its agency," (Allolio-Näcke & van Oorschot, 2013:787) jedhuun ibsani. Gama biraan, yaaxxinni kun bal'inaan gulummoo akka mit-idileetti dhiheessuun hiikni barruu tokkoo barruu kaan irratti hundaa'a malee beekumsa akka hinbarbaanne taasisuu ogeeyyiin kun dabalanii ibsu. Kana malees, dhugaa dhaabbataa kan jedhu hunda haaluun taateen hundi kan ijaarame ta'uufi itti gaafatamummaa namatti kenna. Akka ilaalcha addunyaa Oromootti ammoo taatee namni irratti aangoo hinqabne jiraachuu waan mul'isuuf yaaxxina kanaan deemuun hindanda'amu. Kanaafuu, qorannoo kanaaf yaaxxinoonni armaan gadii madaqfamuun hojiirra oolani.

Yaaxxinoonni qorannoo kanaaf madaqfamuun hojiirra oolan sadii yoo ta'an, isaanis *xiin-uumee hawaasaa* (social cosmology), *bak-bu'eefi hiikkaa* (symbolic interpretive) fi *seemiyootiksii hawaasaa* (social semiotics) dha. Gara qorannoo kanaatti fiduuf bu'uura kan ta'e, muuxannoo qorattoonni dhimmoota hawaasaa ittiin ibsuuf tajaajilamanidha. Haalli hojiirra oolmaa isaanii amala qabiyyee qorannoo kanaa waliin wal simsiisuuni. Yaaxxinoonni kunneen haala isaan itti hojiirra oolan, qabiyyee itti daangessaniifi amala isaan qaban wal duraaduubaan ibsamaniiru.

**Yaaxxina xiin-uumee Hawaasaa:** gaaleen xiin-uumee hawaasaa jedhu kan jijjiirame *social cosmology* kan jedhu irraa ta'ee hojii Galtung (1981) irraa fudhatame. Ogeessi kun gaalee kana kan tajaajilame yaadrimee nagaa akkaataa hubannoo garee hawaasa gara garaa agarsiisuufidha. Hojii Galtung kanaan duratti Ishida (1969) *xiin-uumee hawaasaa* jechuu baatus, adeemsa wal fakkaataa hordofuun ragaa xiinxale. Haala Galtung itti tajaajilame akka yaaxxinaatti utuu hintaane adeemsa ragaa itti xiinxaledha. Haata'uutii, qabiyyeen xiin-uumee hawaaasaa akkaataa nama dabalatee uumamni kaanis gara jireenyaatti itti dhufe (Uumaa/*Waaqa* fi uumama) madda isaanii irratti hubannoo namni qabu ibsuu akka hammatu kaa'e (Matsuo, 2007). Hojii kana keessatti yaaxxina gochuun madaqfamee tajaajilarra oole yoo ta'u, amala gara garaa gonfachuuni. Jalqaba jecha *xiin-uumee* jedhu ibsa, "Traditional understanding of being, existence, and the phenomenal world," (Dovlo, 2004:147) jedhu hubannoo hawaasa jeebanaa Afrikaa jechuun fookloorii keessaan kaa'een murtaa'e. Akka yaada kanaatti, xiin-uumee jechuun kara hawaasni addunyaa isa marsee jiru ittiin himudha. Kaayyoon jalqabaa hojii kanaa ammoo yayyaba nagaan Booranaa irratti hundaa'e baasuu waan ta'eef walitti fiduun barbaachise.

Caacculee fookloorii keessaa *xiin-uumeen* (cosmology) bu'uurrri hubannoo hawaasaa kan ittiin dhihaatu ta'uu (Devlo, 2004), muuxannoo Afrikaan wal qabsiisee ibse. Qorannoo nagaa keessatti ammoo Galtung (1981) yaadrimee nagaa xiin-uumee hawaasaa keessaan biyyoota afaaniifi aadaa

gara garaa qaban keessaa fudhachuun dhiheessuuf yaaleen, ‘ilaalchi addunyaa nama/hawaasa tokkoo waan irratti hidhatee ykn bu’uureffatee ibsamu qaba’ goolaba jedhu dhiheesse. Haala wal fakkaatuun *jireenya* kan jedhu maal irratti akka hundaa’e Dovlo, “Life is the greatest gift of the Supreme Being and to live it to its fullness is the goal of African peoples,” (2004:149) yaada jedhu kaasuun yaadrimee xiin-uumee mul’isa. Yaadni Devlo kaase aadaa Oromoo irrattis dhugaa akka ta’e, Krapf (2016:64) ‘Oromoon hormaata (namaafi horii) akkasumas fayyaa isaaf *Waaqa* jechuun kan kadhatu qaba’ jechuun ibsi kaase nimul’isa. Kun ammoo, sonawwan nagaa dhalli namaa addunyaa isa marsee jiru keessatti uummatee qabu kan ittiin agarsiisan akka ta’e (Ishida, 1969; Galtung, 1981; Matsuo, 2007) kallattiinis ta’e mit-kallattiin tuquuf yaalaniiru. Yaadrimeen nagaa hawaasaa, aadaa gad-fagoo (deep culture) isaa akka ta’e (Galtung, 1986) kan qoode, waan hawaasaa qabatamaa baasuuf hangam deemamuu akka malu quba qabsiise. Kanaafuu, yaadrimee nagaa Booranaa bu’uura irraa ibsuuf, yaaxxina kana hordofuun murteessaadha.

**Yaaxxina hiikkaa bak-bu’ee:** Yaaxxinni lammataa qorannoo kana keessatti hojiirra oole, hiikkaa bak-bu’ee (symbolic Interpritative) yoo ta’u, xiyyeeffannoofi ibsa bal’aa kan argate gama xiin-madda hawaasaa (Social Anthropology) tiini. Dhufteen isaa garuu xiinqooqa irraa ta’uufi fookloorii keessattis hojiirra ooluu maddeen kaasaniiniiru. Yaaxxinni kun kan beekamu qorannoo bak-bu’een wal qabateeti. Maalummaa bak-u’ee Johnson, “As something that stands for something else, where there is no intrinsic relation between the symbol and its meaning,” (2013:842) jechuun ibsite. Barreessituun kun ibsa kanarra ga’uuf goolaba qorattoonniifi barreessitoonni yaaxxina kana tajaajilaman kaa’an cuunfuun akka ta’e eeruun, amala yaaxxinni kun hojii qorannoo keessatti qabu yaada armaan gadii keesse.

> The symbolic and interpretive theorists believed that the interpretation of cultural phenomena, in their multiplicity of forms, must begin and end with the analysis of symbols and their multivalent meanings. They were interested in how local people in a variety of settings used symbols to render their social worlds meaningful. …symbolic and interpretive theorists believed that symbols were best analyzed within the specific cultural contexts in which they were found. (Johnson, 2013:841).

Yaadni kun, ogeeyyiin yaaxxina kana hordofan jalqabaa hanga xumuraatti xiyyeeffannoon isaanii taatewwan aadaa hunka gara garaan jiran xiinxala bak-bu’eewwaniifi hiikkaa isaanii irratti akka ta’e dabarse. Akkasumas, ilaalcha addunyaa namni haala jireenyaa gara garaa keessatti qabu bak-bu’eenni tajaajilamu xiinxaluun hubannoon galumsa hawaasaa keessa jiru akka ba’u dandeessisa. Ilaalchi addunyaa yayyaba irraa ijaaramaa kan deemu waan ta’eef, yaaxxinni kun raawwii namni

bu’uura irraa eegalee hojiirra oolchu hunda ilaallata. Kana jechuun, yaaxxina xiin-uumeen wal qabachuun dhihaata. Bak-bu’eewwan caacculee gara garaa akka qabaniifi deebi’anii ammoo akka cuunfaatti bak-bu’ee ittiin waaman ykn bakka bu’anii ittiin dhihaatan qabaachuu Turner (1967) ‘dominant symbols’; Schneider (1980) ‘core symbols’ akkasumas, Ortner (1973) ‘key symbols’ jechuun kaa’ani. Kanneen keessaa kanati sirriidha ykn dogoggora jechuun garaa garummaa jiru baasuuf yaaluu utuu hintaane, adeemsa hojiirra oolmaa yaaxxina kanaa keessatti bak-bu’eewwan jiran walitti dhufuun amala bak-bu’ee tokkoon waamamuu akka qaban ittiin agarsiisuufi. Gama biraan, ogeeyyiin moggaasa gara garaan dhiheessaniyyu, dubbiin ijoo isaanii raawwileen aadaa hawaasaa gooroo adeemsi guutuu ittiin ibsamu qabu kan jedhudha. Hubannoon kun qorannoo kana keessatti adeemsa nagaan itti yaadrimaa’u agarsiisuuf ijoo ilaalchi addunyaa irratti hundaa’e si’annaan akka sakatta’amu gargaara.

Maddeen gara garaa ega sakattaateen booda, xiinxalli aadaa hiika barbaaduu akka ta’e (Johnson, 2013) ibsite. Aadaa hiikuun waan hawaasni qabu hunda akka hammatu hojiileen kan agarsiisan Schneider “…to describe the system of symbols and meanings of American kinship,” (1980:8) jechuun kan kaa’een, bak-bu’een aadaa hawaasaa keessatti hiikamu hidhata dhiigaa hawaasa gidduu jiru akka hammatu ibse. Hariiroo yaaxxinni kun fookloorii faana qabuun Ben-Amos, “Folkloric expressions and actions by their very nature are formal and symbolic and hence amenable to similar research,” (1970:136) jechuun ibse keessatti bak-bu’een aadaa hawaasaa, caaccuu fookloorii ta’uu agarsiise. Yaaxxinni kun qorannoo duudhaalee hawaasaa irratti gag-geeffaman keessatti akka hojiirra oolu, kunis kan mirkanaa’u caacculee fookloorii kan akka raagamtaa, ogafaan, hurrubbii, meeshaalee aadaafi duudhaalee fudhatee xiinxala gaggeessuun isaa hidhata gosa barnootaa kana lamaan gidduu jiru agarsiisa. Kana jechuun, qorannoo dhimma aadaan wal qabataniif bak-bu’eewwan ijoo isaanii ta’uufi keessattuu jireenya guyyuun wal qaba-chuun bal’inaan ammoo sirna keessatti hiika bal’aa bakka tokkotti cuunfanii akka baatan hima (Turnor, 1973).

Xiyyeeffannoon yaaxxina kanaa bak-bu’ee irratti waan hundaa’uufi akka Afrikaatti sirnaan wal qabsiisuun ‘hawaasni Afrikaa hedduun sirna moggaasa mataa isaanii qabu; bak-bu’een sirna keessatti calaqqisanis ergaa dachaa baatu’ yaada jedhu (Turner, 1957) kaasuun, raawwilee hawaasaa bak-bu’een kun ittiin mul’atan *social drama* jechuun moggaase. Moggaasni kun gara Afaan Oromootti jijjiiramee waanan hinargiiniif qorannoo kana keessatti *diraamaa hawaasaa* kan

jedhuunan tajaajilame. Hubannoo diraamaa hawaasaa keessatti bak-bu'een, "A symbol, then, is a blaze or landmark, something that connects the unknown with the known," (Turner, 1967:48) ibsa jedhu akka qabu kaa'e. Turner *diraamaa hawaasaa* yoo tajaajilamu, hookkarsi qabatamaa jireenya hawaasaa keessatti raawwatu jiraachuufi hookkarsa kana furuuf adeemsi dhaabbataa dhugeeffannaa hawaasaatti hidhatee raawwatu jiraachuu hubachuu isaarraa akka madde ibsa. Kana jechuun, hariiroo namni jireenya keessatti qabuufi waantonni hariiroo keessatti mudatan akka jiran akkasumas taatewwan jireenyaa kun adeemsa ittiin hojiirra oolan qabu. Kanaafuu, qorannoo dhimma nagaa kanaaf yaaxxinni kun yoo hojiirra oolu, hiirowwan nagaa hawaasaan wal qabatee bak-bu'eewwan dhihaatan yayyaba isaanii irraa ka'uun hanga raawwilee gooreetti hiikuun hubannoon gaarii beekumsa hawaasni qabu akka dhihaatuufi.

**Yaaxxina seemiyootikii hawaasaa:** Xiinxalli aadaa hiika barbaachaaf akka ta'eefi hawaasni aadaa akka waliin qooddatu kan taasise hiika isaa ta'uu kaasuun (Geertz, 1973), bak-bu'eewwan hiika kana keessa jiran mallattooleen kan calaqqisu ta'uufi mallattoolee kana hiikuuf seemiyootikii madaqsuun akka barbaachisu dabalee ibsa. Adeemsa kana hordofuun, qorannoo kana keessatti muuxannoo hawaasaa dhimma nagaan wal qabatanii dhihaatanitti hiika gabbataa kennuuf yaaxxina '*Seemiyootikii Hawaasaa* (social semiotics)' dabalataan tajaajilameera. Qorannoo kanaaf yaaxxini dabalataa akka fudhatamu kan ta'eef, "For those who adopt the stance that reality always involves representation and that signs are involved in the construction of reality, semiotics is unavoidably a form of philosophy," (Chandler, 2017:69) hubannoo jedhu waan qabuufi. Kana cinatti, bak-bu'eewwan kana hiikuuf mallattoolee (signs) isaan ittiin ba'anii mul'atan waan barbaaduuf, gama afaaniin yaaxxina dabalataa itti fiduun kan barbaachise. Kanaafuu, yaaxxinni seemiyootikii hawaasaa fudhachuun qaawwa gama kanaan jiru cufuuf kan ittiin hojjetame.

Seemiyootikiin hawaasaa kallattiin afaaniifi jireenya guyyuu hawaasaa walitti hidhuun kan dhiheessudha. Halliday (1978), yeroo jalqabaaf 'language as social semiotic' jechuun beeksise. Dhuftee isaaf sababa yoo kaa'u, afaan qofa fudhachuun waan jedhame hiikuu qofa utuu hintaane, jireenya qabatamaa hawaasaa akka barbaadu ibsuun, *semiology* jechuun de Saussure (1959) mallattoo hawaasa keessa jiran maalti akka hammatee jiruufi seera isaan ittiin oogganaman kan qo'atu jechuun hojiirra oolcheef akka qeeqaatti kaasuuni. Dabalataan, yaaxxinni kun adeemsa hojiirra oolmaa isaan jireenya guyyuu hawaasaa irratti akka hinxiyyeeffanne kaasuun, 'afaan hiikuun galumsa aadaa hawaasaa keessatti' ejjennoo jedhuuni yaaxxina *seemiyootikii hawaasaa*

jedhu kan beeksise. Hundeeffama yaaxxina kanaa irraa kaasee adeemsa hojiirra oolmaa isaa irratti yaadonni gara garaa kan dhihaatan yoo ta'u, akkaataa namni waan dubbate tokko itti baasee mul'isu qorachuuf, (Petrovic, 2015:1) 'yaaxxinaafi maleenyaadha' jechuun, "…in which communicators engage for the purpose of social action in a given sociocultural context," keessatti akka ta'e waliin qoodde. Dabalataan, qorattuun kun yaaxxinni kun qorannoo jireenya guyyuu hawaasaaf adeemsa hiika qabeessummaa namni dhuunfaa, gareefi dhaabbileen taasisan irratti ta'uu kan dhiheessite, kallattii xiyyeeffannoo qorannoo jireenya hawaasaa irratti gaggeeffamuu ifatti mul'isa.

Madda yaaxxina seemiyootikii hawaasaa irratti Van Leeuwen, "…in social semiotics the focus changed from the 'sign' to the way people use semiotic 'resources' both to produce communicative artefacts and events and to interpret them," (2005:xi) jechuun yoo kaa'u, akka yaada kanaatti yaaxxina seemiyootiksii 'mallattoo (sign)' afaaniin wal qabsiisee qo'atu irraa ta'uu mul'isa. Gama seemiyiksiin wal qabatee ibsa Yakin & Totu (2014:4), "Semiotic is the study of signs or an epistemology about the existence or the actuality of sign in societal life," jedhu kaasaniin, jalqabarraa seemiyootikiin beekumsa hawaasaa irratti akka hojjetu tuqani. Akkasumas, Danesi, "The primary task of semiotics is to identify, document, and classify the main types of signs and how they are used in representational activities. Since they vary from culture to culture, signs constitute mental templates that invariably condition the worldview people come to have," (2004:23) jechuun hojii yaaxxinni seemiyootikii raawwatu himuun, amala inni ittiin ba'ee mul'atuufi shoora inni qabubarreessaan kun, "…largely determine how people come to understand the world around them interms of the language, music, myths, rituals, technological systems, and other codes that they learn in social context," (2004:39) jechuun kan tarreesse, beekumsi hawaasni qabu fookloorii isaa keessa akka jiru kan mul'iseefi kallattii ragaan ittiin argamu tarreesseera. Kanneen ammoo, gara yaaxxina seemiyootikii hawaasaatti madaqsuuf mijaawaa isa taasise. Petrovic (2015) yaaxxinni kun madaquu isaan afaan ulaagaa hordoftoota de Saussure-iin 'adeemsa odeeffannoo dabarsuu' jedhurraa gara 'hiika irratti dubbachuu (commu-nicate meanings)' jedhutti dhufuu hima. Kanneen irraa kan hubatamu, caacculee seemiyootik of keessatti hammatu moggaatti qabuun yaaxxina seemiyootikii hawaasaa hojiirra oolchuun akka hinyaadamneefi garaa grummaa itti fayyadama raga irraa kan hafe madda tokko akka qabanidha.


Yaaxxina kana tajaajilamuun kaayyoo akkamiif akka ta'e, "…to unpack the process of meaning-making and the discursive conditions under which particular signs can be formed and made meaningful in social interaction," (Petrovic, 2015:2) ibsa jedhuun kan dhihaate, daangaa yaax-xinichi keessatti hojjetu agarsiisuuf yaala. Akkasumas, Van Leeuwen (2005) yaaxxina kana yaaxxina gochaa, daawwannaafi xiinxalaan qajeelfamu, kan bu'uuraaleen seemiyootikii haaraa keessatti uumamuufi kan turan bifa addaan tajaajilarra oolu kan abuuru ta'uu eera. Beekumsa hawaasni qabu baasuuf mallattoolee hawaasni waliigaltee keessatti tajaajilamu akka barbaadu Lawes (2002) yoo kaa'u, aadaan hawaasa duudhaa isaan jiraatuu mallattooleen (signs) kan guutame ta'uu Danesi (2004) ibsa. Barreessaan kun itti fufuun, duudhaa hawaasaan wal qabsiisee seenessi, sirniifi raawwileen hawaasa kamuu keessa jiru jechuun, amala isaan qaban irratti, hiikkaan mallattoolee hawaasa isaa irratti kan hundaa'uufi raawwileen hawaasaa kunis *dhiibbaa yaadrimee* (conceptual factors) keessa seenuun mallattoolee habalakaan dhihaachuun hiikni biraa akka ba'u taasisa jechuun haala yaaxxinni kun itti hojiirra oolu kaasa. Ibsoonni kun kallattiin Oromoo Booranaa Asmerom (1973) dabalatee barreessitoonniifi qorattoonni gara garaa, garee aadaa isaatti cichee jiraatu ta'uu irratti walii galan keessatti qorachuuf yaaxxina filatamu ta'uu agarsiisa.

Yaaxxinni kun hojiirra ooluuf qabiyyeewwan seemiyootik (semiotic resource) akka barbaaduufi kanas, 'raawwii ykn bu'aa kamuu namni walii galteef tajaajilamu dubbiinis ta'e raawwiin kan jiran' jechuun (Van Leeuwen, 2005) ibsa. Caacculeen walii galtee hawaasaa keessatti calaqqisan amala akkamiin akka mul'atan, "The meaning of the narrative text is not a straightforward process of determining the meanings of the individual words with which it is constructed; rather, it involves interpreting it holistically, as a sign, in which X is the actual narrative text and Y the meaning that can be extracted from it," (Danesi, 2004:142) jechuun, amala maleenyaa qorannoo qabaachuu isaanii faana addeessa. Gama qorannoo fooklooriin wal qabatee kallattiin yaaxxinni seemiyootik kan hinamaleeffatamiin ture ta'uu eeruun, tajaajila isaa kaan biratti qorattoonni hiika jireenya hawaasa tokkoo akka hubatan gargaara (Langlois, 1985:77) jetti. Haata'umalee, hiika waliin dubbii hawaasni jireenya isaa keessatti taasisu baasuuf seemiyootikii caalaa seemiyootikii hawaasaa waanta'eef, qorannoo fookloorii nagaa Booranaa ittiin hojjechuuf kan madaqfame.

Hubannoo barbaadamu bira ga'uuf hojii kanaaf yaaxxinni sadii hojiirra kan oole yoo ta'u, kanneen lamaan duraa hariiroo namni yaadrimee nagaaf jecha qaamota gara garaa faana qabuufi raawwilee

hariiroo kana keessatti calaqqisan baasuu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, yaaxxinni sadaffaa ammoo hariiroo kana keessatti waliin dubbii adeemsifaman hubachuuf gargaara.

Yaaxxina sadii walitti fiduun hubannoo hawaasaa guutuu dabarsuuf kan yaadame ta'us, sadeen mataa isaaniin kaayyoo gooree galmaan ga'uuf mataa isaaniin dhihaachuu danda'u. Hojii kana keessatti, yaaxxina xiin-uumee hawaasaan hubannoo hawaasni dhimma nagaa uumeen walitti hidhuun akka goorootti kaa'utu dhihaate. Yaaxxina bak-bu'eefi hiikkaan, raawwii hawaasni dhimma nagaan wal qabsiisee bak-bu'eewwan raawwilee isaa guyyuu keessatti calaqqisantu ibsame. Yaaxxina seemiyootikii hawaasaan, mallattoolee jireenya hawaasaa keessatti dhihaatan hiikuuf gargaare. Yaaxxinoota kanneen dhimma tokkoof walitti fiduun hanqina yaaxxinni tokko qabu kaaniin guutuun hubannoon guutuu akka darbu kan taasifame. Haala kanaan yaaxxinoota kanneen walitti fiduun kaayyoo tokko, nagaa aadaa Booranaa yaadrimssuu irratti hojiirra oolani.




Danaa 1: Nagaa yaadrimeessuuf hariiroo yaaxxina sadeen hojii kanaaf filatamanii.

Danaa kana irratti garaa garummaan halluufi akkaataa teessumaa mul'ate, gurraachi duraa xiin-uumee, Waaqa ibsuufi. Akkaataa hubannoo Oromoon Waaqni kan duraafi kan namni waan isaa hinbeekne ta'uu gurraachaan waan bakka bu'u irraa madaqfamuun haala kanaan dhihaate. Akkasumas, yaaxxinoonni lamaan diimaan bakka bu'an raawwii namni raawwachuun jireenya isaa itti fufsiifatu agarsiisuufi. Akkaataa teessumaan, xiin-uumeen kan duraa, sonoonni jireenyaa irratti hundaa'anidha. Hiikkaa bak-bu'een waan namni jireenyaaf jecha raawwatu kan ilaaluufi xiin-uumeetti hidhachuu isaan lammaffaarra taa'e. Seemiyootikiin ammoo waan afaaniiti, booda

kan dhihaateef waan jiru ykn raawwate ibsuuf booda dhufa jechuuni. Xiyyi lamaan sadanuu wal keessa jiraachuufi waliin ta'uu isaanii agarsiisuuf dhaabbatu. Walumaagalatti, yaadrimeefi yaaxxina qorannoo hojiin kun ittiin daanga'e, ibsaafi yaadrimee nagaa akkaataa hubannoo hawaasa jeebanaan baasuun nagaa faallaa waraanaan qofa dhiheessuurra akka darbu ittiin agarsiifame.

### 2.3. Sakatta'a Maddeen Aantee

Kutaa kana jalatti ijoo qorannoo kanaa maddeen yaadrimee nagaan hidhata qabanti sakatta'ame. Hidhata yoo jedhamu, kallattiin nagaan kan wal qabatuufi gooroowwan dhimmi nagaa ittiin ba'ee mul'aturratti maddeen akka waliigalaatti jiranidha. Kana jechuun, jecha nagaa jedhu mataa isaan fudhachuun kan ibsan, qabiyyee dhimmi nagaa ittiin dhihaatu eeruun yaadrimee nagaa kan kaa'an, yaadrimee nagaa hawaasni qabatee jireenya isaa ittiin gaggeeffatu cabuu mallattoolee mul'isaniifi yaadrimee nagaa isaa eeggachuuf waan hawaasni raawwatu irratti muuxannoo maddeen qoodan wal duraa duuban dhihaataniiru.

#### 2.3.1. Yayyaba ibsaafi yaadrimee nagaa

Matadureen kun kaayyoo qorannoo kanaa kan ta'e yayyaba nagaan Booranaa irratti hundaa'ee jireenya qabatamaa keessatti hojiirra oolu galma ga'uuf muuxannoo maddeen keessatti calaqqisan kan keessatti dhihaatanidha. Maddeen yoo nagaa ibsan yayyaba isaa kaa'uu irratti hanqina guddaati jira. Fakkeenyaaf yaada, "“Where there is no truth, there is no peace.” The Oromo people observe truth (ɗuga:) as the pillar of peace," (Obsa & Ketema, 2020:24) jedhu kan kennaniin hariiroo nagaafi dhugaa ittiin ibsaniiru. Haat'u malee, dhugaan utubaa nagaa akka ta'e yoo ibsan nagaan utubamu maaliin akka ba'ee mul'atu ifa miti. Maalummaa nagaafi bak-bu'ee akkamiin ba'ee akka mul'atu yoo hintaa'iin nagaa ibsuun rakkisaadha. Hawaasa dhimmi isaa dubbatamuuf madda yoo itti hinfidiin yaadrimee hiika guutuu qabu hindarbu. Kanaafuu, nagaa kan jedhu ifa gochuuf maal irratti yayyabme kan jedhu dursee deebisuuni waan hubannoon hawaasichaa ta'e kaa'uun kan danda'amu. Hanga ammaatti hubannoon nagaa hawaasaa akkaataa jireenya guyya guyyaa hawaasichaan taa'eeru hinjiru jechuun nidanda'ama. Haata'uutii guutummaan hinjiru akka hinjedhamneef ammoo, kan biyyoota gara garaa carraa tuttuqamuu argatan nijiru.

Dhimma nagaa irratti kan hojjetaniin jechi *pax* jedhu kan Roomaa ta'uu ibsuun, "…good order and absence of war," (Ishida, 1969:137) yoo jedhu, akkasumas Galtung, "…a direct concept of

order (including absence of violence) and unity," (1981:187) jechuun kan eeran, muuxannoowwan raawwii qabatamaa hawaasichi qabu jedhaniin deeggaruuni. Ibsi nagaa yaadrimee qabatamaa inni ittiin calaqqisiisu, "…is the absence of war, or more broadly the mitigation of violence," (Kurtz, 1999:xxxii) jechuun kaa'e, madda jecha *peace* jedhuu *pax* faana wal fakkaachuu agarsiisa. Akka Afrikaattis dhimma nagaa hariiroo namni Waaqa, nama akka isaafi uumama kaan faana qabu irratti akka murtaa'u (Mbiti, 1970; 1975) kan hime, nagaa yaadrimeessuuf daangaan bal'aa akka deemamu mul'ise.

Seenduubee isaan *nagaa* kan jedhu yayyaba irraa maddee ibsamaa ture akka qabu maddeen kan mul'isani. Haaluma kanaan, duraa duuba seenaan yoo dhihaatu, Seera Kaanon (Canon Law) kan jedhamu, qajeelfama seera ammayyaa jalqabaa jaarraa 12ffaa keessa walitti qabamuun maqaa 'Decretum Gratiani' jedhuun waamamaa akka galmee seeraatti tajaajila kenne keessatti, yaadrimee nagaa Waaqarratti bu'uu-reffate yaada jedhu akka qabu eereera (Porter, 2007). Haata'umalee, galmeen 'Gratiani' duudhaa fi barsiifata akkasumas seera hawaasni barreeffatee qabu kan guyyaatti jijjiiraman jechuun seera uumamaa (natural law) faana hariiroo akka hinqabneefi qabxii falmii ta'ee turuu kaa'a (Porter, 2007:87). Boucher (2009), barruun kun kan qophaa'e hordoftoota amantaa Kaatoolikiin ta'uu yoo himu, kanumaan wal qabatee bara 'Medieval' keessa seera baratanii yuunivarsiitiirraa kan ba'an waajjiraalee murteessoo amantaafi mootummaa qabatanii akka hojjetan addeessaniiru (Hoeflich & Grabher, 2008:1). Galmeen 'Gratiani' akka abboommii Waaqaa ta'etti dhihees-suun, raawwiin 'Gratiani' bu'uureffate hundi waan Waaqaa akka ta'etti fudhatama; mootiin biyya bulchu (tolaas ta'e hamaa) kan mudamu adeemsa seera kanaan waan ta'eef hojiin isaa (gaariis ta'e badaa) uummatarratti fudhatu marti ajaja Waaqaa ta'ee amanama jechuun dhiheesseera (Boucher, 2009). Barreessaan kun dabaluun, faayidaa garee irratti hundaa'uu isaatiin seera 'lafa abbaa hinqabne dhuunfachuu (terra nullius)' akka dhale hima. Akka-sumas, qajeelfamni 'terra nullius' hawaasni jeebanaa lafaafi eenyummaa isaa mulqamuun hirmaannaa dhaabbilee addunyaa (United Nation and League of Nation) irratti kallattiin hirmaachuu akka dhorku kan himu yuu ta'u, haala kanaan yaadrimeen nagaa isaanii tokko hubee kaan kan tajaajilu ta'uu waan mul'isuuf bakki itti ibsa nagaa qabatamaa kaa'anis ta'e yaada isaanii keessaa baasuun itti danda'amu hinjiru.

Madda yayyaba ibsa nagaa taasisuun kan dhihaate inni biraa falaasama xumura jaarraa 18ffaa keessa biyya Jermenii nama Immanuel Kant jedhamuun hojiin 'Perpetual Peace' jedhu beeksifa-

medha. Dhimma Nagaa, hariiroo namaafi nama gidduu jiru ykn nama dhuunfaafi mootummaa akkasumas biyyoota of danda'anii dhaabbatan gidduu jiru dhimma waldhabbiin wal qabsiisuuni Kant (1917) kan dhiheesse. Haala kanaan, nagaa dhaabbataa (permanent peace) gareewwan kana gidduutti fiduuf seerri ittiin bulmaataa mootummaa ripaabilikaan qophaa'u jiraachuun akka barbaachisu eera. Akka falaasama kanaatti, nagaan seera aangawoonni baasan kabajamuun akka mirkanaa'u waan waan dhugeeffataniif jedhuuf seerri kun yayyaba ibsa nagaa ta'a jechuudha. Seerri ba'u sadarkaa mootummaatti ta'ee dhimma waraanaaf jecha hariiroo garee bulchiinsa gara garaa hanga biyyoota gidduu jiruutti waan xiyyeeffatuuf, hubannoon nagaaf jiru bakka waraanni hinjirrtti ykn waraana irraa walaba ta'uu kan jedhu dabarsa. Kanaafuu, falaasamni Kant nagaa faallaa waraanaa taasisee waan dhiheessuuf hiiroo qeenxee tokkotti daangeessee ilaaluu mul'isa.

Hubannoo yeroo dhihoon falaasama ykn raawwii qeenxee irratti hundaa'uun nagaa ibsuuf yaaluun akka hindeemsifneefi muuxannoo hawaasni haala jireenya isaa keessatti qabu akka barbaadu Ishida (1969) fi Galtung (1981) calaqqee isaa agarsiisani. Hubannoon dhimma nagaa qorattootaafi barreessitoota biratti bal'achaa akka deemuuf sababa kan ta'e, 1960n irraa eegalee xiyyeeffannoon dhimma nagaa irratti kenname bal'achaa dhufuu akka ta'e hima (Matsuo, 2007). Hojiin dursa akkaataa muuxannoo hawaasaan nagaa ibsuu kan eegale Ishida (1969:135) yoo ta'u, uummata afaan gara garaa dubbatan gita jecha afaan Ingilizii *Peace* jedhuuf kan isaan qaban wal bira qabuun kan dhiheesse, Galtung (1981) kanuma qooddate. Ragaaleen maddeen kanaa haala armaan gadiin gabaabbatanii dhihaataniiru.

**Shalom (**Ancient Judaism**)** = 'hariiroo walii isaanii gidduutti cimsachuun adeemsa diina ofirraa ittisanii badisa irraa itti oolani; bu'uurri yaadrimee jecha kanaa waraana kan faallessu odoo hintaane, hiika 'birma-dummaa waraanaa Waaqaan argatame' jedhu qaba.
**Eirene** (Greece) = dagaagina dimokiraasii (dimokiraasiin yerosii garuu garbaafi dubartoota hinhammatu)
**Pax (Rome)** = Qajeelfama dansaafi waraanni dhibamuu irraan boqonnaa sammuu argamu
**Ho p'ing** (China) = qajeelfama uumee (cosmic order) kan qajeelfama hawaasaafi uumamaa of keessatti hammateef abboomamuu.
**Heiwa/p'ing ho** (Japan) = wal danda'uufi boqonnaa sammuu
**Shanti** (India) = boqonnaa sammuu; kana keessatti jecha *ahimsa* jedhu lubbuu baasuu dhiisuu kan jedhuuf akka qabaniifi *Mahatma Gandhi* qabsoo keessatti hojiirra oolchuu hima.

Ragaaleen biyyoota muraasa irraa walitti qabaman kunneen ibsiifi yaadrimeen nagaa hawaasa gidduu jiru faca'insa qabaachuu mul'isa. Ibsa duraan, "…peace which is the absence of violence, absence of war," (Galtung, 1964:2) jechuun kennerra hojii isaa kanaan, "…peace research has

always been and will always be the exploration of the concept of peace," (Galtung, 1981:183) jedheen, jijjiirama haala jireenyaa keessattuu dhimmi nagaa akka jijjiiramu agarsiise. Itti fufuun, yaadrimee hookkarsaafi nagaa jedhurra kan ballatu barbaachisa jechuun, kanneen lamaan kan bakka bu'uu danda'u, "Power is that concept," (Galtung, 1996:2) jechuun yaada kenne. Haata'u malee, hojiiwwan nagaa irratti hojjetaman sakatta'uun Matsuo (2007), xiyyeeffannoon ogeeyyii *sona* (value) qeenxee (*nagaa* faallaa waraanaa taasisuun dhiheessuu) irratti akka ta'e qeequun, nagaa yaadrimeessuun sonaafi hiiroo (pillar) jireenyi hawaasaa ittiin isamu hunda of keessaa qabaachuu akka qabu falma. Falmii isaa kanaaf haala jireenyaa uummata Jaappaan fudhachuun sonaafi hiiroo yaadrimeen nagaa of keessaa qabuu kan dhiheesseen, kallattii nagaa ibsamuun itti danda'uufi yaadrimee isaa kaa'uun itti salphatu agarsiise.

Mormiin nagaa faallaa waraanaa taasisanii ibsuu mudate kallattii gara garaan akka ta'e maddeen agarsiisanis, kan olitti dhihaateen cinatti hijiiwwan aadaa hawaasaan wal qabatan *aadaa nagaa* (peace culture) jedhu keessatti, "A peace culture cannot be said to be present simply in the absence of war. Rather, it is a continuous process of nonviolent problem solving and the creation of institutions that meet the needs of all its members," (Boulding, 2007:654) akka ta'e eerti. Yaada ishee kanaan dhimmi nagaa adeemsa wal irraa hincinne ta'uu qooddus, rakkoo mudate furuu kan jedhutti daangessitee kaa'uun nagaa gama fafee qofaan kan ibsan faana akka qooddattu ishee taasise. Dhimmi nagaa irratti dhihaatan falmiisiisoo ta'uu gosoota nagaa bakka lamatti qooduun kan keessaafi kan alaa ta'uun yoo qoodamu M. J. M. (1879), bara dheeraan booda, Galtung (1967) gosoota nagaa bakka sadiitti (nagaa nama dhuunfaa (keessoo), nagaa fafee (negative peace) fi nagaa dansaa (positive peace)) qooduuni nagaa ibsuuf kan yaale. Galtung, nagaa nama dhuunfaa kan jedhu kan hinmul'anneefi yoo jiraates seeraafi qajeelfamaan (law and order) kan daanga'e waan ta'eef, yaadrimee nagaa addunyaa dhiheessuuf kanneen hafan lamaan qofa jedha. Haata'umalee, qoodinsa nagaa Galtung hafan (nagaa fafeefi nagaa dansaa), amala nagaa bakka hinbu'u jechuun qeeqa (Boulding, 1977). Qeeqa Boulding kaase keessaa, nagaa fafee jedhamee bakka hookkarsii kallattii hinjirretti jechuun ibsuun gonkumaa kan hindeem-sifnedha jechuun, akkuma bishaan yoo diilallaa'u cabbii ta'ee yoo ho'u bishaanitti deebi'u, nagaanis adeemsa mataa isaan amala kana calaqqisiisa malee kan nuti dhaabbataa taasifnee irratti dubbannu miti jedha.

Gamabiraan, nagaan dhimma hariiroo waan ta'eef gosni isaa hedduu ta'uu qorannoon seenaafi aadaa galumsa gara garaa keessatti geggeeffamaniifi badhaasni 'Nobel Peace Prize' wagga

waggaatti kennamu qabiyyee inni irratti xiyyeeffatu ragaa qabatamoo yaada kana mirkaneessanidha jechuun yaada isaanii kaa'u (Richmond & Berenskoetter, 2016:108). Akka yaada kanaatti, *gosoota nagaa* jechuun lakkoofsaan daangessanii dhaabuurra haalota hariiroo ilaaluun fooyyessuu kan jedhu dabarsa. Fakkeenyaaf, jechi *nagaa* jedhu faallaa waraanaa, tasgabbii waraana boodaa, fedhi nama dhuunfaa guutamuu, oogganisa, boqonnaa sammuu, wal dhabbii furuu, kenna xiinuumee kan akka roobaa, waldanda'uu ykn wal hubachuu, haaloo ba'uu, cubbuu lagachuu, galateeffachuu, nama cubbuu hojjete adabuufi kkf eeruun qabiyyee keessatti ibse. Kanneen kallattiin nagaafi dhimma nagaa irratti hojjetan (Ishida 1969; Galtung 1981; Matsuo 2007) nagaa ibsuun, akkaataa hubannoo hawaasaa irratti akka hundaa'u kaa'ani. Kun ammoo, yayyaba ykn bu'uura nagaan irratti hun-daa'ee dhihaatu akka xiyyeeffatamu gargaara.

Ibsa *nagaa* ogeeyyiin yeroo gara garaatti kennan gara jiruufi jireenya hawaasaa qabatamaan ibsuutti dhihaachaa deemus, duudhaalee hawaasaa jireenya guyyuu keessatti calaqqisan irratti hundaa'uun nagaa ibsuun ammallee qorannoof bakka banaa jirudha. Gama qorattoota dhimma aadaa hawaasaan, (Bongmba, 2001; Opoku, 1985); keessaayyu, kallattiin dhimma nagaa irratti xiyyeeffachuun kan qoratan (Asebe & Tadesse, 2018; Tenna, 2008) beekumsaafi muuxannoo hawaasaa haala jireenya hawaasaa qabatamaa keessatti qorachuun, yaadrimee sirrii hawaasichi qabu akka argamsiisu kaasu. Adeemsa duudhaa hawaasaa hubachuuf taasifamu keessatti, galumsa mataa isaa keessatti ta'uu akka qabuufi galumsa keessaa baanaan rakkoo mudatu, "…removal of a tradition from its context is a form of amputation," (Vansina, 1965:188) jechuun kan kaa'e kallattiin aadaa Oromoo irratti calaqqiseera. Cerulli (1922) dhugeeffannaa Oromoo (kanneen Islaama ykn Kiristaana hintaane) *pagan* jechuun kan dhiheesse, akkasumas Phillipson (1916) moggaasa Oromoon qabu jecha gita isaa hintaaneen haala armaan gadiin kaa'e.

> The people are divided into sections called Lub, or clans. Lub really means "followers of a king." The government was formed after main tribe called "Hayum" kingdom. Over each Lub a ruler was appointed called Hayu, i.e., king. This ruler was nominated along with a regent or prime minister, who is called a lower king. (Phillipson, 1916:179-80)

Hojiin jara lamaanii qabiyyee yayyabniifi hiiroo yaadrimee nagaa uummatichaa ittiin ibsuuf oolan haala raawwii uummatichaa bifa hincalaqqisiifneen kaa'uun isaanii, kallattiin jecha Vansina 'amputation' jedhuuf fakkeenya ta'u. Akkasumas, akkaataan dhiheenya isaanii, 'etic perspective' ykn "…an outsider's understanding of a culture or group that is not their own," (Tavakoli, 2012:504) jechuun ibsame mudachuu agarsiisa. Dhimma nagaa akka Oromootti ykn Booranaatti

kaasuun ogeeyyiin (Aguilar, 2008; Andrzejewski, 1962; Asebe & Tadesse, 2018; Baxter, 1965, 1978, 1979; Gufu, 1996; Tenna, 2008) kan yeroo gara garaatti dhiheessan, faca'insa mataa isaa qaba. Hojii Andrzejewski (1962) caacculee fookloorii (seenessaafi durii-durii) fudhatee irratti hojjechuun kallattii waraanaan qofa malee dhimma nagaa irraa gorerraa kan hafe, kanneen kaan hanqina dandeettii afaanii ykn/fi afaan jijjiiranii dhiheessuu keessatti rakkoo jecha wal gituu dhabuu hojii qorannoo keessatti akka mudatu (Vansina, 1965) dhiheesserraa kan madde ta'uu danda'a.

Hojii Andrzejewski (1962) booda, garaagarummaa ganna muraasaan Baxter (1965) Oromoon nagaa isaaf akkaataa seera Waaqaatti abboomamee akka jiraatu kan dhiheesse, akkasumas, kanneen dhihoo Gemetchu (2005), Tenna (2008) fi Asebe & Tadesse (2018) 'nagaan Oromoo uumee (cosmic) jiran faana hubannaa (harmony) waliin jiraatu' jechuun, ilaalchi addunyaa Oromoo boca biraa qabaachuu agarsiisani. Haata'u malee, sadarkaa ibsaatti Baxter, "'The Peace of the Boran' is made sacred" (1965:66) jedhe, akkamiin akkana akka qabaatu tumsituu kaa'eef hinqabu. Dabalataan, sonoota (values) gurguddoo fudhachuun Tsega (2012) ibsi nagaa bakka waraanni hinjirretti kan jedhu qofaa akka hintaaneefi dhimma hawaasummaa, dinagdee, dhugeeffannaafi qabiyyee jiruufi jireenya hawaasaa keessatti calaqqisan ta'uu eereen, haala isaan itti yaadrimee nagaan wal qabatan fakkeenyaan deeggaree hinkeenye.

Yaadrimee nagaa Oromoo kan ba'ee mul'atu jireenya guyyuu hawaasaa keessatti kan dhihaatan kan akka: sirba, eebba, faaruu, jila, seenaa, seenessa, dubbii, raawwilee bulchiinsaa, mammaaksa, durii-durii himan keessaan ta'uu eera (Tenna, 2008:140). Haata'u malee, xiinxala hojii isaa keessatti matadureewwan akka, 'Peace as Antithesis of Violence' (2008:163) fi "Peace as a Product of Virtuous Life," (2008:164) jedhan, caacculee fookloorii hawaasaa tarreesse haala kamiin yaada isaa kana akka deeggaran walitti fiduun hinyaadrimeessine. Haala Booranni dubbatuun 'Nagaa Booranaa' jechuun bak-bu'een Booranummaa kan keessatti calaqqisu ta'uufi hariiroon Boorana gidduu jiru hidhata uumama kaaniifi Waaqa faana qabaniin akka dhugoomu ibse (Baxter, 1965) xiyyeeffannoo hojii isaa taasiseeti kan dhiheesse. Aguilar (2008) gama isaan, falaasama Nagaa Booranaa eebba, raawwilee dhugeeffannaafi bulchiinsa keessa jiraniin deeggaruun kaa'uuf yaale. Garaa garummaa gidduu isaanii jiru cinatti yaadni ogeeyyii kana wal taasisu, yaadrimee nagaa Oromoo/Booranaa 'hunda kan hammate' jedhuufi ibsa kanaaf bu'uura qaban dhiheessuu dhabuu isaaniiti. Yaadrimeen kun yeroo gara garaatti sadarkaa gooreetti gadi bu'aa

dhufuun kan hinhaalamnedha. Garaa garummaan yaadaa mul’atan irraa ka’uun dhugaan garam akka taate barbaaduu akka gaafatu yoo ta’u, hanqina ibsaa kan qabanis gooroo hawaasni tajaajilamuun deeggaramee ibsi gaggeeffamuu akka qabu kallattii agarsiisu.

Nagaan akkuma yaadrimeewwan hedduu killayyaa akka ta’eefi, “…is something we often recognize by its absence,” (Barash & Webel, 2014:4) jechuun kaa’e. Kana jechuun, jiraachuu isaayyu mirkaneeffachuuf hookkarsa mudate irratti hundaa’a waan ta’eef, ammas gafa fafeen dhihaachuu irraa walaba hintaane. Haata’umalee, ibsa nagaaf kennamun garaa garummaan jiraa-chuu eeruun, gama amantaa/dhugeeffannaafi aadaan kan kennaman fafee caalaa gama sirriin akka ibsan eera. Taheri & Dehghan (2014) *nagaa* ibsuuf, jecha *nagaa* jedhurraa jechoota uumamaniifi horan irraa akka argamuu danda’u kan qoodan, nagaan fafeen dhiheessuun alatti carraa jiran agarsiisani. Kanneen ka’umsa godhachuun, fookloorii dachaa (metafolklore) Dundes, “The collection of context and preferably a number of different contexts for the same item of folklore is certainly helpful in ascertaining the meaning or meanings of an item of folklore,” (1966:506) jechuun ibeen nagaa yaadrimeessuun gaggeeffame. Kana jechuun, jechi *nagaa* jedhu uumama isaatirraa ulaagaa moggaasaan caaccuu fookloorii waan ta’eef, ibsa dabalataaf caaccuu fookloorii biraa tajaajilamuun amala *fookloorii dachaa* ta’ee dhihaate. Ibsaafi yaadrimee nagaa kennuuf caaccuu fookloorii kan tajaajilaman jiraatanis, amala gosa barnota isaanii irraan kan ka’e ogeeyyiin ogummaa mataa isaanii keessatti hubannoofi muuxannoo hawaasaa kan ibsani. Walumaagalatti, hojiileen dhimma nagaa irratti hojjetaman qabiyyeefi daangaa bal’ifachaa dhufanis, “…we should design the future of peace research,” (Mushakoji, 1978:193) jechuun yeroo isaatti nagaa faallaa waraanaa qofaan ibsuu mormuun kan kaa’e ammallee furmaata hinargatiini yaadonni dhihaatan kan mul’isani.

### 2.3.2. Hariirowwan yaadrimee nagaa baatan haala itti mul’atan

Nagaan dhimma hariiroo akka ta’e maddeen gara garaa kaasu. Haata’umalee, hariiroo akkamiifi qaama kam faana akka ta’e irratti ifa hintaasifne. Mataduree kanaan gosoota hariiroo jireenyi akka itti fufuuf jiraniifi amala isaan qabanti sakatta’ame. Dhufteen jecha ‘folklore’ jedhu dhimma hariiroofi waa waliin qooddachuuti. Hojii kanaan, hariiroo namni waliin qabu qofa odoo hintaane, qaamota namni jireenya isaa itti gaggeeffachuuf itti hidhachuun aadaa godhatee waliin jiraatu hunda hammata. Ogeeyyiin ibsas ta’e yaadrimee nagaa dhiheessuuf hariiroo dhalli namaa qaamota gara garaa faana qaburratti akka hundaa’u qabiyyee olii keessatti tuqamaniiru. Haata’u malee,

hariiroo jiru kan mirkaneessu meeshaalee aadaa, miiraafi kkf (Bronner, 1986:207), akkasumas ogafaan akka eebbaa (Aberra, 2015:71) isaan kaasaniin deeggaramanii hindhihaanne. Dhimmi hariiroo yoo ka'u, 'eenyu faana?' kan jedhu irratti garaa garummaan kan uumamu malee hariiroon jiru kamuu kan nagaan ittiin ibsamu ta'uu maddeen kan kaasani. Haata'u malee, maaliin ba'ee mul'ataan xiyyeeffannoo bal'aa hinarganne; kan dhiheessanis hidhata jiru hinagarsiifne. Hojii kanaan, mataduree kana jalatti, dhimma hariiroon wal qabatee qaama namni hariiroo waliin qabu jedhamanii kallattiinis ta'e mit kallattiin maddeen kaasan, hubannoo fooklooriin sakatta'amanii dhihaatani.

#### 2.3.2.1. Nama gama dhugeeffannaan

Yeroo hunda dhimmi hariiroo yoo ka'u dhugeeffannaa (religion/belief) namni qabuti dura dhufa. Dhimmi kun akka yaadrimee nagaan wal qabatu, "Religion has a role to play in cultivating reconciliation, harmony, peace and security with and within oneself, the community, the nation and the universe," (Mbiti, 1970:359) jedhu keessatti calaqqiseera. Barreessaan aadaasi duudhaa Afrikaa irratti xiyyeeffachuun kan dhiheesse yoo ta'u, gama dhugeeffannaan, "Africans are notoriously religious," (1970:1) jechuun ibsa. Haata'umalee, gama ogeeyyiin rakkoon akka jiru, "Some writers even tell us that Africans have no religion at all and only magic," (1970:12) jechuun ibse. Yaadni kun kan Chilisa (2012:25), fuulleffannoon qorannoo 'akkaataa biyyoota Lixaan beekuun akkaataa beekumsa kaanirra caala' jedhu jiraachuu qoodeen wal fakkaata. Hawaasni kamuu waaqessu, maaluu raawwatu kaayyoo nagaafi tasgabbii isaaf akka ta'e (Diop, 1989), seenaa gurraacha Afrikaa wal fakkeessu jechuun hima. Gama kamiifuu, "Beliefs can also be communicated through objects. Material things can objectify ideas and feelings of fear, luck, or religious experience," (Bronner, 1986:207) jechhun eeruuf kan yaale xiyyeeffannoo argachuu barbaachisa. Muuxannoo dhugeeffannaa hawaasa keessa turaniifi jiran sadeen armaan gadiin yaadrimee nagaa irratti garaa garummaa isaan qaban ifa ta'u. Hariiroo dhalli namaa uummatee qabu maal irra akka mul'atu Middleton, "Myths and cosmological notions are concerned with the relationship of a people with other peoples, with nature and with the supernatural," (1967:x) yeroo dheeraaf haqa tajaajila kennaa ture jechuun kaa'a.

#### I. Dhugeeffattoota waaqolee (polytheism)

Akka maddeen gara garaa kaasanitti, namni gara dhugeeffannaa 'Waaqa tokko' jedhutti odoo hindhufiin, waaqolee gara garaa akka qaban waan eeraniifan mataduree kanaan eegale. Hanga

gosti ‘Hebrew’ dhugeeffannaa Waaqa tokkoo beeksisanitti, lammiileen biyyoota akka Roomaa, Giriik, Ijjipt, Baabilooniifi… dhugeeffannaa waaqolee hordofaa turuu (Assmann, 2004; Hannah, 2016; Hart, 2007 fi Whatham, 1899) ragaa ba’u. Haata’u malee, gareen hawaasaa *polytheist* jalatti qoodaman moggaasa kana kan argatan garee faallaa isaanii Waaqa tokkotti amanna of jedhan irraa qeeqaaf kan madde ta’uu (Paper, 2005; Assmann, 2004) falmu. Gareen *Waaqa tokko* jechuun amanan barsiisa, “We believe in one God, the Father Almighty, Maker of heaven and earth,” (Paper, 2005:104) jedhu akka hordofaniifi yaadichis hanga isaan ibsurra qeeqa *polytheist* irratti qaban mul’isuuf akka tajaajilaman dabaluun ibsa. Akkasumas, hordoftoota amantaa Kiristaanaan ‘pagans’ fi ‘heathens’ jedhamanii akka waamaman qabaachuu eereera (Paper 2005:104). Garaa garummaa mul’isuuf hanga ogummaa barreeffamaatti hojjechuun, afaan Ingilizii keessatti ‘polytheist’ fi ‘theist’ adda baasuuf kan ittiin walii galamu, qubee jalqaba jechaan yoo ta’u, qubee guddaan ‘God’ jechuun yoo dhihaate maqaa dhuunfaa ‘super natural’ ta’a; qubee xiqqaan ‘god’ taanaan garuu ‘super human’ bakka bu’a (Suchanek, 2017; Twetten et al., 2019).

Waaqolee dhugeeffachuun namaa karaan itti ba’ee mul’atu, waan raawwataniifi afoola keessaan ta’uu maddeen eeru. Amalli raawwii garee kanaa ibidda, daaraafi waantota gara garaa dhimma nagaa isaaniif akka waaqessan (Diop, 1989) yoo himu, Nola, “…deities, spirits, ancestor spirits, divinities, ghosts, devils, demons, forces, cosmic minds,” (2019:19) akka ta’an tarreesseera. afoola hawaasaa keessan bu’uuri hariiroo namaafi *waaqolee* kun kan argamu ta’uu Tytler (1837), seenessa biyya Persia duriitti, waldhabdee waaqolee *Ormusd* & *Ahriman* gidduutti uumameen, *Ormusd* tajaajila mataa isaaf nama akka uume yoo jedhu, Foster (2007) gama isaan walaloo *Baabiloon* keessatti waaqolee gidduutti hookkarsa uumameen faayidaa waloo isaaniif nama akka uuman ibsa. Raagamtaan waan gareen tokko waaqessu, hubannoo akkamii akka qabaniif hima jechuun, waaqessitoonni waaqolee uumama nameessanii (anthropomorphic) akka dhiheessan (Assmann, 2004; Paper, 2005) himu. Haala amalli kun ittiin calaqqisu, “The female anthropomorphic figures most likely represented Earth,” (Paper, 2005:119) jechuun samii (sky) saala dhiiraan akka dhiheessan hima.

Seenessi hawaasaa turan waaqolee shamarranii ijatti hinmul’anne ta’anii heddumina akka qaban, akkasumas, amalli isaan qaban adda adda akka ta’e ifatti kan mul’atu, maqaa, bocaafi tajaajilaan nameeffamanii dhihaachuu isaanii Assmann (2004:20) ibsa. Biyyoonni gara garaa afaaniifi sirna naannoo isaanii tajaajilamuu irraan kan hafe waaqolee akka waliin qooddatan (Graf, 2004) hima.

Yaada kana fakkeenyaan yoo deeggaru, Herodotus imala isaa gara Misiraatti taasiseen, raawwiin dhugeeffannaa Misiraatti taasifamu kan Giriik faana wal fakkeenya qabaniin adda baafachuuf akka hinrakkatiin kaa'a. Kanaaf sababa ta'a jechuun, biyya kam keessattuu waaqoleef kadhan-naa, aarsaa, kennaan ulfinaaf dhihaatuufi hafeewwan bakka sirni itti geggeeffamee waan wal fakkaatuuf imaltooni dhiibbaa afaaniifi aadaa malee salphumatti adda baafachuun qooda fudhachuu akka danda'an kan ibse, bak-bu'eefi mallattoo ta'anii tajaajiluu mul'isa.

Hariiroo namni waaqolee faana uummatu, akkaataa caasaa waaqolee gidduu jirurratti hundaa'a jechuun, Assmann "In Mesopotamia, the pantheon is structured by strong hierarchical relations of subordination," (2004:26) jechuun caasaa isaanii kaa'eera. Tytler (1837), Assmann (2004) fi Foster (2007) keessatti akka dhihaatetti, shoorri namaa hariiroo waaqolee gidduu jiruuf jecha akka dhufan calaqqisiisa. Hawaasni nagaa isaafi waaqolee itti amanu gidduu hariiroo jiru mul'isuuf kan tajaajilamu, Hannah (2016) uummata Giriik durii fudhachuun jechi *Eirēnē* jedhu hiika *nagaa* amala lama: waaqa gara-laafettii saalaan dubartii (goddess) kan bakka bu'uufi yaada hinqabatamne (abstract idea) kan mul'isu ta'ee guutummaan faallaa waraanaa (antithesis of war) kan dhaabbate qabaachuu ibsiteetti. Walitti hidhatinsa waaqolee, namaafi nagaa Foster (2007) yoo dhiheessu, addunyaan kun yeroo jalqabumarraa qajeelfama uumamaan qindooftu nagaan waliin kan tolfame waan ta'eef namni waan gaarummaa ooleef nagaa kan badhaafamu miti jedha. Haala kana keessa ta'uun nagaa yoo ibsu, "Peace, in this view, was a reversion to the way society was supposed to be, rather than a remarkable individual human achievement," Foster (2007:71) jechuun kaa'a. Kanaafuu, hawaasa tokko raagamtaa, ogafaan, mallattoolee afaanii, bak-bu'eewwan akka bobbocaafi sirna isaa irratti hundaa'uun akka baramu mul'isu.

Oromoo amantaa Islaamaa ykn Kiristaanaa hinhordofne imaltoonniifi barreessitoonni haala gara garaan ibsuuf yaalaniin, Ceruli (1922) *pagan,* Jaenen (1956) *animism* jechuun dhiheessani. Jaenen goolaba kanarra ga'uuf akka ragaatti kan dhiheesse keessaa *Ateetee:* akka uumtuutti, haadha lafaatiifi kan waaqeffamtu (godess); *ayyana:* hafuura hamaa (evil spirit) isaanis saddeet-tamii saddet jiraachuu; *wanza:* muka ulfoo jechuun ibsuuni. Rakkoo guddaan adeemsa aadaa hawaasaa galmeessuu keessatti mudatu jechuun dhihaatan, hubannoo ofiin gaditti ilaaluu, muu-xannoo ofii qabanitti firoomsuufi hawaasa qabatamaa irraa ragaa funaanuu dhabuudha. Amaloonni kunneen qabiyyee lamaan kana keessatti kan calaqqisan yoo ta'u, keessattuu jechi *wanza* jedhu Afaan oromoo ta'uu dhabuun isaa ragaan eessaafi mala akkamiin funaanameen gaaffii kaasa. Carraa

dhiibbaawwan gara garaa aadaa mudachuu malan, "…adaptations and assimilation of either native or immigrant cultures…," (Graf, 2004:10) jechuun kaase hubacuu barbaachisa. Walumaagalatti, hawaasni tokko waaqolee kan waaqeffatu yaadrimee nagaa isaaf akka ta'eefi adeemsa amala waaqeffannaa garee hawaasaa murteessuuf muuxannoowwan gara garaa akka jiran maddeen sakatta'amanirraa hubatameera.

## II. Dhugeeffattoota Waaqa Tokkoo

Garee *Waaqa tokko* (monotheist) jedhee dhugeeffatu Waaqa kan ibsu, 'Waaqa waan hunda hojjechuuf humna qabu (omnipotence), hunda-beekaa (omniscience), arjaafi tolaa (omnibenevolence), yeroo tokkichatti bakka hundatti argama (omnipresence), afaan hunda hubata (omnilinguist)' fi kkf tajaajilamuun akka ta'e eeru (Mbiti, 1970; Nola, 2019:20). Ilaalchi *Waaqa tokko* jedhu mataa isaan ibsa jiraachuu (ontological description) hordoftoonni Waaqaa ittiin ibsatan akka ta'e Nola (2019) yoo himu, Mbiti gama isaan amantaa/dhugeeffannaa Afrikaa ibsuun ulfaataa akka ta'e, garuu, "…an ontological phenomenon," (1970:19) jechuun akka danda'amu eera. Akkasumas, Twetten et al. (2019) namni gara xundaa qeenxee tokkotti fidee *Waaqa* jedhee waamuun kanneen hidhata sababeessaa (causal relation) waliin qaburraa adda akka ta'e, dandeettii uumamni biraa hinqabne akka qabuufi uumamnuu Waaqa jala jechuun akka dhugeeffatan kaa'a. Adeemsi kun yaadrimee namni waan qabatamaan hinjirretti lubbuu uumuun falmiii gama 'Ontological' fi xiinuumee (cosmological) ta'an dhiheessuun ittiin akka jiraatu ogeeyyiin kun dabalanii eeraniiru.

Gara muuxannoo Waaqa tokko jedhutti dhufuuf, hubannoo waaqoleen hedduu jiraachuu kan hinhaalle garuu tokko qofa waaqessuu (monolatrous cult) jechaa, gara Waaqa tokko qofaati jira (henotheistic) jedhutti dhufuu eera (Assmann, 2004:23). Akkasumas, hariiroon Waaqaafi nama gidduu jiru, nama xiyyeeffannoo keessa kan hingalchine (anthropomorphism) irraa gara nama giddu galeessa godhachuutti (anthropocentrism) dhufe jechuun, muuxannoon waaqeffannaa adeemsa keessa darbuu yaada kanaan mul'ise. Hubannoon Waaqa tokkoo eessaa akka madde abbaa itti gochuuf yoo yaalamu, "In a world where virtually everybody was a polytheist, the Hebrew priests advocated an uncompromising monotheism, and eventually the entire nation came to accept that doctrine," (Hart, 2007:202) jechuun, maddi hubannoo kanaa eessaa akka madde akka hinbeekamne ibsa. Gaama biraan, "…my contention is proved that the Hebrews did come through a period of polytheistic belief," (Whatham, 1899:306) jechuun, sabni kun muuxannoo dhugeef-

fannaa keessa darbe hima. Dhugeeffannaan akka addunyaatti ture Hart (2007) yaada armaan olii kaa'us, "Every African people recognizes God as One," (Mbiti, 1970:46) jedha.

Ilaalcha addunyaa hawaasni tokko qabu irratti yaadni hidhatinsa yoo hinqabaatiin hubachuuf rakkisaa ta'a. Fakkeenyaaf qabiyyee dhugeeffannaa Oromoo calaqqisiisan dhiheessuu irratti, muuxannoo ijaarsa manaa wal qabsiisee "…*mana* face eastwards in honor of Waka, the god who saved the earth from a second upheaval when the sun changed its west-east," (Jaenen, 1956:174) jedha. Yaada biraan, "…it seems true to say that Galla paganism is based on animism, the incarnation of numerous divinities in animals, reptiles, and treas," (1956:185) jedhe. Yaada duraan, Oromoon Waaqa kan jedhu akka qabu; kan lammataan ammoo uumama gara garaa waaqessa jechuun yaada wal dhiitu dhiheessuun, qabiyyeetti xiyyeeffannaa kennuu dhabuudha. Akkasumas, Bulatovich (2000) Oromoon gita *God* jedhuu *Waaqa* jedhee kan waamu akka qabuufi isas *great and omnipotent* jedhee akka fudhatu eega ibseen booda, Oromoon uumama akka kadhatuufi aarsaas akka dhiheessu eera. Yaadni falmisiisaa ta'e kun hanga jaarraa 21[ffaa]tti dhufuu maddeen nimul'isu. Yaadni tokko, Itiyoophiyaatti Musliimni 40%-50%, *Ethiopian Orthodox Christian* 35%-40% akka ga'aniifi kanneen hafan 'animism' akka ta'an eerte (Joyce, 2004). Akka yaada kanaatti Oromoon amantaa lameen keessa hinjirre ulaagaa sadaffaa keessa seena. Yaadni biraa, "The belief in a sky god, or Waaq, is common to the Cushitic groups in the Horn of Africa. These include the Oromos and the Somalis," (Ahmed & Berns-McGown, 2004:596) jechuun kan dhiheessanidha. Yaadonni wal dhiitan akkanaa ogeeyyii Oromoof hojii manaa raga qabatamaan dhihaachuu malu kennani.

Haala Afrikaan beekumsa waa'ee Waaqaa itti dhiheessu Mbiti, "African knowledge of God is expressed in proverbs, short statements, songs, prayers, names, myths, stories and religious ceremonies," (1970:38) jedha. Adeemsa raawwilee hawaasni qabatamaan qabu ibsuu keessatti, "…the [Oromo] make frequent prayers and invocations to God. They pray in the morning and evening every day, asking Him to protect them, their cattle, their crops and their families," (1970:81) jechuun, yoomessa kadhannaafi kaayyoo isaa waliin yaada dura kaaseef fakkeenya kan ta'u dhiheesse. Fakkeenya isaa kanaan Oromoon Waaqa tokko akka dhugeeffatu falmii qabu dhiheesse. Hubannoon Oromoo Waaqa irratti, "The creator of all things and the source of all life," jechuun akka waamu akka ta'e hima (Bartels, 1983:14). Yaadrimee nagaan wal qabsiisuun, "One can be at peace with God only if he/she is in peace with every thing else in nature," (Tenna,

2008:145) ta'uu kaa'eera. Yaadni kun, kan Anderson (1985:101) 'nagaan dhugaa (true peace) kan jiru Waaqa bira' jechuun hubannoo hordoftoota Waaqa tokkoo jechuun kaa'een wal simata.

Hubannoo hawaasaa gama kanaan baruuf raawwilee hawaasaafi bakbu'eewwan dhihaatan irratti xiyyeeffachuun akka barbaachisu yaadni armaan gadii mul'isa.

> Names of people have religious meanings in them; rocks and boulders are not just empty objects, but religious objects; the sound of the drum speaks a religious language; the eclipse of the sun or moon is not simply a silent phenomenon of nature, but one which speaks to the community that observes it, often warning of an impending catastrophe. There are countless examples of this kind. The point here is that for Africans, the whole of existence is a religious phenomenon; man is a deeply religious being living in a religious universe. (Mbiti, 1970:19)

Yaada kana kan dhiheesse akka Afrikaatti yoo ta'u, yaadni wal xaxaa ta'e akka hiikamu gargaara jedha. Kana jechuun, hariiroo xiin-jireen ifatti hinmul'anne, akkasumas waan xiin-uumeen qaba-tamaan hinibsamne adeemsa itti hubatamu calaqqisiisa. Yaada wal fakkaatuun, Assmann (2004), Nola (2019), Tsega (2012) hubannoon kun faaruu, seenessa, sirnootaafi kkf keessaan ba'anii akka mul'atan himu. "From spiritual perspective, the Borana view their Waaqa as the source and provider of peace," (Aberra, 2015:102) jechuun, bu'uura yaadrimee nagaa uummatichi qabu uumaa irraa ta'uu kan kaa'e, hojii yeroo dhihooti. Haata'umalee, xiinxalli gama kamiinuu dhihaate akka wabiitti fudhachuuf baattuwwan muuxannoofi beekumsa hawaasaa kan ta'an caacculee fookloorii walitti fiduun xiixalanii hindhiheessine.

### III. Waaq-maleeyyii

Jecha *waaq-maleeyyii* jedhu garee Waaqas ta'e waaqoleen itti amanan hinjiru (atheism) jedhan ibsuuf kan ani hojii kanaaf qindeessedha. Amaloota dhugeeffannaa kanneen Suchanek (2017) *dooktiriinii* jedhee waamuun, kan sadaffaa kun guutummaan faallaa lamaan duraa kan dhaabbate ta'ee, ilaalcha garee kanaan Waaqa ykn waaqolee akkasumas jireenya du'aan boodaa kan jedhu hinjiru jechuun amanu. Suchanek seenessoota hawaasa keessa jiraniin wal qabatee kan akka 'aduutu lafatti naanna'a' jedhaniifi kkf amma soba ta'aniiru yoo jedhu, Nola (2019) gama isaan, seenessoonni waaqas ta'e waaqoleen wal qabatan asoosama namni kalaqedha jedha. Yaadni kun faallaa raagamtaaleefi seenessoota afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufan; seenaa keessatti bara fagoo keessaa bakka ta'etti kan raawwatan mul'isu jechuun (Farrer, 2011) kaafte faana wal faallessa. Kallattiin dhimma nagaa irratti Suchanek "Atheism doesn't say that humans can bring peace to the planet. It says that nobody else can," (2017:168) jechuun goolaba ija

dunuunfachuun dimshaashumatti kennamu dhiheesseera. Faallaa kanaan, dhalli namaa Waaqa tokkottis ta'e waaqoleetti amanu nagaa eeggachuuf madda dhuftee qaama itti amananiifi hariiroon gidduu isaanii jiru caasaa akkamii hordofuu akka qabaatu dabalachuun kan argamu *raagamtaa* hawaasichaa keessaani jechuun Graf (2004) shoora raagamtaan waa'ee hawaasaa himuu keessatti qabu mul'iseera. Dabalataaan waantota amantaan wal qabatan dhalli namaa maaliin baasee akkka mul'isu, "People express …ideas in various ways—by myth, legend, folktale, by notions of time and space. They also express them in action, by sacrifice, prayer and the like," Middleton (1967:ix) jechuun, amala hunda irratti hojjetu eere.

#### 2.3.2.2. Hariiroo namaa uumama biroo faana

Gaalee uumama biroo jedhu, jecha nature jedhu bakka bu'uun hiika uumama namaan alatti jiran jedhu qaba. Hariiroo namni uumama namaan ala jiran faana qabuun wal qabsiisuun dhimmi nagaa kan ibsame daran xiqqaadha. Haata'uutii, Buckingham (2011) falaasama an wal qabsiisee Laozi (C.6$^{th}$c BCE) akka kaa'e kan dhiheesseen, uumama faana hariiroo wal danda'insaa (harmoonious) jiraachuun nagaan jiraachuu kan duudhaan kan jiru ta'uu ibsa. Dabalataan, "The goal of life is living in agreement with nature. Zeno of Citium (C.332–265 BCE)," (2011:67) jechuun hidhata namni uumama faana qabu gadi fagoofi xiyyeeffannoo kan argates bara fagoo ta'uu agarsiise. Akka maddeen gara garaa kaasanitti ammoo uumama dhala namaan wal qabatee akka ta'edha.

Hariiroo namni naannoo keessa jiraatu faana uummatuun, jireenya tasgabbaa'aa gama xiin-qalbii (psychological), xiin-sammuu (cognitive), qaamaa (physiological), hafuuraafi kanneen biroon bu'aa akka argatu ibsu (Keniger et al., 2013). Kanumaan wal qabsiisuun amala hariiroon kun qabu, "Humans have an instinctive connection with nature, this connection may manifest itself differently in different cultures owing to different value systems and attachments to natural areas," (2013:928) jechuun ibsu. Yaadni akkanaa kennamuu kan eegale umrii hojiin falaasamaa eegale faana ta'uu maddeen nifalmu. Barruu 'The Rhetoric of Plato's Republic' jedhu keessatti, yaadni Sooqiraaxas hariiroo namaafi uumama gidduu jiru hanga miira qaamaatti hidhata qabaachuu kan addeessu dhihaachuu hima (Kastely, 2015). Yaadni kun kallattiin, "The relation of the body to nature…" (2015:74) kan jedhu yoo ta'u, gogaa dabalatee keessi namaa naannoo keessa jiraatutti akka madaqu ibsa. Akka yaada kanaatti, hariiroon naannoo faana taasifamu fayyaan namaa eegamuun nagaan akka jiraatuuf tumsa ta'uu agarsiisa.

Namni naannootti hidhata qaburraan kan ka'e, naannoo itti madaqee jiraatu keessatti uumama faca'insa naannoo (environment) gara garaan jiruuf akkuma aadaa isaatti moggaasa gara garaa akka qabu Holbrook (2004) qorannoo fookloorii Afrikaa keessaa gooroo 'Astronomy' irratti geggeesseen ibseera. Kanumaan wal qabsiisuun Holbrook akka falmutti, waanti hawaasni samii irratti qilleensa mijataa halkaniin argutti moggaasni kennan jiruuf jireenya hawaasaa keessatti faayidaa bu'uuraa qabu jedha. Faayidaalee kanneenis, "…for the local calendar, including agricultural activities such as the time for planting, the time that animals are observed to mate or give birth, and the weather," (2004:22) jechuun tarreesseera. Qabxiilee Holbrook dhiheesse jireenyi dhalanamaa kan irratti hundaa'e ta'uu isaaniirraan, hanqinni kanneen irratti yoo mudate *nagaan* qormaata keessa waan seenuuf hawaassni uumama irratti hundaa'uun dhaha si'oominaan hordofamu uummachuun jiraachuu nagaaf carraa uuma. Hariiroo namaafi uumama gidduu jiru keessatti, "The female anthropomorphic figures most likely represented Earth," (Paper, 2005:119) jechuun, namni uumama amala namaa goonfachiisuun akka dhiheessu ibsa. Yaada kanaan kan wal deeggaru miira Oromoon uumamaaf qabu, "He loves nature, feels her, lives with her, and, to him, it seems that she likewise is endowed with a soul. River, mountain, large tree -- all these are living beings," (Bulatovich, 2000:62) jedha. Sadarkaan hubannoo dhala namaa uumama irratti qabu daanga'aafi faca'insa garaa garummaa akka qabuufi hubannoofi yaadrimee *Waaqaa* horachuuf akka oolan himu (Collinson & Plant, 2006). Hariiroon kun yaadrimee nagaan akka wal qabanu maddeen gara garaa kaasu.

Amalli naannoofi uumamaa nagaan namaa akka jiraatuufi tasgabbii qabaatuuf shoora qabaachuu hima (Waktole, 2010). Yaadni kun, hubaatiin uumama irratti mudatu kallattiin nagaa namaa jeequuf sababa kan ta'uuf, waantonni jiruuf jireenya Oromoof oolan (fkn: horii) naannoo magariisarratti hundaa'a jechuun (Workineh, 2001) kan dhiheesse faana wal deeggara. Uumama naannoo keessaa Oromoon mukoota gurguddoo bakka sirnoota amantaa isaaniifi nagaa buusuuf itti wal ga'an ta'uu (Krapf, 2016; Workineh 2001) kan eeran, shoora sadarkaa gooreetti gadu buusuun ibsani. Oromoon nagaa uumama maraaf Waaqa kadhata jechuun dhiheesse kanneen akka, "…stone, water, and air," (Tenna, 2008:145) hunda ilaallata jedha. Gama biraan uumamni mallattoo nagaa ta'uun akka tajaajilu, "…guarantees peaceful passage by helping to transcend language barriers," (Tsega, 2012:62) jechuun hanqina uumameef furmaata akka ta'e hima. Uumamni gara garaa bak-bu'ummaa isaan qabaniin coqorsi mallattoo nagaafi jireenyaa; Odaan mallattoo dhugaa, waliif amanamuufi walitti makamuu akka ta'e qooda (Bartels, 1983). Garuu

imaltoota akka Jaenen (1956) biratti Oromoon uumama akka waaqessuun dhihaate. Walumaa-galatti, hariiroon uumamaafi nama gidduu jiru yaadrimee nagaa keessatti murteessaa akka ta'e maddeen eeranis, hidhata jiru ibsuuf wal xaxaa ta'uu isaan hubannoon gara garaa akka maddu taasise. Kanaafuu hojii kanaan raawwilee qabatamaa hawaasaan ibsuun ilaalchi hawaasaa ifa ta'e akka ba'u kan taasifame.

#### 2.3.2.3. Hariiroo namaa nama faana

Yaadrimeen nagaa yeroo baay'ee dhihaachaa kan tureefi ammallee itti jiru hariiroo namni nama faana taasisuuni. Yaadni kun dhugaa ta'us, kanneen armaan olitti eeramaan dabalachuu akka qabu hojiin kun kan falmu. Hariiroon namaafi namaa yoom akka eegaleefi maal irratti hundaa'ee akka ta'e hayyoota falaasamaa yeroo gara garaa keessa ka'an irraa eegalee hubannoowwan dhuunfaa dhihaachaa turaniiru. Yaadolee ka'an keessaa xiyyeeffannoo *teleology* Aristotle (384-322 B. C.) lubbu-qabeeyyii irratti kaa'e keessaa hariiroon hawaasummaa jalqabaa kan dirqama (necessity) irraa madde ta'ee innis saala faallaa gidduutti kan uumamu ta'uu Anfinsen (2015) eereera. Kanaan wal qabsiisuun Anfinsen yaada goolaba Aristotle kallattiin yoo dhiheessu, "… a kind of natural urge which we also find in animals and plants," (2015:155) jechuuni. Hariiroon nama gidduutti uumamu dirqama *biological* ta'e bu'uureffachuun eegale dabalatee caasaaleen hawaasummaa hanga *state combination* ga'utti hojjetan sababa, "…natural sociability of mankind," (Barnes, 1923:37-38) ta'uu falaasamoonni Girikiifi Roomaa akka seera ittiin bulmaata amantaa (dogma) tti fudhachuu isaanii himuun yaada falmii jiri kaa'eera.

Falaasama Aristotle keessaa 'politics, I. 5' caasaalee dhala namaan hordofamuu qabu jechuun dhihaatan fudhate eeruun, "…humans rule animals, soul rules body, intellect rules desire, male rules female," (Ward, 2002:25) jedhu kan kaase, hariiroo dhala namaa gidduu jiru hubachuuf wal xaxaa taasise. Kunis, inni tokko kaan irratti aangoo uumamaan yayyabame akka qabuufi innis wal hubannoo wal hacuucuun akka ta'e dabarsa. Barreessaan kun kana hubachuun, amalli kun nagaaf wabii akka hintaane kan mul'isu ta'uu ibsus, dhimmi nagaa irratti faca'insi hubannoo jiraachuun kan keessatti mul'atedha. Barsiisaa Aristootil akka ta'e kan himamu ogeessi falaasamaa Plato, namni uumamaan walqixa akka hintaaneefi hariiroon namootaas akkaataa garee isaaniitti jechuun ifatti akka falmu barreessaan kun dabalee eereera. Yaadni kun ammoo kan madde, *'Slaves by Nature'* jechuun Aristotle kan kaa'e irraa ta'uu kaa'a. Kanumaan wal qabsiisee, dhabbileen hawaasummaafi siyaasaa Girik keessa jiran *nonegalitarian* akka ta'an addeesseera. Akka yaadolee

falmii kanaatti, namni akka namummaa isaatti osoo hintaane akkaataa uumamaafi sadarkaa jireenyaa nama ykn garee irratti hundaa'uun sanyii (race) akka kennan mul'isa.

Seenaa yeroo jalqabaaf bakka shanitti baraan qoodee kan dhiheesse Hesiod (750-700 BCE) akka ta'e ogeeyyiin seenaa Giriik ragaa ba'uu dhiheesseera (Barnes, 1923). Qoodinsa baraa kana keessattis Hesiod hariiroo nama gidduutti raawwachaa ture irratti hundaa'uun kan ibse ta'uu Barnes yoo kaa'u, 'Golden age' keessatti namni walii isaa faana jaalalaan akka jiraatu; 'Silver age' dhiironni sodaan (strife) waliin turu; 'Bronze age' waraanni kaayyoofi fedhii hawaasaati; 'Heroic age' injifannoo waraana kanneen akka 'Thebes' & 'Trojan' keessatti galmaa'eefi 'Iron age' keessatti yeroo itti daa'imni maatii kabajuu dide, obbolaan wal waraanan, keessummaa simachuun itti dhibeefi sobni dagaage kanneen ta'an keessa darbamuu hima. Moggaasniifi qoodinsi baraa haala jireenya hawaasaa ibsuuf dhihaatan, nagaan hariirowwan hawaasaa keessatti shoora hangamii akka qabu mul'isuun biratti nagaan jijjiirama jireenya hawaasaan wal qabatee qormaata wal xaxaa ta'etti seenaa deemuu calaqqisiisa. Seenaa keessattis ta'e yeroo ammaatti hariiroon nama gidduutti calaqqisan kan ittiin ibsaman, "…husband and wife, brother and sister, mother and son, mother and daughter, father and son, father and daughter, lover and beloved, lord and slave, hero and enemy, and so on," (Assmann, 2004:20) jechuun muraasa isaanii tarreessuuf yaaleera. Hawaasni caasaalee hariiroo kana hundeessuun nagaa eeggachuuf karaa saaqa.

Haala jireenyaas ta'u sadarkaalee caasaa hawaasaa kamuu keessatti hariiroon garee hawaasaa gidduutti taasifamu nagaa bu'uura godhachuun ta'uu hayyoonni falmii isaanii keessatti qub-qabsiisuuf yaalaniiru. Kanneen keessaa falaasama gurmaa'ina hawaasaa Aristotle dhiheesse, "Organized social relations had a utilitarian origin in the necessity of union for mutual defense and cooperation," (Barnes, 1923:38) jechuun kaa'eera. Yaada wal deeggaruun barbaachisummaa *nagaa* ibsuu keessa, sadarkaalee sadarkaalee caasaan hawaasaaitti mul'atan:

> Peace, not only in great things, but in little; peace, not only in the government of the world and in the mutual relations of kings and princes, but also in the details of everyday life, and in the complexities of family intercourse; peace, not only external, but also internal; peace, in short, as much as possible everywhere, and in every relation and circumstances of life. M. J. M. (1879:254)

Qabiyyee kanarraa kan mul'atu, nagaan bakka hawaasni jiru hunda keessatti akka calaqqisu kan mirkaneessudha. Yaadni M. J. M. (1879) dhiheesse dhimma nagaa sadarkaalee caasaa hawaasaa keessatti qofa yoo daangessu, Dovlo (2004) kanarra dabarsuun hariiroon akkaataa lamaan

(qaamaafi hafuuraan) raawwata jechuun, ‘qaamaan’ jechuun namni lubbuun osoo lafarra jiruu namoota kaan faana hariiroo jireenyaa (gaa’ela, michummaa, iriyyaafi…) jiruuf jireenya naga-qabeessa ta’e uummachuu yoo ta’u, ‘hafuuraan’ kan jedhu namni ega du’een booda qaccee hidda dhalootaa lubbuun jiran faana (Waaqaan walitti fiduu) hafuuraan taasisudha. Ilaalchi kun kan madde ‘jireenyi du’aan boodas itti fufa’ amantii Afrikaa jedhu irraa kan ka’e, “Relationships are not eternally severed between the deceased and their living descendants,” (Dovlo, 2004:2) goolaba jedhurra ga’e.

Gama hubannoo Afrikaan dhimmi hariiroo yoo ka’u kan qara dhufu hariiroo namni Waaqa faana qabu akka ta’e, “African peoples place the creation of man towards or at the end of God's original work of creation. Man also comes into the picture as husband and wife, male and female,” (Mbiti, 1970:120) jechuun kaa’a. Ta’us, hariiroo namni nama akka isaa faana uummatu irratti gama falaasama Afrikaa, “I am because we are, and since we are, therefore I am,” kan jechuun, namni hawaasa naannoo isaa kan jiruufi kan du’etti hidhachuufi kana irraas kan adda isa baasu hinjiru, jireenya waliiniif jecha namni waan qabu waliin qooddata hanga haadha manaa walii eeyyamuutti; jiraachuun nama tokkoo hiika jiraachuu garee qaba; jireenya waliiniifi gareef jecha namni waan hojjechuu qabuufi hojjechuu hinqabne waan irratti walii galu qaba jechuun hiike. Akka yaada kanaatti, namni tokko kan jedhu nama kamiifuu kan dhaabbate malee ana kan jedhu qofaaf waan hintaaneef nu kan jedhu ida’ama nama qeenxee waan ta’eef adeemsa sirrii ta’a.

Hariiroon hawaasa gidduu jiru, kan yaadrimeen nagaa ittiin ibsamu, ibsa fooklooriif maddeen gara garaan kennamu keessatti ifatti calaqqisa. Haaluma kanaan, “Folklore as a system in which and through which individuals and groups interact,” (Magdalenić, 2008:828) jedhuun, kaa’a. Fookloориin bak-bu’eenni ittiin ba’ee mul’atu, hariiroo garee hawaasaa gidduutti raawwatuun ta’ee cimina isaaf ammoo waliigaltee gareewwan gidduutti taasifamurraan jechuun kaa’a. Namni hariiroon isaa jalqabaa maatiifi ollaa faana jechuun, achi keessattis dhugaa hadhooftuu (unpleasant truth) kan keessatti baratamu akka ta’e (M. J. M. 1879) ibsa. Yaada kanaan, kan wal deeggaru, faayidaa raagamtaan qabu, “…is used to justify a social institution,” (Sibanda, 2014:3) jechuun ibse. Kanneen irraa ka’uun, hariiroon nama gidduu jiru jireenya mijataa gochuuf birkii akka qabuufi hundi faayidaa akka qaban addeessu.

Dhimmi hariiroo hawaasaa yoo ka'u fookloorii akka ibsamuufi fookloorii ibsuunis hariiroo hawaasni qabuun akka ta'e eeramus, hojiileen hojiileen hedduun shoora fookloorii kana haaluun kallattii fedhanirra ibsa kennuun isaanii hubannoon hawaasa ragaan irraa fudhatame haala hinibsineen kan dhihaatan. Hubannoo sirrii kaa'uuf barbaachisummaa duudhaa hawaasaa Baxter (1978) hariiroon namaafi nama gidduu jiru, namaa (dhiira) fi Waaqa gidduu jiru Gadaan akka oogganamu hima. Kanaafuu, qabiyyee kana irratti ilaalcha Oromoo himuuf dhimmi gadaa ijoo ta'uu agarsiisa. Qabiyyee gadaa kaasaniif hubannoon sirrii darba kan jedhu akka hintaane, yaadni Jaenen armaan gadii ragaa ta'a.

> None of the travellers in Galla country understood the meaning of the word luba. Bruce said it referred to the king of the western Galla; Krapf thought it referred to the sorcerers; New said it referred to the elders; Werner thought it referred to all the men born within a period of eight years. (Jaenen, 1956:179)

Ragaalee kanneen irratti hundaa'uun, hubannoo hanga ta'e argatan malee akkaataa qindaa'una uummatichaa hinubanne jechuun qeeqe. Hanga dhihootti hiika gara garaan kan dhihaatu yoo ta'u, Asmerom (1973:8) marsaalee gadaa garaa garummaa waggaa saddetiin jiran *luba* yoo jedhu, Marcus (1994) marsaa Gadaa keessatti kan baallii fudhachuuf deemu akka ta'etti hima. Kana cinatti, akkaataa Booranni maatiifi gosa itti qindeessu akkasumas kan rakkate itti simatuun bak-bu'ee Afrikaa ta'a jechuun, adeemsicha *egaliterian* (Asmerom, 1973) jechuun ibse. jireenyi Oromoo horsiisee bultootaa kan barsiisu 'loose egaliterian' akka ta'e (Marcus, 1994) hima. Faallaa kanaan, Andrzejewski (1962) Booranni hawaasa waraana jaallatuufi kanneen Boorana hintaane akka ajjeesutti yoo dhiheessu, Markakis (2011) faayidaa isaanii kabachiifachuuf hawaasa ollaa jiran faana akka wal waraanuufi yaadrimee Nagaa Booranaa jedhuun garee duudhaafi seera Booranaa fudhatan ykn kabajan irratti akka ta'e falma. Yaadota kana kan araarsu ragaa qabatamaa jireenya hawaasaa waan ta'eef, jojii kanaan caacculee fookloorii Booranaa irratti xiyyeeffachuun hojiin yaadrimeessuu gaggeeffame.

Haata'uutii, hariiroo Booranni nama akka isaa faana qabuun bifa gara garaa lamaan kan ibsan yoo ta'u, tokkoon Booranni walii isaa faana malee nama Boorana hintaane akka ajjeesutti ibsani (Andrzeje-wski, 1962; Baxter, 1965). Gama biraan ammoo, Booranni sirna nama akka namaatti keessummeessu gadaa akka qabuufi bakka dhiibee dhufetti humnas tajaajilamuun nagaa akka eeggatu eerani (Asmarom, 1973; Mekuria, 2011). Yaadrimeen falmii isaanii dhimma nama akka namaatti simachuu (egalitarian) kan jedhuun wal qabata. Amalli nama akka namaatti simachuun

sonawwan jireenya namaaf murteessoo ta'an: dhimma dinagdee (qabeenyi kan walooti), hawaasummaa (hirmaannaa wal qixa qabaachuu) fi kkf keessaan akka calaqqisu eerte (Marcus, 1997). Yaada ishee kana kan guutan horsiisee bultoonni isaan tokko ta'uu qoodde. Itti fufuun, sonoonni jireenya dhala namaa sadarkaa gareetti ibsamuu yoo eegalan, yaadrimeen walummaa hafuuf mallattoo ta'uu falmiti. Morris (1997), amalli nama akka namaatti simachuu bifa sadii: 1) waan nama walcaalsise irratti deeggarsa gochuu (formal egalitarian), 2) namni uumama wal qixa, garuu akka dandeettii isaatti waan isa baasu hordofa (populist egalitarian) fi 3) namni dhalootaan nama (biological egalitarian) qabaachuu qoode. Amaloonni akkanaa eeramanis, kan Oromoo kanneen kana keessaa kamiin akka wal gitu ykn amala mataa isaa haaqabaachuu, ogeeyyiin waan dhiheessan hinqabani.

Dhimma hawaasa tokkoo baruuf afaan shoora akkamii akka taphatu yaadni armaan gadii ka'eera.

> Language is always a matter of historical and cultural convention and is an important social practice bound up in the ways we act in and on our social world. Speech is doing something other than conveying information inasmuch as it bestows meaning and categorises experience within the world. Everyday speech is an interpretive practice constituting 'commonsense' or customary understandings, which are inexorably linked to political, administrative and other social processes. The 'real', in effect, is constituted by representational and interpretive practices. (Morris, 1997:165)

Yaada kanaan Morris, waan hawaasni qabu gama afaaniin akka mul'atuufi hiika gitu kennuuf murteessaa akka ta'edha. Kanaafuu, qorannoon dhimmoota hawaasaan wal qabatan dhuuftee isaanii irraa eegalee haala keessa jiran himuufis ta'e hubannoo jiru ibsuu irratti gaggeeffamu, afaan hawaasichi tajaajilamu giddu galeessa godhachuun dirqama akka ta'e mul'isa. Hojiileen yaadrimee nagaa irratti hojjetaman hanqina guddaa isaan qaban keessaa, afaan duudhaalee gara garaan hawaasichi jireenya guyyuu isaa ittiin ibsatuuf bakka kennuu dhabuudha.

### 2.3.3. Yaadrimeen nagaa cabuu mallattoolee mul'isan

Matadureen gooroo olitti dhihaate, jireenyi namaa itti fufuuf hariiroon akkamii akka barbaachisu irratti yoo ta'u, mataduree kanaan, hariirowwan sonoonni yaadrimee nagaa irratti hundaa'an cabuun maaliin akka mul'atantu dhihaate. Dhimmi kun hubannoo akka addunyaatti dhala namaa hundaan wal qabatee kan jiru ta'uu ragaan maddeenii nimul'isu. Akka ragaalee maddeeniitti, mallattooleen kun gama dhugeeffannaafi nama gidduutti daangessanii dhiheessu. *Persia*-tti dhalli namaa *Ormusd* (uumaa) dhaaf galata barbaachisaa dhiheessuu yoo dhaabe kallattiin hariiroon addaan cituu akka mul'isu (Tytler, 1837), dhugeeffannaan walitti hidhee ibse. Mbiti (1975) gama

isaan, Afrikaan ardii muuxannoon kun keessa jiru ta'uu eeruun, madda isaafis qaamota gara garaa eere. Akka Mbiti (1970) waantota jireenyi namaa irratti hundaa'e kaasuuf yaaletti, mallattooleen kan daanga'an jireenya namaa keessatti melee, lakkoofsaan kanaafi sana qofa jechuun akka hindanda'amnedha. Mallattooleen hariiroon cabuu mul'isan hawaasa jeebanaa keessa jiraachuu irratti falmiin dhibus, Bartels (1983) kan Oromoo keessatti 'breking of cosmic order' jechuun qaamni battala daangaa *safuu* keessaa ba'uudha jedha.

Dhimmi hookkarsaa yoo ka'u maddeen bal'inaan taatee namaafi nama gidduu irratti xiyyeeffatu. Haaluma kanaan, taatewwan mul'atan amala gara garaa qabaatanis, sadarkaa jechaatii hanga raawwiitti calaqqisu. Jechi hubannoo ofii qabanirraa ka'uun moggaasa ofiifi garee kaaniif kenna-nidha. Yaada kanaan wal qabatee waan dhugeeffatan irratti moggaasa gareen Waaqa tokkotti amanan (monotheist) kan ofiif kennan, kanneen hafan irratti *Anti*- ykn *miso*-ta'uu mul'isuuf akka ta'e eera (Nola, 2019). Nola yaada kaase ibsuuf yoo yaalu, akka gareettis ta'e dhuunfaatti ilaalchi addunyaa (world view) gara garaa uumamuun mataa isaan gara hordoftoota dhuunfaa horachuutti ceesisuun miirri faallaa walii akka uumamu taasisa jedha. Akkasumas, garee 'Polytheist' ta'aniif moggaasni arrabsoo (pejorative terms) 'pagans' & 'heathens' kanneen Kiristaana ta'aniin akka kennameef kaasa (Paper, 2005:104). Ilaalchi ofiif, hawaasa kaaniif, dinagdee, aangoo, teessuma lafaa, afaaniifi kkf irraa maddu, *'otherness'* uumuun nagaafi hookkarsa gidduu daangaa kaa'a jedhu (Abrahams, 1993; Bronner, 2017; Leerssen, 2013; Lattas, 1997). Kanaafuu, ofiif ykn qaama biraaf jechi mogga'u hariiroo addaan kutuuf akka oolan falmu.

Moggaasaan alatti, duudhaa hawaasni tajaajilamu meeshaa ta'ee nama addaan qooduu keessatti tajaajiluu akka danda'u muuxannoon darban nimul'isu. Taateen kun biyya Jermeniitti goorow-wan fookloorii ogafaaniin wal qabatan himinsa, mammaaksaafi dubbiiwwan (speechs) jiran ilaalcha Nazi jajjabeessuun sanyummaa (racist) fi yaada jibbinsaa babal'isuu hima (Magdalenic, 1999). Muuxannoon kun Raassiyaas akka ture, "Deliberately choosing the subjects of prosperity and happiness, the creators of folklore attempted to promote the political doctrine of socialism," (1999:23) jechuun ibsa. Haala itti caacculeen fookloorii mallattoo hariiroon cabuu itti mulisan, akkaataa dhiheenyaa irraan rakkoo uumamuun, goorowwan qeequmsaa mufii uumuun wal dhabbiif ka'umsa ta'uu humna qabaachuu isaanii akka ta'e himti (DeBrohun, 2007). Maddi isaas *sociocentrism* guddachaa deemuu akka ta'e eerti. Kanaafuu, hawaasni waan ilaalcha addunyaa isaa

ittiin calaqqisiisu gama fafeen tajaajilamee akka ka'umsa waldhabbii taasifatu maddeen kan mul'isani.

Hariiroon cabuuf ka'umsa taatewwaniifi hiika taatewwan qaban irraa akka himaman ragaaleen nimul'isu. Fakkeenyaaf, aangawoonni seera hawaasni waloon qabu gama isaanii tolutti gorsuun qindeeffatan mallattoo abbaa hirree akka ta'e hima (Suchanek, 2017:158-59). Seerrifi bulchiinsi dhufuunuu yakka namni raawwatuun ta'uu kitaabni kun ibsus, seera ba'eefi aangoo kenname jallisuun mallattoo hariiroon cabuuf deebi'anii ka'umsa akka ta'an agarsiisa. Gamabiraan, hawaasa hidhata waliin jireenyaa cimaa qaban keessatti rakkoo akka hawaasaatti dhufetti garee ofii dhiisanii baqachuun waldhabbii akka uumu kaasa (Andrzejewski, 1962). Akkasumas, adeemsa wal waraananii wal booji'uu keessatti, hawaasni tokko carraa makamuu argatee garee hawaasa biraatti makamuu yoo dide, kan duraan booji'anii qaama garee ofii godhachuuf murteessan deebisanii ejjennoo biraa akka irratti fudhatan affeera (Raaflaub, 2007:11). Taatew-wan eeraman kun mallattoo hariiroon cabuu kan ta'an hubaatii qaqqabsiisaniin odoo hintaane, hubaatiin akka qaqqabuuf daandii saaquu isaaniiti.

Muuxannoo Roomaa durii keessatti yeroo nagaafi waraanaa sirna (ritual) karra (Gates of Janus) cufuufi banuun haala keessa jiran ibsatu (DeBrohun, 2007). Mallattoon karra kanaa waaqa tolfamaa fuula lamaa (two-headed deity) yoo banamee taa'e, waraana alaa itti dhufu affeeruu mul'isu. Raawwii kanaan mallattoo hariiroon cabuu ta'a. Akkasumas, "He who displayed his army in a now world-famous terracotta replica near his necropolis–was no visionary of peace," (Raaflaub, 2007:2) jechuun kan dhiheesse, yaada dura dhihaateen wal deeggara. Taatewwan akkanaa fuulleffannoo yaadrimee nagaa hariiroo nama gidduu jirutti daangessuun hookkarsi garee ykn nama dhuunfaa irratti hubaatii qaamaa ykn xiin-qalbii qaqqabsiisuu jechuun (Galtung, 1969) qoode keessaa, hookkarsa gama xiin-qalbiin qaamni tokko isa kaan irratti taasisu jalatti dhiheesseen wal qabata. Galtung, hubaatii xiin-qalbii kan jedhaman odoo hubaatii kallattiin qaama irratti hintaasifne garuu mitkallattiin namni shakkiifi sodaatti seenu gochuu waan jedhuuf, yaadoleen dhihaatan kunneenis kallattiin hubaatiin qaqqabsiisan hinjiru garuu garee kaan faana hariiroon dansaa akka hinjirre ergaa dabarsa. Dabalataan, jecha *hookkarsa* jedhu raawwiifi ga'umsa (actual and potential) keessan, "…the cause of the difference between the potential and the actual," (Galtung, 1969:168) jechuun ibse. Yaadni kun kallattiin hanga dandeettii qabanitti hojjechuu dhabuu waan ta'eef, dhibaa'ummaa ykn rakkoo gara garaa irraa kan maddaniin ta'uu

waan mala. Kanaafuu, waan silaa furuu, dhabamsiisuu ykn irra darbuu qaban odoo hinraawwatiin hafuun mataa isaan mallattoo hariiroon cabuu akka ta’e fakkeenya taa’edha.

Hariiroon nama gidduu jiru cabuuf amala namni uumamaan qabu jedhanii kan dhiheessuuf yaalaniin, “It as though each of us has a ‘peace’ face and ‘war’ face, that we are programed for coopration, but preferred conflict,” (Turner, 1982:11) jedha. Ibsa kanaan nagaafi waraanni akka gita waliitti dhihaatanis, amalli namaanuu kan namni waliin jiraatu ta’uu eeruun rakkoo addunyaan keessa jirtuuf namni gama wal dhabbii filachuu isaati jedha. Akkasumas, sanyiin lafarra jiru uumamumaan amala inaaffaa qabaachuu isaatiin waan filatu, jaallatu, jibbuufi kkf keessaan hookkarsi akka uumaman taasisuu hima (Dietrich, 2012). Amalli kun kan calaqqisu, sona tokko sona biraarraa adda taasisanii wal dorgomsiisuufi morkisiisuun akka ta’eefi kun ammoo jireenya waliinii keessatti garaa garummaa kaa’uun walitti bu’insaaf ka’umsa akka ta’an ibsa. Hubannoo Afrikaan, “Man is not by nature either good or bad (evil) except in terms of what he does or does not do,” (Mbiti, 1970:279-80) jedha. Yaadni kun, namni waan raawwateefi hinraawwatiin hafeen gaarum-maafi hammeenyummaan isaa akka himamu falma. Yaadonni akka dimshaashaatti dhihaatan kun raawwilee qabatamaa isaan ittiin calaqqisan armaan gaditti ibsamaniiru.

Raawwiin namaa amala gara garaa kan qabu yoo ta’u, akkaataa maatiifi hollaan itti nama barsiisaniin ala ba’uun mataa isaan mallattoo hariiroon cabuu bakka bu’a yaadni jedhus gooroo biraati (M. J. M., 1879). Akka yaada kanaatti, maatiis ta’e hawaasni ilaalcha addunyaa qabu irratti hundaa’ee dhaloota waan guddisuuf, yaadrimee waliin jireenya Afirikaan qabdu Mbiti (1970) ‘anummaan sababa unummaati’ jechuun kaaseen wal fakkaata. Aadaa kanaan ala ta’uu jechuun, ifaajjiifi karoora hawasni itti fufinsa jireenyaaf qabu faallessa waan ta’eefi mallattoo hariiroon cabuu ittiin mul’atu ta’ee kan fudhatamu. Amaloota gooree yaadonni kun ittiin ba’anii mul’atan maddeen qabxiilee gara garaa kaasaniiru. Jireenya guyyuu hawaasaa keessatti, “…robbery, murder, rape, telling lies, stealing, being cruel, saying bad words, showing disrespect, practising sorcery or witchcraft, interfering with public rights, backbiting, being lazy or greedy or selfish, breaking promises, and so on,” (Mbiti, 1975:178) yoo mudatan, uummata Afrikaaf hariiroon nama gidduu jiru caba jedha. Ibsa biraan, taatewwan akka, “…homicide, adultery, incest, and rape,” (Tytler, 1837:22) yoo raawwatan *Mosaic Law* keessatti yakkoota nagaa hookkaran ta’anii fudhatamu jedha.

Yeroo baay'ee taateen hariiroo cabse tokko bakkuma sanatti kan hafu akka hintaaneefi adeemsa sababaafi bu'aan itti fufaa akka deemu mul'isu. Yaada kanaaf fakkeenya kan ta'u, yaadrimee falaasamaan Kant (1917), bakka qaamni nama yakka namarratti raawwate gaafatu hinjirretti, namni mirga ofii kabachiifachuuf waraana booda gaabbii fidutti akka seenu kan kaa'edha. Yaadni kun dabalataan, hariiroon cabe daran akka hammaatu kan godhu mallattooleen jiraachuu agarsiisa. Gama biraan, hariiroon namaafi waan dhugeeffatan gidduu jiru kan cabu, kan namni nama irratti raawwateen akka ta'e maddeen bal'inaan ibsaniiru. Kunis, qaama hariiroo keessa jiru biraa akka hirmaachisu agarsiisa. adeemsi ittiin ba'ee mul'atu, hubaatii sadarkaa xiin-uumeetti mudatu ta'ee, "…natural disasters such as floods were thought to spring from failure of the ruler to maintain harmony with nature," (Ishida, 1969:138) jechuun kan dhuheesse fa'i. Yaada wal fakkaatu, "When nature becomes destructive to humans through epidemics or floods, then it indicates His displeasure," (Dovlo, 2004:149) yaada jedhu kaasa. Yaada lamaaniin, hariiroon namaafi Waaqaa kan hubamu naamuusa badaa namni namaafi uumama kaan irratti calaqqisiisuun yaadrimee jedhu dabarsuu isaaniiti. Kana jechuun, namni hariiroo yayyabaan alaa raawwachuun, waan uumamaan isaaf yayyabame akka dhabsiisu falmu.

Akkaataa yayyaba dura jiruun Waaqni nama faana ta'uu isaa ittiin ibsu, "rain, good harvest, health, cattle and children; in healing, delivering and helping them," (Mbiti, 1970:61) jechuun tarreesse, yoo hariinoon namaafi Waaqa gidduu jiru cabe, namni isaan kana dhaba jechuudha. Haala kanaan, "…the concept of human rights is incoherent and lacks moral force without the foundations that underpinned the natural law and natural rights traditions," (Boucher, 2009:11) jechuun kan qoode akka mudatu hiika jedhu qabaata. Kana jechuun, yayyaba namni keessa jiraachuu qabu akka jiru, namni yoo yayyaba kana cabse mirga uumamaafi namummaa isaa akka dhabuufi kunis mallattoo hariiroon cabuuti. Yayyaba cabsuun itti yaadanii kan raawwatan qofa akka hintaaneefi nama akka namaatti simachuu keessa *deeggarsa addaa* jedhamee kan taasifamu mataa isaan hariiroo uumamaan jiru akka cabsu (Morris, 1997) kan ibses mallattoo biraati. Gama biraan, dhiibbaa hawaasni walirratti taasisuun haala itti yaadrimeen nagaa hawaasa jeebanaa cabu, ibsa armaan gadiin kan dhihaate fakkeenya gaariidha.

> It is now common to hear settlers explain that 'we are all Australians' and to continue by saying, 'We all have equal rights in these places, not just Aborigines. We want our children to be able to see and understand their heritage.' This then is the new racism, a racism which is expressed and practised through doctrines of egalitarianism. (Marcus, 1997:33)

Hawaasa jeebanaa Afrikaa irratti hojii dhiheesseen Mbiti (1970), hariiroon nama gidduu jiru cabuu kan eere, itti fayyadama afaanii irratti kan calaqqisedha. Yaadni isaa kallattiin, "…shifting from the "we" of traditional corporate life to the "I" of modern individualism," (1970:293) jedhu kaa'e. Yaadni kun kan himu, bamaqaa *ana* fi *unu* gidduu garaagarummaan falaasama hariiroo hawaasaa kan keessatti ibsamudha. Kana jechuun, raawwilee hariiroo jireenyi namaa irratti hundaa'e calaqqisiisan cinatti, itti fayyadama afaanii keessattis amalli kun akka mul'atudha. Kana malees, jecha namoonni ittiin wal arrabsanis hariiroo nama gidduu jiru akka cabsu ibsa (Peek, 2004). Jechoota arrabsoo jechuun kan eere keessaa wal qunnamtii saalaan wal qabatee ta'uu hima. Walumaagalatti, hariiroon nagaa kan cabu raawwii nama dhuunfaa, garee ykn dhaabbileen ta'uu danda'a. Hariiroo namni qabu cabuun kan baramu mallattooleean akka jechaa, bak-bu'ee, sirnaafi raawwii gara garaa yoo mul'atanidha. Akkasumas, Teshome & Assefa (2021) jecha Oromoo *fafee* jedhu sadarkaa yaadrimeetti xiinxaluun, nama dhuunfaas ta'e gareen waan raawwatuun ga'umsa yoo hinqabaanne ykn/fi aadaan ala yoo ba'an kan ittiin ibsaman ta'uu eerani. Hojii kana keessattis fafeen irra deddeebi'ee kan dhihaate yoo ta'u, taatee kamuu faallaa dhugaa/aadaa raawwatu ibsa. Kanaafuu, jireenya Booranaa keessatti mallattoolee hariiroon cabuu mul'isan baasuuf muuxannoo maddeen qoodan kunneen kallattii xiyyeeffannoo murteessuuf galtee gaariidha.

### 2.3.4. Haala yaadrimeen nagaa ittiin eegamu irratti muuxannoo jiru

Matadureewwan darban keessatti yaadrimee nagaan wal qabatee nagaan mataa isaan akkamitti akka hubatameefi mallattoolee nagaan cabuun ittiin beekamu waan hawaasni hubannoo isaa ittiin calaqqisiisuti dhihaate. Mataduree kanaan, haala hubannoon nagaa itti eegamu irratti muuxannoo jiru irratti xiyyeeffatame. Haata'u malee, akkuma qabiyyeewwan olitti dhihaatan keessatti ibsuuf yaalame, maddeen dhimma nagaan wal qabatanii ka'an gosa barnootaa fooklooriin ala jiran waan ta'aniif, haalota gara garaa fudhachuun seenessuu malee muuxannoo hawaasni qabuuf bakka hinkennine ykn akka madda lammaffaatti tajaajilamani. Hojii kana keessatti nagaa eeguu kan jedhu haala lamaan (akka hincabneefi ega cabee) kan ibsamu ta'ee, muuxannoo hawaasni jireenya guyya-guyyaa keessatti tajaajilamuun dhihaate. Haala kanaan, Raaflaub (2007) hawaasni itti fufinsa nagaa isaafis ta'e kan cabe deebisee ijaaruuf waan raawwatu (muuxannoo mataa ofii) akka qabu eere. Nagaan adeemsa nagaa eeguufi nagaa ijaaruu itti fufinsa qabuu akka ta'eefi hirmaannaa nama dhuunfaatii hanga gareetti kan barbaadu, hojii tuutaa ta'uu qoodani (Webel & Kaba, 2019). Shoorri nama hundaa maaliif akka barbaachise, "…to cleanse the planet of human inflicted destruction," (2019:39) jechuun dhiheessani. Akka yaada ogeeyyii kanaatti, nagaa kan eegu/itti

fufsiisus ta’e kan balleessu namaan ta’uu qoodani. Yaada kana yoo kaasan bu’uurri madda nagaa maal irraa akka ta’e ragaa kaa’an hinqabani; akkasumas, goolaba kana kaa’uuf bu’uurri isaanii taatewwan akka waraanaafi faalama naannolee irratti. Fuulleffanno ifa hintaaneen dhiheessanis, amala namni yeroodhaa gara yerootti jijjiirrachaa deemu irraa, ibsi nagaas dhaab-bataa kennuun akka hindanda’amne ofitti amanamummaan kaa’ani.

Nagaa eeggachuu keessatti yaadrimeen lama (nagaan akka hincabneefi kan cabe ijaaruu) hojiirra akka oolan eeramus, utuu mallattoo cabuu hinargiin akka hincabne eeguu yaadrimee jedhu kaasuun akka hindanda’amneefi kan cabes ijaaruunis nagaa eeggachuu waan jedhamuuf hidhata guddaa qabu. Kanaafuu, hojii kanaan lamaan akkaataa barbaachisummaa isaaniin wal keessa fudhachuun sakatta’amani. Nagaa eeggannaan wal qabatee namni jireenya keessatti raawwilee gara garaa kan hojiirra oolchu yoo ta’u, isaan keessaa raawwiin dhugeeffannaa isa ijoodha. Akka ibsa Tytler (1837) tti, namni jalqabumarraa kabaja waan dhugeeffatuuf kennuun dirqama irraa eegamu akka ta’e ibsa. Akka yaada kanaatti, namni qaama waaqessu jalatti buluun ulaagaa nagaa qabaachuu isaaf isa hangafa akka ta’edha. Itti fufuun, adeemsa nagaa eeggannaa keessatti namni diina waraanuu akka ejjennoo tokkootti akka hojiirra oolchu kaasa (Raaflaub, 2007). Barressan kun, adeemsa diina waraanuu keessatti yoo waraanuuf bobba’us akkasumas deebi’u, bakka ulfoo isaaniitti aarsaa akka dhiheessan ibsa. Raaflaub odeeffannoo kana gama seenaan waan dhihees-seef, qabiyyeen aarsaa dhihaatuu maal akka ta’e kan kaa’e waan hinqabneef, waraana keessatti qoodni Waaqa (waaqolee) isaanii maal akka ta’e beekuun hindanda’amne.

Hawaasa ‘Waaqa tokko’ dhugeeffatan jechuun kan ibsan (Collinson & Plant, 2006), sochiifi raawwileen dhala namaa kan hundaa’e qajeelfamaafi duraa duuba raawwii ittiin bulmaataa qaama kana irraa akka argatan himu. Yaadrimeen kun garee Waaqmaleeyyii biratti dhugaa akka hintaane, hawaasni of eeggannoof safuu hamlee (moral norm) uummatee akka qabu (Suchanek, 2017) kan qoode keessaan mul’ate. Ogeessi kun, adeemsi kun kan hojiirra oolu hawaasni fedhii isaan seera ittiin bulmaataa qopheessuun hundi akka argachuu danda’utti akka dhihaatu ibsa. Yaadni kun, seera uumamaa Waaqa ykn waaqoleen ba’ee dhalli namaa ittiin nagaa isaa eeggata jedhu morma. Kanaafuu, falmii kanatti goolaba yoo kennu, namni seera qopheeffatu muuxannoo dhaaleefi ofiin dabarsanirratti hundaa’ee waan baasuuf yaadrimeen nagaa yeroodhaa yerootti akkuma jireenya namaatti kan jijijjiiramu akka ta’e kaa’a. Amalli akkanaa adeemsa bulchiinsa namaa keessatti kan

hojiirra oolu amala fookloorii hawaasni qabuun kan wal qabatu ta'uu ibsa (Metcalf, 2005:75). Haata'u malee, caacculee fookloorii akkamiin akka calaqqisu ifatti kan qoode hinqabu.

Ragaalee argamanirraa ka'uun, adeemsi nagaa eeggannaa tokkichi irratti walii galamuu akka hinjirreefi biyyoonnis ta'e gareen hawaasaa muuxannoo gara garaa keessaa akka dabarsaniifi ammas itti jiran mul'isa. Baroota durii keessatti dhalli namaa nagaaf jecha seera ittiin bulmaataa garee mataa isaafi qaamota biroo faana akka qaban (Tytler, 1837) hima. Seeronni kunis *saala faallaa* irratti (gaa'elaan duraafi gaa'elaan booda) madda hookkarsaa ta'uu isaaniin seera akka qaban kan eeraman keessaa isa tokkodha. Akkasumas, gareen tokko garee biraa koloneeffachuun seera itti baasee kan bulchu isa birati. Adeemsi seera baasuu kun qoodinsa garee haala uumamaa ykn daangaa qindaa'inaa namni kaa'uun ana/unuufi si'i/isinii gidduu jiru akka agarsiisu ibsani (Tytler, 1837; Raaflaub, 2016). Qaroomina jalqabaa jechuun biyya Ijjipti kan kaase (Tytler, 1837) waantota gumaachite keessaa, *seerri nagaa* birmadummaa biyyattii akka hinhookkarreef raayyaa dhaabbataa dhaabuun eegumsa gootu ta'uu qoode. Eegumsi kun kan taasifamu kanneen *nyaapha* jedhamanii qoodaman irraa akka ta'eefi innis waraani biyyattii si'oominaan kan hojiirra ooludha.

Seenaa keessatti haala hariiroon itti uumame irratti hundaa'uun adeemsa biyyoonni nagaa itti ilaalaa turan jechuun Raaflaub (2007) kan biyya Persia dhiheesseera. Haaluma kanaan, biyya Persia-tti nagaan mootii *supreme god Auramazda*-dhaan siinboofi dandeettii addaa (wisdom and special qualities) dibamuun mudamerratti hundaa'a jedha. Kallattiin, "Those who do obey and follow the path of "truth" are rewarded by the king's generosity and care and enjoy the blessings of imperial peace" (2007:7) amala filatamu ibsa. Akka yaada kanaatti, namni akka namummaa isaatti osoo hintaane dhugaa mootiin bocate keessatti akka nagaan isaa daanga'u siyaasa hawaasa irratti hojjetamu mul'isa. Adeemsi biraa biyyoota durii keessatti nagaan ittiin eegamu kan biyyi tokko waraanaan alatti mala 'intimidation or diplomacy' tajaajilamuun biyyoota biraa weeraruun *nagaa* jedhanii fudhachaa turuu barreessaan kun yoo himu, uummatni Inca saboota kaaniif filannoo dhihaate *voluntary submission* geggeeffamuu dhiheessite (Julien, 2007:321). Ejjennoon biyyootaa hookkarsaafi gaaga'ama waraanaan mudatu hanbisuun mataa isaan akka itti fufinsa nagaa eeguu (preserving peace) ta'etti fudhatamaa turuu kaa'eera (Raflaub, 2007:17). Haala kanaan, ibsi nagaa ogeeyyii biyyoota Lixaan hanga har'aatti kennamaa jiran, yaadrimee durirraa kaasanii qaban ta'uu calaqqisiisa.

Yaadrimee kana sadarkaa biyyaatti caalaa akka dimshaashaatti kan kaa'an, jiraachuu nagaaf namni dhuunfaa *nagaa keessaa* qabaachuun murteessaa akka ta'e eeraniiru (M. J. M., 1879; Tenna, 2008). Adeemsa hojiirra oolmaa keessatti, "Peaceful hearts make peaceful homes," (M. J. M., 1879:254) yaada jedhuun adeemsi jiru ibsamuuf yaalame. Yaada kanaan, onnee, keessa nama dhuunfaa kan bakka bu'u yoo nagaa qabaate, mana, kan hormaata faana itti galan nagaa akka uummatan himame. Amala akkamiiti kana akka ta'e, "…mutual confidence, fearlessness, a restful sense of security, and the absence of all strife, jealousy, contention, or undue preference are to be found," (M. J. M., 1879:254) ibsa jedhuun taa'e. Nagaan kan tikfamu hariiroon nama gidduu jiru mala sakkoo (ethical method) keessatti safuu (norm) ijaaruun akka ta'e (Otto, 2007) muuxannoow-wan hawaasa gara garaa kaasuun falma. Hawaasni Baha Mediteraaniyaatti qulqullina amilee gama haqaan, hidda Lixa Semetikiitti amanamummaa nama dhuunfaa, biyya Ijjiptitti yaadrimee hojiin namaa abbichatti deebi'a (reciprocity) jedhuufi falaasama Girikiin, "A person who loves no one is loved by no one and that the person who commits an evil act against another is unhappier than the victim," (2007:84) jechuun safuu hawaasa gidduu jiru akka ibsan jedhan dhiheesse. Yaada isaa kanaan, hawaasni garee gara garaa haala nagaa isaa itti eeggatu duudhaa mataa isaa qabaachuu mul'ise.

Hawaasni jeebanaa *Customary laws* qabaachuu himuun, akka qabiyyee barruu isaatti seeronni gara garaa lama akka jiraniifi isaanis seera nama dhuunfaa hawaasni ittiin bulu (gaa'ela, hiikkaa, haala, kunuunsa daa'immaniifi kkf)fi mirga itti fayyadama qabiyyee (lafa, bosona, bishaaniifi qabeenya uumamaa biroo) jechuun (Roy, 2005:7) qoodee kaa'eera. Akka Roy dhiheessetti seerri duudhaa qophaa'u qaama hunda kan hirmaachiseefi itti gaafatamummaa seeraa kan kennu ta'uu isaaf falaasama seerichi irratti hundaa'ee bocamuti murteessa jedha. Hawaasni Gahuku-Gama hariiroo hawaasaa eeggachuuf ulaagaalee dhaabbatoo (invariable principles) hojiirra oolan akka qabu eereera (Read, 1967:200). Akka ragaan Read mul'isutti, hawaasni kun jalqabarratti ibsi yaadrimee *dhala namaaf* qabu walfakkaataa akka ta'eefi itti fufinsa muuxannoo isaaniif 'moral values' akka qaban hima. Shoora duudhaan hawaasa jeebanaa nagaa eeguu keessatti qabu kan mul'isu Bascom, "African proverbs are highly effective in exercising social control," (1954:347) jechuun kaa'eera. Falmiin kiyya, ogumoonni to'achuuf ba'an humna to'annoo isaanii maal irraa horatani kan jedhudha.

> African peoples take the moral life seriously. Through myths and legends and beliefs, they show that from the very beginning men could enjoy happiness, peace, prosperity and well-being only if they kept the moral demands of human conduct. African religious beliefs, values, rituals and practices are directed towards strengthening the moral life of each society. Morals are the food and drink which keep society alive, healthy and happy. Once there is a moral breakdown, the whole integrity of society also breaks down and the end is tragic. (Mbiti, 1975:181)

Gama fooklooriin ibsamuu baatus yaadrimee kana kan calaqqisiisan akka uummata Oromootti seerri/aadaan shoora olaanaa akka qabu kaa'ani (Kassam & Gemetchu, 1994:89; Baxter, 1965; Tenna, 2008). Seerri akkaataa duudhaa hawaasichaan ba'u, jireenya hawaasichaa keessatti waan fudhatama qabuufi hinqabneen akka murtaa'an (Bassi, 2005:99) muuxannoo Booranaa fudhatee ibse. Seerri kun hariiroo namni Waaqa, namaafi uumama kaan faana qanu kan ibsu, innis safuu jedhamee akka waamamuufi adeemsa hojiirra oolmaan, "*Safuu* to *c'eera-fokko* (distance and respect)," (Gemetchu, 2005:77) jedhamee akka yaadrimaa'u kaa'e. Qabiyyee aadaa Oromoo hanga har'aatti dhihaataniin hubannoowwan gara garaa kan ka'an yoo ta'u, Jaenen (1956) seerri ittiin bulmaata Oromoo hangafootaan kan qophaa'u ta'ee isaanumaan gara barbaadanitti kan qajeelfamu ta'uu falma. Akka yaada barreessaa kanaatti, abbootiin qaama kaan irratti dhiibbaa akka godhan kaa'e. Haata'u malee, Baxter (1965:65) yaadrimeen *nagaa Booranaa* jedhu dhalataa Booranaa hunda kan hammate ta'uu yoo ibsu, Bassi (1994:16-17) seerrii aangoofi humnaan qaama kaan irratti fe'amu akka hinjirre kan dhiheessan faallaa yaada duraa dhaabbatanidha. Akkasumas, "The central theme of the *law* is the concept of *Saffu,*" (Mohammed, 1983:329) jechuun, innis yaaxxina diyaalektikii faana kan walitti dhufu ta'ee, faallaan walii akka waliin jiraatanitti kan qindaa'e ta'uun isaa garuu adda akka isa taasisu hima. Mohammed yaada isaa kanaan, yaadrimeen jireenyaa Oromoo faallaa ofii balleessuun utuu hintaane, wal danda'ee akka waliin jiraatu ibse.

Yaada olitti dhihaatan keessatti akka tuqamuuf yaalame, hawaasni ejjennoo waraanaa akka wal irratti fudhatu. Kaayyoon waraanaa maal akka ta'e guutummaan ibsuu utuu hintaane, hiika nagaa eeggannaa faana walitti fiduun taa'uti sakatta'ame. Hubannoon kun akka Afrikaatti kan jiru, "…in time of invasion or aggression, protecting the children and the weak, punishing the offenders, maintaining peace, law and order, and so on," (Mbiti, 1975:178) jechuun, ejjennoon akkanaa nagaa buusuuf akka ta'etti ibse. Muuxannoo akkanaa uummata Oromoo keessas akka jiru ogeeyyiin hedduun kan qooddatan yoo ta'u, "…if necessary by the use of force, which created nagaa Boorana," (Gufu, 1996:119) jechuun, kan Booranaa ibsa. Ijaaramni sadarkaalee gadaa keessa jiran shoora diina qolachuus akka qaban ifatti qoodaniiru (Asebe, 2019; Asmarom, 1973; 2000; Baxter,

1978; 1979). Kanneen kun humna akka ejjennoo nagaa eeggannaatti kan fudhatan yoo ta'u, nagaa eeggannaas ta'e nagaa buusuuf hawaasni kamuu tooftaa mataa isaa akka qabu falma (Otto, 2007:94). Haala kanaan, addunyaa har'aa keessatti wal dhabbii gama siyaasaan uumaman furuun waraanni nagaa akka buusu kan (Luttwak, 1999) eere faana yaada qooddatu. Waraanaan nagaa eeggachuu/buusuun hawaasa jeebanaa biratti bal'inaan kan hojiirra oolu miti.

Eega seerri jiru cabee booda adeemsa nagaa buusuu jedhamee hawaasa jeebanaa biratti kan waamamu adeemsa raawwii mataa isaa qaba. Akka gosa qorannoo tokkootti mataa isaa danda'ee kan dhihaatudha. Hojii kanaan garuu, kaayyoon ijoo nagaa furuu hokkarsaan booda nagaan akka itti fufu kan hojjetu waan ta'eef, qabiyyee nagaa eeguu jedhu jalatti keessummeeffame. Dhimma nagaa irratti kan hojjete Ishida (1969), hawaasa hubannoo addunyaa isaa xiin-uumeen himatu biratti, jilachuun yaadrimee nagaa eeggannaa akka hojiirra oolchan hima. Yaadrimeen nagaa bal'aafi kan qaama hedduu hirmaachisu ta'uu (Baxter, 1965; 1978; 1979), nagaa Booranaa eeguuf Booranni hundi, keessattuu jaarrolee, hariyyaa, qaalluufi warri yaa'aa qooda olaanaa akka taphatan ibse. Yaadonni maddeen gara garaan ka'an haala namni yaadrimee nagaa itti eeggatu kan ibsan ta'us, goolaba isaanii tumsituu ga'aan hindeeggarre. Kana jechuun, muuxanno qabatamaa hawaasaa waan hinargatiiniif fudhatamummaa yaadaa hube.

Walumaagalaatti, hojii kana keessatti ijoowwan gurguddoo sadii olitti dhihaatan irratti maddeen kan sakatta'amani. Haalakanaan, jechi Afaan Oromoon *nagaa* jedhu hawaasa gara garaa biratti moggaasaafi hubannoo gara garaa akka qabu maddeen sakatta'aman keessatti calaqqisus, hiikni ogeeyyii walitti fidu hinargamne. Kanaaf sababni guddaa, ibsiifi yaadrimeen hanga har'aatti dhihaatan akkaataa hubannoo hawaasichaan utuu hintaane, taatee qeenxeefi fuulleffannoo ofiin horatanitti cichuudha. Kanaafuu, qorannoo kanaan nagaa aadaa Booranaa yaadrimeessuuf duudhaalee hawaasichi qabu irratti xiyyeeffatame. Kana galmaan ga'uuf, "…folklore should lie at the center of the humanities," (Wilson, 2006:21) yaadrimee jedhuun, muuxannoofi hubannoo Booranni calaqqisiisuun yaadrimeen nagaa dhimma Waaqaa, namaafi uumama kaanii ibsame.

Caacculeen fookloorii Booranaa dhimmoota gara garaaf qoratamanis nagaa ittiin yaadrimeessuuf hojiirra oolee hinmul'anne. Akkuma olitti bal'inaan qabiyyeewwan gara garaa jalatti dhihaate Andrzejewski (1962), durii-duriifi seenessoota gara garaa fudhachuun hubannoo Booranaa gama waraanaan qofa ibse. Mataduree daangessanii waraanaan qofa ibsuun rakkoo qabaatee utuu

hintaane, haqa jirurra utaaluuti dogoggora fida. Qorataan kun hojii isaa kanaan yaada armaan gadii faallaa ilaalcha addunyaa Booranaa maddeen kaan kaasanii dhaabbate.

> "It seams that the peace reigning at present among the pagan Galla in the South is due more to the stern measures and watchfulness of the administration than to the inclinations of the peoples themselves, who have probably changed very little in this respect since the time when Bahrey wrote his history," (1962:119)

Yaada olitti dhihaate kanaan hanqinoonni gurguddoo sadii (*pagan* jechuu, nagaa qaama biraan akka argate ibsuufi ragaa caalaa madda dubbise dhugeeffachuu) uume. Boorana keessa dhaqanii ragaa ega funaananii jecha *Waaqa* jedhu irra deddeebiin kan dhaga'u cinatti ragaa funaanee xiinxaleen carraan jiraachuufi du'uu namaa isa irratti hundaa'uu kan mul'isu dhiheesseera. Haata'u malee, goolaba isaan hawaasni waan waaqessu akka hinqabnetti dhiheesse. Haaluma wal fakkaatuun, jecha *nagaa* jedhu yerooma wal fakkaataatti Baxter (1965) kan afaan Booranaa irraa hinbuunedha kan jedhu haalee akka ergisaatti ibse. Yaadrimee nagaa Booranaa akkaataa ragaan dhiisee seenaa Bahrey barreesse jedhuun ulaagaa madaallii godhachuun hawaasa irratti qoratan caalaa qaama ala jiruuf bakka kennuudha. Goolaba kana kennuuf ragaa hawaasaa walitti qabe keessaa ka'umsa ga'aa kan ta'u hinjiru. Fakkeenyaaf, durii-durii (Text-1) jedhee kaa'e hariiroo kaannisaafi jaldeessaa irratti kan dhihaatedha. Durii-durii kanaan jaldeessi kaannisatti dabnaan kaannisni tooftaan injifatte. Xumurri durii-duriis 'Jabeenni cubbuu laafina dhugaa hindabsatu' jedhuun goolabame. Mammaaksa bak-bu'ee ilaalcha addunyaa hawaasaa kallattii gara garaan ibsu cinaatti dhiisuuni goolaba olitti ibsame kan kenne.

Hojiin kallattiin fookloorii Boorana irratti dhihaate kan Sahlu (2002), 'Borana Folktales: A Contextual Studies' jedhudha. Hojii kanaan durii-durii, mammaaksaafi argaa-dhageettii irratti xiyyeeffatame. Shoora ogafaanon jireenya keessatti qaban muuxannoo hojii dirree Booranatti isa mudate kaasuun, dubbii gaaddisaa keessatti qooda olaanaa akka taphatan hojii Sahilu kanaaf yaada gulaallii kaa'een ibseera. Yaada isaa kana keessatti, jaarroleen dubbii kan injifatan ogafaan abbootii isaanii irraa dhaalan beekuufi kan beekan keessaa kutanii fudhachuun galumsa keessa jiraniin wal simsiisuu isaaniin akka ta'e dabalee hima. Baxter ofii isaan carraa kana qorachuu akka hinuummatiiniifi qorannoon fookloorii ilaalcha addunyaa hawaasaa qabatamaa baasuuf ijoo akka ta'e agarsiise. Haata'u malee, hojichi hunkaafi caasaa ogafaanii malee galumsa qabatamaan walitti dhufanii hinxiinxalamne. Kana jechuun, ogafaanonni galumsaan alatti walitti qabamuun xiinxalli gaggeeffame. Kun ammoo, hojiin ogeessa fookloorii galmeessee amala isaan qaban ibsuu malee

hawaasni maaliif akka tajaajilamu, hiika isaan galumsa keessatti qabaniifi ilaalcha addunyaa isaan dabarsan irraa akka daanga'u fakkeesse. Kanaafuu, hojii kanaan dhimma hawaasaa waan hawaasni qabuun ibsuun bak-bu'ee (representative) hawaasichaa qabatamaa agarsiisuudha.

# BOQONNAA SADII

## 3. MALLEEN QORANNOO

Malleen qorannoo jechuun kaayyoo qorannoo galmaan ga’uuf adeemsa qorataan hordofuufi ejjennoonni fudhatee qorannoo gaggeessudha. Isaanis, fuullaffannoo, saxaxa, maleenyaa, mala, xiinxala ragaa, sakkoofi calaqqeeti armaan gaditti duraa-duubaan dhihaatani.

### 3.1. Fuulleffannoo Qorannoo

Fuulleffannoon waan agarreefi kan agarre haala itti hubanne kan ittiin keenyu ta’ee, hojii qorannoo keessatti garaa garummaan qabatamaa kan ittiin uumamu akka ta’e qoode (Babbie, 2008). Garaa garummaan kunis sadarkaa sadiitti kan mul’atuufi isaanis *xiin-jiree* (ontology), *xiin-beekumsa* (epistemology) fi *xiin-bu’aa* (axiology) akka ta’an kaa’e (Tavakoli, 2012). Tokkoon tokkoo isaanii gaaffilee mataa mataa isaanii deebisan yoo qabaatan *xiin-jireen* haqni maali, *xiin-beekumsi* beekumsi maaliifi *xiin-bu’aan* haqni kan dhiibbaan irra qaqqabu moo walaba kanneen jedhan ta’uu barreessaan kun dabalee eera. Kana malee, fuulleffannoon qorannoo koompoonentoota afur qaba jechuun kanneen sadan eeraman kanaafi mala ta’uu tarreessani (Rehman & Alharthi, 2016). Adeemsa gaaffilee kana deebisuu keessatti ogeeyyii gidduutti garaa garummaan uumamu ifatti kan mul’atu. Jalqaba *xiin-jiree* irraa kan eegalu yoo ta’u, innis hubannoo *Positivism/objectivism* ykn *constructionism/subjectivism* jedhaniin kan dhihaatanidha (Rehman & Alharthi, 2016; Richards, 2003; Tavakoli, 2012). Yaadota kanneen, *Positivism* kan jedhu *haqa* namarraa walaba taasisuun dhaabbataafi kan hinjijjiiramne jechuun, *constructionism* ammoo haqni of danda’aa jiraatus hiikni garuu sammuu namaan kan itti kennamu akka ta’e ibsani.

Gosoonni fuulleffannoo lamaan olitti eeraman Saayinsii Hawaasaa keessatti kan falmiin bal’inaan irratti dhihaatanidha. Akkuma olitti tuquuf yaalame garaa garummaan gidduu isaanii jiru bal’aafi kan ifatti mul’atudha. Adeemsa fuulleffannoo *positivism* keessaan qorannoon dhimmi hawaasaa, “…the social world can be studied in the same way as the natural world, that there is a method for studying the social world that is value-free,” (Mertens, 2010:10) akka hordofu keesse. Amala kana keessatti haqni dhaabbataa ta’ee waan ilaalamuuf dhimmi hawaasaa miiraafi yaada/qalbii keessa jiran akka hinbaane taasisuu isaan qorannoo hawaasaaf hanqina bal’aa akka qabu dabaltee eerte. Faallaa kanaan, *constructionism*, kan haqni sammuu namaan akka ijaaramu falmu, “…each individual constructs knowledge and his/her experience through social interaction,” (Tavakoli,

2012:603) jedha. Yaada kanas fuulleffannoo *social constructionism* jechuun ibse. Akka yaada kanaatti, haqni kan murtaa'u hanga qaama hirmaateen akka ta'e agarsiisa. Akkasumas, Mertens (2010) amalli fuulleffannoo kanaa qorataayyu akka hirmaachisu keesse. Ida'amni kunneenii ammoo, "…there are different layers of reality that are contextual and related to being a knowledge holder," (Walker, 2015:163) gama fuulleffannoo hawaasa jeebanaan kan keesseen wal fakkaata.

Qorannoo dhimma hawaasaa keessatti haqni galumsaafi nama beekumsa sana baatee jiru irratti hundaa'ee kan himamuufi innis hedduu malee dhaabbataa akka hintaane (Walker, 2015) falmite, amala fookloorii faana wal fakkaata. Fooklooriin mataa isaan calaqqee jireenyaa akka ta'eefi innis gama afaan, aadaa, duudhaa… hawaasni qabu keessaan akka ba'ee mul'atu (Reddy et al., 2021) ibsani. Akkasumas, "…folklore as a product of a system of knowledge as an object of knowledge. The folktale is also a knowledge system in itself, both as a source and a subject," (2021:55) kan jedhan ammoo humna fookloorii mul'ise. Haalakanaan, hubannoo *xiin-jiree dachaa* (meta-ontology) jedhuun heddumina haqaaf shoorri afaanis keessa jiraachuu (Van Inwagen, 1998) eereef bakka kenne. Yaaddoo, "Concepts of peace can be understood to be within human experience(s), or beyond it and probably out of reach," (Richmond, 2005:197-8) jedhu kaases, fuulleffannoo kana keessaan adeemsa itti furamu kallattii agarsiisa.

Qorannoo kanaan, dhimma nagaa akkaataa hubannoo hawaasa jeebanaan yaadrimeessuuf fuulleffannoo *social constructivism* kan jedhuti filatame. Fuulleffannoon kun gama biraan *interpretivism* jedhamee akka ibsamuufi innis ilaacha addunyaa namni akkaataa muuxannoo isaan addunyaa isa marsee jiru itti hubatu kan bakka bu'u ta'uu ibsite (Boyland, 2019). Fuulleffannoo kana keessatti gaaffileen falaasamaa sadii jalqaba mataduree kanaatti dhihaatan kan deebi'an yoo ta'u, dursa gama xiin-jireen haqni akkuma namni waan naannoo isaa jiru faana tuttuqqaa qabaatuun haqni dachaa ta'a (Richards, 2003). Xiin-beekumsi fuulleffannoo kanaas *subjectivist* hordofuun hubannoo, "…external world is not external at all but a mental construct," (Richards, 2003:35) jedhuun kan ibsame. Beekumsi akkaataa ilaalcha addunyaa namni qabuun waan qindaa'uuf haala jireenyaa (haqa) irratti hundaa'uun hedduu akka ta'e hubannoo (Costantino, 2008) qoodeen hojiin kun gaggeeffame. Xumura irratti xiin-bu'aa, kan haqni dhiibbaa jala jiraachuufi dhiisuu falmudha. Hojii kana keessatti haqni dachaa ta'ee beekumsi ammoo naannoo keessaa kan ba'u yoo ta'u, xiin-bu'aan dhiibbaaf kan saaxilame ta'a (Walker, 2015). Qabiyyee jireenyi itti gaggeeffamu hundi bu'a qabeessa jechuun fuulleffannoon nagaa yaadrimeessuuf filatamani.

### 3.2. Saxaxa Qorannoo

Qorannoo keessatti *pirojektii* qabameef murtoo kennuuf karoorri idilee qophaa'u *saxaxa qorannoo* (research design) akka jedhamu (LeCompte & Schensul 2010) himu. Maalummaa isaas, "The conceptual structure within which research is conducted; it constitutes the blueprint for the collection, measurement, and analysis of data," (Tavakoli, 2012:546) jechuun ibsa. Qorannoon akka walii galaatti gosoota saxaxaa lama (akkamtaa (qualitative) fi ammamtaa (quantitative)) jalatti akka kufu (Al-Saadi, 2014) yoo qoodu, akka filannoo sadaffaatti lamaan walitti makuun akka danda'amu (Creswell, 2009; Tavakoli 2012) ibsuun, amala qorannoo irratti hundaa'uun akka murtaa'u himu. Jalqabarraa, qorannoon fuulleffannoo *constructionism* hordofu carraa guddaan saxaxa qorannoo isaa akkamtaa akka ta'e (Mertens, 2010) ibsite.

Qorannoon kun dhimma nagaa irratti haala hawaasni jireenya isaa keessatti hojiirra oolchuufi ibsu ilaala. Qorannoon akkamtaa, waan hawaasaa galumsa qabatamaa keessatti haala isaan hiika hawaasaa dabarsanitti qorata jechuun (Brewer, 2000:56) kan qoode, ammamtaa lakkoofsaan akka dhihaatu (Bhattacherjee, 2012:35) ibserra hojii kanaaf fudhatame. Qorannoo akkamtaa jalatti qoodamuun hojii kanaa, namoonni afaan dhuunfaa isaanii akka tajaajilamaniifi muuxannoo dhuunfaan ragaa gabbisuun shoora kennuun bu'a-qabeessummaan qorannoo akka dabalu (Leavy, 2017) kan ibsite hojiirra akka oolu gargaare. Qorannoo akkamtaa keessaa maleenyaan filatamee hojii kanaaf tajaajile armaan gaditti dhihaateera.

### 3.3. Maleenyaa

Maleenyaan (methodology) fuulleffannoo qorannoo hordofee kan dhufuufi haala qorannoon itti gaggeeffamu kan qajeelchu ta'uu (Creswell, 2013) kan ibseen, sadarkaa falaasamaatti qoodee dhiheesse. Dhimma nagaan wal qabatee sonoota nagaa hawaasni duudhaalee isaan raawwatuufi himu fageenyarraa funaanuun hubannoo hawaasichi qabu kaa'uun waan hindanda'amneef, haala jireenya qabatamaa hawaasaa keessa seenuun ragaan itti maddu hordofuu barbaada. Adeemsa akkanaaf kan mijatu, qorataan gara dirree qorannootti kallattiin akka seenu dirqisiisu qorannoo akkamtaa jalatti *sanyaabaa* (ethnography) akka jiru (Mason, 2002; Creswell, 2009; 2014; Leavy, 2017) qoodanti hojii kanaaf filatame. Hawaasa jeebanaa akka Booranaa raawwilee aadaa qabatamaan calaqqisiisaa oolu keessatti utuu hinargamiin qorannoo gaggeessuun waan hindanda'amne waan ta'eef, maleenyaan sanyaabaa ragaa maddisiisuuf qorannoo kana keessatti kallattiin hojiirra ooleera.

Maleenyaan sanyaabaa ibsa/addeessa ragaalee keessatti amala raga-kennitoota hirmaachisuu waan qabuuf kan filatame ta'uu (Spradley, 1979) ibsa. Raga-kennitoonni, raawwileen, jechoonniifi qabiyyeewwan duudhaa hawaasaa maal akka bakka bu'an/ibsan, akkamitti akka jedhamaniifi hiika isaan akka walii galaatti qaban irratti barsiistota sanyaabsaa (teachers for the ethnographer) akka ta'an dabalee ibsa. Anis turtii hojii dirree kiyya irratti qaamaan, egan hojii dirree xumuree hiika ragaatti deebi'ee ammoo bilbilaan, shoora olitti eerame kana ba'uun hojii kana keessatti hirmaachiseera. Haata'uutii, ragaan hawaasa irraa maddu mala hordofu waan qabuuf, qorannoo kanaan hojiirra kan oolan akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

### 3.4. Malleen Funaansa Ragaa

Malleen (methods) beekumsa maddisiisuuf, "Collection of specific practices, techniques, and strategies," (Neuman, 2007:2) kan walitti fidu ta'uu hima. Akkasumas, Spradley (1979) adeemsa funaansa ragaa keessatti sanyaabsaan madda ragaa isaa *gaaffii addeessuu* (descriptive question) gaafachuunn odeeffannoon bal'aa akka maddu kan keessatti affeeramu ta'uu ibsa. Kana jechuun, malleen funaansa ragaa sanyaabsaan tajaajilamu, namoota madda ragaa ta'an waan beekan himuu qofatti hindaangessine mul'isa. Ragaan funaanamu, "…relates to content and context of speech and communication, including verbal communication, body language and emotional expressions," (Sarantakos, 2013:215) akka of keessaa qabaachuu qabu hima. Kanaafuu, ragaalee guutuu argachuuf malleen funaansa ragaa barbaachisoo ta'an filachuun murteessaadha. Mason (2002), qorannoo akkamtaa keessatti malleen funaansa ragaa *hub-daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo* isaan ijoo ta'uu kan qoodeti hojii kanaafis filatamani. Malleen kunneen ragaa guutuu taasisuuf amalaafi shoora mataa isaanii qabu. Namoota ragaan irraa madde daangaa siyaasaa Booranni qabuun utuu hintaane, qorannoo Haala isaan hojii kana keessatti tajaajilanis armaan gadiitti kopha kophaatti ibsamaniiru.

#### 3.4.1. Daawwannaa

Qorannoon akkamtaa uumama isaarraa mala funaansa ragaa atattamaan hojiirra oolchu keessaa daawwannaan isa tokko akka ta'e (Kielmann, 2012) kan ibse, hojii kanaafis angafa ta'eera. Sanyaabsaan daawwannaa (Participant Observation) kan tajaajilamu, tooftaa lameen (waan dubbatamu caqasuufi kan raawwatu ilaaluu) galumsa qabatamaa hawaasaa keessatti taasisuuf akka ta'e (Spradley, 1979) ibsa. Daawwannaan ojii kanaaf gaggeeffame ja'a yoo ta'u, gosaan yoo qoodaman sadiidha. Inni tokko jila Booranni waggaa saddetitti takkaa gaggeessu, Gumii Gaayoo,

gadaa Kuraa Jaarsoo irratti argamuun, Fulbaana 01-09, 2020 daawwadhedha. Gumiiwwan afur booranni qabu keessaa Gumii Eel-Dalloofi Gumii Gaayoo qofati tajaajila kennaa jira. Gumiin hundi garaa garummaa ganna saddetiin kan taa'aman yoo ta'u, Gumiin Eel-Dalloo 2019, barnoota dareerra utuun jiruu waan gaggeeffameef daawwachuu hindandeenye. Gumiin Gaayoofi yeroon funaansa ragaa hojii kanaa akka tasaa walirra waan ooleef, carraan daawwannaaf uumame. Gumiin Fulbaana 01 dura kan eegale ta'us, namoonni fagoorra jiraniifi jaarroleen wal ga'uun dubbiin jajjabni kan adeemsifamu gara xumuraarra akka ta'e muuxannoon Gumii 2012 A.L.A. (gadaa Guyyoo Gobbaa) irratti argamee hubadhe, qisaasa yeroofi maallaqaa irraa ana oolcheera. Kana malees, jila baallii wal harkaa fuudhinsaa 71$^{ffaa}$ irrattis argameen ture. Imalli lamaan duraa kun, aadaa baruuf kan taasise yoo ta'an, ulaa ittiin gara hojii kanatti seenu adda baafachuuf haala naaf salphisaniiru.

Gumii Gaayootti Booranni yoo walitti dhufee mari'atu, sadarkaa miiloo gosaa (manaafi balbala), gosaafi Boorana guutuutti wal duraa duubaan gaggeeffama. Gumiin kun warra qaalluufi bokkuu bakka tokkotti walitti fiduun waan mariisisuuf, hojii qorannoof yoomessa murteessaadha. Ganna saddetitti yeroo tokko akka taa'uufi daangaa yeroo isaa beekus, guyyaa murtaa'aa inni itti eegalu baruuf ammoo hojjettoota Waajjira Aadaafi Tuuriizimii (kan godina jiran), imala kiyya duraan wal bare irraa bilbilaan qulqulleeffadhe. Itti fufuun, shakkii haala nageenyaa jirurraa kan ka'e eessa irraa akkan dhufeefi maaliif akkan deemu kan ibsu xalayaa deeggarsaa Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii irraa barreessifadhe qabadhee guyyaa lammaffaa irratti Gumii Gaayoo ga'e. Bakki jilaa magaalaa irraa fagoo waan ta'eef, deddeebi'uun hojii dirreef hinmijatu. Kanaafuu, meeshaalee barbaachisoo ta'an kan akka godoo ammayyaa (tent), korojoo ciisichaa (sleeping bag), tiriikaafi kanneen ragaa qabachuuf oolan Finfinneefi Meeggaa irraa guuttadheen imala eegale. Daawwannaan imala Meeggaa irraa gara Gaayootti taasiseen kan eegale ta'us, akkan Gaayoo (bakka jilaa) ga'een, hojjetaa Aadaafi Tuuriizimii bilbila isaa argadheef bilbilee tumsa inni miseensota isaa waliin naaf taasiseen bakka qubsumaa goradhe.

Suuraa 1: Marii fiixee (hayyootaa) fi gosaa, Gumii Gaayootti. (Suurri, qorataan)

Daawwannaan marii gosaafi fiixee irratti kan gaggeeffame yoo ta'u, gaaddisa gosaa kudha saddetiifi kan fiixee[1] tokkoti yeroo wal fakkaataatti adeemsifamuu danda'a. Yeroo tokkotti bakka hundatti argamuun daawwachuun waan hindanda'amneef, gaaddisa gosaa keessaa filachuuf iddattoo tajaajilamuun dirqama ta'e. Gidduu isaanii garaa garummaan lakkoofsa namaafi hayyuu, dubbiin amala gaaddisa qabatamaa Booranaa akka qabaatu kan taasisan waan ta'aniif, ulaagaa kana lamaan kan guutan bu'uura godhachuun malli iddattoo dhimmataaa hojiirra oole. Haala kanaan, gaaddisa gosaa shan[2] fudhachuun, taatee addaa jiruuf ammoo mala iddattoo eeruun gaaddisni gosaa lama guyyaa walitti deebbii (gosti mana bal'aa qabu addatti mari'achaa turee dubbii gosti isaanii hundi ilaaluu qabuuf yoo walitti dhufu) hojjettoota Aadaafi Tuuriizimii irraa odeeffachuun daawwatamani. Dabalataan, gaaddisni guddaa (dhimmi Boorana hunda ilaallatu kan jalatti mari'atamu) tokkumati jira waan ta'eef, hanguma jiruti fudhatame. Marii fiixee Booranaafi dubbii Booranni Pirezidaantii Oromiyaaf kaasee irratti mari'atame daawwatamaniiru. Marii fiixee lama guyyaa gara garaatti gaggeeffame keessaa tokko qofati daawwannaaf banaa ture. Mariin gaaddisaa kamuu daawwannaaf eeyyama argachuu waan barbaachisuuf, utuu gaaddisatti hinba'iin hayyuu gosaa gaafachuu. Ega gosti gaaddisatti ba'ees taanaan, suuta itti makamuun nama itti dhihaadhee taa'e akka eeyyamamu gaafachuun hojii kana gaggeesse. Turtii kana irratti Booranni

[1] Abbootii gadaa, yuubota, abbootii seeraa, adulootaafi hayyoota bakka tokkotti.

[2] Gosa gidduu garaa garummaa uumuu waan fakkaatuufi hicciitii eeguuf maqaa gosaa eeruu hinbarbaanne.

akkaataa hidda dhalootaan walitti dhufee waan dabarse madaala, kan keessa jiru ibsee egereef haala mijataa itti hakeeka.

Kana irratti dubbachuuf, turtiin isaanii mijataa akka ta'uuf waan gosaaf guutamuu qaban guutta-chuun eegalu. Qorataas sadarkaa kamiin akka hirmaatu falmisiisaa ta'us, sanyaabsaan hirmaataa daawwataa akka ta'e (Kielmann, 2012) kan qoodaniifi daawwannan adeemsa daawwataa qaama waan daawwatamuu taasisu ta'uu (Sarantakos, 2013) kan ibse, yaada ogeeyyii walitti fidudha. Haaluma kanaan, haala teessumaafi qilleensaa mijataa hintaane keessatti hawaasa faana argamuun daawwadhe. Yeroo daawwannaa, "Language is more than a means of communication about reality: it is a tool for constructing reality," (Spradley, 1979:17) jechuun kan kaasetti xiyyeeffannoo kennuun eegalame. Adeemsa daawwannaa keessatti xiyyeeffannoon guddaa jecha *nagaa* jedhuufi qabiyyee akkamii faana wal qabatee akka dhihaatu irratti gochuun, dhimma Booranni jireenya isaaf gatii itti kennu hubachuun kan danda'ame. Goorowwan raawwatan keessaa Waaqa kadhachuufi galateeffachuu, raawwilee hawaasummaa, dhimma dinagdeefi seera ittiin bulmaataa hormaata ittiin eegan isaan ijoodha. Daawwannaa guyyaa sagaliif gaggeesseen sonoota yaadrimeen nagaa Booranaa irratti hundaa'e, taatewwan sonoota kana irratti qormaata ta'aniifi haala Booranni yaadrimee nagaa isaa itti eeggatu irratti hubannoo quubsaa guyyaa irraa guyyaatti gabbifachaa dhufe.

Daawwannaa kana irraa ragaalee dhimma uumaa-uumamaa argaman cinatti, hayyuufi wayyuu, yaa'aa-yuubaafi dhiiraa-uwwaa (male and female) Booranaa kan walitti fide waan ta'eef, qabxiilee gaaddisatti ifa hintaane mariin booda ykn ganama mariin dura ibsa dabalataa naannooma sanatti af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo akkan gaggeessuuf carraa uumetti tajaajilameera. Mariin sadarkaa gosaatti waan tureef, adeemsa daawwannaa keessatti hayyuufi jaarrolee argaa-dhageettii qaamaan argadhee beellamuun ragaan irraa akka maddu ta'e. Akkuma gumiin xumurameen namni hundi gara ganda ofiitti deebi'e. Qorataanis hariiroo addatti uummate hinqabu taanaan, yeroo barbaadetti deemuu akka danda'u (Sarantakos, 2013) ibsa. Haaluma kanaan anis, namootan ragaa dabalataaf barbaadu beellamachuun Fulbaana 10, 2020 beeksisa addaa malee af-gaaffiif gara Dubluq deeme.

Daawwannaan biraa kan gaggeeffame, marsaa sadaffaa hojii dirree kiyyaan Gabaa horii, Haroo Bakkee, Amajji 23, 2022 fi kora Kolleejii Seeraa Yuunivarsiitii Haramaayaa, Pirojektii USAID

Booranaa, Yayyaba Qaxxaamura Daangaa Nagaaf jedhu bakka gara garaatti qopheessu keessaa afur irratti argamuuni. Yeroon kun, yeroo Booranni hongee hamaa keessa jiru waan ta'eef, haala hawaasaa galumsa gara garaa keessatti daawwachuun murteessaa ture. Haaluma kanaan, daawwii gabaa irratti taasiseen, waan loon fakkaatan, ejjennoo hawaasni bona jalaa ba'uuf fudhatu arguuf danda'ame.



Suuraa 2: Daawwannaa marii jara uwwaa Kolleejii Seeraa Yuunivarsiitii Haramaayaa, Pirojektii USAID Booranaa, Yayyaba Qaxxaamura Daangaa Nagaaf jedhuun qophaa'e.

Dhaabbanni kun daangaalee Booranaa hundarra naanna'uun kan mariisisu yoo ta'u, kora afur irratti hirmaachuuf carraa argadheera. 1) Aanaa Guchiitti Amajji 29, 2022 marii uwwaa Booranaa, Gabraafi Garrii; 2) Aanaa Areeroo, Karra Gumaataatti Gurraandhala 21 -22, 2022 marii jaarroleefi uwwaa; 3) Aanaa Goomolee, Hallisatti Gurraandhala 24, 2022 marii uwwaa Booranaa, Gujiifi Gabra irratti. Mariin hundi dhimma nagaa irratti bu'uureffachuun waan walitti bu'insaaf sababa ta'aniifi haala gara fuula duraatti itti jiraachuu malan irratti kan xiyyeeffatanidha. Marii kanneen irraa sonoota jireenyaaf murteessoo ta'aniifi hubannoo hawaasni jireenya waliiniif qabu hiika isaan yaadrimee nagaa keessatti qabaniin ragaan akka argamu gargaare. Ragaaleen argamanis caacculee fookloorii keessaa ogafaanota akka mammaaksa, eebba, adeemsa nagaa wal gaafannaa, jechamaafi kkf adeemsa waliin dubbii keessatti calaqqisan ba'aniiru. Akkasumas, hariiroo Boranni jireenya isaa itti fufsiifachuuf qabuufi hubaatii jireenya mudatan qabatamaan arguuf dandeessise.



Suuraa 3: Agarsiisa dibbee qooddannaa hariyyaafi eebba qorii/buna qalaa (Suurri, qorataan)

### 3.4.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin hojii kana keessatti gaaffii afaaniin raga-kennitootaaf dhiheessuun odeeffannoon itti maddedha. Malli kun qorannoo akkamtaa keessatti daawwannaa faana jalqabarratti kan dhihaatu akka ta’e (Kielmann, 2012; Spradley, 1979) qoodani. Kaayyoon isaas, hiika jechoonni galumsa keessatti dabarsan argachuuf sanyaabsaan akka tajaajilamu (Spradley, 1979) kan ibse, kallattiin hojii kana keessatti mul’ateera. Haaluma kanaan, qabiyyee jechi *nagaa* jedhu keessatti dhihaateen wal qabatee hiikanni qabuufi tumsitoota jecha kana faana dhufan irratti hubannoon qorannoo kanaaf ta’u kan argame, af-gaaffilee daawwannaa hordofuun gaggeeffamanidha.

Jechi *nagaa* jedhu amala dhimmoota gara garaa keessatti irra deddeebi’ee dhihaachuu qaburraa kan ka’e, af-gaaffiifi daawwannaan akka waliin deeman qabiyyee dirqisiisudha. irraa fageessuun hindanda’amu. Af-gaaffiin qorannoo kanaaf hojiirra oole mit-qindaa’aa (semistruc-tured) yoo ta’u, innis haala Brinkmann ibseeni.

> Semistructured interviews can make better use of the knowledge-producing potentials of dialogues by allowing much more leeway for following up on whatever angles are deemed important by the interviewee, and the interviewer has a greater chance of becoming visible as a knowledge-producing participant in the process itself, rather than hiding behind a preset interview guide. (2018:1002)

Adeemsi akkanaa kan mul’isu, waan raga-kennaan dubbaturratti hundaa’uun gaafachaa deemuuf carraa akka banu (Roulston & Choi, 2018) kan kaasan daawwannaa irraa kaasee hojiirra ooleera. Yeroo daawwannaafi daawwannaan booda galgala tiriikaan yaadota gaaddisattis ta’e dubbii mit-idilee keessatti ka’an irratti ibsa dabalataaf gaaffilee dabalataa qindeessuun hojii guyyuudha.



Suuraa 4: Af-gaaffii gadifageenyaa hiika jechootaafi bak-bu’eewwaniifi duraa duuba raawwilee aadaa irratti.

Waliin dubbii akka taphaatti ykn iriyyaatti namoota faana taasifamuun utuu namni sun akka af-gaaffiitti jiru hinbeekiin sanyaabsaan ragaa maddisiisa (Spradley, 1979:17) jechuun ibse, hojii kana keessatti qooda olaanaa taphateera. Hojii kanaanis, afgaaffii gidduutti yeroo boqonnaa kennuun akka iriyyaatti waliin taphachaa ragaan dhimma hojii kanaan wal qabatan akka maddan gargaare. Kana hordofuun, gosoota af-gaaffii keessaa, “Delphi interview, respondents are asked to offer information, pass judgements on the issue in question, and make relevant predictions,” (Sarantakos, 2013:278) jechuun kan qoodes akka hojiirra oolu carraa uume. Yaadni kun haala Booranni keessa jiru irratti hundaa’uun waan gara fuula duraatti mudata jedhan kan raagan,

Af-gaaffiin yeroo gara garaa sadii 1) Fulbaana 02-20, 2020tti Gumii Gaayoo, Dubluq, Meeggaafi Yaa’a Balloo, 2) Bitootessa 03 – Caamsa 03, 2020tti Yaa’a Balloo, Dubluq, Qalqalcha Waaroofi 3) Amajji 22 – Bitootessa 11, 2022tti Yaa’a Balloo, Guchii, Karra Gumaataafi Hallisatti taasifame. Yeroowwan kana keessatti mala iddattoo dhimmataafi eeruuti hojiirra oole. Mala dhimmataan, jaarrolee 8fi eeruun ammoo 21 waliin af-gaaffiin gaggeeffame. Kanneen keessaa namoota 12 faana af-gaaffii gadi fagooti taasifame. Namoonni 17 ogafaanota akka faaruufi durii-durii irraa arga-chuuf yeroo gabaabaaf waliin turame. Akkasumas, sirna baallii fuudhinsaa 2017 irratti af-gaaffii namoota sadii waliin taasifame keessaa ragaan fudhatameera.

Af-gaaffiin fuulaa-fuulatti qorataafi madda ragaa walitti fidu odeeffannoo ga’aa maddisiisuuf filatamaa ta’us, bakka carraan kun hinjirretti bilbilaafi/ykn marsariitiin ragaa funaanuun akka hojiirra oolan (Creswell, 2014) kan ibse, hojii kanaafis shoora taphataniiru. Qorannoo kana keessattis ibsa dabalataaf namoota af-gaaffii irratti hirmaachuun hariiroo iriyyummaa uummadhe

bilbilaafi marsariitiitti tajaajilamuun gaaffiifi deebiin hojiirra ooleera. Keessattuu dhiibbaa haala nageenyaafi hongeen wal qabate yeroofi bakka murtaa'aatti namoota argamuu dadhaban waliin bilbilaanin ragaa funaane. Akkasumas, adeemsa ragaa xiinxaluu keessatti, yaada dabalataaf malleen kun tajaajilaniiru. Adeemsa kanaan ragaaleen maddan: jechoota, durii-duriiwwan, seenessoota hawaasaa, mammaaksa, jechamoota, faaruwwan, meeshaalee aadaa, muuxannoo dhuunfaafi ibsoota yaadrimee nagaan wal qabatanidha.

#### 3.4.3. Marii garee xiyyeeffannoo

Malli funaansa ragaa kun kanneen olitti dhihaatan lamaan hordofuun kan gaggeeffame. Yaadrimee inni hojii kana keessatti tajaajile, “The method captures the way in which participants ‘naturally’ talk about, make sense of reason about, and generate meaning in relation to specified issues, topics, and phenomena,” (Hansen, 1998:281) jechuun kaa'e keessaani. Raga-kennitoonni walitti dhufanii kan tokko dagate kaan itti guutuun ragaan guutuu akka argamu kan gargaaru ta'uu (Flick, 2002) eere, hanqina ragaan af-gaaffiin guutamuu dadhabame irratti odeeffannoon akka maddu gargaare. Hojii kanaan wal qabatee dhimmoonni mariin irratti taasifaman goorowwan gurguddoo aadaa Booranaa keessa jiran, raawwilee ilmaan kormaa, kan ilmaan jaarsaa, yaa'aafi qaalluufi ogafaan yaadrimeen nagaa Booranaa keessatti calaqqisanidha. Booranni duudhaa worra bokkuu (ilmaan kormaafi jaarsaa) fi worra qaalluu (laduu) jechuun afaaniifi raawwiin dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufetti cichee jiraata. Marii garee xiyyeeffannoo irratti baay'inni garee kan murtaa'e muuxannoo isaan qaban irratti hundaa'uun yoo ta'u, “It can involve as few as two, or as many as a dozen or so, participants (the norm is between four and eight),” (Wilkinson, 2004:178) jechuun kaafte namoota walitti fidee mariisisuuf shoora olaanaa taphate.

Adeemsa nama filachuu irratti, “In some cases, natural groups are chosen; in other cases, they are constructed by choosing appropriate respondents,” (Sarantakos, 2013:208) jechuun ibse lamaan hojiirra oolaniiru. Gareewwan dhaabbatoo Booranaa worra bokkuufi laduu yaa'aafi qubsuma gara garaa waan qabaniif, marii qorannoof walitti fiduun hindanda'amu. Haaluma kanaan Worra laduu keessaa qaalluu tokko yaa'a isaa (miseensa 8) waliin Fulbaana 08, 2020 mariin tokko taasifame. Worri bokkuu bakka lamatti qoodamuun ilmaan jaarsaafi ilmaan kormaa waan qabuuf, isaan ilaallatu irratti kopha kophaa gaggeeffame. Innis, Fulbaana 06 ilmaan kormaa, (miseensa 4) fi 07, 2020 ilmaan jaarsaa (miseensa 7) faana Gumii Gaayootti taasifame. Ilmaan kormaa akkaataa gogeessa isaaniin (miseensa 2) Qalqalcha Waarootti Bitootessa 12, 2020 fi Yaa'a Ballootti

(miseensa 4) Gurraandhala 20, 2022 gaggeeffame. Hariyyaa gadaa Kuraa citan (Danbala Areeroo) faana Yaa'a Ballootti (miseensa 4) Gurraandhala 11, 2022 mari'atame. Adeemsi kun dhimma kallattiin isaan ilaallatu waan keessa dabarsan waan ta'eef wal yaadachiisanii akka ragaa maddisiisaniif gargaareera.

Gamabiraan, ogafaan akka durii-durii, mammaaksa, faaruwwaniifi jechamoota gara garaa akka maddaniifi ibsa irratti argachuuf, namoota af-gaaffii irratti muuxannoo gaarii qaban walitti fiduun qindaa'e. Mariin kan gaggeeffame (miseensa 3) Ebla 17, 2020 Dubluq, Amajji 31, 2022 (miseensa 5) Mana Barumsaa Yaaballoo Sadarkaa $2^{ffaa}$fi Gurraandhala 09, 2022 (miseensa 8) Mana Barumsaa Koboleetti. Walumaagalatti, MGX sagaliin namoota 45ti hirmaate. Baay'inni namootaa kun marii ta'u arganii itti goruun kan yaada gabaabduu kennan dabalateeti. Haala kanaan, yaadni kanneen irraa madde qaama ragaa ta'uun cinatti, xiinxala hojii kanaa bocuu keessattis shoora olaanaa taphate.



Suuraa 5: Marii adulootaafi jaarrolee argaa-dhageettii waliin

### 3.5. Xiinxala Ragaa

Mataduree kana jalatti haala ragaan qorannoo kanaaf ta'u funaaneme itti xiinxalameti dhihaate. Hojii qorannoo keessatti xiinxalli ragaa sadarkaa murteessaa qorannoo akkamtaa akka ta'eefi ragaan kamuu ta'u bu'aa qorannoo kan murteessu xiinxala kennamu ta'uu (Flick, 2014:1) ibse. Amala hojiirra oolmaa xiinxala ragaa irratti "The first thing to note about analysis is that it is a continuous process…data analysis is simultaneous with data collection," (Brewer, 2000:107) jedhe. Hojii kanaanis, guyyaa daawwannaaf dirreetti ba'ame irraa eegaluun dhimma mataduree qorannoo kanaan wal qabatan yoo calaqqisan, hojii xiinxaluun hordofamuuni kan galma ga'e.

Hojiin xiinxaluu ragaa argame tartiibessuu, qoqqooduu, addeessuufi hidhata isaan gidduu jiru baasuu akka ta'e kan (Brewer, 2000) qoode dursa fiduun ittiin eegalame. Haala kana keessatti, ogafaanota yayyaba yaadrimee nagaa agarsiisan, sonoota nagaa Booranaa calaqqisiisaniifi hidhata sonoonni nagaa waliin qaban kan adda baafamani. Ragaan funaaname yoo bal'achaa deemu, "The researcher must organize and categorize or code the large mass of data so that they can be described and interpreted," (Tavakoli, 2012:145) jechuun, adeemsa xiinxalli hordofuu qabu qoode. Tooftaan kun hojii kana keessatti akkaataa kaayyoo qorannoo kanaa bu'uura godhachuun, dhimma ragaan irratti xiyyeeffateen ramaduun gara ibsuutti kan ce'ame.

Qorannoo kanaaf hiirowwan nagaa Booranaa baasuuf duudhaaleen hawaasaa kan akka moggaasa, eebba, jechama, mammaaksa, seenessoota, raawwileefi meeshaaleen aadaa gara garaa xiinxalaaf oolaniiru. Kaayyoo qindaa'e galma ga'u jechuun kan filataman malee waan funaaname hunda hinxiinxalle. Amala hojiin fookloorii qabu irratti, "There is no one right interpretation of an item of folklore any more than there is but one right version of a game or song," (Dundes, 1966:508) jechuun kaa'e, qoodinsa duraan alatti ragaan hiika biraa qabu yoo argame qoodinsa dabalataa jala seenuun hojiin yaadrimeessuu kan gaggeeffame. Kana jechuun, Goorowwan hawaasaa kamuu akkaataa barbaachisummaa isaaniitti hiika isaan qaban irratti hundaa'uun bakka gara garaatti kan ibsaman jiru. Kanaaf ammoo sababni, dhimma hawaasni waliin wal qabsiisee kaasuufi qabiyyee isaan of keessaa qabanidha.

Qorannoo sanyaabaa irraa akka ijootti kan eegamu hawaasaaf akkaataa galumsa naannoo isaatti sagalee waan ta'uufiif, "…is about telling a credible, rigorous, and authentic story," (Fetterman, 2010:1) ta'uu eere. Hojii kana keessattis ragaaleen walitti qabaman matadureen kan wal qabataniifi kan Booranni beekuufi dhalootatti dabarsaa dhufe malee hubannoo biraan makaa/tuttuqqaa kan qabu hojii kana keessa hinseenne. Gara yaadrimeessuutti yoo dhufu, "Ethnography is more than finding out what people know; it also involves discovering how people have organized that knowledge," (Spradley, 1979:131) jechuun kan ibseti tajaajile. Kana jechuun, haala Booranni yaadrimee nagaa hojiirra oolchaa jiru itti qindeeffate bu'uura irraa ka'uun ibsuu kan jedhudha. Ibsa, "In order to understand the value that a particular folklore performance holds for a group, it is essential to involve members of the group in the fieldwork and interpretations," (Reddy et al., 2021:32) jechuun kennan hojii kanaaf sirriitti tajaajileera. Utuu kun hintaanee jechoota irraa kaasee hanga raawwileetti qabiyyeen hedduu hiika hinargatani ture. Kanaafuu, jaarrolee argaa-dhageettii,


hojjettoota Aadaafi Tuuriizimii Godinaafi barattoonni hiika ragaalee gooroo ta'an irratti qooda olaanaa taphataniiru.

Hojiin yaadrimeessuu kun kan dhihaate tooftaa 'Thick description' hordofuuni. Tooftaan kun qorannoo akkamtaa keessatti bal'inaan akka beekamu eeruun, " Descriptions pertaining to settings, people and interaction that are rich, natural, accurate and vivid enough to bring the reader close to the natural life of the study object," (Sarantakos, 2013:478) jechuun amalanni qabu ibse. Qorannoon kunis, gama yaadrimee nagaa irratti hubannoo Booranni qabu ragaa qabatamaa hawaasichi tajaajilamuun deeggaruun dhihaate.

Hiikni aadaa ragaa sanyaabaa of eeggannoon funaaname irratti akka hundaa'uufi, hiikni ammoo boca akka qabaatuuf amala xiinxalaa hordofu akka qabu maddeen eeru. Adeemsa qorannoon gaggeeffamu itti hiikamu irratti maloonni gara garaa jiraatanis, hojii kanaaf kan filatame *emic* kan jedhudha. Malli kun Fetterman (2010) qorataan gama hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamuun ta'ee hiikuu akka ta'e kan eereen hojiirra oole. Barreessaan kun dabaluun, mala kana keessatti dhugaan hedduu (multiple) akka ba'u gargaara jechuun kanaaf ammoo sababni, hawaasni waan raawwatu maaliif raawwata gaaffi jedhu waan ibsuuf dhugaa dhaabbataan akka hindaangofne falma. Kana jechuun, qorataan ragaa argame ala taa'ee ilaaluun kan hiiku akka hintaane hima. Haaluma kanaan nagaa Booranaa kan jedhus raawwii fafeefi sirrii walitti fiduun dhugaa taasisee akka jireenya isaa itti fufsiisu baasuuf kan danda'ame. Haata'umalee, boca yaadrimeen nagaa Booranaa qabu himuuf dhimma tokko irratti waan hindaangoneef sonoota gara garaa walitti fiduu isaan amala hunda-galeessaa (holistic) qaba. Akkasumas, ogafaanotaafi duudhaalee haala jireenya qabatamaa Booranaatti fiduun hojiin yaadrimeessuu waan gaggeeffameef *contextualization* kan jedhus bakka itti tajaajile qaba. Walumaagalatti, adeemsi xiinxalaa *emic* hordofuun akkaataa bar-baachisummaa isaaniin mala hunda-galeessaafi ragaatti galumsa gochuu tajaajilamuuni hojiin yaadrimeessuu kun kan gaggeeffame.

Xiinxalli hordofameef kan olitti dhihaate akka jirutti ta'ee, goolaba kennuuf adeemsi armaan gadii hojiirra oolaniiru. Adeemsi kunneen yoo hojiirra oolan, akkaataama hubannoon hawaasaa kaa'uun malee hubannoo biraa irratti fe'uun miti. Haaluma kanaan, adeemsi xiinxalaa lama (dayalektikiifi rog-arfee seemiyootik) madaqfamaniiru. Adeemsi jalqabaa dayaalektikii yoo ta'u, innis dubbii keessatti sadarkaa sadii akka qabuufi isaanis, "…thesis, embodying a particular view or position;

the second, an antithesis providing an opposing or contrary position; the third, a synthesis which reconciles the two previous positions and then becomes the basis of a new thesis," (Collinson & Plant, 2006) jechuun ibsa isaan qaban waliin kaa'e. Yaadrimeen kun hojii kana keessatti yoo tajaajilu, adeemsa boca armaan gadii kana qaba.





Danaa 2: Adeemsa raawwii dayalektikii (Dujardin 2021) irraa kan fudhatame.

Akka adeemsa kanaatti, yaadni ka'umsaa morka qaba; lamaan gidduutii kan ba'u furmaata ta'a. Taatee biraan, kan duraan furmaata ta'e furmaata dhaabbataa odoo hintaane, deebi'ee morkiin biraa itti dhufuun yaada furmaataa biraa fidaa itti fufaa kan adeemudha. Jireenya guyya-guyyaa Booranaa keessatti yaadrimee nagaan wal qabatee haala jijiiramni itti keessumaa'u ittiin ibsuuf adeemsi kun filatame. Uumama isatirraa dayalektikiin haala gara garaan kan ibsamaa ture yoo ta'u, akka waliigalaatti dhiibbaa yaadni haaraa dhufeefi kan dura ture waliirraan ga'an kan ittiin ibsamudha. Wanni hundi faallaa mataa isaa akka qabu (McGill & Parry, 1948) kan qoodan xiyyeeffanoo keessa galchuun, faallaan lamaan wal danda'anii waliin jiraatumoo wal balleessee jireenyi akka ittifufu taasisa kan jedhuun ragaaleen maddan kan madaalamani. Kana eegaluuf, yaadrimee 'Social Drama' keessatti, raawwileen hawaasaa wayitti hidhata hinqabne akka hinjirreefi jireenya hawaasichaa keessatti hiika akka qaban (Turner, 1980) eere, hubannoo dhuunfaa qofaan akka hinoogganamne calaqqee ijoo ta'uun fudhatame. Kun gama isaan, maaltu raawwatee qofa utuu hintaane, maaliif raawwatee irratti akka xiyyeeffatamu waan affeeruuf, hojiin kunis hubannoo kana qaba.

Adeemsa hojiin yaadrimeessuu kun galma ga'uuf hordofe keessaa mala 'rog-arfee seemiyootikii (semiotic square)' kan (Greimas & Rastier, 1968; Greimas, 1983; 1987) beeksisaniin akka dabala-taatti ragaalee ittiin hiikuuni. Malli kun, yaada faallaa isaa qofaan hiikuun dhugeeffannaa sobaa baasuu kan jedhu yaaxxina *daayaalektikii* caalaa bal'isee kan ilaalu ta'uu (Martin & Ringham, 2000) falmu. Akkasumas, "The semiotic square is no more than a visual presentation of the elementary structure of meaning. It is the logical expression of any semantic category," (2000:116) jechuun itti fufanii kan ibsaniin, jireenya hawaasaa keessa gadi fagaatee hojjechuu qoodani. Hojii

kana keessatti kan tajaajile, jechoonni ykn gaalewwan hiika isaan galumsa hawaasaa keessatti qabaniin yaadrimaa'ani. Kana jechuun, afaan hawaasni tajaajilamu galtee isaati. Afaan ammoo hiika irratti faayidaa dachaa (metafunctions) akka qabu (Halliday, 1978) ibse. Hojiin fookloorii afaaniin akka walitti hidhatu, "As folklore is the spiritual life of society and lives in language, language can be source of imagination," (Mosia, 2020:1) kan ibsite, malli kun hojii kanaaf ejjennoo sirrii ta'uu mul'ise. Bocniifi unki rogarfee kanaa kan armaan gadiiti.




Danaa 3: Rog-arfee Seemiyootik (Chandler, 2017) irraa kan fudhatame.

Yaadni kun yoo ibsamu, S1 jecha sirrii yoo ta'u $S_2$ jecha fafee faallaa $S_1$ti. Haaluma kanaan, -$S_1$ fi –$S_2$, kan $S_1$ fi $S_2$ ittiin kufani ykn yaada wal dhiitaa isaaniiti. Gama biraan, hariiroon $S_1$ fi –$S_2$ akkasumas $S_2$ fi –$S_1$ gidduu jiru, akkaataa itti bifa biraan of ibsu bakka bu'u. Qaama xiinxalaa keessatti haala kanaan ragaaleen ibsamani.

### 3.6. Sakkoo qorannoo

Sakkoo qorannoo (research ethics) kan jedhu, "…deals with how we treat those who participate in our studies and how we handle the data after we collect them," (Vanderstoep & Johnston, 2009:12) akka ta'e qoodani. Ibsi kun, mirga hirmaattotaa eeguufi ragaa hanna irraa walaba ta'e baasuun akka hojiirra oolu dabalanii qoodani. Dhimmi sakkoo irratti maddeen ani dubbise caalaa kan Aab Waaqoon ana akeekkachiise murteessaadha. Waan Boorana irraa hinfuudhiin miidhassuuf jedhee akka ani itti hindaballeefi irraas hinirrifne, akkasumas abbaan irraa fuudhe faana akkan dhiheessu cimsee natti hime. Aab Waaqoon kana yoo kaasu waan duratti hubate irraa ka'uuni. Itti gaafata-mummaan sakkoo qorataa harka ta'uu eeruun, "Your personal moral code is the best defense against unethical behavior," (Neuman, 2014:145) jedhe. Yeroo funaansa ragaa hojii kanaatti Booranni hongee hamaatti waan jiruuf, nama odeeffannoo kennuuf taa'u argachuun rakkoo ture. Rakkoo itti jiraniif furmaata irratti hojjechuu malee taa'anii odeessuun furmaata akka hinqabne dheekkamsaan deebisu. Obsaafi dhugummaa hojii kanaa ibsuun gara walii galteetti dhufuun, booda odeeffannoo ijoo ta'an argachuu danda'e. Muuxannoon duraan qabun jaarroleefi namoota

gara garaa faana hariiroo qabaachuun kiyya miira jaarrolee jijjiiree ragaa argachuuf shoora olaanaa taphate.

Hariiroo iriyyummaa madda ragaalee kiyya faana uumuun, hubannoo Booranni dhimma nagaa irratti qabuun duudhaalee jiran irratti odeeffannoo gadi fagoon argadhe. Haata'umalee, hicciitiifi waantonni ulfoo hawaasaa eegamuu akka qabu (Hammersley & Traianou, 2012) dirqama ta'uu kan qoodaniin, waan walitti dhihaanneef kan maddi ragaalee kiyya naaf ibsanii waraqaa irratti akka ba'u hinbarbaadamne hindhiheessine. Kana malees, "Qualitative researchers have an ethical obligation to carefully consider how research participants are portrayed and to act sensitively," (Leavy, 2014:5) jedha. Yaada kanaan, sakkoon falaasamaafi mala qorannoo gidduu riqicha ta'ee kan tajaajilu ta'uu ittiin ibse. Akkasumas, "…it generally involves emergent and flexible research designs, and usually entails collecting relatively unstructured data in naturalistic settings," (Hammersley & Traianou 2012:8) jechuun dhiheesses sakkoof ijoo biraati.

Adeemsa funaansa ragaa hojii kana keessatti, ejjennoon kiyya 'ragaa maddisiisuu' kan jedhu waan bu'uureffateef, kaayyoo kana galmaan ga'achuuf sakkoon hojii dirree kiyya murteessaa akka ta'e ifaanin kaawwadhe. Daawwannaa guyyaa duraa kara hojjettoota Adaafi Tuuriizimiin gosaan wal baradhee booda, guyyaa itti aanan ofii kiyyaan hayyuu gosaa dursee dubbisuun walabaan marii daawwadhe. Dhugaan kana keessatti shoora olaanaa taphata hayyuu irraa eeyyama argachuuf. Gaaddisatti naamusaan dubbii caqasuun qooda mataa isaa waan taphatuuf, hicciitii namoota dhuunfaa silaa gosti qofti irratti argamuu kan male akkan caqasu naaf eeyyamame. Ejjennoon furadhe keessaa, sagalee waraabuuf gosa gidduu olii-gad deemuun waan hin'eeyyamamneef, kallattii aduu, haala teessuma hayyootaafi fiixee gosaa ilaalcha keessa galchuun dursee gaaddisa gosaa deemeen bakka qabadhee taa'uudha. Af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo irratti wanni ijoo fedhaafi miira jamaa kiyyaa si'aayinaan hordofuun boqonnaa kennuutii hanga addaan kutee beellama biraa qabachuutti deemeera.

Mariin yoo dheeratee gara nuffisiisuutti dhufu (sa'a lama yoo ta'u), tapha biraan ykn shaayii waliin dhugaa qalbii aaromfannee itti akka deebinun taasise. Ragaa kennan irratti faaruu, jechootaafi dhimmoota hurrubbii isaaniin alatti hindhihaatan jedhan akka himan yookaan dhageessisaniif dhiibbaa irratti hingoone. Akkasumas, bakka yaada isaa akka ani qabadhu barbaadan, garuu waraabbii akkan dhaabu gaafatan irratti sagalee waraabduu kiyya guutummaan cufeen yaadannoo

qabadhe. Suura fudhachuu irrattis yeroo itti dhorkan waan qabaniif, fedhi isaanii guutummaan eegameera. Haalli sakkoo kiyyaa dansa ta'uu kan calaqqisiisan keessaa af-gaaffiifi marii garee kan xumurru miira gammachuun wal eebbifnee ta'uu isaati. Qaamni wal mufachiifnee addaan baane tokkoyyu hinjiru.

### 3.7. Calaqqee

Calaqqee (reflexivity) kan jedhu, bakka sanyaabsaan waan galumsi qorannoo fakkaatu irraa ka'uun ofiin roga kam akka dhaabbate itti himu ta'uu (Tavakoli, 2012) kaa'a. Barreessaan kun dabaluun, qorataan loogii uume hubachuun of ibsuufi gadi baasudha jedha. Kana jechuun, calaqqeen ibsa salphaa qorataan kennu akka hintaane, "…reflexivity is both a philosophical perspective and a way of doing or acting within the context of research, from start to finish," (Leavy, 2014:5) jechuun daangaanni keessatti hojjetu irratti yaada kenna. Haaluma kanaan, matadureen hojii kanaa yoo qindaa'u jecha nagaa jedhu fookloorii dachaa (metafolklore) kan jedhu keessaan ibsuufi. Kana gochuuf ammoo, yayyaba jechi kun itti hidhatee ilaalcha addunyaa hawaasichaa ibsu baasuuf karoorfame. Dhimmi nagaa irratti hubannoon hawaasa jeebanaa kan biyyoota Lixaan ibsamuu akka hindandeenyeefi duudhaa mataa isaan dhihaachuun ijoo falmii hojii kanaati. Akkasumas, hubannoo qabatamaa akkaataa hawaasni qabuun dhiheessuuf, afaan hawaasichi dubbatu irraa ka'uun rakkoo jijjiirraa afaaniin ragaan hubamuu irraa walaba taasisa kan jedhu

Hubannoon hawaasa jeebanaa carraa qorannoo dhabee akka tureefi ammas bal'inaan akka hinjirre yoonin falmu, ilaalchi addunyaa wal caala ykn hubannoon kun hubannoo biraarra sirriidha jechuun murtoo kennuuf miti. Hojii kanaaf maddeen yoonin sakatta'u, hubannoon kamuu hawaasa ittiin jiraatuuf sirrii akka ta'etti kabajuun malee waanin Oromoo ta'eef kiyya qofati sirriidha jechuun miti. Garuu, Oromoon falaasama mataa isaa addunyaa kanatti hiika kennu kan qabuufi ittiinis kan jiraatu ta'ee haala ifa ta'een hindhihaanne kan jedhuun miira xiiqii keessa ta'ee onnee irraa gadi fageenyaan qoruu kiyya hinaalu. Gaaffileen qajeelchituu qophaa'an, madda ragaalee kiyya faana taasiseefi xiinxalli kiyya hanga danda'ameen ulaagaa kana hordofani. Kana jechuun, hojiin yaadrimeessuu kun beekee utuu hintaane tasa loogiif saaxilamee ta'uu danda'a yaada jedhun qaba.

Qorannoo gaggeessuufi hojiin dirree kallattii hedduun kan qorataa jijjiiranidha jechuun (Palaganas et al., 2017) amala qorannoo akkamtaa irratti xiyyeeffachuun yaada kennani. Filannoo matadure qorannoo kanaa irratti hubannoo ani qabu hojii sakatta'a maddeenii irratti jalqaba jijjiirame. Gara

dirreetti ba’ee yoon waan hubannoon hawaasaa jedhu ilaalu, nagaan taatee sirriin ijaaramus, eegumsa isaa keessatti sirriifi fafeen waliin ta’uun akka jireenya itti fufsiisanti mul’ate. Kanaafuu, qorannoo akkamtaa keessatti humna qorataa jijjiiruu qabaachuu isaa irratti anis ragaa tokkodha. Kun ammoo, ragaan hawaasaa utuu hiika bu’uuraa isaa hingadhiisiin akkaataa hubannoo qorataan qindaa’uu akka danda’u mul’isa. Dhimmi nagaa haala jireenya hawaasaa hordofuun wal xaxaafi hunkaa tokkoon kan ibsamu waan hintaaneef, boqonnaalee xiinxala hojii kana keessatti matadureewwan dhihaatan kan ani hiika qabiyyee irratti hundaa’uun qoode waan ta’eef, bifa biraan qindaa’uuf banaadha dhugeeffannaa jedhurran ga’e. Kun ammoo gama hedduun dhugaadha. Walumaagalatti, dhiibbaa qorataan hojii qorannoo irratti geessisuufi ragaan qorataa irrattii qaqqabsiisuun, bocamuufi bocuu (shaping and being shaped) jechuun (Palaganas et al., 2017) kaa’an, ifatti hojii kana keessatti calaqqisaniiru.


# BOQONNAA AFUR

## 4. BOORANAAFI AADAA BOORANAA

Boqonnaa kanaan kan dhihaate, eenyummaa Booranaafi aadaa Booranni itti fufinsa jireenyaaf tajaajilamu irratti qabxiilee goorooti dhihaate. Kaayyoon isaas boqonnaalee xiinxalaa kanatti aananii dhufaniif ka'umsa akka ta'uufi. Boqonnaaleen kanatti aananii dhufan kallattiin gaaffileen qorannoo kan keessatti deebi'an yoo ta'u, qabxiileen boqonnaa kanaan dhihaatanis kanneeniif akka galtee ta'uufi. Kana jechuun, ijoowwan gara yaadrimee nagaa Booranaa kaa'uutti ce'uuf gargaaranti dhihaate. Haaluma kanaan, jalqaba eenyummaa Booranaafi qindaa'ina hawaasummaa inni qabuufi itti aansuun aadaa Booranni ittiin beekamu, raawwilee qabatamoo hawaasni jireenyi akka itti fufuuf hojiirra oolchuti ibsae. Kanaafuu, matadureewwan gurguddoo lama armaan gaditti ibsamaniiru.

### 4.1. Eenyummaa Booranaafi qindaa'ina hawaasaa

Eenyummaan Booranaa eenyummaa Oromoo irraa adda miti. Oromoon akka walii galaatti ilaalcha addunyaa mataa isaa jireenya ittiin gaggeeffatu kan qabu ta'us, carraa qorannoofi barreeffamaa bal'aa hinargatiin kan turedha. Hanga qoratamaniis ta'e barreeffamanii jiran keessaa hedduun isaanii yaada wal dhiituufi wal faallessu irratti dabarsaa turani. Gama tokkoon duudhaa hawaasni hinqabneen kan ibsan yoo ta'u gama kaaniin ammoo duudhaafi aadaa hawaasni qabutti cichuun dhiheessani. Kanaafuu, goolabni hanga ammaatti jiran wal deeggaranii hubannoo guutuu ta'e dabarsuurra wal faallessuun yaadni akka burjaajja'u godhani. Kamis ta'u, akkaataa Imaltoonni ragaa ba'aniin, "The larger part of the southern section of Abyssinia is occupied by the Gallas, a powerful tribe with whom our missionary became well acquainted," (Kretzmann, 1920:40) kan jedhe isa tokkodha. Yaadni kun hojii Krapf irratti hudaa'ee dhihaatus, daangaa Oromoon irra jiraatu haala lamaan (hidhata afaaniifi hidda dhalootaafi daangaa siyaasaan) dhiheessani.




Fakii 2: Faca'insa Oromoo *Lewis* (1966:29) kaa'e, hidhata afaaniifi hidda dhalootaan.

Daangaa Oromoon irra jiraatu irratti Lewis (1966) maddeen dura isaa jiran keessaa kan Almeida[3] fi Bahrey[4] qeequun akkaataa hidhata afaanii irratti hunsaa'uun haala qubsuma Oromoo dhiheesse. Haata'uutii, ofii isaas waan lafarra jiruufi galmeewwan gara garaa sakatta'een akka mala dhahiitti yaada dhuunfaa kaa'e malee ragaa mirkaneessaa hinkeenye. Ergama mataa isaaniif jecha dhiheessannis, lakkoofsi Oromoo galma ga'insa karoora isaaniif murteessaa ta'uu waan uummata

[3] 'Waanuma Bahrey jedhe irra deebi'e' jechuun qeeqe

[4] Barruu 1580n fi 1590n barreeffame jechuun tumsituun isaa doggora ta'uu akka danda'u qeeqe


Chaayinaa irratti dhihaate faana wal bira qabuun yaada armaan gadiin mul'ate. "As the Romanist missionary said, "Give us China, and Asia is ours;" so may we say, Give us the Gallas, and Central Africa is ours."," (Krapf, 1860:22) kan jedhuun, giddu gala Afrikaa keessatti qooda Oromoon qabu mul'ise. Qorannoo yeroo dhihoon, "The Oromo range from the Tigray region in the north to the region of the Tana River in northern Kenya in the south, and from Somalia in the east to the Sudan border in the west," (Abreham, 2015:52) jechuun kaa'e. Kana jechuun, Oromoon ilaacha addunyaa walitti hidhataa qabuufi kan kallattiin wal hubatu lafa amma akka Itoophiyaatti *naannoo Oromiyaa* jedhamee daanga'erra kan darbu ta'uu mul'isa. Akka fakkii kana irraa mul'atutti, Oromoon gara Kaabaafi Kibbaaan eessa akka qaqqabu kaa'uuf yaaleera. Kana jechuun, qubsumni Oromoo daangaa siyaasaa biyyootaafi naannoon kan murtaa'e miti. Daangaa siyaasaa jalqabaa taa'een Booranni bakka lamatti qoodamuu Bassi yaada armaan gadiin ibse.

> Borana are a pastoral people whose territory was divided in 1907 with the drawing of the boundary between British East Africa (which became Kenya) and Ethiopia. Their number has been estimated at not less than 200,000 individuals in southern Ethiopia and about 100,000 in northern Kenya. (2005:3)

Yaadni kun Booranni Keeniyaa keessa gadi fagaatee akka jiraatu (Baxter, 1965) eere mirkaneesse. Ogeessi kun Booranni garee Oromoo keessaa isa tokko akka ta'eefi afaan, sonoota aadaa ijoo ta'aniifi caacculee aadaa biroo akka waliin qooddataniifi kan walitti isaan fidu ta'uu hima. Boorana biyya gara garaa lama (Itiyoophiyaafi Keeniyaa) keessa jiraatan si'aayinaan kan walitti deeman akka ta'eefi keessattuu dhimma gadaafi Gumii Gaayoo waliin akka qaban kaa'a (Shongolo, 1994). Dabalataan, gumii gadaa Guyyoo Gobbaa irratti ammoo ilmaan yeroo nyaachisaa biyya lamaan keessaayyu walitti dhuftee akka waliin jilattu lallabamuu hima (Jaatanii, 2014). Kanaafuu, Booranni kan Itiyoophiyaafi Keeniyaa keessa jiru gadaa tokko jalatti hirmaachuun dirqama Boorantittii ba'a; argatas.

Seenaa keessatti Booranni Oromoo hunda Boorana jedhee akka waamaa tureefi angafummaan ammoo akkaataa dhalootaa, aadaanfi/ykn waan raawwataniin akka ta'e jaarsi argaa-dhageettii Aab Borbor himus, Booranni gosa Oromoo keessaa tokko akka ta'eefi angafa jedhamees fudhatama jedha (Bartels, 1983). Jaatanii (2015a) keessatti maqaan Boorana jedhu hiika sadiin akka dhihaatu qoode. Hiikni sadeen keessaa tokko gosa Orma jedhamu kan Keeniyaa keessa jiraatu dabalatee Oromoon ammaa hunda kan bakka bu'udha. Kan lammataa, nama qajeelaa kan ittiin ibsan yoo ta'u, innis sadarkaa aadaan jiraachuun murtaa'a. Sadaffaafi kan xumuraa, lafa irra jiraatu: Dirree-

Dirraa Liiban, Baddaa Sadeen, Tulaa sallan, Malbee-Golboo, Malbee-godaa sadeeniifi Wayaamaa Gorba-Gobeessaa kanneen jedhan ta'uu qoode. Barreessaan kun dabaluun, lafti Boorana jedhamu daangaa Oromoon irra jiraatu hunda akka qabatu, garuu himinsa afaaniin qofa waanta'eef ragaa dabalataa akka barbaadu yaada kenna. Akka ibsa Aab Borboritti lafa Booranaa kan jedhamu bakka gurguddaa lamatti (Liibaniifi Dirree) qoodamuun, Liiban dheeda lama Dirreen ammoo dheeda shan of jalaa kan qaban danaa armaan gadiin dhihataniiru. Walumatti lafti Booranaa dheeda toorba qaba jedhama.




Danaa 4: Lafa Booranaafi qoqqoodinsa dheedaan.

Dheedi toorban kun sadarkaa Booranni itti qindaa'ee waliin jiraatuufi daangaa inni irra qubatee jiru mul'isu. Qindaa'inni kun akkaataa itti walitti dhufaniifi itti fayyadama qabeenya uumamaa haala qilleensa naannoo waliin kan wal simatuuf qooda olaanaa taphata. Haala qilleensaa lafa Booranaa irratti garaa garummaan maddeen gidduu hinjiru. Bal'inaan amala gammoojjummaan kan qabu yoo ta'u, ibsa gabaabaa Bassi kenne akka armaan gadiitti dhihaateera.

> This is an area characterized mostly by semiarid savanna, but with local eco-climatic variations. It consists of a highland plain sloping down from northwest to southeast, with altitudes generally between 1200 and 1600 meters. There are scattered peaks that rise to more than 2000 meters, like the hilly areas around Yaaballoo (Yavello, Yavallo) and Areero, and the ranges of Meegga (Mega) and Roomso. To the south and southeast the highlands end at an abrupt escarpment which, descending steeply to 700-800 meters, forms the northern limit of the vast arid plains of northern Kenya. (2005:9)

Booranni lafa irra jiraatu faayidaa gara garaaf akka tajaajilamu, "The various territorial sections of Boranaland present different environmental, cultural and organizational characteristics," (Bassi, 2005:9) jechuun yaada olitti dhihaateen wal qabsiisee ibse. Waggaa keessatti rooba yeroo lama kan argatu, roobni guddaa (%50) Bitootessaa hanga Caamsaatti kan jiru keessatti. Roobi lammataa %40, Onkoleelessaa hanga Sadaasaa gidduutti. Kan hafe ammoo waggaa keessatti rooba salphaafi

tiifuun mul’ata. Akka ogeeyyiin kaa’anittis ta’e dhugaa lafarra jiruun, yeroo baay’ee godinni Booranaa rooba eegamu dhabuun hongeef saaxilama. Kanarraa kan ka’e dinagdeefi jireenyi hawaasummaa isaa hubaatii salphaatti hanga gaaga’ama cima salphaaf saaxilamuutti qaqqaba.

Dinagdeen Booranaa bal’inaan ibsamu horsiisa horiitiini. Haata’uutii, qonni, daldalliifi baratanii miindeffamuun galii dabalataa maddisiisuun yeroo ammaatti babal’achaa kan dhufanidha. Kana jechuun, itti fufinsa jireenya isaaf kan qooda qaban simachuuf qophaa’aa ta’uu mul’isa. Booranni jireenya hawaasummaan daran kan beekamuufi qindaa’ina jabaataa qabaachuu dhugaa ba’u (Asmerom, 1973; Bassi, 2005). Qindaa’inni isaas caasaa idda dhalootaa keessaan ta’ee akkaataa yayyaba ykn qoodinsa gosaa hawaasni irratti walii galee kaawwatedha[5]. “Gosi Booranaa 17 (Sabbo 3 fi Goona 14, Alchaayya kophaa himachuu eegalteetti, yoo gumiin buufatteef 15 ta’a). Maliyyuu irraa baatee, garba kophaa la himaniif,” (Aab Borbor). Caasaafi baay’inni gosa Booranaa Danaa 4 irratti kan dhihaate yoo ta’u,

**Boorana**


- **Sabboo (Sabbo Sadeen)** — Gosa
  - Digalu
  - Maxxaarrii
  - Karrayyu
- **Goona (Goona Bal’aa)**
  - **Arooressa**
    - Arusii
    - Awaxxuu
    - Qarcabduu
    - Warra-Jiddaa
    - Maliyyuu
    - Alchaayaa
    - Danbituu
    - Noonituu
  - **Fullallee** — Gosa
    - Daaccitu
    - Maccitu
    - Odituu
    - Galaantuu
    - Sirayyuu
    - Baccituu
    - Koonnituu

Danaa 5: Hidda dhaloota Booranaa (Gosa Booranaa)

[5] Akkaataa jaarroleen kaa’anitti, qoodinsi gosaa jalqaba kan qindaa’e akkaataa hidda dhalootaafi baay’inni akka wal gituuf jecha itti yaadamee kan taa’edha. Yaadni kun qaama xiinxalaa keessatti gosa Karrayyuun wal qabatee ka’eera.

Qoodamsi gosaa damee gurguddoo lamaaniin (Sabboofi Goonaan) eegalus, namni yoo gosa isaa gaafatan kan himatu, kanneen *gosa* jedhamanii agarsiifamaniini. Yoo ibsaman Sabbo sadeeniifi Goona bal'aa jedhamus, qabatamaan garuu baay'inni akka wal gituu danda'utti qindaa'e. Kaayyoo gosti akka wal madaalu gochuu kan barbaachiseef keessaa ijoon tokko dhimma gaa'elaati. Sabboofi Goonni (Arooressaafi Fullallee) kan beekaman waan ta'eef dubbii keessatti bal'inaan hojiirra hinoolani. Hariiroon gaa'elaa damee lamaan duraa Sabboofi Goona gidduutti raawwata. Sabboon Goona fuudha; Goonis Sabbo fuudha malee kan ofii hinfuudhani. Walumaagalatti, hidhati gosa Booranaa daran qindaa'aafi kan Booranni keessatti wal gaafatuufi wal to'atudhas.

Hanqina bishaanii Boorana mudaturraa kan ka'e kan argame haala qindaa'aa ta'een itti tajaajilamu. Adeemsi itti tajaajilamanis qindaa'ina akkaataa qubsumaafi hidda dhalootaan murtaa'a. Qubsumni Booranaa to'annoofi itti fayyadama bishaaniifi margaa yoo ta'u, innis sadarkaa maddaa, dheeda, reera/ardaa jechaa hanga ollaa/worraatti deema. Qindaa'inni kun gammachuufi gadda walii irratti hirmaachuuf akkuma walitti dhihaataniin walii qaqqabu. Booranaafi Boorantittiin kana keessaan ibsama. Haalli hojiirra oolmaa isaanii boqonnaalee aananii dhufan keessatti bal'inaan ibsameera. Kana maleen Oromoon akka walii galaattis ta'e Booranni kan daran ittiin beekamu qindaa'ina gama bulchiinsaa irratti qabuuni. Amalliifi muuxannoon kun qalbii barreessitoota, qorattootaafi imaltootaa akka hawwatu gochuu ibsani (Bassi, 2005; Baxter, 1965). Gama bulchiinsaan, caasaa hawaasni keessatti oogganamu sadii (qaalluu, gadaafi hariyyaa) akka qabu maddeen haala wal fakkaatuun ibsu (Asmerom, 1973; Bassi, 2005; Baxter, 1965; 1978; 1979).





Danaa 6: Gosoota Bulchiinsaa Booranni ittiin wal oogganu

Sadeen kun kan Booranni jalatti waamamu yoo ta'u, qaalluun dhugeeffannaan, gadaan siyaasaan, hariyyaan gurmaa'ina hawaasummaaf hojjetu. Gareen kun jireenya Booranaa itti fufsiisuuf akka miseensa isaaniitti, akkasumas sadarkaa Boorana guutuu ilaallatutti kan raawwatan hundi aadaa

Booranaa jedhamu. Aadaan ammoo kallattiin dhimma nagaan wal qabata. Oromoon yaadrimee nagaa duudhaa isaan akka ibsu (Tenna, 2008) kan ibse yoo ta’u, Booranni ammoo jecha *nagaa* jedhu afaan isaatirraa akka hinbuufanne (Baxter, 1965; Aguilar, 1998) kan himan, filatamummaa daangaa hojii kanaaf ejjennoo sirrii ta’uuf ragaa ta’u.

### 4.2. Aadaa Booranaa

Booranni aadaa isaatti cichee akka jiraatuufi dhiibbaawwan itti dhufaniif Oromoo kaaniin gaditti kan hubame ta’uu, “Being one of the least Christianized and Islamized Oromo groups, they have been taken as a model case for depicting the gada system,” (Shongolo, 1994:28) jechuun ibse. Aadaan hariiroo namni uumaa, uumamaafi nama akka isaa faana qabuun kan ba’ee mul’atu yoo ta’u, Oromoon kanaaf deebbii kan ta’e duudhaa isaa keessatti mul’atu. Hariiroon jalqabaa kan uumaa/Waaqa faana jiru yoo ta’u, jiraachuun qaalluu hubannoo kana mul’isuuf bak-bu’ee qabatamaadha. Kanaaf fakkeenya kan ta’u qaalluufi shoora isaa yoo ta’u, kana ammoo Booranni qaalluu shan ga’ee kana taphatan qaba.




Danaa 7: Qaalluu/laduu shanan Booranaa

Qaalluun dhimma dhugeeffannaan wal qabatee kan ibsamuufi nama ulfoo/wayyuu jedhama. Qaalluun kan akka Booranaatti dhaabbatu yoo ta’u, abbaa gadaa dabalatee bira deemanii muudu. Abbaan gadaa baallii kennuun dura qaalluu muduuti irraa eegama. Hinajjeesu/hinqalu, hinabaaru, “nagaa callaa dubbata” jedhama. Dhugeeffannaa qabu kana keessaan hariiroo Waaqa faana qabu kan mul’isu. Waan Waaqaa seera uumamaa/aadaa Waaqi dhale jechuun akkaataa yayyaba jirutti of madaqsee jiraata. Kan itti madaqe irraas barachuun dhaha mataa isaa bocachuun (yayyaba uumamaa jiru hubachuun) karoora baafata. Gabateewwan lamaan gaditti wal duraa duubaan dhihaatan dhaha Booranni ganna/waggaa tokko ittiin kaa’u mul’isu.

Gabatee 1: Dhaha Booranaa

A. Ayyaana/guyyoota baatii tokkoo

| | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 Areerii Duraa | 2 Areerii Balloo | 3 Adulaa Duraa | 4 Adulaa Balloo | 5 Garba Duraa | 6 Garba Ballaa | 7 Garba Dullachaa | 8 Bitaa Qara | 9 Bitaa Ballaa | 10 Sorsa |
| 11 Algaajima | 12 Arba | 13 Walla | 14 Basaa Duraa | 15 Basaa Balloo | 16 Maganattii Carraa | 17 Maganattii Jaarraa | 18 Maganattii Biriitii | 19 Salbaana Duraa | 20 Salbaana Ballaa |
| 21 Salbaana Dullachaa | 22 Gardaaduma | 23 Sonsa | 24 Rurruma | 25 Lumaasa | 26 Gidaadaa | 27 Ruuda | | | |

B. Baatiwwan ganna/waggaafi ayyaana baatiin itti mul'attu

| Lak. | Maqaa baatii/Ji'aa | Ayyaana baatiin irratti jalqaba mul'attu |
|---|---|---|
| 1. | Abraasaa | Areerii Duraa/Areerii Balloo |
| 2. | Ammajii | Adulaa Duraa/Adulaa Balloo |
| 3. | Gurraandhalaa | Garba Duraa/Garba Ballaa/Garba Dullacha |
| 4. | Bittatteessa: | Bitaa Qaral Bitaa Ballaa |
| 5. | Caamsaa: | Sorsa/Algaajima |
| 6. | Buufaa: | Arba/Walla |
| 7. | Wacabajjii: | Basaa Duraa/Basaa Balloo |
| 8. | Oboraa Guddaa: | Maganattii Jaarraal Maganatti Biriitii |
| 9. | Oboraa Diqqaa: | Salbaana Duraa/Salbaana Ballaa. Salbaana Dul'acha |
| 10. | Birraa: | Gardaaduma/Sonsa |
| 11. | Ciqqaawaa: | Rurruma/Lumaasa |
| 12. | Sadaasaa: | Gidaadaa/Ruuda |

Gabateen armaan olii lamaan akkuma ibsa isaanii irratti dhihaatan dhaha Booranaa ganna tokkooti. Gabateen duraa maqaa guyyaa baatii tokko keessa jiran yoo ta'u, kana jechuun baatiin hundi guyyaa murtaa'aa kana qabu jechuu akka hintaane ibsa bal'aa faana qoodaniiru (Halake, 2020; Jaatanii, 2014). Gabateen lammataa maqaa baatiwwaniifi guyyaa baatiin itti mul'attu agarsiisa. Kanaan, baatii tokko keessa guyyoonni jiran 27 qofatti akka hindaangofne mirkaneessu. Adeemsa kana keessatti Booranni jiloota hariiroo namni Waaqa, uumama kaaniifi uumama akka isaa faana qabu kan ittiin ijaarratuufi jabeeffatudha. Kana malees, loon isaa kan godaansisu dhaha kanaan gannaafi bona adda baafachuun hojiirra oolcha. Kanaafuu, qaamni bulchiinsaa sadeen beekumsa kana si'aayinaan tajaajilamuun itti fufinsa jireenyaaf qooda ba'u.

Gadaan akka Oromoottis ta'e Booranaatti kan bal'inaan irratti dubbatameefi barreeffame waan ta'eef dhimma ergaramedha. Yoomessi gadaa qabatamaan taa'uu baatus, akkaataa qindaa'inaafi shooranni ba'urraa ka'uun kaayyoo isaa ijoo ogeeyyiin bifa gara garaan kaasaniiru. Haaluma

kanaan, yaadni isaanii yoo cuunfamu hariiroo namni Waaqa, uumama kaaniifi nama akka isaa faana qabu akka wal madaalu eeguun jireenyi akka itti fufu gochuu akka ta'edha. Kana jechuun, gadaan itti fufinsa jireenyaa keessatti hariiroon wal madaalaa akka jiraatu gochuuf ga'ee mataa isaa qaba. Ga'ee gadaan jireenya hawaasaa keessatti qabu (Aguilar, 2008) Waaqa kadhachuunis ta'e irree tajaajilamuun nagaa Booranaa eeguu akka ta'e ibsa. Booranni namoota qooda kana ba'uuf carraa argatan hedduu akka qabu himus, ega haaromsaan booda kan tajaajilanii darban 70 fi amma kan itti jiru 1 gabatee armaan gadiin dhihaataniiru.

Gabatee 2: Abbootii Gadaa Booranaa

| Lak. | Maqaa | Gosa | Maq-baas | Bara |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Gadayoo Galgaloo Yaayyaa | Danbituuu Warra Gussaaa | Fullaasa | 1457-1464 |
| 2. | Yaayyaa Fulleelle Yaayyaa | Galaantuu Beerituu | Mardiida | 1465-1472 |
| 3. | Jaarsoo Baabbo Gaano | Galaantuu Lukkuu | Daraara | 1473-1480 |
| 4. | Daawwaa Borbor Daawwaa | Danbituu Warra Gussaaa | Libaasa | 1481-1488 |
| 5. | Diida Nama Durii Annaa | Digaluu Eemmajjii | Sabbaaqa | 1489-1496 |
| 6. | Areeroo Boruu Bakkalchaa | Danbituu Obituu | Moggisa | 1497-1504 |
| 7. | Tiittilee Dullacha Yaayyaa | Siraayyuu Koollaa | Maakula | 1505-1512 |
| 8. | Lukkuu Jaarsoo Baabboo | Galaantuu Lukkuu | Fullaasa | 1513-1520 |
| 9. | Diida Hiddoo Diidaa | Danbituu Warra Gussaa | Mardiida | 1521-1528 |
| 10. | Kuraa Diida Nama Durii | Digaluu Eemmajjii | Daraara | 1529-1536 |
| 11. | Dagalee Yaayyaa | Danbituu | Libaasa | 1537-1544 |
| 12. | Asoosaa Tiittilee Dullachaa | Siraayyuu Koollaa | Sabbaaqa | 1545-1552 |
| 13. | Boroo Lukkuu Jaarsoo | Galaantu Lukkuu | Moggisa | 1553-1560 |
| 14. | Abbayi Horoo | Digaluu Daaddoo | Maakula | 1561-1568 |
| 15. | Biduu Dhoqqee Rasoo | Karrayyu Warra Kulaa Kormee | Fullaasa | 1569-1576 |
| 16. | Horoo Dullachaa | Danbituu | Mardiida | 1577-1584 |
| 17. | Yaayyaa Hoolee Bonnayyaa | Digaluu Tiittii | Daraara | 1585-1592 |
| 18. | Dooyyoo Boroo Lukku | Galaantu Lukkuu | Libaasa | 1593-1600 |
| 19. | Bachoo Nadhoo | Bachituu Saqqoota | Sabbaaqa | 1601-1608 |
| 20. | Urgumeesa Igguu | Digaluu Eemmajjii | Moggisa | 1609-1616 |
| 21. | Baabboo Horoo Dullachaa | Danbituu | Maakula | 1617-1624 |
| 22. | Baabbo Sibuu Beerre | Galaantuu Beerituu | Fullaasa | 1625-1632 |
| 23. | Indhaalee Dooyyoo Boroo | Galaantuu Lukkuu | Mardiida | 1633-1640 |
| 24. | Acuu Abbiyyuu | Bachituu Saqqoota | Daraara | 1641-1648 |
| 25. | Abbuu Lakuu Mormaa | Qarcabduu Dheebituu | Libaasa | 1649-1656 |
| 26. | Abbay Baabbo Horroo | Danbituu Obituu | Sabbaaqa | 1657-1664 |
| 27. | Allee Kuraa Yaayyaa | Digaluu Tiittii | Moggisa | 1665-1672 |
| 28. | Waayyuu Uruu Malleellee | Maxxaarrii Meettaa | Maakula | 1673-1680 |
| 29. | Morrowaa Abbayi | Galaantuu Beerituu | Fullaasa | 1681-1688 |
| 30. | Gobbaa Allaa Nuuraa | Digaluu Nuurtuu | Mardiida | 1689-1696 |
| 31. | Daawwee Gobboo Yaayyaa | Qarcabduu Buuyyamaa | Daraara | 1697-1704 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 32. | Jaarsoo Hiddoo Yaayyaa | Siraayyuu Koollaa | Libaasa | 1705-1712 |
| 33. | Walee Waaccuu Roqaa | Digaluu Udumtuu | Sabbaaqa | 1713-1720 |
| 34. | Soraa Dhaddacha Iluu | Warraa Jiddaa | Moggisa | 1721-1728 |
| 35. | Dhaddacha Rooble Guyyoo | Digaluu Eemmajjii | Maakula | 1729-1736 |
| 36. | Halakee Dooyyoo Harreelee | Galaantuu Lukkuu | Fullaasa | 1737-1744 |
| 37. | Guyyoo Geedoo Walee | Siraayyuu Managusa | Mardiida | 1745-1752 |
| 38. | Madha Booruu Daadoyi | Noonituu Ammoyyee | Daraara | 1753-1760 |
| 39. | Dhaddacha Odaa rrowwaa | Galaantuu Beerituu | Libaasa | 1761-1768 |
| 40. | Bule Dhaddacha Rooble | Digaluu Eemmajjii | Sabbaaqa | 1769-1776 |
| 41. | Liiban Waataa Nafuri | Digaluu Walaajjii | Moggisa | 1777-1784 |
| 42. | Waayyu Raalee Canaa | Danbituu Warra Gussaa | Maakula | 1785-1792 |
| 43. | Boruu Madha Boruu | Noonituu Ammoyyee | Fullaasa | 1793-1800 |
| 44. | Ungulee Halakee Sadee | Galaantuu Beerituu | Mardiida | 1801-1808 |
| 45. | Saaqqoo Dhaddachaa | Maccituu | Daraara | 1809-1816 |
| 46. | Jiloo Nyencoo Soraa | Digaluu Tiittii | Libaasa | 1817-1824 |
| 47. | Sokoree Annaa Matuu | Maxxaarrii Meettaa | Sabbaaqa | 1825-1832 |
| 48. | Madha Booruu Madhaa | Noonituu Ammoyyee | Moggisa | 1833-1840 |
| 49. | Liiban Jiloo Adhaa | Danbituu Warra Gussaa | Maakula | 1841-1848 |
| 50. | Jaldeessa Guyyoo Dabbasaa | Qarcabduu Buuyyamaa | Fullaasa | 1849-1856 |
| 51. | Doyyoo Jiloo Nyencoo | Digaluu Tiittii | Mardiida | 1857-1864 |
| 52. | Haroo Adii Liiban | Digaluu Tiittii | Daraara | 1865-1872 |
| 53. | Diida Bittaataa Maammoo | Noonituu Ammooyyee | Libaasa | 1873-1880 |
| 54. | Guyyoo Boruu Ungulee | Galaantuu Beerituu | Sabbaaqa | 1881-1888 |
| 55. | Liiban Jaldeesa Guyyoo | Qarcabduu Buuyyamaa | Moggisa | 1889-1896 |
| 56. | Adii Doyyoo Jiloo | Digaluu Tiittii | Maakula | 1897-1904 |
| 57. | Boruu Galma Dooyyoo | Galaantuu Beerituu | Fullaasa | 1905-1912 |
| 58. | Liiban Kusee Liiban | Digaluu Daddoo | Mardiida | 1913-1920 |
| 59. | Areero Gedoo Liiban | DanbituuWara Gussaa | Daraara | 1921-1928 |
| 60. | Bulee Dabbasaa Bulee | Digaluu Eemmajjii | Libaasa | 1929-1936 |
| 61. | Aaga Adii Doyyoo | Digaluu Tiittii | Sabbaaqa | 1937-1944 |
| 62. | Guyyoo Boruu Galmaa | Galaantuu Beerituu | Moggisa | 1945-1952 |
| 63. | Madha Galma Toree | Noonituu Ammooyyee | Maakula | 1953-1960 |
| 64. | Jaldeessa Liiban Guyyoo | Galaantuu Beerituu | Fullaasa | 1961-1968 |
| 65. | Gobbaa Bulee Dabbasaa | Digaluu Eemmajjii | Mardiida | 1969-1976 |
| 66. | Jiloo Aagaa Adii | Digaluu Tiittii | Daraara | 1977-1984 |
| 67. | Boruu Guyyoo Boruu | Galaantu Beerituu | Libaasa | 1985-1992 |
| 68. | Boruu Madha Galmaa | Noonituu ammooyyee | Sabbaaqa | 1993-2000 |
| 69. | Liiban Jaldeessa Liiban | Galaantu Beerituu | Mogisa | 2001-2008 |
| 70. | Guyyoo Gobbaa Bulee | Digaluu Eemmajjii | Maakula | 2009-2016 |
| 71. | Kuraa Jaarsoo Kuraa | Digaluu Tiittii | Fullaasa | 2017-2024 |

Gabateen olitti dhihaate kun seenaa abbootii gadaa Booranaa haaromsa gadaa gogeessa shaniifi maqbaas torbaan boodaati. Abbootii gadaa haaromsaan dura jiran duraa duubaan qindeessee ibsuu waan hindandeenyeef kaa'uun rakkisaa akka ta'e Aab Borbor hima. Akka ibsa Aab Borboritti,

waan beekan yoo gadaa isaan sirriitti hinimne cubbuu waan ta'eef dhiifama jedha. Kana jechuun, abbootiin gadaa Booranaa kan amma baallii of harkaa qabu dabalatee 71 qofa akka hintaanedha. Yeroo haaromsaa irraa kan hafe adeemsa keessa dhaloonni keessa darbutti yeroo gara yerootti aadaan isaa jabaachaa dhufe. Adeemsa keessa darbamu Asmarom (1973) gadi fageenyaan kan ibse yoo ta'u, qabiyyee kanaan gadaan eenyurraa eenyutti akka darbu raga qabatamaan Booranni qabuti dhihaate. Haaluma kanaan, Gabatee 3 kan baallii fudhachuuf filatamanii jiran sadii mul'isa. Kanneen kun sadan jalqaba irraa gara xumuraatti: doorii, raabaafi kuusadha. Yaa'a mataa isaaniifi nagaan gadooma qaqqabanii gadoomni isaaniis akka milkaa'uuf jila jilatan qabu.

Gabatee 3: Adulaa filatamanii baallii fudachuuf eeggatan

| **Lak.** | **Maqaa** | **Gosa** | **Maq-baas** | **Bara** |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Guyyoo Boruu Guyyoo | Galaantuu Beerituu | Mardiida | 2025-2032 |
| 2. | Madha Boruu Madhaa | Noonituu Ammooyyee | Daraara | 2033-2040 |
| 3. | Halakee Mallicha Halakee | Danbituu Warra Gussaa | Libaasa | 2041-2048 |

Gabatee olii keessatti adulaan sadaffaa (Halakee Mallicha) Kuusa yoo ta'u, miseensi isaa kan reefuu lallabamanidha. Yeroo lallabamanitti daangaan umrii luba isaanii 0-24 gidduu jiru. Kana dura kan jiran gammee gurguddaa, gammee xixiqqaafi dabballee yoo ta'an, isaanis Gabatee 4 gadii keessatti dhihaataniiru.

Gabatee 4: Ilmaan dhalatanii garuu adulaan keessaa hinfilatamne

| **Lak.** | **Maqaa** | **Gosa** | **Maq-baas** | **Bara** |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Ilmaan Guyyoo Gobbaa | Hinbeekamne | Sabbaaqa | 2049-2056 |
| 2. | Ilmaan Kuraa Jaarsoo | " | Moggisa | 2057-2064 |
| 3. | Ilm. Guyyoo Boruu Guyyoo | " | Maakula | 2065-2072 |

Gabatee kanaan kan ibsaman ilmaan abbaa gadaa ta'uu danda'an, Halakee Mallichaa (adulaa filatamanii jiran keessaa kan xumuraa) irraa baallii fudhatuufi kan isarraas fudhatanti duraa duubaan dhihaate. Ilmaan kun kan dhalatanii jiran yoo ta'u, Guyyoo Gobbaa ofiin *yuuba* I, ilmaan isaa *gammee gurguddaa*; Kuraa Jaarsoo ofiin *abbaa gadaa*, ilmaan isaa *gammee xixiqqaa*; Guyyoo Booruu Guyyoo ofiin *doorii*, ilmaan isaa ammoo *dabballee*dha. Yeroo ammaatti ilmaan Guyyoo Gobbaaf baannatatti (duula ilma anaa/unuu filadhaatti) waan jiraniif, kan isaa dabalatee kanneen kaan lamaanii gosa kam keessaa akka filatamu adda hinbaane. Maq-baasiifi barri garuu adeemsa dhaabbataa waan qabaniif kaa'uuf salphaadha. Gabatee 5 jalatti kan dhihaatan kan dhalatan yoo abbootiin isaanii doorii qaqqaban dabballee ta'anii waan dhalataniif, kan hindhalatiiniif karoora

jidu agarsiisuuf kan dhihaatedha. Madha Boruu Madhaa ofii raaba waan ta'eef lubi isaa nifuudha malee dabballee godhachuun hingeenye. Halakee Mallichaa ammoo hinfuuneyyu.

Gabatee 5: Ilmaan hindhalatiin, adeemsa baalliin itti walirraa fuudhamu kan agarasiisu

| Lak. | Maqaa | Gosa | Maq-baas | Bara |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Ilm. Madha Boruu Madhaa | Hinbeekamne | Fullaasa | 2073-2080 |
| 2. | Ilm. Halakee Mallichaa | " | Mardiida | 2081-2088 |
| 3. | Ilm. Ilmaan Guyyoo Gobbaa | " | Daraara | 2089-2096 |
| 4. | Ilm. Ilmaan Kuraa Jaarsoo | " | Libaasa | 2097-2104 |
| 5. | Ilm. Ilmaan Guyyoo Boruu | " | Sabbaaqa | 2105-2112 |
| 6. | Ilm. Ilmaan Areeroo Boruu | " | Moggisa | 2113-2120 |
| 7. | Ilm. Ilm. Halakee Mallichaa | " | Maakula | 2121-2128 |

Gabatee afraffaa kanaanis odeeffannoo qindaa'ina gadaan Booranaa qabu kan ittiin mul'ate yoo ta'u, ilmaan aduloota filamanii (raabaafi kuusa) dabalatee kan dhaloota walitti aananii dhufanii agarsiisa. Kana keessatti ilmaan kan jedhu adeemsa lubaan kan ibsamu malee kan abbaa gadaa sanirraa dhalatan jechuu miti. Ilmaan Guyyoo Gobbaafi isaa gaditti jiran waan hinlallabamneef lubi isaaniituu adda hinbaane. Adeemsi kun kan worra bokkuu (kanneen worra laduun ala jiran) yoo ta'u, gadaa kan jedhu sadarkaa agarsiisuuf qofa utuu hintaane yaadrimee sonoonni jireenyaa keessatti madaalaman, kunuunfamaniifi akka hojiirra oolan itti qajeelfamanidha. Dameen biraa worra bokkuu *hariyyaa* (tuuta Booranaa) kan jedhaman yoo ta'u, ilmaan gadaa tokko keessa dhalatanti ittiin waamama.

Gabatee 6: Hariyyaa Booranaa

| Lak. | Maqaa Hariyyaa | Umrii | Gadaa Dhalootaa | Gadaa Yuubomaa |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Daraara/Kuuchuu | 12-19 | Liibaan Jaldessaa | Ilmaan Guyyoo Gobbaa |
| 2. | Danbala Areeroo | 19-27 | Boruu Madhaa | Ilmaan Liiban Jaldeessaa |
| 3. | Wakoora Soraa | 27-35 | Boruu Guyyoo | Ilmaan Boruu Madhaa |
| 4. | Danbala Dhaddacha | 35-43 | Jiloo Aagaa | Ilmaan Boruu Guyyoo |
| 5. | Wakoora Diidaa | 43-51 | Gobbaa Bulee | Kuraa Jaarsoo |
| 6. | Danbala Duubaa | 51-59 | Jaldeessa Liibaan | Guyyoo Gobbaa |
| 7. | Wakoora Guyyoo | 59-67 | Madha Galmaa | Liibaan Jaldeessaa |
| 8. | Danbala Diidaa | 67-75 | Guyyoo Boruu | Boruu Madhaa |
| 9. | Wakoora Waaqoo | 75-83 | Aagaa Adii | Boruu Guyyoo |
| 10. | Danbala Bulee | 83-91 | Bulee Dabbasa | Jiloo Aagaa |
| 11. | Wakoora Liiban | 91-99 | Areeroo Geedo | Gobbaa Bulee |
| 12. | Danbala Areeroo | 99-107 | Liibaan Kusee | Jaldeessa Liibaan |
| 13. | Wakoora Soraa | 107-115 | Boruu Galmaa | Madha Galmaa |
| 14. | Danbala Dhaddacha | 115-123 | Adii Dooyyoo | Guyyoo Boruu |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 15. | Wakoora Diidaa | 123-131 | Liibaan Jaldeessaa | Aagaa Adii |
| 16. | Danbala Udan Bukko | 131-139 | Guyyoo Boruu | Bulee Dabbasaa |
| 17. | Wakoora Malluu | 139-147 | Dida Bittata | Areeroo Geedoo |
| 18. | Danbala Aagurroo | 147-155 | Haroo Adii | Liibaan Kusee |
| 19. | Wakoora Liiban | 155-163 | Dooyyoo Jiloo | Boru Galma |
| 20. | Gamasii Duubaa | 163-171 | Jaldeessa Guyyoo | Adii Dooyyoo |
| 21. | Barbaara Daalacha | 171-179 | Liibaan Jiloo | Liibaan Jaldeessaa |
| 22. | Danbala Godaanaa | 179-187 | Madha Boruu | Guyyoo Boruu |
| 23. | Aanfata Daagaa | 187-195 | Sokoree Annaa | Diida Bittaataa |
| 24. | Danbala Bili | 195-203 | Jiloo Nyeencoo | Haroo Adii |
| 25. | Wakoora Dureettii | 203-211 | Saaqqo Dhaddacha | Dooyyoo Jiloo |

Hariyyaan kan Booranni cufti ittiin of himu ta'ee jila irratti kan hirmaatan garuu ilmaan jaarsaa qofa.[6] Hariyyaan tokko gadaa tokko keessa yoo dhalate, hanga yuubomaatti gadaa dhufee-darbu hunda keessatti waan raawwatan qabu. Fakkeenyaaf, gadaan 1ffaa gadaa dhalootaati; gadaan 2ffaa gadaa jabbii tissani; gadaan 3ffaa kan coqorsa gudunfanii kuusomani; gadaan 4ffaa gadaa cinnaa jechuun, gadaa 7ffaa keessa yuubomu. Maqaan gabatee keessatti tarreeffaman Danbalaafi Wakora wal jalaan jechaa abbaa hariyyaa (hayyuu) filachuun citu (kuusoma keessaa ba'u). Hariyyaan gadaama faana wal qabate akka eegale ibse (Jaatanii, 2015a). Hangi hariyyaa Booranaa argaa dhageettiin himamu kanuma gabatee oliin dhihaatedha. Gama biraan, hundeeffama yeroo dhihoo qaba jechuu miti. Kaayyoon hundeeffama isaanii aadaafi biyya ittiin tiksanii jabeessuu keessatti qooda akka qabaatuufi. Haala hariyyaan jireenya Booranaa keessatti yaadrimee nagaan wal qabatee hojjetu baqonnaalee xiinxalaa keessatti ibsameera. Qaamonni sadan (qaalluu, gadaafi hariyyaa) wal keessa jiru.

Aadaa idileen Booranni milkaa'ina jireenya isaaf raawwatu keessaa gumiiwwan isaan gurguddoo keessa jiru. Booranni gumii adeemsa keessa haalota jireenya irratti dhiibbaa geessisan hubachuun akka furmaataatti kan hojiirra oolchaa dhufedha. Haaluma kanaan, gumiiwwan afur kan turan ykn ammas kan jiran Gabatee 7 jalatti dhihaataniiru.

Gabatee 7: Gumiiwwan Booranaa

| **Lak.** | **Maqaa Gumii** | **Kan Hundeesse** | **Bara** | **Ardaa/Teessoo Gumii** | **Kaayoo Hundaa'e** |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Gumii Gaayoo | Daawwee Gobboo | 1697-1704 | Ardaa Gaayoo/ Aanaa Dhaasi | Heeraafi Seera finna Biyyaa eeguuf |

[6] Boqonnaa xiinxalaa keessatti bakka gara garaatti ibsameera.

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Gumii Surichoo Layee | Madha Booruu Daadoyi | 1753-1760 | Ardaa S. L. | Nageenna ollaa Baha Booranaa eeguuf |
| 3. | Gumii Simphira Balali | Liiban Waataa | 1777-1784 | Ardaa Baalee | Nageenna gosoota 17 jidduu jiru eeguuf |
| 4. | Gumii Dibbee Eel-Dalloo | Liiban Waataa | 1777-1784 | Ardaa Liiban | Ceeraa-fokkoo/safuu biyyaa eeguuf |


Gumiiwwan Booranaa kun eenyuun akka hundeeffaman, yeroo keessa hundeeffaman, bakka itti gaggeeffamaniifi kaayoo hundeeffama isaanii qabachuun odeeffannoo ga’aa dabarsaniiru. Akka kaayoo isaanii irraa mul’atutti, Booranni nagaaf walii isaa faana qofa utuu hintaane, hawaasa waliin wal daangessu faanas hariiroon walii galtee akka barbaachisu hubatee irratti hojjechuu isaa agarsiisu. Haata’umalee, gumiiwwan kanneen keessaa kan amma hojiirra oolaa jiran Gumii Gaayoofi Gumii Dibbee Eel-Dalloo qofadha. Kanneen hafan lamaan daangaa naannoofi godina biraa keessa waan seenaniif gumii achitti koruu hindandeenye. Kanneen tajaajilarra jiran gadaa faana hidhachuun kaayyoon isaanii kan galma ga’u. Akkasumas, dameewwan bilchiinsaa sadeen waliin ta’uuni jireenyi akka itti fufu kan taasisani. Adeemsa hunda keessattuu duudhaleen gochaan raawwattaniifi kan afaaniin himaman hedduuti jiru. Duudhaaleen kun, ilaalchi addunyaa hawaasaa maal irratti hundaa’ee akka ijaarame, hariiroo jiru, akkaataa hojiirra oolmaa isaaniifi mul’isu.

Booranni qindaa’ina jabaa jireenya isaa itti gaggeeffatu akkanaa qabaatus, hookkarsa irraa walaba ta’ee akka hinbeekne hojii ishee keessatti seenaa hawaasichaa kan qoodde (Oba-smidt, 2016) ibsiteetti. Hookkarsi mudatan gama uumamaa, hawaasa ollaafi Booranni walii isaa irratti raawwatuun akka ta’e (Asebe, 2019; Oba-smidt, 2016) kaasaniiru. Hookkarsa mudataniin, nama (nama dhuunfaatii hanga yaa’aatti), lafa (kan dheedaa, bishaaniifi jilaa), horiifi waantota jireenyaaf isa tajaajilan hedduu akka dhabe dabaluun himaniiru. Hubaatii uumamaa Booranatti dhufan keessaa waraana, hongeefi rooba umnaa olii ta’uu (Halakee, 2019; Jaatanii, 2014; 2015a; 2015b; 2015c), qoodaniiru. Taatewwan sirrii itti fufsiisuufi kan hintaane (jireenya huban) hanbisuuf ykn akka hinmudanne hanqisuuf waan Booranni raawwatu qorachuun barbaachisaadha. Hawaasa duudhaa isaatti cichee jiraatu ta’uun isaa ammoo qorannoo nagaa gama fookblooriin yaadrimeessuu kanaaf filannoo sirrii isa taasisa. Nagaa eenyummaafi aadaa Booranaan ala ibsuuf yaaluun, hubannoo hawaasa bakka hinbuune kaa’uuf murteessuudha. Kanaafuu, qabiyyeewwan armaan olitti ibsaman kunneen yaadrimaa’uu nagaa keessatti qooda qabaniin ibsamani.

# BOQONNAA SHAN

## 5. YAYYABA NAGAA BOORANAA

Qorannoon kun akka walii galaatti nagaa aadaa Booranaa keessatti yaadrimeessu ta'ee, boqonnaa kanaanis yayyaba inni irratti hundaa'ee ibsamuti dhihaate. Gaalee *nagaa Booranaa* jedhu amma dura (Baxter, 1965; 1978; 1979; Gufu 1996; Aguilar, 1998; 2008; Markakis, 2011; Abera, 2015) hojii isaanii keessatti kaasanis, maal irratti hundaa'ee akka qindaa'e hinibsamne. Haata'utii, gara gaalee kana ibsuutti utuu hince'iin, yayyaba hubannoo Booranaa addunyaa isa marsee jiru irratti qabuti dhihaate. Yayyaba hawaasaa himuuf muuxannoo jiru, "Folklore in the Horn of Africa, as elsewhere, helps humans to come to terms with ontological and etiological issues," (Ahmed & Berns-Mcgown, 2004:596) jedhani. Akka yaada kanaatti, gama xiin-uumeen (ontology) fi sababa waantotaa kaa'uun fooklooriin wal qabata. Hubannoo kana akka Booranaatti yaadrimeessuuf yaada gooroo rog-arfee seemiyootikii armaan gadiin ibsuun eegale.




Rog'arfee kana irratti gama harka bitaan kan jiran waan sirrii (positive), gama mirgaan ammoo waan fafee (negative) calaqqisiisu. Kana adda baasanii kaa'uun, hubannoo jalqabaa namni waan isa marsee jiru itti ibsatudha. *Waan jiru* kan jedhu, namni uumama lubbuu qabaniifi hinqabne, akkasumas waan dhugeeffannaan miireffatu adda baafatee hubachuu isaa kan ittiin ibsatu ta'uu (Bulatovich, 2000; Mbiti, 1970) kaa'ani. Kana jechuun, *Wanni jiru* qaamota hedduu kan hirmaachise waan ta'eef, hariiroon gidduu isaanii jirus ijoo biraati. Akka Oromoottis ta'e Booranaatti, bakka *waan jiru* jedhu irratti kan ka'an Waaqa, namaafi uumama kaan kan jedhudha. Hojii kanaanis yaadni kun mirkana ta'uun kan ibsame yoo ta'u, haala Booranni yaada kana jireenya qabatamaa keessatti hojiirra itti oolchu irratti ammoo addatti xiyyeeffatame. Yaadrimee nagaa Booranaa jedhu ibsuuf hubannoon kun akka ka'umsaatti kan tuqame yoo ta'u, boqonnaalee xiinxalaa hundaafis bu'uuradha.

Yaadrimee nagaa dhiheessuun bu'uura ilaalchi addunyaa hawaasaa maal irratti akka hundaa'e barbaada. Kanaaf ammoo, Duudhaa hawaasni tajaajilamu ilaalcha addunyaa isaa yayyaba irraa

himuuf akka dandeessisu (Gemetchu & Kassam, 2019) kan eeranti hojii kana keessatti tajaajile. Haaluma kanaan, Booranni jireenyi isaa akka itti fufuuf ogafaaniifi duudhaalee guyyuu dhiheessuun hariiroo Waaqa, namaafi uumama kaan gidduu jiruun akka murtaa'u agarsiisu. Kanneen keessatti shoora qaamonni sadeen itti fufinsa jireenyaa keessatti qaban Booranni sona nagaa isaa taasisee ibsata. Ibsa jeebanaa jiru irratti ibsa ogummaa ida'uun hojii yaadrimeessuu galma ga'uuf adeemsa hordofame yoo ta'u, matadureewwan gooroo sadii qindaa'aniiru. Isaanis, hubannoo Booranni hariiroo namni Waaqa, nama akka isaafi uumama kaan faana qabu keessaan yaadrimee nagaa isaa kaa'uti ibsame. Adeemsi kun falaasama rog-arfee seemiyootikii armaan olii irratti dhihaate haala ifa ta'een addeessa.

## 5.1. Nagaa Hariiroo Namaafi Waaqaa keessatti

Akkaataa hubannoo hawaasa jeebanaan jireenyi namaa kan hundaa'e yayyaba Waaqaa irratti akka ta'eefi Oromoonis hubannoo kanaan akka gaggeeffamu maddeen dhimmi hawaasaa irratti hojjetaniif beekumsa waalta'aadha. Haata'umalee, goolaba isaaniif ragaa hawaasa keessa jiruun deeggaranii waan hinkeenyeef, hubannoo hawaasaa ka'umsaafi xumura qabu dabarsuu hindandeenye. Hojiin yaadrimeessuu kun bakka banaa kana guuta. Haasbarruu seenaan wal qabatee himamu keessatti uumama namaatti hidhuuf, "Eeg Xaphoo-Xaphaapho," (Aayyo Hinseenee) akka jedhamu qoodde. Xaphoon dhiira, Xaphaapho ammoo uwwaa/dubara akka ta'an Aab Borbor ibsuun, namoonni lameen kun kan qara Waaqi uumedha jedha. Seenessi kun kan Sahlu (2002) argaa dhageettii Booranaa jechuun mataduree, "Adam & Haway" jechuun dhiheesse irraa guutummaan adda ta'a. Gama ayyaantuun ibsa kennamuun, Waaqni ji'a Abraasaa *lafaafi ji'a*; Amajji *aduu*; Gurraandhala *nama*, ayyaana Garbaa akka uume Aab Jaataniin hima. Dhahi (calendar) Booranaa ganna/waggaa tokko keessatti baatii 12 kan qabu yoo ta'u, isaan kun uumamatti hidhatanii ibsamu. Uumamni dhaha keessatti ibsamuu baatanis, uumamni Waaqaan uumamuun hubannoofi dhugeeffannaa Booranaati.

Hariiroon namaafi Waaqaa dhimma umuufi uumamuun cinatti kallattiin yaadrimeen nagaa haala kamiin kana keessatti akka dhihaatu deebisuu barbaachisa. Booranni Waaqa madda jireenya isaafi yaadrimee nagaa Booranaaf bu'uurri Isuma ta'uu raagamtaa isaan kaa'a. Raagamtaan kun Dabalee 12-A jalatti dhihaateera; Daani'eel & Taaddesee (2024) ammoo xiinxala guutuu irratti taasisaniiru. Akka durii-durii kanaatti nagaan *waan hunda* argachuu ta'ee kaattoon (dulloomanii du'uu) kan daanga'edha. Qabiyyeen raagamtaa kanaa nama rakkatee gara Waaqaa deemnaan yaadrimee

hormaataafi nagaa gidduu garaa garummaan bal'aa jiraachuu itti mul'atedha. Akka namaaf hormaata argannaan jireenya isaaf ga'aa akka te'eefi jireenyaaf ammoo murteessaan nagaa akka ta'eti calaqqise. Raagamtaa kanaan nagaa argachuun jireenya du'allee hinqabne gonfachiisa. Qabiyyeen nagaa hangamuu bal'atu, maddi jechaayyu Waaqa irraa akka ta'eefi jecha ulfoo akka ta'etti Booranni jireenya qabatamaa keessatti kan itti tajaajilamu.

Maddi nagaa jiraachuu Waaqaa, kan waan hunda uumeeti. Nagaan ammoo sonoota (qabiyyee) jireenya namaa keessatti murteessoo ta'an of keessatti hammata. Waantota yaadrimee nagaa keessa jiraniifi shoora isaan jireenya keessatti qaban Booranni yoomessaafi qabiyyeewwan gara garaan jireenya guyya guyyaa keessatti dhiheessaa oola. Yeroo ragaan qorannoo kanaa funaanamaa turetti Booranni rooba dhabee hongee ammaataatti waan tureef, jechi afaan namaatii ba'u hedduun qabiyyee kanaan wal qabatu. Guutummaan dhimma yaadrimee nagaa isaa himuun, sona nagaa akkamiiti akka jiranis agarsiisu. Ogafaan armaan gadiis yaada kana ittiin ibsuuf akka ka'umsaatti eebba bara 2022 keessatti irra deddeebi'ee dhihaachaa tureti fudhatame.

Nutti forori, nutti forori Waaqa
Nutti roobi Waaqa
Nagaa nuguuti Waaqayyoo (Eebba qorii Hallisatti)

Eebbi kun Oolaa/hongee Booranni hanqina roobaan wal qabatee mudateef furmaata barbaacha Waaqa kadhatudha. Ogafaan kana keessatti namni bamaqaa *nutti* jedhuun, uumama kaan keessaa *rooba*, akkasumas Waaqni kallattiin dhihaate. Qindaa'inni qaamota kanneenii yaadrimee nagaa akka ta'e kan eerames ifatti *nagaa nuguuti* jechuun ibsame. Hawaasni Afrikaa Waaqi jiraachuu taatewwan uumamaa keessaan akka ibsu (Mbiti, 1970; 1975) kan eere ogafaan kana keessatti ifatti mul'ate. Kadhannaa qabiyyee eebbaa keessatti dhihaate kanaan Waaqni roobaan bakka buu'uun yoo taa'u, nagaa guutamuun rooba hordofee dhufa. Yaadrimee nagaa hubachuuf sonni nagaa xiin-uumee (csmology) keessaa akka qabu himus, ammas ibsa bal'aa barbaada.

Hiibboon, "Qaallittii daarte, Qaalluun daara baase," (Waaqoo Biqqoo 2022) jedhus, hariiroo jiru bifa biraan dhiheesse. Hiibboo kanaaf deebbiin, "Oolaan lafatti buutee marra, bisaan, muka gos-sitee Waaqi itti roobee wanni goge kaan obbitee jennaani daara baate," kan jedhudha. Deebbii kenname irratti hundaa'uun jechoonni gaaffii hiibboo qaalluufi qaallittiin bak-bu'ee Waaqafi lafaa ta'uun dhihaatani. 'Qaallittii daarte' kan jedhu lafa marra hinqabne; 'qaalluun daara baase' kan jedhu ammoo lafti jiidhee wanni goges deebi'ee marguu ibsu. Akka duudhaa Booranaatti Qaalluufi

Qaallittiin namoota wayyuu dhiiraafi uwwaa (abbaa warraafi haadha warraa) dha. Hormaanni namaa qaamota kana lamaan (dhiiraafi uwwaa) gidduutii akka ba'u ifadha. Innumtuu Waaqaan akka ta'e, "Dhirsaaf niitiilleen waliin ciibsee bisaanuma xiqqoo tokkoon ila, miila, shanacha kana itti tolchee, tana Waaqa malee eennut danda'a?" (Aayyo Galgala, 2022) jechuun addeessite. Haala kanaan, roobni waan dhangala'aa akka lafti wayi biqilchu kan taasisu; waan lafa irratti biqileen ammoo namni jireenya akka qabaatudha qabiyyeewwan kan himani.

Waaqniifi lafti bak-bu'ee kana fudhachuun shoora taphataniin wanni jireenya namaaf ta'u akka ba'u dhugeeffannaa Booraaati. Hariiroo namni Waaqa faana qabu duudhaalee gara garaa jireenya Booranaa keessatti dhihaatan keessaan calaqqisa malee ogafaan ykn raawwii qeenxee qofaan kan murtaa'e miti. Duudhaaleen hawaasaa hundi qaamota hariiro keessa jiran sadeen (Waaqa, namaafi uumama kaan) of keessatti qabachuun dhihaatu. Yaadrimeen nagaas bakka qaamonni kun jiran keessatti kan ibsamu. Qabiyyee eebbaas ta'e kadhannaa keessatti, 'nagaa nu guute' ykn 'nagaa nu guuti' jechuun waaqaaf dhiheessuu/gaafachuun irra deddeebiin dhaga'amaa oola. Haala kanaan, jechi *nagaa* jedhu kallattiin Waaqaan akka wal qabatu mul'isu. Nagaa ibsuuf ykn yaadrimee nagaa kaa'uuf, haala inni Waaqatti hidhatee dhihaatu dhiheessuun eegaluun dirqama ta'a. Durii-durii Dabalee 12-A jalatti dhihaate keessatti *nagaa* kan jedhu hiika qabiyyee jireenya namaaf barbaachisu qabaachuun Waaqa irraa akka madduti ibsame. Waanta namni jireenya isaaf barbaadu lakkoofsaan daangessanii kaa'uun ulfaataa waan ta'eef, nagaan sona heddee ta'uu irratti qofa yaadni walitti nama fidu.

Hubannoon Booranaa, namni waan jireenya isaaf ta'u cufa Waaqa irraa argata jechuun, innis nagaa jedhamee akka ibsamu kan dhihaate, jecha yaadrimee bal'aa of keessaa qabu kan hawaasni waliin qooddatudha. Yaadrimee gooroo kana yaadrimeessuuf malli fookloorii dachaa, caacculee fookloorii biroon ibsa dabalataa kennuun hubannoon qabatamaa akka ba'u dandeessise. Gooroo fookloorii Booranni Waaqaafi nagaa walitti fidee ibsu hedduu ta'anis, yaadrimee nagaa Booranni qabu dabarsuu irratti burjaajjii uuman hinqabani. Hundi walitti hidhachuun yaadrimee nagaa ifa ta'e dabarsu. Qajeelfamni kanatti geessan kanneen olitti eeraman kan cimsu, Waaqni uumama uume keessatti waantota addunyaa (life) namaaf barbaachisan keessa kaa'e jedhee dhugeeffata Booranni. Ogafaanonni armaan gadiis kanuma mirkaneessu.

Gadamoojjiin ta roobaa nagayaa
Bokkeenni roobee haraa dambala guute

Leelloon mirgitee okolee guuttee
Nageenni galee moonaa guutee
Waaqi nagaa nu guute (Dullacha Halakee)

Qabiyyeen eebbaa kun kan ofiin of ibsan yoo ta'u, jiraachuun isa tokkoo jiraachuu isa kaaniif sababa ta'uun wal qabatanii deemu. Jiraachuufi wal qabatinsa isaanii qofaan utuu hintaane, waan irraa eegamu guuttachuu isaaniidha nagaa kan jedhamu. Sonoonni kunneen kan kennamaniifi adeemsa kanaan yayyabaman Waaqaani. Waantonni kunneen yoo isaan duraa hir'atan/dhabaman Waaqa kadhata.

Badhaasoo, dhibaayyuu sit dhufee
Dhibaayyuu nagayaa, nagaa na guuti (Aab Jaarsoo Waaqoo)

Dhibaayyuun dhiibbaa jireenya isaatti dhufe, kan ofiin ofirra dabarsuu hindandeenyeef furmaata argachuuf Waaqa itti kadhatudha. Baay'inaan bonni yoo dheerate ofirraa gabaabsuuf ykn rooba yeroon argachuuf gaggeeffama. Jechoota kadhannaa kana keessatti *Badhaasoo* kan jedhu Waaqa gocha isaan addeessuuf tajaajilame. Maqaa Waaqni ittiin waamamu murtaa'aan hinjiru; namni kamuu jecha sirrii kamiinuu ibsachuu danda'a. Kun ammoo, ibsa akka Oromootti Waaqaan 'Tokkicha maqaa dhibbaa' jedhu sirrii ta'uu mirkaneessa. Roobni dhabamuun gaaga'ama guddaa waan qaqqabsiisuuf dhibaayyuun yaa'aa-yuubaan gaggeeffama jedha Booranni. Kana jechuun, kan baallii of harkaa qabanis ta'e kan kennanii darban hunda hirmaachisa. Lubbu qabeessi lafarra jiru lubbuun jiraachuuf roobni ka'umsa waan ta'eef, Booranni xiyyeeffannoo addaa itti kenna. Kana cinatti dhimmi irratti Waaqa kadhatan hedduuti jiru. Mudannoon akka mandiisuu taatee tasaa ta'anis, hubaatii inni qaqqabsiisu irraa ooluuf haala armaan gadiin Waaqa kadhatu.

Waaqa garaa gurraachaa
Gurraacha garaa garbaa
Duuressa abbaa dhibbaa
Abbeeraa raaba sadeenii
Nu soka'i. (Aab Borbor, Aab Jaarsoo Liibaniifi Aab Jaatanii)

Jechi kadhannaa kun gabaabaafi akka Booranaatti kan wal fakkaatu ta'uudha ragaan jaarrolee kan mul'isu. Akka ibsa jaarrolee kanaatti, mandiisuu waan namaafi dinagdee isaa hubu ta'ee waan namni to'atuufi ofirraa dhorku waan hintaaneef, hookkarsa dhufu irraa akka isaan oolchu Waaqa itti kadhatanidha. Qabiyyee olitti dhihaate kana keessatti jechoonni akka 'gurraacha', 'duuressaa'fi 'abbeeraa' jedhan, amalaafi shoora Waaqni qabu irraa ka'uun ittiin waamu; ittiinis addeessu. Jechoonni hundi waan ibsan/addeessan qabaatanis, hubannoo waan waaqaa irratti qaban irraa ka'uun kan dhihaatanidha. Ibsi maqaa *gurraacha* jedhu tajaajila qabatamaa keessatti bifa ibsa.

Qabiyyee kana keessatti garuu beekumsa namni waan Waaqaa irratti qabu qixa jecha dukkana jedhuun tajaajile. Kunis, dukkana keessatti namni waan naannoo isaa jiru irratti beekumsi isaa murtaa'aa akka ta'e, beekumsi waan Waaqaa irratti qabus akkanuma ta'uu ibsa. Beekumsa daangaa namni waa'ee Waaqaa irratti qabu, addunyaa naannoo isaa jiru akka uumuufi isaanis qabeenya isaa ta'uu *duuressa* jechuun ibse. Jechi biraa *abbeeraa* kan jedhu yoo ta'u, Booranni jecha kana obboleessa abbaa, luba abbaa, hariyyaa abbaafi kan haati itti eerumtee jirtuun alatti abbaa irraa dhalate ittiin waama. Namoonni kun hundi nama ilma isaanii ta'u kana akka ilma isaaniitti fudhachuun kunuunsu. Qabiyyee kana keessatti abbeeraan, raaba sadeen (gadaa, dooriifi raaba), qaama Boorana guutuu bakka bu'an kan dursuufi eegu akka ta'e ibsa. Kanaafuu, haala kanaan Waaqa ibsuun hookkarsa mandiisuun mudachuu malu jalaa baasuuf humna kan qabu Waaqa ta'uu kadhata kanaan calaqqise.

Booranni Waaqa taatewwan uumamaa kan akka roobaan bakka buusee akkuma dhiheessu, ogafaan armaan gadii keessatti ammo bifa biraan calaqqiseera.

Waaqayyoo Boruu kadhee
Boruun angafoo Waaqaa
Lafti duuboo hinbariinee
Liibeen lafaa angafaa
Jilti duuboo hinobbaanee. (Aayyo Galgala)

Ogafaan kun yeroo gubbisaafi dhibaayyuu irratti kan jedhamu yoo ta'u, Waaqa jecha *boruu* jedhuun bakka bu'ee ibsame. Gubbisni ilma hangafaaf maqaa moggaasuu yoo ta'u, itti fufinsa dhalootaaf jecha kan Booranni bakka guddaa kennuufidha. Karoorri isaa kun akka galma ga'uufi Waaqa kan kadhatu. Adeemsa kana keessatti, Waaqa haala kanaan ibsuun Waaqa gara garaati jiraaf miti. Kana ammoo kan mirkaneessu, eebbi gaaddisatti taasisu *il-Boruu/baha biiftuutti* fuula naanneffatee eebbifata. Yoo bakka tokko qubatullee haala kana hordofa. Boruun lafti bari'uuf barraaqa[7] diimatu kaani (Aab Borbor). Qabiyyee kanaan Boruun ibsa xiin-uumee adeemsa aduu irratti hundaa'ee lafti bari'uuf taatee raawwatuuf kan kennamedha. Guyyaan tokko kan eegalu Boruu irraa waan ta'eefi innis hojii Waaqaati jedhee dhugeeffatee angafa jedhee qooduun, Waaqallee kallattii sana taasisa. Kanaafis Waaqa bakka buusee waammata; gara ba'a biiftuuttis naanna'ee eebbifata. Ilaalcha hangafummaa boruuf kennameen malee Waaqa kallattii tokko qofatti

[7] Tilmaama isaan barii sa'a 11 haga aduun mul'attutti (Waaqoo Biqqoo)

daangessuu miti. Waan mandiisuu keessaan hubaatii qaqqabsiisu, “Waaqni wayi gadi darba,” (Aab Jaarsoo) jechuun kan ibse kana mirkaneessa.

Adeemsa buna qalannaa keessatti qorii yoo eebbifatan nagaaf Waaqa kadhatu. Dhugeeffannaan bunaan wal qabatee jiru, “Aarri Waaqa seenu, aara bunaati,” (Aab Jaarsoo) jedha. Eebbi qoriis, adeemsa namni Waaqa waliin wal qunnama jedhamee dhugeeffatamudha.

Buna gurraacha
Eelee gurraattii
Waaqa gurraacha
Boruu aaga-wayyuu
Bakkalcha barii ba’u
Biiftuu Liibanii baatu
Nagaa nu guuti. (Waariyoo Garboolee)

Eebba kana keessatti yaadonni gara garaa dhihaatanis, kaayyoon ijoo dhimma nagaafi isaanis guutamuudha. Namni nagaan akka guutamuuf itti gaafatamummaan guutuu kan waaqaa qofa akka ta’e, jechi dhumaa ‘guuti’ jedhu garee jechaan *xumura,* qaamni gocha raawwatu qeenxee ta’uu hima. Yoo waanni hamtuu kamuu (kan akka waraanaafi oolaa) lafa jiraatte, ‘nu baasi’ jedhee Waaqa kadhata (Waariyoo Garboolee). Qabiyyeen kamuu ogafaanota gara garaa keessatti yoo dhihaatan, galumsa keessatti dhihaate ykn haala ibsuuf malee kan itti himamuufi kadhatamu Waaqa tokkodha. Dhugeeffannaan jirus Waaqni tokko qofa akka ta’edha. Waan jireenya namaaf barbaachisu kan kennuufi hamtuu namni ofirraa qolachuu hindandeenye jalaa kan miliqsu Waaqa kanadha. Haala kanaan, Waaqni amala hunda-danda’aafi hunda-beekaa qaba.

Jireenya namaa keessatti Waaqni qooda olaanaa qabaatus, namni bilisaan jiraata jechuu miti; jireenyi isaa akka itti fufuuf shoora taphatu qaba. Yaada kana kan calaqqisiisanis ragaalee gara garaati jiru. “Ati gurba laf tanaa gubbaa, laf tan sitti kennadhe,” (Aab Jaatanii) jechuun namni itti gaafatamummaa waan lafarra jiruu qabaachuu ibsa. Kana jechuun, namni bak-bu’ee Waaqaa ta’ee akka hojjetu hima. Hubannoon kun ogafaan Booranaa keessatti mammaaksa, “Waaqi abbaa gadaa dura hindeemu,” (Aab Jaatanii) fi “Qaalluun namaa Waaqa, Waaqaa nama,” (Aab Kiyyaa) jedhaniin ibsama. Abbaan gadaafi qaalluun wayyuu hojii hawaasummaaf itti waamamaman yoo ta’u, adeemsa sirrii keessatti (jireenya waliiniif dursa kennuun) ejjennoo fudhachuu danda’u; waan raawwataniif/dubbataniif itti hingaafatamani. Kana jechuun, yakka raawwachuuf mirga qabu jechuu miti, bakka yaadrimee nagaa Booranaa bakka Waaqaa bu’anii hojjetanitti. Namni amala Waaqaa qabu kan madaalamu *dhugaa* keessatti.

Dhugaan hubannoo falaasamaa namni dhuunfaa ykn gareen hawaasaa addunyaa naannoo isaa marsee jiru irratti qabuufi itti ibsudha. Booranni Waaqaafi dhugaa walitti hidhuun, “Waaqni waan lubbuu qabaa kan ilaa miila qabaatii miti; dhugaa,” (Aab Borbor) jechuun akka ibsu hima. Ibsi kun hubannoo Booranni waa’ee Waaqaa irratti qabuuf giddu-galeessaafi hariiroon namaafi Waaqaa daran ba’ee akka mul’atuuf haala qabatamaan agarsiisa. Ibsa biraan, “Dhugaan kan Waaqi dhale,” jechuun Aab Borbor dabalee kaa’a. Kana jechuun, waan qabatamaan uumamee jiru hunda qabata. Yaadni armaan gadii haala inni jireenya qabatamaa keessatti itti mul’atu fakkeenya jireenya qabatamaan dhihaate.

> …horiillee dhugaan horatani, dubbiillee dhugaan dubbatani, nyaata dhugaan nyaatan, wal ulfeessallee dhugaan wal ulfeessani, kun cufti walitti galti. Immoo bifa adda addaati jira; iseen walitti galtee dhugaan tokko. Wanni sobaa cufa dhugaa miti. Dhugaa walitti dubbachuu, walitti himuu, wal jaalachuu. Nami waan si jaalate fakkaatee sagalee namatti kennee *marziifaa* keessa buusee nama ajjeesa. (Aab Borbor)

Akka yaada dhihaate kanaatti, *dhugaa* kan jedhu ulaagaa namni Waaqa faana ittiin jiraatudha. Kanaafuu, ulaagaa kana keessatti dhimmi nagaa kan ilaalamu yoo ta’u, hariiroon jiru kan armaan gadii fakkaata. Dhugaan waan qabatamaan mul’ate, dhaga’ameefi kanneen irraa ka’uun akkaataa isaan jiraniin kan seeneffamudha.

Waaqa → Dhugaa → Addunyaa namaa (nagaa)

Namni dhugaa qabu amala bak-bu’ummaa Waaqaan kan waan sirrii hojjete eebbisanii kan dabe abaaru. Yeroo akkanaa niqaqqabsiifatu jedhamee dhugeeffatama. Ogafaan raawwileen kun ittiin dhihaatan keessaa akka fakkeenyaatti kan armaan gadii fudhatamaniiru.

Keessan elmadhaa; keessan ergadhaa
Annoo ta’i; aannaniin jaari
Dureettii ta’i; dur warraan buli
Karraan buli;
Ilmaan buli
Dhirsaan buli
Waan dhalfattan dhugi
Waan dhalteen buli… (Aab Dullacha)

Eebba kana keessatti sonoota namni jireenyi isaa akka itti fufuuf barbaadu muraasni ka’aniiru. Namni eebba kana gaggeessu ammoo, amala Waaqaa fudhachuun waan namni ta’uu maluufi waan isaa ta’uu malu ofumaan qajeelcha malee akka Waaqni raawwatu hingaafatu. Amalli kun faallaa eebbaa kan ta’e abaarsa irrattis nimul’ata. Akka fakkeenyaatti, “Mataan ibidda seeni,” kan jedhu

yaada ka'e mirkaneessa. Haata'uutii, raawwileen akkanaa aadaa jedhamanii kan himaman akka hintaane jaarroleen ibsu. Abaarsi ulfaataa Booranaa miti… jedhu kan wal qabatanidha. Namni bak-bu'ummaa Waaqaa fudhachuun eebbisee tolchuu ykn abaaree balleessuuf, kan abaaru/eebbisufi kan eebbifamu/abaaramu hundi dhugaa qabaachuu qabu. Halakee Dooyyoo Harreelee (A/G 36[ffaa]) yakka Boorana irratti raawwateen abaaramee akka du'e seenaa Booranaa keessatti himama. Abaaramuu isaaf shoora olaanaa kan taphate, Watticha Guyyoo (Jaarsa manoo), nama gadaa lama garba ta'ee yaa'a waliin godaanedha. Gadaa lama godaanuu jechuun gaarummaafi cimina nama sanii agarsiisa. Eebbisanii/abaaranii qaqqabsiisuuf, namni eebbisu qulqulluu ta'uu; kan eebbifamu waan dansaa hojjechuufi kan abaaramu ammoo waan farroo kan hojjete ykn cubbuu ta'uu qaba. Yoo kun wal simatan, waan namni jedhe niqaqqaba.

Waaqi namaaf bak-bu'ummaa kennus, kan dhugeeffatamu Waaqa malee nama miti. Hariiroon Waaqaafi namaa hidhata uumaa-uumamaati. Namni hanga raawwatu qaba; waanti inni irratti raawwatus Waaqaan galma ga'aaf. Waan uumamee jiru irratti aangoo guutuu kan qabu Waaqa qofa. Booranni shoora namaafi Waaqaa wal keessa hinfuudhu, jireenyi sirriifi qulqulluun nagaa Waaqaa keessa akka jiru ibsa. Sonoonni nagaa namaan ykn uumama kaaniin jireenya namaa irratti qooda qabaatanis, shoorri isaanii sona nagaa Waaqaan kennamu bu'uura godhatanii malee ofiin ofdanda'anii kan dhaabbatan miti. Kanaafuu, bak-bu'ummaan namaa daanga'aa akka ta'e kan mul'isan yoo ta'u, "Waan Waaqi nama tolcheti ta'a," (Aab Waaqoo) mammaaksi jedhus kana mirkaneessa. Walumaagalatti, duudhaalee muraasa akka fakkeenyaatti ka'an kunneen nagaan namaa Waaqaan kan oogganamu ta'uu mul'isu. Nagaa Waaqi namaaf kennes sona hedduu of keessaa kan qabudha. Kanarraa ka'uun, yaada Oromoon dhugeeffannaa akka hinqabne kan dhiheessaniifi kanneen nagaa sona qeenxee, faallaa waraanaan ibsan ragaa qabatamaa hawaasaa irratti akka hinhundaa'iin ragaa ba'u.

### 5.2. Nagaa Hariiroo Namaafi Uumamaa keessatti

Namni jireenya isaa itti fufsiifachuuf uumama faana hariiroo akka isa barbaachisu ilaalcha addunyaa Afrikaa yoo ta'u, hojii kanaan haala Booranni hubannoo kana jireenya isaa keessatti calaqqisiisuti dhihaate. Ogafaaniifi duudhaaleen jiranis hariiroo Booranni uumama faana qabu ibsuun kan guutamanidha. Haata'uutii, uumama hunda faana hariiroo wal fakkaataa hinqabu. Shoora isaan jireenya isaa itti fufsiisuuf qaban irratti hundaa'uuni kan itti hidhatu. Waan Waaqi uume keessaa lafa hangafa jechuun *Qaallittii* jedhee akka waamu qabiyyee darbe keessatti

dhihaateera. Akkuma Waaqa *uumaa* jedhu, lafa ammoo *baattoo* jedha. Lafti Waaqatti aanee kan waamamu akka ta'e, kakuu isaan *Waaqaa-lafa* kan jedhuun mul'ata. Jechi *baattoo* jedhu xumura baachuu jedhu irraa maqaa uumamedha. Akka qabiyyee kanaatti, hiika kan hindadhabne jedhu qaba akka ibsa Aab Waaqootti. Haasbarruun 'akka lafaa miira guddata' jedhus hubannoo kana ibsa. Lafti baattoo ta'uu kan ittiin mul'atu Aab Borbor fakkeenyaan yoo ibsu, "Lafti waan Waaqi gubbaa itti kenneen marra horiin ittiin fidamu biqilchituufi yoo nami du'ellee keessa nama kaawwani," jechuun gabaabsee kaa'a.

Amala uumee kaa'uun shoora ofii adda baafachuun kan dhalli namaa raawwatu ta'uu (Farrer, 2011) eera haala Booranni itti hubatu faana wal qabata. Akkasumas, "Nature is therefore a religious universe, an experiential educator that people must be related to in reverence, kinship, affinity, and in symbiotic relationship," (Dovlo, 2004:150) kan jedhe qabatamaan calaqqisa. Yaadni kunneen jireenya keessatti uumamni haala gara garaan ibsamu. Haaluma kanaan, lafa irratti hubannoo qabu keessaa daangaa ishee ibsuuf Booranni durii-durii gabaabaa himu qaba.


> "Durii, tuqaati lafarraa wa hatee utaalee ka'ee ce'e jedhani. Ce'ee ce'ee yoo dhaabbatu lafti buusi jettiin. Ammallee inuma ce'a bakka ga'e cufatti buusi jetti. Ce'ee ce'ee dadhabeeti, "Lafa dheetanii duraa hinba'ani," jedhee buuse jedhani." (Aab Borbor)

Durii-duriin kun namni lafa irraa gara dhaqu akka hinqabneefi Waaqaa gaditti uumama jiru ta'uu ibsuu keessatti dhihaate. Lafti baattoo ta'uun ogafaan kana keessaan kan mirkanaa'e yoo ta'u, amala kanas haadhaan walitti fiduun ibsa. Bak-bu'ee kana yoo kennuuf kan ija qabdu, waan ishii irratti raawwatu kan agartu; kan afaan qabdu, waan argites kan dubbattu akkasumas kan hortu jedha. Adeemsa nagaa wal gaafannaa keessatti 'lafti nagayaa?' kan jedhu, namni kallattii gara garaa irraa walitti dhufe kan wal iyyaafatudha. Kana keessatti, wal iyyaafatan jechuun waan lafarra jiran malee kallattiin lafa irra jiru miti. Kanaafuu, lafa kan jedhu bifa lamaan (qaamaan of danda'ee kan jiruufi waan irra jiran bakka bu'e) ibsama. Akkuma mataduree jalqabaa jalatti tuquuf yaalame, lafti waan jireenya namaafi uumama kaaniif ta'u kenniti. Haata'umalee, waan irraa barbaadamu uumama kaaniif kennuuf jiraachuu uumama biroo barbaaddi.

Lafti yoo waan jiidhaa (margaafi mukkeen) hinqabaanne, akka daartetti akka ilaalamtuufi daara ba'uuf ammoo roobni ijoo akka ta'e qabiyyee darbe jalatti ibsameera. Dhimmi roobaa eebbaafi kadhannaa keessatti irra deddeebi'ee dhihaata. Sadarkaa gogeessaa keessatti gadamoojjiin isa tokko yoo ta'u, sadarkaa kanaan wal qabsiisuun, 'gadaamoojjiin roobaa-nagaya' jedhee eebbisa. Gadamoojjiin sadarkaa itti qulqulloomanii jireenya haaraa eegalanidha; roobni lafti akka daara

baatu (magariisa huffattu) taasisa; nagaan ammoo waan jireenyaaf ta'u hunda kan hammate waan ta'eef qabiyyeen sadan walitti hidhataniii dhihaatani. Akka uumama kaaniitti, roobi jiraate malee finni walitti hidhatee[8] jireenyi akka itti fufu gargaaru hinjiraatu. Beekumsa waa'ee roobaa qabaachuuf uuama waaqa (samiirra jiran) tajaajilama. Mammaaksi, "Lukkuun barii dhoofti, Waaqi rooba dhaha," jedhuufi haas-barruun 'uus horiifi uus waaqaa' jedhan, yaada olitti dhihaate kana cimsu.

Yayyaba uumamaa waggaa tokko keessatti dhufan kan akka rooba guddaafi xiqqaa, aduu salphaafi bona keessatti jireenya isaa itti fufsiifachuuf hojjeta. Taatewwan uumamaa kanneen keessatti (addatti yeroo roobaa) finni lafaa dhufuun finni horii akka maddu gargaara. Finna horii irraa ammoo finni namaa argama. Finna namni argatu sona nagaa keessatti waan namni sooratu waan ta'aniif, jireenya keessatti kanneen ijoo keessa jira. Finni uumamaan dhufu finna horii qofa utuu hintaane, qindaa'ina umamaati. Hariiroo Waaqa irraa eegalee uumama kaan hirmaachisuun gara namaatti ce'uun haala itti sonni nagaa argamu danaa armaan gadiin kaa'uuf yaalameera.




Danaa 8: Yaadrimee nagaa yayyaba uumama kaanii keessaan.

Ibsi salphaa akkaataa yaadrimeen nagaa ittiin dhihaatu haala danaa kanaa hordofeeti. Danaan kunis, yoo Waaqni roobe lafti nimisa, misa lafaan horiin waan sooratu argatee namaaf soorata ta'a. Kun akkanaan dhihaatus, hariiroo namni uumama faana qabu irratti hubannoo Booranni qoodu daran wal xaxaadha. Uumama lafarra jiran shoora isaan jireenya irratti qabaniin akkaataa itti qoodee ibsu qaba. Qoodinsa isaa keessaa kan lafatti biqilaniin alatti kan madaqanii nama waliin galan *horii*, kan laga galan *bineensa*, kan barrisan *simphirree* jedhee ega qoodeen booda hedduu isaanif maqaa moggaasee waama. Qooda isaan jireenya isaa itti fufsiisuu keessatti qabaniin yaadrimee nagaa isaa keessa akka seensisu duudhaalee gara garaan ibsata. Adeemsa nagaa wal gaafannaa keessatti 'nageenni badhaadha' kan jedhu lakkoofsaan ida'uu qofa utuu hintaane,

[8] Bishaan, marga, horii.

qabiyyeewwan kunneen wal simachuun jireenyi akka itti fufu gochuu isaaniiti. Kana jechuun, jechi badhaadha jedhu yaadrimee ta'ee dhihaate.

Hariiroo namni uumama kaan faana qabu raawwilee jireenya guyyuu keessatti haala gara garaan ibsachaa oola. Uumama lafarra jiran keessaa jiraachuuf murteessoodha jechuun kan ibsaman horiidha. "Namni lubbuun buluu barbaada. Lubbuun buluuf hormaata danbooba yoo hinqabaatiin duraa badani, namnillee nirakkata," (Aab Jaarsoo) jedha. Horiin lubbuun buluu namaa irrai waan murteessuuf sona nagaa ijoo ta'uu mirkaneessa. Namni horii hinqabne 'hiyyeessa' yoo jedhamu, waan nyaatu hinqabu jechuudha. Gosoota horii sooratu, "Mucaa ganna soddomaa sadeen aanan mi'aayan hinqabne," jecha ittiin nama qeeqan keessaan akka dabarsan Aab Borboriifi Aab Liiban himu. Sadeen aannan mi'aayan loon, gaalaafi lalleessa akka ta'an jaarroleen kun ibsu. Kannee-numa keessaayyu, nama loon hinqabneen 'guutuu hinqabu' jechuun ittiin jiraachuufuu akka walirra jiran ittiin ibsu. Loon kallattiin Waaqa irraa akka namaaf kennameefi wayyuu akka ta'etti ilaalama. Waaqa irraa akka kennameefi adeemsa itti fayyadama isaanii jechama, "Loon dabaree Waaqaati," (Aab Borbor) jedhuti jira. Dabaree kan jedhu, mirga lubbuu horii irratti murteessuu hinqabu jechuudha.

Loon dabaree Waaqaa ta'uun akka dhugeeffannaa Booranaa ta'e kan mul'isan duudhaan isaa bu'aa loonii irratti xiyyeeffachuu isaati. Kana jechuun, jireenya isaa itti fufsiisuuf ejjennoon sirrii aannan dhuguun addeeffama. Kanaaf yaada olitti dhihaate dabalatee duudhaaleen gara garaa ka ragaa ta'an keessaa, yoo balaan ibiddaa mudatee manni gubate, wanni qara Booranni wal gaafatu 'gaadiifi okoleen ba'ee' kan jedhudha. Gaadiifi okoleen mana keessaan balbala duratti bakka dhaabbataa itti fannifamanidha. Wanni mana keessaa qaban hundi barbaadaa'ullee lamaan kana dafanii baasuuf yaalama. Raawwiin kun mammaaksa, "Lubbuu bulleen, edana fa'a," (Aab Borbor) jechuun kaaseef ibsa sirrii ta'a. Kana jechuun, egereen namaa kan murtaa'u waan har'a raawwataniifi qaban irratti waan hundaa'uuf, rakkoof furmaata hatattamaa argachuun ejjennoo fudhatamudha.

Horiin utuu lubbuun jiruu tajaajila Booranni irraa argachuun jiraatu aannan yoo ta'u, aannan argate akka jirutti (aanamii) dhuguu ykn bifa kalbaa, itittuu gogaafi raasee dhadhaa baasuun waantota gara garaa itti nyaatutti qopheeffata.




Suuraa 6: Bu’aa horii lubbuun jirurraa argamu. (Suurri GG 2012, qorataan)

Aannaniifi bu’aalee aannanii suura irratti qindaa’an, *aanamii* kan jedhu aannan reefuu elmame ykn kan hinititiin jechuudha. *Kalbaa* kan jedhu ammoo, sadarkaa aanamiirra darbee turtii guyyaa sadiifi isaa gadii kan qabudha. Sadarkaa kalbaarra yoo darbu *itittuu gogaa* kan irbamee nyaatamudha. Aanamiifi dhadhaan buna ittiin qalachuufi midhaan armaan gadii ittiin nyaata.




Suuraa 7: Bu’aa horii lubbuun jiruu ida’atanii nyaata aadaa qopha’an. (Suurri, qorataa)

Nyaata aadaa muraasa suura irratti ibsuuf yaalamaniin, kan olii buna qalaa, kan gidduu kocheefi kan gadii badallaa dha. Bunni waan Booranni sooratee ittiin jiraatu osoo hintaane, jilaaf angafa

ta'ee kan nyaatamuufi aannan isaa hanga dhugan caalaa *ibsachuu* kan jedhuuf tajaajilamu. Jilli buna qalannaa hariiroo Waaqaafi nama gidduu jiru eeguuf waan ooluuf, kabaja olaanaa qaba. Kanneen hafan lamaan midhaan (garbuufi boqqolloo) dhadhaan qophaa'ee nyaataaf ooludha. Gosoonni nyaataa kun 'Nyaata Aadaa' jedhamanii gumii irratti agarsiisaaf kan dhihaatan malee gosoota nyaataa har'atti booranni ittiin qopheeffatu kana qofaa akka hintaane, Aab Borbor ega finni mootummaa, amantaafi daldalli Booranatti dhufanii heddummachuu hima. Kamis ta'u, ammayyu hubannoon bu'aa loonii, keessattuu aannan irratti jiru, dhimma jiraachuufi jiraachuu dhabuuti.

Sadeen aannan mi'aayan kanneen jedhaman odoo lubbuun jiranii waan namaaf kennaniin ittiin sirbamu akkasumas faarsamu. Boorana biratti hanga loonii kan faarsaniifi sirbaniif hinjiru. Ogafaan armaan gadiis hidhata namni loon faana qabu agasiisuu keessaan haala haala isaan itti sona nagaa ta'an hima.

Ala daaluu tiyyoo, muchitee faaluu qabaa
Natu si faalate, muchikee nadhii qabaa
Jireenna nadhii sit na kuuchisaa, nadhii mirgaa

Ergaan bu'uuraa faaruu kanaa, bu'aa loon irraa argatuun jireenyi namaa qindaa'aa akka ta'edha. Horiin jiraachuu qofa utuu hintaane, aannan mirgisuu isaatini jireenyi namaa kan ibsamu. Jechi 'kuucha' jedhu kunuunsa namni ofittummaan ofii taasifatuun wal qabsiisuun Leus & Salvadori (2006) kan ibsani. Kana jechuun, aannan loonii waan jabbiif oomishame irraa akka ofittummaan qooddatu mirkaneessa. Waanti jireenya namaa murteessu kun haalanni itti dhufu 'Garaachaan wal qabde, akka ufiituu garaachaa haadha taatee' jechuun kaa'u. Jecha kanaan, loon waan bilisaan ykn salphaatti argate utuu hintaane, ifaajjiin kan argate akka namaa kennuufi innis kenna bu'uuraa lubbuun jiraachuu akka ta'e addessa. Dhimmi loonii ammoo kallattiin nagaa jedhamee akka ibsamuufi yaadrimeen nagaa bal'aafi wal xaxaa akka ta'e haala itti ibsu qaba.

Akki irmaanaa deemta, marrattee karraan seentaa
Irmaani karraat simee, nagaas isaan himaa.

Ogafaan kanaan yaadonni gara garaa ka'anis, dhimma nagaa irratti xiyyeeffachuun dhihaate. Qabiyyee kana keessatti irmaana kan jedhu sa'a dhihoo dhale ibsa. Irmaanni yoo loon waliin bobba'u jabbii isaaf jecha loon kaan hineegu, yeroon loon kaan dursee mar'achaa gala. Faaruu loonii kanaan ammoo loon elmaman hunda kan bakka bu'e yoo ta'u, loon kaan dursanii dhufuufi marrannaan isaanii nagaa himuu akka ta'e goolaba. Horiin Booranaa qormaata lama (bineensaan

nyaatamuu ykn/fi hawaasa ollaan saamamuu) gidduu waan oolaniif, marrachaa dhufuun isaanii nagaa himuu ta'aa kan ibsame kanaafi. Akkasumas, eebbaafi faaruwwan gara garaa keessatti, "Nageenni galee moonaa guute," kan jedhu, kanaan mirkanaa'a. Haala kanaan, yaadrimeen nagaawaan sooratan qofaan qofa akka hintaaneefi maddi waan soorataniis hubaatii isaanitti dhufurraa walaba ta'uu hammata.

Horiin *sadeen aannan mi'aayan* faaruu/sirba hedduu ittiin ibsaman qabu. Kan loonii kan olitti dhihaatan yoo ta'u, kan itti aanee dhihaate lalleessa/re'ee jireenya isaan wal qabsiisuun waan Booranni jedhudha. Waanti yaadatamuu qabu, waanti itti fufufinsa jireenyaa keessatti shoora qabu sona nagaa hawaasichaa ta'uudha. Kanaafuu, waanti faarfamu kallattiin qooda ba'u akka qabu mul'isa.

Uwwaa, uwwaa, re'ee teennoo
Iyyaa iyyoo
Iyya Galoo
Guddoo kumoo
Aaddee aaddee
Addeessitee
Jaba bonaa
Salleessitee (Goollichaa, 2021)

Iyya Galoo kan jedhamu nama qara re'ee horeen sirbi kun akka mogga'e Goollichi hima. Re'eefi gaalli soorri isaanii baala mukaa irratti waan hundaa'aniif, bona yeroo margi hinjirretti carraa aannan kennuu qabu. Akka looniitti aannan guddoo ba'anii fedhii namaa guutuu akka hindandee-nye, garuu bishaaniin areerratanii dhuguufi qophii bunaaf (buna qalaa) galfata ta'u. Kanumaan wal qabatee waan lalleessa ittiin faarsan keessa qabiyyeen armaan gadii jiraachuu Aab Jaataniin kaasa.

Boora mucha kaarraa bobbaan karraan qaarite
Boora gurruu gorfaa, ijoolleen gosee waarite.

Sirbi kun gosee horii fudhatee gara qubatee jirurraa margaafi/ykn bishaan barbaacha dheeda biraatti godaananiin kan dhihaatudha. Bakka finna horii barbaachaaf qubatan keessa warri waan hinjirreef, halkaniifi guyyaa horii bineensaafi hattuu irraa eeguuf nama waliin godaaneeti itti gaafatamummaa fudhata. Kanaafuu, ijoollee gosee kan jedhaman aannan re'ee dhugaati horii eegaa kan bulani jechuufi qabiyyeen faaruu kanaa kan dabarsu. Raawwileen kun nagaa namaa horii eeguuf kan taasifamu ta'a jechuudha.

Huqqaa kaasoo huuqqatee warri kaase

Beeloftee abbaan ijoolleet kaase. (Aab Jaatanii)

Sirbi kun kan gaalaa yoo ta'u, aanan isaan wal qabatee kan dhihaatu yoo ta'u, amala looniifi lallessi hinqabne gaala irraa argata. Kunis, gaala elmamachuuf yoomessi murtaa'aa dhibuudha. Loon akka argan hinelmani ganamaafi galgala saniiyyu moonaa isaan wal qabsiisaniiti. Booranni foon gaalaa nyaachuufi aannan gaalaa dhuguun wal qabatee hubannoon akka akkaatu jira. Faaruu bu'aa gaalaa, aannan isaaf faarsan kanaan, ijoolleen nama gaala qabuu yeroo beeloftetti akka elmamuuf irratti ta'uu Aab Jaataniin hima. Halkan ijoolleen beeloftee yoo boosse gaala elmanii aannan akka kennuun danda'amu ittiin dabarsu. Gaala horachuunis nagaa keessatti shoora mataa isaa ba'a jechuudha. Yeroo ammaa (Gadaa Kuraa Jaarsoo) oolaa lafa jiruun, kan margi badee baalli mukaa qofti hafetti Booranni re'eefi gaala qabu hubaatii hamtuu hinagarre.

Soora Booranni ittiin fidamu keessaa inni biraa horii qalatee nyaachuudha. Nyaatee jireenya isaa itti haafufsiifatuyyu malee sirba keessattis ta'e duudhaalee gara garaan akka taateen kun dansaatti hinfudhatiin calaqqisiisu. Kanneen keessaa tokko kan olitti dhihaate yoo ta'u, innis adeemsa foon itti soorataniin kan mul'atu, foon mirgaa irraa bitaatti muratanii walii dabarsuudha. Bak-bu'een kun raawwii biitaachaati jechuun faallaa nagaa kan ta'e naga-dhaba ta'uu ittiin ibsa. Kana odoo beekuu soorachuun isaa, naga-dhaba horii keessaan nagaa namaa argamu caalmaatti fudhachuuni.

Mataa na hindhahiin jette
Mataa dhaabdee barooddee
Aabboo na hinqaliin jette.

Jechuun qalma horiin mormutti yaaamsani. Haata'u malee, mitta (buusaa foonii/jifuu) foon horii qabuuf maqaa gara garaa itti moggaasee qabaachuufi jifuuwwanitti duudhaa tolchee ittiin jiraachuun Booranaa, hidhatanni foon faana qabu waan mul'isuuf foon hinnyaatu jechuu osoo hintaane, ejjennoo fudhatee ittiin soorate seeduu/safeeffachuu isaati. Ogafaan akka loon aannaniin faarsan fooniin hedduu hinarganne.

Irree dubaroon nyaattee
Irra jirtii, mogolee dhiirti nyaattee (Aayyo Hinseenee)

Loon dabaree Waaqaa jedhee dhugeeffatus, qalatee foon isaanii nyaata. Qalannaan ammoo aadaa dabaree keessatti dhorkaa ta'us, qalachuun dura niareerrata. Ogafaan olitti dhihaate kunis adeemsa bishaan too'uu keessatti yaamsa looniin aadaan horii qalatanii nyaachuu akka jiruti darbe. Suurri armaan gaditti qindaa'ee dhihaate haala Booranni foon horii itti qopheeffatee nyaatu keessaa muraasa isaaniiti.




Suuraa 8: Horii qaluun soora qophaa'u. (Suurri GG 2012, qorataan)

Akkuma keeyyata olii keessatti dhiheesse, sooranni jireenya namaaf kan qara dhufudha. Kanaafuu, wanni nyaatan furmaata rakkoo atattamaa dhalli namaa barbaadu yoo ta'u, akka qabiyyee eebba Booranaatti caacculeen nagaa heddummachuu agarsiisu. Bu'aaleen loonii daa'ima addunyaa kanatti makame anqarsuutii[9] hanga nama lubbuun keessaa ba'uuf jettu qulaamsaniitti[10] waliin jira. Taatee kana lamaan keessatti dhaloonni kan simatamuufi kan gaggeeffamu bu'aa looniini. Qabiyyee nagaan keessatti ibsamu keessaa jiraachuu adeemsa akkanaati.

Waliin dubbii dhimma qorannoon alaa irratti Roob Jaarsoo (AG Hawaxxuu, Gadaa Guyyoo Gobbaa) garaan isa dhukkubaa jirurratti taasifneen, "Isaan (ogeessa yaalaa) 'foon hinnyaatiin; aannan hindhugiin' jedhu ani hindandeenye, kininii duwwaan liqimsaa, maalin nyaadha?" jechuun mudannoo isaa yoo naaf himu, jireenyi Booranaa hangam bu'aa horii irratti akka hundaa'e agarsiisa. Kanumaan wal qabateee, hariiroo ilmaan kormaa fooniifi aannanitti qaban Aab Dirreen dhalatanii ittiin akka eegalaniifi wal argii irraa kaatee jila waan deemtuuf sagaleen jaraa sanuma callaa ta'uu hima. Horii keessaa hoolaan wayyuu/qulqulluu akka taateefi yoo namni hoolaan namatti dhufe, "Eebbaan sii dhufe," jechuun Booranni akka walii ibsu Aab Jaataniin hima. Wayyummaan hoolaa Waaqarraa gadi buute jedhee waan dhugeeffatuufi. Kana irraa kan ka'e Booranni dhimma nagaaf baatii Caamsaa irraa gara baatii Adoolessaatti yoo ce'u sirna 'hoolaa karraan maruu' jedhuun kadhaan akka jiru Aab Dirreen kaa'a. Maanguddoon kun dabaluun,

[9] Daa'ima reefuu dhalateef dhadhaafi aannan kennamu.
[10] Nama du'uuf laaffate aannan afaanatti naqaniif.

baatiwwan lamaan yeroo roobni gannaa xumuramee gara bonatti ce'utti ta'uu ibsa. Kanaafuu, sirni hoolaa karraan maruu sirna ce'umsaa wagga waggaatti adeemsifamudha.

Yeroo ammaatti gosoonni nyaataa akka buddeenaa akkasumas ittoowwan gara garaa xibsii, qiqqilii, lukkuufi kkfnitti yeroo keessa itti madaqus, akkaataa jireenya isaatirraa kan ka'e yeroo godaansaa, imala dheeraafi jiloota gara garaa irratti gosoota nyaataa kan aadaa isaatti cicha. Gosoonni nyaata aadaa kun amala yeroo dheeraa turuu waan qabaniif, namni rakkoon hamaa gama soorataan osoo isa hinmudanne imalas ta'e hojii isaa gaggeeffatu dandeessisu. Kanaafuu, hiirowwan nagaa gama nyaataan jiranitti Booranni haala keessa jiraatu irratti hundaa'uun dursee akka itti qophaa'uufi jireenya isaa itti fufsiisuuf hojjechuu isaa mul'isu.

Ulaagaa Booranni waan sooratuun wal qabsiisee kaa'u *danbooba* jechuun, danboobi ammoo hanga annan kennaniifi amala hormaataan ibsama. Ulaagaa kana lamaan bakka tokkotti, "Loon malee maaltu tola, loon jechuun jabbii jalaati," (Aab Jaatanii) yaamsa keessatti dhiheessu. Yaada kana keessatti 'loon malee maaltu tola' jedhu gaaffii deebii hinbarbaanne (rhetorical question) dha. Yoomessi jireenya Booranaa loon irratti kan hundaa'e waan ta'eef guutummaa jireenya hawaasichaa ibsuu kan gaafatu malee deebbii gabaabaa kana ykn/fi sana jechuun deebi'u miti. Gaaffii guutummaa jireenya hawaasaa ibsuu barbaadu gaafachuun akka beekumsa walootti wal yaadachiisuuf kan dhihaate malee, eenyuyyu qaama kamirraa deebbii barbaaduu miti. Yaada lammataa 'loon jechuun jabbii jalaati' jechuun kan dhihaate mallattoo loon danboobaa jechuun Aab Jaarsoon kan eereen wal tumsa. Loon danboobaa kan jechisiisu Aab Jaarsoon mallattoolee gara garaa kaasus, sa'i dhalee jabbii guddisuun ulaagaa tokko ta'uu hima. Kana jechuun, jireenyi fuulduree dhaloota namaa itti fufinsa hormaata loonii irratti akka hundaa'u kan ittiin dabarsanidha. Gabaabumatti, ragaaleen dhihaatan kan mul'isan, horiin danboobni wal horee itti fufinsa jireenya namaaf wabii akka ta'e mirkaneessu.

> Horiin danboobaa kan kormi keessa jiruufi kormi sunis kan oogganu yoo ta'e. Kormi bakka biraa doogamsuu/gaanaafillee yoo deeme, eaga yaabeen booda halkanillee ta'u gara moonaa ofiitti deebi'ee karra banatee seena. Horii dhalaanillee waan ittiin danboobu qaba; aannan guddoo taatumoo, aannaan xiqqoo taatumoo waatiin jalaa hindootu. Raadaafi jibichallee walkeessa dhala; raada qofa hindhalu, jibicha qofa hindhalu. Har'a jibicha dhala, boor raada dhala; jibicha lama wal gula dhallaan raada lama walgula dhala. Sa'a akkasii ortoo jedhanii yaamani, manaa hinbaasani. Kormas ta'u dhalaa yoonni dulloome moonaa ofiitti qalatee cumaa kosii ofiitti jiffatta (Aab Jaarsoo). Danboobi, jabbii irraa eegala. Jabbiin danboobduu dhalattee akkuma ati okaa jala keesseen nyaatti, akkuma ati bishaanillee qoriin jala keesseen ofumaa afaaniin dhugdi. Ofumaan bobbaati, manatti ol

hingalagaltu marga dheeddi, galchumni yoo ga'u oriitee galti. Jabbiin akkanaa loon taati.
(Aab Taarii)

Soorata idilee isaa ta'uu baatus, Booranni bineensa bosonaa akka kurupheefi ija mukaa akka ogomdii, dhagamsaafi kkf dhala isaa funaannachuun nyaata. Booranni uumama akka walii galaatti jiru keessaa hariiroo kan waliin uummatu yaadrimee nagaa isaa keessatti qooda kan qaban ta'uu ragaaleen dhihaatan kan agarsiisan. Akka ragaalee olitti dhihaatanitti, hariiroon jiru kallattii tokko callaa agarsiisa. Innis, namni tajaajilamaa, uumamni tajaajilaa ta'ee.

Kanneen sooratuun alatti horii Booranni ofitti aansu keessaa fardi isa tokko yoo ta'u, fardaaf qooda namaa akka kennu Aab Taariifi Jaarsoon kaasu. Akka jaarrolee kanaatti fardi hojii gurguddoo dhiirri hojjetu kan akka duulaafi adamoo irratti reebee kan qaqqabsiisuufi dheetee kan jalaa miliqsu waan ta'eef nagaa naannoo eeguuf shoora guddoo akka qabu eeru. Fardi faaruu keessatti bal'inaan maqaa Macca jedhuuni kan dhihaatu. Namni, namaa-horii horate tiksuuf waantota qopheeffatu keessaa fardi isa tokkodha.

Macci akkoo xiyyaa sarbise
Macci akkoo ilaadaa taree
Macci akkoo risaa ciwwisa
Macci akkoo gannaa dhaabate
Macci akkoo jannaa dhaadate (Aab Jaatanii)


Fardi dhimma barbaadamu irratti yoo bobba'u si'aa'inanni qabu meeshaalee, bineensa, uumeeefi namaan wal fakkeessanii ragaa kana keessatti kan dhiheessan. Farda errega namaan ilaaluu keessaa ibsi kun fakkeenya tokko ta'ee, kanarrayyu darbuun farda qofaayyu osoo hintaane, gola isaallee qulqullluu taasisuun Qaalluu bakka buusanii ibsu.

Baabboo Gaanoo Yaayyaa, ka gammee gola abbiyyoo
Golli tantee Qaalluu, namni itti dheete ba'e
Akka abbaan aadu aade, ba'uu rifeensi dide
Akka abbaan yaadu yaade, toluu rifeensi dide. (Aab Jaatanii)

Fardi adamoos ta'e duula irratti bobba'ee yoo hinmilkaa'iin, miira abbaa isaa (nama) dandeettii hubachuu akka qabuufi qooddatu waan beekuuf Booranni akkanaan farda akka faarsu Aab Jaataniin kaasa. Ogafaan fardaaf dhihaatan shooranni jireenya hawaasaa keessatti qabuun yoo ta'an, fardi akka namaa ilkaan oliif gadii qabaachuu isaan Booranni, "Fardi nama," jedhee kan qoodu ta'uu Aab Borbor ibsa. Horiin geejiba namaafi meeshaa fe'isaaf tajaajilu gaangee, harreefi

gaalli nijirani. Shoorri geejjibaa isaan ba'an adeemsa namni itti fufinsa jireenya isaaf taasisu keessatti deeggarsa olaanaa qabu.

Yaadrimeen nagaa kan keessatti calaqqisu keessaa dhimmi fayyaas isa biraati. Yaadni kun rog-arfee seemiyootiksii irratti haala armaan gadiin ibsamuu danda'a.




Caacculee nagaa wal iyyaafannaa keessaa fayyaan isa tokkodha. Fayyaan kan nagaan ittiin ibsamu keessaa tokko ta'ee, yoo fayyaan hinjiraanne faallaa isaan dhukkubati jira. jechuudha. Dhukkubni waan jireenya namaa balleessaati jechuun 'Albaatii Gadaa Horoo' jechuun kan ibsan kan namni hedduun ittiin dhume jechuun akka mudannoo hamtuutti kaasa. Kanaafuu, dhukkubni waan jireenya namaa hookkaree faallaa nagaa deemuuf, gara jiree-nyaatti ykn fayyaatti deebisuuf Booranni barsiifataan uumamatti akka tajaajilamaa ture ibsi jiru agarsiisa. Gosni fookloorii akkanaa bifa gara garaan kan calaqqisu ta'us, ragaan argadhe akka seenaatti kan himan gosa isaanii malee raawwiin isaanii sababa nama dhibame gara mana yaala ammayyaati geessaniif argachuuf ulfaataadha.

Yaala aadaan kennu booranni *qorsa* yoo jedhu, nama yaala kana kennu *cirreessa* jedhee waama. Dhukkubsachuu Booranni baay'inaan *fayya-dhaba* jedhee ibsa. Namni fayyaa dhabe wal'aansa waan barbaaduuf, wal'aansaaf uumama keessaa biqiltootaafi horiitti tajaajilama. Qabiyyee kana keessatti uumamni danbooba jedhamee kan qoodamu, namaafi horii dhukkubsateef qorsa ta'anii tajaajiluu isaanii irratti hundaa'a. Namoonni qorsa kana kennan cirreessa/cirreettii jedhamanii waamamu. Akka ragaan jaarroleefi maddeen irraa argaman mul'isanitti, qorsi dhukkubaaf kennamu kan cirreessi ykn cirreettiin qofti kennuufi namni kamuu kan namatti himu akka jiranidha. kan jechuun, uumamni qorsa ta'anii tajaajilan hedduu akka ta'an mul'isa. Qorsa fudhachuu Borranni 'wal'aansa argachuu' kan jedhuun ibsa. Wal'aansa kennamu keessaa horiin isa tokko yoo ta'u, horii keessaa hoolaan angafa taatee akka nama dhukkubsateef dhihaatu, "Dhukkuba biratti hoolaa bitadhu," mammaaksi jedhu nimirkaneessa. Akkasumas, qorsoonni gara

garaa wal’aansaaf oolan biqiltoota irraa kan qophaa’an ta’ee, hanga ragaan irratti argame akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

Gabatee 8. Qorsa Booranni biqiltoota irraa qopheessuun kan dhukube wal’aanu

| Lak. | Maqaa Biqiltuu | Akkaataa itti Qophaa’u | Gosa Dhukkubaa |
|---|---|---|---|
| 1. | Qoroboo | Baala isaa danfisuun dhuguu | Nama qofaa jabaa qabuuf |
| 2. | Qoroboo | Baala isaa danfisuun qaama isaanii ittiin dhiqquu | Ilbisa jabbii irraa dhorkuuf |
| 3. | Aarsaa | Hidda isaa affeeluun dhuguu | Cooftuuf (gonorrhea) |
| 4. | Dhagamsa | Idda isaa cicciniinuu | Dhukkuba ilkaaniif |
| 5. | Hindheessa | Baala/Qola isaa danfisuu | Dufkaka |

Uumama Booranni akka qorsaatti nma dhibame yaaluuf tajaajilamu kanneen qofa osoo hintaane bifa armaan olii kanatti odeeffannoo guutuu yeroo turtii dirree kiyya keessatti itti dhabeefan keessaa dhiise.

Soorati lubbuu namaa jiraachisuuf tajaajilu shoora isaa kana ba’uuf meeshaalee itti qabatan ykn itti sooratan barbaadu. Kanaafuu, Booranni furmaata kanaaf uumamatti tajaajilamuun waan uumamaa fayyadamee addunyaa isaa dhugoomfata. Meeshaaleen aadaa isaas uumama kanarraa kan maddan ta’ee, “Kan Waaqi uumefi namni tolche,” (Aab Jaatanii) jechuun akka qoodaman ibse. Kan Waaqi uume kan jedhaman, kan akka buqqee jalqabarraa tajaajila namni barbaaduuf mijaa’oo ta’anidha. Kan namni tolche kan jedhaman ammoo, ogummaa namaa kan ida’atan kan akka gogaa, mukaafi hodhaadha. Lamaan keessaa kan duraa *angafa* jedhama. Meeshaaleen kun yaadrimee nagaa keessatti haala Booranni nagaa itti eeggachuuf tajaajilamu waan ta’aniif, boqonnaa 6[ffaa] keessatti ibsamaniiru.

### 5.3. Nagaa Hariiroo Namaafi Namaa keessatti

Qabxiilee lamaan namni hariiroo waliin qabu olitti dhihaatan keessatti, namni qaamota lamaan (Waaqaafi uumama namaan ala jiran) irratti maxxanuun jireenyi isaa akka mirkanaa’u kan ibsani. Yaadrimeen nagaa olitti dhihaatan akka nama dhuunfaattis ta’e akka gareetti kan hojiirra oolu yoo ta’u, hojiirra oolmaan isaa waan namni ta’ee argamuun murtaa’a. Qorannoon *nagaa,* akka uummata Oromootti akkasumas ‘Nagaa Booranaa’ irratti yaada kennan, ‘namni hariiroo nagaa Waaqaafi uumama faana qabaachuuf, nama akka isaa faana nagaa qabaachuun akka irraa eegamudha kan kaasani (Baxter 1965, 1978 fi 1979; Tenna 2008, Aguilar 2008, Abera 2015 fi Asebe & Tadesse 2018). Odeeffannoo ani argadhe yaada qorattoota kanaan wal deeggaruyyu,

hanqina isaan ragaa fooklooriin deeggaruun dhiheessuu irratti qaaban guutachuu isaan adda ta’a. Namni qara Waaqaan akka uumameefi namoonni kunis Xaphoofi Xaphaapho akka jedhaman hariiroo namni Waaqa faana qabuun wal qabatee olitti dhihaateera. Kun hariiroo jalqaba nama gidduutti eegale ta’a. Booranni saala kana lamaan adda baasuuf jechoota gara garaa qabaatuyyu, dhiiraafi uwwaa kan jedhu kanneen kaanirra kabajaafi wal safeeffannaan irratti mul’ata.

Hariiroo saala lamaan gidduu jiruu kan calaqqisiisaniif Booranni ogafaan hedduu qabaaf. Akka ijootti ogafaanota kana keessatti kaayyoon lama ba’anii kan mul’atan yoo ta’an, isaanis dhimma itti fufinsa dhalootaafi miiraati. Qabxii jalqabaan itti fufinsa dhalootaa kan jedhu, hiiroo nagaa keessaa isa ijoo akka ta’e dhihaateera, qabiyyeewwan itti aananii dhufan keessattis bal’inaan dhihaata. Waaqni qaamota lamaan kan qara waliin uume, kaayyoo kanaaf akka ta’e dhugeeffatu. Amalli kun yeroo eebba bunaa irratti bifa gara garaan kan mul’atu yoo ta’u, hariiroo dhiiraaf uwwaa akka walii galaatiifi kan abbaan warraa haadha warraa isaa itti eebbisudha.

Niitiin dhirsat qajeelti
Gaantuut[11] ilmat qajeelchi. (Aab Jaarsoo Liiban)

Eebbi bunaa kan abbaan warraa qabiyyee fedhe irratti eebbifatu waan ta’eef hiirowwan nagaa hedduun keessatti dhihaatu. Eebba kanaan ifatti hariiroo dhiiraaf uwwaa gidduu jiruun dhalli akka uumamee dhaloonni itti fufu kan eeramedha. Hariiroon dhala itti fufsiisu itti gaafatamummaa ykn aangoo kan qabu Waaqa akka ta’e xumura ‘qajeelchi’ jedhuun mul’ata. Kana jechuun, hariiroon kun aadaa yayyaba uumamaati. Garuu, uumamni kaayyoo dhaabbateef ba’uun akka itti fufuuf haala kanaan kadhatama. Kanaafuu, nagaan jiraachuu saala faallaafi dhaloonni itti fufuu keessaan akka ibsamu mul’isa.

Qabiyyee eebba biraatiin, abbaan warraa haadha warra isaa hormaataan wal qabsiisee kan armaangadii jedha.

Galaana ta’i, dhiibuu dacha’i
Anoona ta’i, hundaan furfuuri
Dhaddacha ta’i, gubbaan daraari, jalaan kosaa’i
Coqorsa ta’i, wal jalaan lati
Nagaa ta’i, waan feete cufa argadhu. (Aab Jaarsoo Liiban)

[11] Kan dhala dhabde.

Eebba kanaan akka isheen hortee baay'attu hawwii qabu amala uumamni gara garaa akka bishaan, mukaafi coqorsi qabuun bakka buusee dhiheessa. Eebba isaa yoo goolabu 'nagaa ta'i' kan jedhu, 'waan feete cufa argadhu' kan jedhuun hordofamee dhihaate. Nagaa kan jedhu yaadrimee *wayi qabaachuu* jedhu bakka bu'uun yaadota olitti ibsaman faana wal qabachuun, eebba kana keessatti dhala irratti xiyyeeffata. Dabalataan, faaruufi raawwii gubbisa irratti dhihaatuun, bu'aa hariiroo dhiiraafi uwwaa keessatti ibsama.

**Haati gurbaa waan jettee faarsitu:**
Molee hoyyoon deebite, gadaa baattoon deebite[12]
Gadaa Gadayoo kadhe, gadaa ilmaan kiyyaa kadhe
Abbootii Guyyoo kadhe, miseensa Boruu kadhe
Kadhadhee da'uu fedhe, da'ee bulchachuu fedhe
Lamaaniin baachuu fedhe, lama hoosisuu fedhe. (Aayyo Galgala, Aab Jaarsoo)
**Abbaan wal qabatee kan dhihaatu:**
Ilmaan Sabbaaqa duulaa
Sabbaaqi duula qabate
Mucaan abbaa qabate
Maqaa eennu baafate?
Maqaa Liiban baafate
Liibeen jaarsa qabate
Jaarsa maaltu wallaale

Gama biraan hariiroon dhiiraafi uwwaa miiraan wal qabachuu isaa kan mul'isu, kaarrilee warri uwwaa dhahatan keessaani.

Imimmaan sobaafan, sobaaf na bu'a
Na gaafannaan dhossee, na mummurraan obse
Eessaan narrat hafteef, wa jirtaa naa dhabdee?
Abbaan warra tiyyaa, kophee faana tiyyaa
Anilleen baasa hinbaafne, hinlakkisu qoxxee tiyya
Qoxxisaallee ooltu, sun hanfalaa tiyyaa. (Aayyo Jiloo)

Miirri waan dhimma dhuunfaa ta'uufi hookkarsi keessatti akka uumamudha dhahannaa kana keesstti kan ibsame. Kaarrileen dhahata dubartootaa ta'ee, dhiira qeequuf ykn ajaa'ibsiifachuuf laga qoraaniitti ykn yeroo galma ijaaran dhahatu. Walaloo kaarrilee olitti dhihaate kana keessatti akka dhihaatetti, dubartii kanarra hubaatiin hamtuu qaqqbuu agarsiisa. Bo'oo 2[ffaa] keessatti 'na mummurraan' kan jedhuun kan mummuru abbaa manaati, kan mummuramu isheedha. Sababni

[12] Gadaa baatoon karamii akka deebite irratti odeeffannoo guutuu argachuu hindandeenye.

mummuramtuuf jaala[13] isheef jecha. Jechi jaala jedhu jaalachu kan jedhurraa kan maddeefi kaayyoon hariiroon kun uumamuuf fedhii saalaa qofaaf akka ta'e sirba kana keessatti kan mul'atu.

Ega Waaqni nama dhiiraaf uwwaa wal biratti uumee horanii booda namni adda fagaate jechuun kan dhugeeffatu, nagaa Booranaa keessatti haalli inni itti ibsu, yaadrimee nagaa Booranni qabu ibsuuf murteessaadha. Jecha nama jedhu uumama akka isaa uumama kaan irraa adda baasuuf kan Booranni tajaajilamu.[14] Haaluma kanaan, akkaataa Booranni nama itti ibsu jechuun GGtti, "Namuu namuma, ammoo akka namaatti namni namaaf obboleessa," (Diqqaa) ibsa jedhu kenne. Ebboleessa kan jedhu Diqqaan, gama wal tumsuu/deeggaruun ibse. Raawwiin nama rakkoo keessaa baasuun jireenyatti fiduu, hiiroowwan nagaa namaaf barbaachisan irratti hojechuudha. Nama rakkatee gargaarsa barbaadu yoo itti ba'an akkasumas namni nama akka isaatti yoo dabe, "Ilmoo namaati[15], nama mitii…?" kanneen jedhan fayyadamuun ibsa. Lamaan garuu hiika tokko qabani. 'Ilmoo namaa' kan jedhu uumama isaan wal qabatee, waan ta'ee jiru (being) ykn kan inni irraa dhufe ibsa. Gama biraan ammoo, sadarkaa waan jiruurra darbuun amala namni sun calaqqi-siisuun (epistemology) kan uumama biraa irraa itti adda ba'u jechuudha. Ragaaleen dhihaatan kunneen ammoo faallaa yaada Booranni (Oromoon) yaadrimee nagaa akka hinqabneefi hawaasa kaan ajjeesuun akka ofii jiraatu qeeqanii akka ta'e mul'isani.

Hariiroo sadarkaa saalaattis ta'e nama ta'uu qofaan kan taasifamu keessatti yaadrimeen nagaa mirkanaa'uuf, shoorri namni dhuunfaa taphatu murteessaa ta'uu ragaaleen dabalataa nimul'isu. Haaluma kanaan, Gumii Gaayoo irratti yoo loon areerratu[16] AG Kuraa kadhaa taasiseen, ergaa ijoo darban keessaa, hariiroo inni akka oogganaatti, akka miseensa gosaattiifi akka abbaa warraa tokkotti ofiin waan ta'uu malu kan armaan gadii jechuun dhiheesse.

Hayyee;
Hormaata hayyee,
Bultum hayyee;
Digalu na tolchi;
Tiittii na tolchi; nama Tiittii ta'u na tolchi
Buuruu na tolchi; nam man Buuran na tolchi
Marmaaraa gooroo na tolchi;

[13] Abbaa manaan ala hariiroo wal qunnamtii saalaa kan waliin uummatte.
[14] Kun Oromoo hundaaaf tokkuma.
[15] Aab Borbor faana odoon mari'achaa jiruu maraataan dhufee isa arrabsa. Dargaggoonni gurbaa maraataa kana dhahuuf itti kaanaan, "Dhiisaa harkaan itti hingamiinaa, ilmoo namaatii," jedhee irraa dhorke. Kanarraa ka'een ilmoo namaati kan jedhe maal akka ta'e akka naaf ibsu gaafadheeni yaada kana kan argadhe.
[16] Yoo loon qalachuuf jedhan kadhaa Waaqaa taasifamudha

Nam gooroo marmaaree ilmaanitti dabarsu na tolchi
Abbaa Jaldeessaa na tolchi;
Maqaa Abbaa Jaldeessaa amala naa tolchi
Nagaa na guuti! (A/G Kuraa Jaarsoo, 2021)

Jechoonni sirna areerrannaa kana keessatti dhihaatan waan AG kun ittiin ibsamudha. AG Kuraa, gosaan Digalu, balbalaan Tiittii, manaan Buuran waan ta'uu keessatti ibsa. Kanneen kun hariiroo Booranaa keessatti hiika olaanaa qabu. Mammaaksi, "Gochi gosatti galte, erbeen loonitti galte," jedhu, namni kamuu gosatti hidhatee malee kophaa isaan hiika akka hinqabne ittiin ibsa. kana malees, wal gargaaruu keessatti, "Nafi nafaa dhukkuba," jechuun ibsu. Mammaaksa kana keessatti jechi *nafa* jedhu caasaa hawaasaa warra ofiitii hanga Booranaatti jiru akka ta'e Aab Jaarsoon ibsa. Rakkoo, dhibeefi hubaatiin Boorana tokkoon Booranni biraa dhukkubsachuun yayyaba irratti walii galamee jiraatan akka ta'e ibsa. Miira kana waliif hinqabu taanaan hariiroo keessa akka hinjirreefi hariirootti seenuun ammoo dhalootaan gosa tokko/Boorana ta'anii dhalachuu qofaan akka hintaane, "Gochi abbaa namaa na'e," mammaaksa jedhuun ibsa. Yaadni kun namummaa keessaan kan ibsamudha. Miira namaa na'uu kan qabu gosa waliin jireenya hawaasummaa ofii gaggeeffatan akka ta'e waan ibsuuf, daangaa ngaa Booranaa gama dhala namaan jiru agarsiisa.

Jechoota AG olii keessatti, 'marmaaraa gooroo na tolchi' yoo jedhu, gooroo marmaaruuf dirqamni kan irra jiru yaa'a isaati. Abbaan Gadaa yoo gooroo hinmarmaariin hariiroon uumaafi uumama faana qabu addaan cita jedhamee dhugeeffatama. Kana jechuun, fedha dhuunfaa faana deemee rakkoon kun akka hinuumamne kadhata. Akkasumas, 'Abbaa Jaldeessaa amala naa tolchi,' kan jedhuun Jaldeessi[17] maqaa ilma isaa angafadha. Kadhannaan akkanaa maal akka ta'e, "Ka walumaan bulanii abbaan guddatee biraa jaaru, mucaa tiyya eegee tiyya aansii," jechuu akka ta'e Aab jaarsoon ibsa. Kanaafuu, dhuma irratti 'nagaa na guuti' kan jedhu, hormaata horii namaa, waan irraa eegamu ba'uu, dura duuba gara addunyaatti dhufaniin jaaruu kan jedhu cufa akka nama dhuunfaatti of keessatti hammata jechuudha.

Mammaaksa, "Fedhiini obboleettii hinnadheensitu,"[18] jedhu keessaan namni qara keessa isaatti hookkarsi kan eegalu ta'uu hima. Jaarroleen mammaaksa kana kan tajaajilaman, jaalala aangoof jecha Boorana balleessuun akka hintaane AG irratti kan dubbatani. Dabalataan, namni akka dhuunfaatti ejjennoo ofirratti fudhatuun waan mudatu Booranni, "Abbaa du'aa, garaachi harkatti

[17] Yeroo ragaan kun fudhatame, (2021) Jaldeessi, Gammee didiqqaadha.
[18] Marii garee Dubluqitti (Ebla 2021) taasifame keessatti kan dhihaate.

du’a,” (Aab Borbor) jechuun ibsa. Mammaaksi lamaan ejjennoo namni dhuunfaa fudhatuun waan silaa ta’uu male dhiisee waan ta’uu hinmalle ta’uun hookkarsi hammaataa akka uumamu gochuuf ka’umsa ta’uu agarsiisa. Namni waan keessa ofii jiru akka gadi baasu ibsoonni ‘garaatti herrege; dubbiin mataa hinseeniin garaa hinseentu’ jedhan kan Booranni tajaajilamuun mul’atu. Kanneen kun, keessa namaa yaadrimeen nagaa jiraachuufi dhimma hariiroo nama kaan faana taasifamuuf bu’uura ta’uu ifatti mirkaneessu.

Mammaaksa Booranaa, “Nama wa dhoffatan malee, wa hindhowwatani,” (Leus & Salvadori, 2006:185) jedhu hiika jechaa ittiin ibsuuf fudhataniin, namni waan arge malee waan dhokate irratti hubannoo akka hinqabne himu. Kanumaan wal qabsiisuun, “Dhowwatani gurraa du’ni, kennani garaachaa du’ani,” mammaaksa jedhu itti ida’anii kaasani. Mammaaksi kun lamaan namni nama waliin jiraachuuf ejjennoo fudhachuu qabudha. Mammaaksa duraan yoo waan kennuu hinbar-baanne ta’e osoo namni kennamuuf hinagarre dhoksachuu kan jedhu yoo ta’u, kan lammataan, kan namni quba qabu yoo dhowwatan hariiroo namaa keessaa ba’a. Akka jecha-maatti waan waraabessaan jedhanii qoosan:


> Tokkoti waraabessaan, “Ati is waraabessa, ka jaarsaa hinjettu, ka jaartii hinjettu, fayyaa hinjettu, du’aa hinjettu, rimeessa hinjettu, ka soddaa hinjettu, ati maanisa? Nami maan siin jedha?” jennaan, “Ani ka garaa malee ka gurraa yoom na dhibee,” jedhe jedhani. (Goollichaa, 2022)

Gurraa baduu kan jedhu Booranaaf maal akka ta’e, “Fincaan warra ebeluu ebeluuti, warri isaanii beek…” (Diid Diimaa) jechaa, yakkas ta’u tolaa abbaa yakke/tolerra darbee dhalootaan akka deemu hima. Garaachaan du’uufi gurraa du’uu wal morkisiisuun mammaaksi dhihaate, hubaatii lama (yoo garaachaa nama san callaafi yoo dhalootaa nama san dabalatee) keessaa filachuun ejjennoo fudhatamudha. Lamaanuu keessatti hubaatiin kan jiru yoo ta’u, hariiroo hundi hariiroo nama idduu jiru irratti hubannoo Booranni qabu agarsiisu. Hariiroo namaafi nama gidduu jiruun Booranni namaan ‘nama nagaa qabu’ jedha. Kun ammoo dhugaafi jaalala akka ta’e Aab Jaarsoo, “Mucaan jaarsa jaalatu, jaarsaan mara,” jechuun fakkeenyaan ibsa.

> Durii, nam tokko jiraa jedhani, Kumaa Daaddoo maqaan isaa. Namichi kuniini qajeelaa jedhani. Kan waan dhugaa, waan nagaa malee waan dhibii hinojjennee jedhani. Nam kanaati, ka akkamalee dansaa, ka akka malee qajeelaa du’e. Inni du’ee jennaanii, Boorani nama wa beeku dhaqee, “Isii nami kun qajeelaa, takkaa cubbuu hinojjenne waan dansaa malee hinhojjetu, isii namni kun maaf du’aa?” jedhee gaafaate. Ennaani, “Wanninni du’eefi, cubbuu keessanii du’e, ammoo awwaalaa. Yoo awwaltani diirama loon bobbaasaa, yoo bobbaaftan kormi tokko ka loon keessa jiru fulaa tokko boorataa fulaa kormi sun booratutti awwaalaa. Ammallee yoo awwaalanii irraa baatan ammallee raaga koottaa,”

> jedhe jedhani. Yoo loon bobbaasanuu kormi karra dura qote. Karra duratti awwaalanii irraa ba’anii gar raagaa dhaqani. Raagi waan jedheeni, “Fulaa sun mukaa ba’a, muki suni sagalee goradhaa, muki suniini buna,” jedhe. Akkanaani irreessa kaan keessaa buni ba’eeti buni kuniini siidaa nam waan dhugaa, waan nagaa laf tana irratti hojjetee ta’ee jedhani. (Aab Waariyoo Diimaa fi Aab Waariyoo Guyyoo)

“Amma yooyyuu waakkatani ‘nuu Kumaa’ jedhani, namicha suni maqaa yaamani,” (Aab Waariyoo Diimaa). Wanni ‘naa Kuma’ jedhaniif, bunaaf callaa yoo ta’u, aniini akka namicha qulqullicha sunii tahee dhugaa dubbadha jechuu akka ta’e jaarroleen kun eeru. Yoo namni ‘naa Kuma’ jedhu, bunni hinjiruun dhugaadha jechuudha qaama lamaaniifuu. Dhugaa tokkittii Waaqi dhale jechuun, waan qabatamaa qaamota taatee keessatti irmaatan walii galchudha. Dhugaan yeroo kamiyyu waan sirrii yoo ta’u, sobni ammoo fafeedha. Dhugaan rog-arfee seemiyootiksi irratti bifa armaan gadiin ibsamuu danda’a. Haata’uutii, akkaataa tajaajilamaa irratti xiinjiree dachaati (meta-ontology) ittiin mul’ata.




Akka rag-arfee kanaatti, dhugaa dhimma haqummaafi jiraachuu kan himu yoo ta’u, yaadrimee jireenyaati keessatti calaqqisa. Kana jechuun namani kan walii galee hariiroon jiraatu dhugaa irratti. Namni yoo hinsobiin, dubbiin sobaan alatti taasifamu gara dhugaatti waan geessuuf, hariiroon namaaf namaa irratti hundaa’a. Bunaaf amalli kun xiqqoo bifa jijjiirrata[19] waan ta’eef, rog-arfee seemiyotiksi armaan gadii irratti ifatti mul’ata. Taateen kun tarii dubartoota ilaallata, garuu yoo tokko buna manaa hinnqabaatiin ollaa gaafannaan yoo hollaanis hinqabaatiin kan deebisudha.

Jira ⟷ naa Kuma (hinjiru)

Qabiyyee kamuu keessatti ‘jira’ kan jedhu yoomiyyu sirriidha; akkasuma, ‘hinjiru’ kan jedhu faallaa ‘jira’ dhaabbachuun yeroo hunda fafee ta’a. Haata’uutii, yaadni fafee kun dhugaa ta’uu mirkaneessuufi hariiroon akka jiraatuuf deebbii namni walii kennu murteessaadha. Dubbii kana keessatti kamti sirriidha ykn kamti fafeedha jechuu utuu hintaane, dhugaan kami kan jedhudha.

---

[19] Bunaaf qofa odoo hintaane kakuu keessattis amala wal fakkaataa waan qabuuf duranatti dhihaata

Hariiroon yoomiyyu dhugaa irratti kan sirrii ta'u. Kanaaf, bunaaf 'naa Kuma' kan jedhu fafee dhugaa taasisuun hariiroo mirkaneessa. Booranni jecha inni nagaa ittiin wal iyyaafatu keessaa, "Nagaa qabduu?" kan jedhu isa tokkodha. Gaaffii kanaaf deebbii, "Nageenni baal Kuma," jedhuti kennama (Goollichaa). Yoo namni naannoo hinjirre buna qalachuu barbaadan, "Bunni nagaa, nageenni nama hindhabuu," jedhanii itti seenu. Bunni mataa isaan bakka nagaa ta'ee ibsamuun, bakka nagaan jiru namni kandhufu jechuun akka namni dhufu dhugeeffatanii qalachuu eegalu. Qabiyyee kana keessatti yaada ijoo lama darban keessaa, tokko bunni *nagaa* jedhamee kan waamame irreessa nama qulqulloo irraan waan margeef bak-bu'ee sana fudhate. Lammata, bunni qalaa kophaa hinnyaatamu yoo hollaa illee namni yaaman hinjiraanne, bunni *nama* yaammata jedhama. Namni bunni yaammatu nama ta'uu malee eenyu akka inni waammatu hinbeekani, garuu nama. Raawwii kanaan Booranni nama akka namaatti ulaagaa hangafaa ta'uu kan keessatti mul'atudha.

Qabiyyeema kanaan wal qabatee mammaaka bunati jedhe jechuun dhihaatu, "Ati kankee yaami, kiyya nat yaammataa," akka jedhamuufi faallaa kanaan, yoo namni baay'atee bunni xiqqaate wanni jedhanii wal waaman, "Koottaa bunni nagaya, nageenni nama wal hinhanqatu," jechuun akka ta'e himu[20]. Mammaaksa jalqabaan wal qabatee akkuma qara ibsuuf yaalame, bakka nagaan jirutti namni gora jedhama. Booranni buna yoo qalatu, fooliin isaa Waaqa qaqqaba dhugeeffannaa jedhuun waan ta'eef, raawwichi nagaa jedhama. Hubannoo kanaani namni karaa deemullee foolii bunaa yoo miireffatu, kan silaa goruu hinmalle taatullee goree ibsatee[21] darba. Kana jechuun, fooliin bunaa jiraachuun mallattoo nagaa waan ta'eef nageellichi ykn/fi nageellittiin goranii akka nyaatan/ibsatan affeera. Taateen kun nama gidduutti hubannoo wal fakkaataa qabaatanii akka walitti dhufan taasisa. Yaada lammataatiin buna kan qalatan nyaatanii quufuuf osoo hintaane, Waaqa kadhachuuf waan ta'eef, ibsachuun mataa isaan eebba jila kana irratti dhihaate[22] akka qooddatetti ilaalama.

Gaaroma Kumaa Daaddoo irraan kan maddeen, bunni ibsa dhugaafi nagaa akka qabaatu taasise. Nama gaaroma qabu Booranni 'Nageellee, Nageellicha, Nageellittii' jedhee waama. Moggaasi kun kan argatamu, da'umsa irratti yoo haadhatti ciniinsuun itti hincimiin akkasumas, akka jaalalaattis

[20] Marii gaaddisaa ganda Halis keessatti taasifame irratti waan dubartoonni kaasan.
[21] Dhadhaafi aannan bunni ittiin qalameen karkaafi fuula haxaawwatan/dibatan, 'ibsachuu' jedhama.
[22] Eebba dheeraa Booranni itti taasisu buna irratti. Eebbi Qaalluu ani duratti dhiheesses waan buna irratti eebbifamu jedheeti kan naaf dhiheesse. Namoonni kan Qaalluu kanarra huddummeessanillee nijiru.

amala abbaan mul'isurraa ittiin wal waama. Namoonni akkanaan wal waaman kan agidi walitti gore jechuun Aab Waaqoon kan ibseen wal sima. Akka ibsa Aab Waaqootti agidi waan hariiroo ta'ee, kan namni irratti wal ta'uufi wal hintaane jedhamee bifa lamaan laalama. Faaruu agidi keessatti calaqqisu Aab Waaqoon akka fakkeenyaatti, "Machallaa duugattee, machiin ilmaan onaa dubbii qurxiirraan buufatte," jedhu kaase. Faaruun kun kan dhiirti nadheen jaarsa qabdu faana ega dhimma ofii raawwataniin booda[23] kan jettudha. Faaruu kana keessatti jechi 'machii' jedhu miira haala hammaataa[24] keessa warra namaa geesse ittiin ibsate. Kanaafuu, agidi haala rakkoo keessattillee kan walii nama galchisiiftee hookkarsa jiran keessaa itti ba'an ta'uu agarsiisa. Durii-duriin armaan gadii waan hariiroon nama gidduu ture fakkaatu ibsuuf kan himamu akka ta'e himu.


> Durii, nam lamati waliin turee jedhani. Nami kun dhuga dubbato, wa ijibbaato. Nami kun wal jaalatu jedhani. Dhuga dubbatoti niitii wa ijibbaatotti deeme jedhani. Niitii tanati ilma da'e. Injaalata, indubbisaa dhufee jennaani, daa'ima dhalatte irra taa'ee ijjeese jedhani. Akka abbaatti himan dhaban jedhan. "Nati itti himaa eegaa," jedhe jedhan dhuga dubbato. "Ilmi ya sii dhalate, amma la do'e akka sitti himan dhabani, aabboo ijibbaadhu," jedhe. "Abboo maan tolchanii miti," jedhee ijibbaate. Daa'imti kaan ya ka'e jedhan dhugaa walitti dubbannaan. (Aab Waariyoo Guyyoo Guutuu)

Durii-durii kanaan hariiroon nama gidduutti uumamu amala gara garaa akka qabuti darbe. Namni nama kaan irratti wa kan balleessu, akkasumas kan tolchu keessaan yaadrimeen nagaa isaa achuma keessa jiraachuu hima. Filannoo biraatiin, namni yoo agida guutuu waliin qabaachuu dadhabe, agida uummoon waliin jiraachuu akka danda'u mammaaksa Booranni qabu jechuun Aab Waaqoon, "Uummoo isin maaliif waliin yaatani?" jennaan, "Wal malee waan biraa waan hinqab-neefi," jette. "Maaliifree walitti hirkattanii hindeemne?" jennaan, "Nutu wal hindhageennee," jedhani jechuun kaasa. Kana jechuun jireenya mataa isaaniif jecha haga agidi isaanii deemu deemani jechuu akka ta'e dhiheessa. Uummoon kan uumamte uummoo faana jiraachuuf akka ta'e, namnillee namaaf uumame ergaa jedhu akka qabu Aab Waaqoon dabalee ibsa. Kallattiin hariiroon nama gidduutti murteessaa akka ta'e, "Kophaan, udaan kophaa dansaa," (Waariyoo Garboolee) mammaaksi jedhu jiraachuu eera. Mammaaksi kun kophaan akka isiin lubbuu namaa kan ittiin namaa himan jechuun fakkeenya salphaa inni fudhatee ibse, "Yoo uubi il si bu'e eennu sii fuudha?" kan jedhuuni. Fakkeenya kana keessaan, namni jiruu isaa keessatti waan nagaa isaa miidhu uumamaan kin jiru ta'uufi rakkoo akkanaa jalaa ba'uuf nama akka namni barbaachisu cimsa.

[23] Hariiroo jaala jaaltoo wal qunnamtii saalaa raawwataniif.

[24] Abbaan warraa warra isaa ni'eega, nama warra isaa dhufe yoo ajjeesellee itti hingaafatamu waan ta'eefi.

Dhugeeffannaa Booranaa nama Waaqati uume jedhu biratti, Waaqi waliin jireenyaaf nama biratti nama akka uume qabiyyeewwan darban keessatti ibsameera. Amalli uumamaan yayyabame kun yoo hojiirra oolmaa hanqate, “Namni nama hinqabne, nama jirma se’a,” (Aayyo Hinseenee) mammaaksa jedhuun wal qeeqa jetti. Mammaaksi kun ogumoota amala ofiin of ibsuu qaban keessaa tokko yoo ta’u, jirmi faayidaa silaa yoo dhaabbatee jiru kennuuf ooluu hindanda’u, yoo tajaajile qoraaniif calla. Akka mammaaksa kanaatti gama faayidaa qoraanummaa isaatiinuu osoo hintaane kallattii fafee isaan fudhachuuni mammaaksa kana keessatti kan ibsame.




Mukti waan gaaddisa ta’ee namaafi horiif boqota ykn/fi koraaf tajaajilu waan ta’eef sirrii ta’ee fudhatama. Faallaa kanaan jirmi tajaajila muka dhaabbatee jiruu kennuu waan hindandeenyeef, qooda faayidaa hinqabuutiin fudhatama. Hubannoo kanaani jecha jirma jedhuun nama yoo ibsan, yeroo hundayyu fafeef ykn arrabsuuf itti tajaajilmu. Wanni faayidaa hinqabne hiiroo nagaa keessatti ibsamuu hindanda’u. Namni nama jirmatti erregu mi’eeffannaa namaa akka hinqabne ibsuun, mammaaksa kanaan ‘…nama hinqabne’ yoo jedhu, namni namaaf dinagdee ta’ee bu’aa silaa argachuu male akka hinargatiin mul’isa. Kanaafuu, nama fayyadaaf qofayyu osoo hintaane, ofumaa tajaajilamuuf namatti hidhachuun hiiroo nagaa isa hanqatu akka guuttatu gargaara.

Gama biraan, namni osoo nama waliin jiraatuu yoo namarraa baqachuu eegale, “Ati maa cinaacha namaa irraa gorta?” jechuun akka gaafatu Aab Borbor ibsa. Gaaffii kana keessatti gaaleen *cinaacha namaa* jedhu, adeemsa wal gargaarsaa keessatti haala ittiin ibsamudha. Cinaacha namaa irraa goruun nama dhiisuu, deechuu… gama fafeen ibsama. Nama amala akkanaa irratti argan faallaa yaadrimee nagaa Booranaa *wal* jedhurratti hundaa’ee waan deemuuf, *maa* jedhee gaafachuun mariif affeera. Kanaaf, dubbii kanaan nagaan Booranaa kan nama baqatellee waamanii mariisisuus of keessaa qaba jechuudha. Kun ammoo waliin jireenya hawaasaa walitti hirkattummaa irratti hundaa’e dhabee namni hinhubamne ykn hookkarsa hammaataatti akka hinseenne taasisa. Hariiroo nama gidduu jirurraa bu’aa nagaan Booranaa argatu, shoora namoonnii hawaasa keessatti qabanirratti yeroo itti hundaa’u qaba. Eebba abbaan gadaa doorii eebbisee baallii itti kennu keessatti *wal* kan jedhu keessatti calaqqisa.

Hormaata na dabri
Rooba na dabri
Quufa na dabri
Gadoomi kankee, gadooma kiyya haadabru
Kaayoo waan cufaa na dabri
Bultuma lubbuu waliin bulla.


Abbaan gadaa baallii kennu *yuuba* ta'ee hawaasa keessa qubata. Kan baallii fudhate ammoo itti gaafatamummaa uummataa fudhatee gooroo marmaara. Akkuma eebba kanaa gadaan kaayoo waan cufaa milkaa'ee yoo yuuba waliin lubbuu bulani aadaan guutuu taatee nagaa qabnaan kan ibsamu. Walumaagalatti, hariirowwan gurguddoo sadeen olitti dhihaataniin Waaqi kan waa cufa uume, uumamni kan namni ittiin jiraatuufi, namni dursa ofii isaa irraa eegalee nama kaan waaliin akka jiraatu kan yayyabamee jiru ta'uu akkaataa hubannoo Booranaan ibsameera. Ibsi kun ammoo, qabiyyaa yaadrimee nagaa Booranaa baatanii jiranidha. Kanaafuu, nagaa Booranaa kan jedhu, walitti qabaa sonoota gara garaa jireenya namaaf gatii qaban hundaa malee, sona qeenxee irratti hundaa'uun hinibsamu.

Boqonnaa kanaan, gaaleen *nagaa Booranaa* jedhu haala jireenya qabatamaa keessatti tajaajiluun yaadrimeessuun, hanqinni maddeen gara garaa keessatti mul'ate deebbii argateera. Booranni duudhaa yaadrimee nagaa isaa bu'uura irraa ittiin ibsu akka qabu ragaaleen agarsiisaniiru. Nagaa Booranaa kan jedhus bakka sonoonni jireenyaa jiranitti kan jedhu dabarsa. Ibsi yaadrimee nagaa irratti taa'aa turan hir'uu ta'anis, dhugummaa of keessaa qabu. Kanneen keessaa Abera (2015), Booranni madda yaadrimee nagaa isaa Waaqa jechuun akka dhugeeffatu eere isa tokkodha. Akkasumas, Mbiti (1975), hawaasni jeebanaa Afrikaa hubannoo namni waan ittiin jiraatu Waaqati kenna hubannoo jedhu qabaachuu kan ibse, sona nagaa eereera. Walumaagalatti, *nagaa Booranaa* kan jedhu jiraachuufi hariiroo namni Waaqa, uumama kaaniifi nama akka isaa faana qabu gidduutii ba'a, ittiinis ibsama. Kun ammoo, jiraachuu aadaa uumaa-uumaan ba'ee mul'ata.

# BOQONNAA JA’A

## 6. MALLATTOOLEE BOORANNI NAGAAN CABUU ITTIIN HUBATU

Yaadrimeen nagaa Waaqaanis ta’e namaan yayyabamee jireenyi akka itti fufu gargaaran sababa gara garaan kan caban yoo ta’u, taatewwan yaadrimeen nagaa akka cabu taasisan mallattoolee ittiin calaqqisan qabu. Xiyyeeffannoon boqonnaa kanaas itti fufinsi jireenyaa gufachuuf kanneen mallattoolee ta’anii mul’isan ibsuu irratti. Mallattoolee kana beekuun furmaata itti kennuun akka jireenyi itti fufu taasisuuf waan gargaaruuf hubannoo nagaa keessatti akka ilaalamu dandeessise. Booranni waan faallaa yayyaba jiruu dhaabbatu *aad-malee* jedhee qooda. Amala aad-malen ittiin calaqqisu keessaa waatonni akkaataa yayyaba isaanii gadhiisuu akka ta’e, “Illnesses are indicators of an ontological imbalance, which requires restoration,” (Mulemi, 2004:495) ibse. Barreessaan kun, xiin-uumeen (ontology) waan qabatamaan jiru ta’ee beekumsi hawaasaa ammoo kanarraa ka’ee akka ijaarame dabalee ibsa. Hubannoon kun Boorana birattis kan hojiirra oolu yoo ta’u, haala inni jireenya qabatamaa keessatti calaqqisu yaadrimeessuuf rog-arfee semiyootik armaan gadiin dhihaateera.




Adeemsa ibsa rog-arfee semiyootikiin jechoonni gama bitaan dhihaatan waan sirrii (jireenyaaf shoora qaban) yoo bakka bu’an, kan gama mirgaan jiran ammoo fafee (jireenya irratti kan hubaatii qaqqabsiisan) ibsu. Boqonnaa kanaan aad-malee irratti kan xiyyeeffatame yoo ta’u, innis ibsa gabaabaan, “Waan yoo siin tolchan hinfeene, nam dhibii irratti hintolchiin,” (Aab Waaqoo 2021) hubannoo jedhu akka qabu hima. Yaada Aab Waaqoon kenne kana keessatti jechi *nam* jedhu, uumama (namaafi uumama kaan) namni dhiibbaa irraan ga’u bakka bu’e. Qaama biraa irraan dhiibbaa qaqqabsiisuun yayyaba jireenyaa cabsuu waan ta’eef, raawwii akkanaa Booranni *aad-malee* jedhee ibsa. Aad-maleen, waan aadaan eeyyamamu ykn yayyaba hariiroo namni nama akka isaafi uumama kaan faana qabu cabsuudha. Kana jechuun, rakkoo jireenya keessatti mudatu kamiifuu itti gaafatamummaa guutuu namni akka fudhatu hima. Waantota yayyaba hariiroo namni qabu cabsu jechuun Booranni jireenya qabatamaa keessatti ibsu, amalaafi bifa gara garaa qabu.

Garaa garummaan kunniin, waan namni ta'ee jiruun (amala namaan); gocha namni qaama kaan irratti raawwatuufi hookkarsa mudatu keessaan kan baramanidha. Qorannoon kun yakka sakatta'uu utuu hintaane, gama fooklooriin muuxannoo hawaasni hariiroon cabuu ittiin hubatu ija *mallattoo* keessaan hojiin kun kan yaadrimaa'e.

### 6.1. Mallattoolee Amala Nama Dhuunfaan wal Qabatan

Booranni shoora namni dhuunfaa yaadrimee nagaa isaa hookkaruu keessatti qabu olaanaa ta'uu, mammaaksi, "Balaa buusuun nam tokko, nagaa buusuun gumii," jedhu (Marii Karra Gumaataa irratti ka'e) nimul'isa. Namni akka dhuunfaatti garaa garummaa amalaa akka qabuufi garaa garummaan kunis yaadrimee nagaa hawaasaa irratti dhiibbaa akka qabu Galtung (1981) kan eere mammaaksa olitti dhihaateen wal deeggara. Mataduree kana jalatti amala namni dhuunfaa qabu, kanneen yaadrimee nagaa Booranaa irratti dhiibbaa uuman jechuun Booranni akkaataa duudhaa isaan ibsuti xiinxalame. Amaloonni kun kan hawaasni akkaataa yayyaba uumamaa irraaa adda ta'uu ittiin qoodee waamu waan ta'aniif, hariiroo jiru cabsuuf mallattoo ta'anii qoodamani. Haala kanaan, qabxiileen yaadrimee nagaa Booranaa gama kanaan yaadrimeessu jedhaman ibsa isaan hawaasa keessatti qabaniin deeggaramuun armaan gaditti dhihaataniiru.

**Daallomaafi kijiba:** Jechoonni kun lamaan kan walitti hidhatanii dhihaataniif, ogafaanota gara garaa keessatti waliin ibsamuu isaaniiti. Amalli lamaan kun Booranaaf fafee, kan jireenya irratti hubaatii qaqqabsiisan jedhamanii ibsamu. Namoonni amala kana qaban hariiroon cabuuf dursee akka irratti baramuuf mallattoo ta'ee tajaajila. Ogafaanota akka durii-durii,[25] mammaaksaafi haas-barruuwwan gara garaan jireenya guyyuu Booranaa keessatti ifatti mul'ata. Daalleefi kijibni jechoota fafee ta'anii, jechoota faallaa mataa isaanii gama sirriin kan qabanidha. Jechoonni kun kan walitti hidhatanii dhihaataniif, goorowwan ogafaan Booranaa keessatti yeroo baay'ee waliin waan qindaa'aniifi. "Daalleen fiixoma kutti, kijibduun warra balleessiti," jedhu keessatti walitti hidhuun haala isaan nagaa Booranaa itti huban ibsu. Mammaaksi kun marii gaaddisaa GG 2020 irraatti kan intalli manatti ulfooftee, kan ulfeesse dhiiftee nama biraa maqaa dhoteen walqabatee qoraa turan irratti dhihaate. Akka qabiyyee dhihaachaa turetti, Boorana moonaa walitti qabu akka wal hadhan/ woraanan amaloonni lamaan gochuu hima.

[25] Dabalee 7: B. 'Leenca, Jeedalaafi Waraabessaa' ilaali.

Amalli lamaan yaadrimee nagaa irratti qooda mataa isaaniitti taphatan qabu. Haaluma kanaan mammaaksa, “Daalleen biyyaa koblaan nam ijjeefti, daalleen ufii naasuun nam ijjeeftii,” (Waaqoo Biqqoo) jedhuun akka Booranni qeequ kaasa. Mammaaksa kanaan ‘daalleen biyyaa’ yoo jedhu, garee lama, kan daalleef warraa (waan daalleen ta’utti kan qaana’an)fi kan oomaa hintaaneef (kan waan daalleen ta’uun bashannanan)ti jira. Namni namatti kolfuun jireenya hawaasummaa keessatti dhimma hamilee waan ta’eef akka kufaatii hamaatti fudhatama. Nama namatti kofalchiisuuf daallomni sababa yoo ta’u, hariiroo cabuuf mallattoo ta’ee tajaajila. Dhiibbaa garee ofii irra qaqqabuun miseensa daallee qabaachuu waan hinbarbaanneef qeeqa kana kaasu. Gamabiraan, haala daallomni hariiroo cabsuuf mallattoo ta’ee itti tajaajilu keessaa Aab Liiban mammaaksa armaan gadii kaasa.

Lafa diidaa qoraattii sodaadha
Qoraa jabaattee qaroo sodaadha
Beekaa wallaala hinbeettuu, daallee ulee sodaadha. (Aab Liiban Duubaa)

Aab Liiban mammaaksa kana yoo ibsu, dubbiin wal qabsiisuun, “Ati dubbii kana la argatte ya dhabdeellee hinbeettu, si dhaanti,” jedha. Nama dhaanuun hookkarsa hammaataa yoo ta’u, ibsa bal’aan boqonnaa kana keessatti dhihaateera. Haata’u malee, mammaaksa kana keessatti dhaanuun kan dhufe sababa daallomaa malee, dubbiin mariin kan xumuramedha. Yaada kana yaadrimee rog-arfee seemiyootiksi keessaan yoo ibsamu beekuufi wallaaluun faallaa walii ta’u.

Beekuu ←——————→ Wallaaluu

Jechoonni kun mataa isaaniin faallaa walii yoo dhaabbatan, beekuun sirrii, wallaaluun ammoo fafee ta’uuni. Dubbii keessatti yoo rakkoon hinuumamiin tokkoti injifatee abbaa dhugaa ta’uun dubbiin buuti. Haata’u malee, daalleen dubbiis dhabu, abbaa dhugaa ta’ees mo’atu, waan adda baafatee hinbeekneef nama waliin dubbii qabu nirukkuta jechuudha. Kana jechuun, daalleen waantotumayyu adda baafatee hinbeeku jechuun qoodama. Amalli kun waliin jireenya hawaasaa keessatti dhiibbaa uumuun, namni akka wal irraa dheessu taasisa. Kun ammoo faallaa yaadrimee nagaa Booranaa ta’a. Fudhatamummaa namni daalleefi kijibaan hawaasa keessatti qaban irratti hundaa’uun, “Daallee Waaqati waliin uume, kijibaan gari hinqabu,” (Aab Taarii) jechuun ibsa. Jecha kanaan Aab Taarii daallee xiin-uumeen walitti yoo hidhu, nama kijibu garuu kan waan jedhaniin hinqabne ykn hamaaf tolaa adda baasee osoo beekuu kan balleessu ta’uu hima. Kanaaf,

daallomniifi kijibni yaadrimeen nagaa Booranaa gama hariiroo hawaasa keessa jiru cabsuuf shoora qabaataniyyu, isaanuma gidduuyyu garaa garummaan sadarkaa jiraachuu agarsiisu.

Daallomni tajaajila afaanii keessatti wallaala kan jedhuun hiika gitaa akka qabu qabiyyeewwan darbaniin ibsameera. Akkasumas, qarummaafi wallaalummaan jechoota hiika faallaa qaban ta'anii yoo dhihaatan, wallaalummaan bakka daallomaa akka fudhate mul'isa. Qabiyyee kanarraa wallaallis akkuma daallomaa mallattoo naga-dhabaa akka ta'e agarsiisa. Mammaaksa, "Himata wallaalii, qortuu abaari," (Aab Liiban Jaatanii) jedhu kaaseeen, wallaalli mallattoo hariiroon ittiin cabu ta'ee ifatti mul'atus, Aab Liiban yaada kana yoo ibsu, wallaalaan wallaalummaa ofiiyyu akka hinubanneefi nama dubbii qoretti naannessuun, "Dubbii kiyya kara maqse," akka jedhu hima. Himata wallaaluun waan namaa malu dhabamsiisuu cinatti nama dubbii qore abaaruu fida. Sababni qortuun itti abaaramu hinturre odoo himata wallaaluun hinjiraannee. Kana keessaani hookkarsa dura ture irraa hookkarsi biraa akka dhalatu gochuun hookkarsi haaraa uumama. Daalleen lafumaa ka'uun hariiroon akka cabu taasisuu Aab Jaarsoon fakkeenya armaan gadii hima.

> "Dhirsaaf niitiin yoo silaa qaroo woyyaa jalatti mari'atti. Yoosii, yoo waakkii malaallee dhirsa isii woyyuma jalatti mari'atti. Yoo kenniit malaallee woyyuma kana jalatti walii galani. Yoo daalleeni, "Aabboon la dhufee loon kenniif," jetti isum biratti; abbaanuu kanuma taa'u kana. "Isa bade beenu, akkas jirra, akkas jirra, maan kenninaa akkana?" yoonni jedhu, "Silaaftuu aabboo hinargattuu been gali," jetti. Amma soddaa wa dhowwote, soddaan la dallane mitii, amma nagaallee hinfuudhu, la fiixomi citte," jedhe. (Aab Jaarsoo Liiban)

Fakkeenya Aab Jaarsoon kaase kana keessaati dhugaa lamati mul'ata. Tokko, jarri horii namaa kennan hinqabani komiin abbaa manaa dhugaadha. Lammata, soddaaf intalli isaa haakennamu jennaan abbaan manaa didee, deebitee 'silaafuu hinargattu' yoo jettu abbaa manaa ishee kan durumaan hamaa waan gootee ibsiteef, abbaan kan intala isaa amanudha. Kana jechuun dhugaa waan lafa jirurraa ka'eefi dhugaa hiikkaa yaadaa irraa madde gidduu abbaa warraafi soddaa gidduutti uuma. Hidhataafi jaalala warra soddaa faana jiru Leus & Salvadori mammaaksa, "Bara cinnaallee, jaalaafi soddaati waliin ba'a," (2006:595) jedhu kan kaa'an nimul'isa. Kanaafuu, sababa daallomaa abbaan manaafi haati warraa, akkasumas soddaan wal dhabsiiftee fiixomni (hariiroon duraan ture) cita jechuudha. Haata'umalee, daalleen hammeenyummaa karoorsee akka hintaane, "Daalleen qora hinbeektu, dhugaa hindabsitu," (Aab Taarii) mammaaksa jedhuun ibse. Akka mammaaksa kanaatti, dhugaa dabsuun wollaala irra hammaataa ta'uu kaa'uun, sadarkaa fafummaa isaaniin kijibarra daallummaa akka wayyu hima.

Mammaaksa olitti dhihaate keessatti, "…kijibduun warra balleessiti," kan jedhu, hammeenyummaa amala kanaan wal qabatee dhufu ibsa. Kijibni *fokko-dhaba* (waan aadaa hinta'iin ceera) dubbachuun akka ta'e Aab Liiban ibsa. Adeemsa kijibni itti dhihaatu, "Waan dharaa dhugeessee, waan dhugaa dhareessa," (Aayyo Galgala) jetti. Qabiyyee akkamii keessatti maal dhiheessuun akka kijibamuufi qaamni biraa akka dhugeeffatu ykn kan jedhame akka jirutti akka fudhatu haala itti taasisaniin qindeeffatu. Amalli kun durii-durii gara garaa keessatti bal'inaan calaqqisa. Kijibni kan daalleerra hammaatuuf, fedha dhuunfaa galmaan ga'achuuf jecha karoorsee hojjeta. Kunis durii-durii eerame kana keessatti ifatti mul'ata. Mammaaksi, "Kijibaa kijibi dubbii, nam kijibuu hinbeenneef lubbuu," (Aab Jaatanii) jedhu, kijiba jireenya kan godhate jiraachuu hima. Faallaa kanaan, daalleen hubaatii qaqqabsiisuuf utuu hintaane, hanguma beekumsa isaa ta'ee, garuu jireenya waan hubuuf fafee ta'e.

**Hinaaffaa:** Hinaaffaan gama isaan amala namni dhuunfaa calaqqisiisu ta'ee, haga garee hawaasaatti dhiib-baa akka uumu haala gara garaan ibsamu. Hinaaffaan kijibaa faana amala ofittummaa waan qabaniif wal fakkaatu. Amalli kun ogafaan akka durii-durii keessatti hedduminaan kan mul'ate yoo ta'u, jireenya qabatamaa keessattis wal dhabbiif daandii saaqa. Kana jechuun, hinaaffaan mallattoo hariiroon cabuu ta'ee mul'ata. Himinsi armaan gadiis mudannoo seenaa keessatti mudatedha.

Bokkeenyi galgalaa qacacaan wal keessa
Okkolli Jiloo Liiban ijoolluma keessa
Hinaaffaan Jaarsoo Halakee garaachaan wal keessa
Jaarsi hinaaffaa ce'e warra Bookaa Kanoo karaan baqaa eessa
Hinaaffaan Huqqaa Areeroo gar funaantuu keessa
Funaantuu ijjeesee Guyyoo Dabbasaa hoolaa gatii geessa (Wakoora Danbal[26], 2022)

Jechamni kun mudannoo dhugaan wal qabatee kan namoonni ittiin walitti qoosan akka ta'e Wakoori eera. Qoosaa kana keessaa Wakoori yaada bo'oo lamaan dhumaa irratti qofa ibsa naaf kennuyyu, yaadrimee nagaa mul'isuuf ga'aadha. Qoosaan kun kan madde haadha warraa isaa irratti hinaaffaa jaalaan kan ka'edha. Hinaaffaa horateen dhiibamuun abbaan warraa funaantuu (saree) nama itti hinaafee ajjeesee, gatii funaantuu hoolaa baase. Akka aadaa Booranaatti abbaan warraa tokko yoo nama wal qunnamtii saalaan wal qabatee warra isaatti qabate, ajjeesullee mirga

[26] Maqaan namoota walaloo kana keessatti dhihaataniifi kan ragaa kenne gaaffii raga kennaa irratti hundaa'uun kan jijjiiramanidha.

qabaachuu jaarroleen kaasu. Qabiyyee qoosaa kanaan garuu, wanni qabatmaan argame hinjiru, abbaan warraa shakkii qaburraa hinaaffaa horatee yakka waan raawwateefi gatii yakka raawwate caaluun akka adabamu kan ta'e. Fakkeenya biraa Aab Waaqoo kaase keessatti hinaaffaan amala addaa akka qabu mul'isa.

> Gurbaati intala kadhatee jedhani. Inkenneefii jedhani warri kaanleen. Akkanaan guyyaan fuudhaa geennaan fuudhanii jedhan. Fuudhee galee yeroo nami rafu, "Atin eger na hinsodaattu if si sodaachisa," jedhee gowaa walitti hidhee, bira taa'e. Ishiin achumatti waan taatu wollaaltee callifte. Innilleen, "Intalti gara jabeettiin tun waan ati jettu malee waan dhibii hinta'u narraa hiiki," jettutti eeguu ilti isaa walirra buute. Yoonni lafaa ol fiige, intalti muka irratti ya doote. (Aab Waaqoo)

Akka Aab waaqoon ibsetti, qabiyyee abbaan warraa irratti of sodaachisuuf yaalee kana tolche, waan fuulduratti ta'uufi ta'uu dhiisuunuu hinbeekamiini. Kanaafuu, hinaaffaan waan hinargiin ykn hinraawwatiiniin wal qabatee uumamuun hariiroo jiru sadarkaa walitti bu'insaatiin cabsuurra darbee gara lubbuu baasuutti deemuudha ragaaleen kunneen kan mul'isan.

**Daafanaa/dabeessa/sodaataa:** Jechoonni kun faallaa gootaa dhaabbachuun hiika fafee kan qaban yoo ta'u, yaadrimee nagaa Booranaa ifa gochuuf qooda mataa isaa qaba. Amala daafanaan qabuufi qoodanni hawaasa kees-satti qabu durii-durii 'Leenca, jaldeessaafi raacha'[27] jedhu keessatti yaadrimee isaa ibsuun kan eegalu. Daafanummaan waan silaa barbaadu dhabsiisa. Ibsa biraan, waan biyyi ta'u akka waliin hintaaneefi waan ofiituu akka hineegganne eeraniin Aayyo Hinseeneefi Waaqoo Biqqoo yaada wal fakkaatu kaasaniin, amalli kun aadaa waliin jireenya Booranaa keessatti fudhatama akka hinqabne ogafaan gara garaan ibsa.

Ilmi abbaan daafanaa, daafana;
Duul, duul hinsodaatu;
Dhab, dhab hinsodaatu;
Dhabee galu abbaa hinsodaatu. (Aayyo Hinseenee)

Jechamni kun ilma mana abbaa jiru irratti kan jedhamu ta'ee, akka jechama kanaatti, amalli daafanummaa kan dhaalamu akka ta'eefi aarsaa duulli gaafattu irratti muuxannoo akka hinqabne addeessa. Namni amala akkanaa qabu duulaaf niba'a hinsodaatu; akkasuma, mirga dhabuufi dhabee galuufis sodaa hinqabu. Kana jechuun, namni kun gara duulaatti ba'ee bineensaan ykn diinaan wal hinqabu, duulli isaaf jecha malee aarsaa waan hintaa-neef, duulli maal akka ta'e hinbeeku jechuudha.

---

[27] Dabalee 7-D ilaali.

Mammaaksi daafanaa duulatti ba’ee baqatetti ittiin qoosan, “Daafanaan baqa hindo’u, yoo galu oduun do’aa,”[28] jedhu kan dura Aab Borbor irraa dhaga’e, of jaalatummaa isaan waan silaa irraa eegamu hinba’iin hafa. Kana jechuun, waanuma ofii waan salphumatti qolatee oolfachuu male dhaba ykn garee ofii waan hamtuutti dhiisee keessaa ba’uun hawaasan wal dhaba. Waan biyyi ta’u waliin hinta’iin hafuun maal akka ta’e, “Galgaloo Qiirmii nama harka qalleessa, biyyi duula nuyaasaa jennaan, “Ani ilmaan kiyyaan hojjedha hindeemu,” jedhee dideeti, warri kaan nyaapha hadhee dabsatee horii galfate. Galgaloo Qirmiis, “Waaqa deegaan na ijjeesuti, onnee na keessatti ijjeese,” jedhe,” jedhani (Waaqoo Biqqoo) fakkeenya jedhuun ibse. Yaada kanaan daafanaan amala ofiin kan of qeeqe mammaaksa itti ta’ee akka hafe Waaqoon dabalee hima. Gama biraan, waanuma ofiituu diinaaf akka lakkisu:

> Xuuyyee Jaldeessaa nama cokataa akka malee bareedudha. Loon isaa nyaaphi fuudhe. Durii Booranni bu’a jedhanii fardaan reebeeti loon nyaaphi fudhate deebisa. Amma ganamee nyaaphi loon fuudhee guyyaatee dhaga’anii namni farda yaabee hori’e. Hori’uu keessa tokko dhufee yoo bira darbu cancan itti xixinnissee jennaan, “Dhiiroo, fuunee booru buunee boori, cancanaan nu hinballeessiinaa,” jedhe jedhama. (Soraa Liiban)

Loon fudhatame kan Xuyyeeti; Booranni loon deebisuuf wal yaama Xuyyeen cokatee ganda keessa deema, fudhatamuun loonii isaaf oomaa miti. Ammallee jechamni Xuuyyee mammaaksa ta’uun, namni dhimma tokko sodaaf jecha bira darbuu/dhiisuu yoo barbaade akka tajaajilamu Soraan kaasa. Daafanummaan waa’ee loonii dhiisiftee kan cancana komii himatti. Daafanummaa isaan Xuuyyeen maaf akka diina sodaate Boorana hinsodaanne, “Daafanaani mo’ichoo harreeti, warra qabaa dhowwatee ala qabaa kennata,” mammaaksi jedhu jiraachuu Waaqoo Biqqoo hima. Harreefi daafanaa qabiyyeen ittiin walitti fidame Waaqoon yoo ibsu, “Harreen dhaachaaf waliin qaban yoo waraabessi ishii qabu hindubbattu salphumatti nyaatamti,” jedha. Kana jechuun, warra kan waliin jiraatuuf akka irraa eegamu ta’uu dhiisee kan isa balleessuf callisuu isaati hariiroon akka cabu kan taasisu.

Nama sodaataa marii gareen dhimma duulaa irratti taasisu keessatti akka hinirmaachifne Diid Diimaa, “Daafanaa marii dhossanii, dabeessa gudduu dhossani,” mammaaksi jedhu jiraachuu hima. Mammaaksa kana keessatti jechoonni daafanaafi dabeessa jedhan hiika tokkichaan irra deddeebii hanbisuuf dhufani. Hiika tokko qabaachuu kan mul’isu, jechi *gudduu* jedhu yeroo itti cabsuuf murteessan kan bakka bu’u ta’ee qaama marii daafanaa dhoksaniiti mataa isaan. Maaliif

[28] Namni waa’ee daafanaa gaafatame hundi kan himan.

akka dhoksuun barbaachise, “Dhiira laaffisa ykn oduu dabarsa,” jechuun Diid dabalee eera. Haala kanaani daafanummaan mallattoo hariiroon cabuu ta’ee kan tajaajilu. Amala hawaasni bu’aa waliiniif barbaadurraan ala kan qaban kan qeeqaman yoo ta’u, daafanaanis bifa gara garaan qeeqama. Amala biraa daafanaa ittiin qeeqamu keessaa inni biraan duulaaf ba’ullee bu’aa akka hinqabne kan ibsudha. Kaanaafis ogafaan armaan gadii Waaqoon kaasa.

Boqota bonaa, karroo cinaachaan loobaa
Baddeessi diimaa gannaa, bobba’e daandii loobaa
Dabeeyyi loobee, tumaata malee yaawaa. (Waaqoo Biqqoo)


Bo’oo xumuraa keessatti jechi ‘dabeeyyi’ jedhu daafanaan hiika wal fakkaataa kan qabu ta’ee, kan silaa itti duuleef ciisee daandii ta’ee ofirraan dabarsa ykn karaa saaqee dabarsa jechuun jibba nama amala akkanaa qabu, jecha ‘loobee’ jedhuun ittiin arrabsu. Arrabsooma jedhamuuunuu akka of hinsirreessine:

Gurra qoosee tolfatee, baqatee mani bade,
Koor qoosaa tolfatee, waliin dabeessi hafa. (Diid Diimaa)

Waraabbiin kun goba keessatti kan jedhamu yoo ta’u, waan namni akka gumiitti ittiin jedhu qoosaa godhachuun waan irraa eegamu hinba’iin hafee namni akka dhumu taasisuu isaa himu. Ragaalee dhihaatan hunda keessatti daafanaarra hubaatiin hinqaqqabu, qaqqabullee akka hinko-manne agarsiisu. Booranni nama daafanaa wanni hinfeeneef, “Waraanatti hinreebu, hindheeta…” jechuun Aab Okkoto ibsa. Kara daafanaan ittiin ofirraa fincilu keessaa, “Daafanaan niitii miidhadduu gaafa tolfata,” (Waariyoo Garboolee) kan jedhu keessaan qofa. Kanaanuu, seera halkumaa kan abbaan warraa qabuun nama shake hunda ittiin injifatudha. Kanas taanaan, qeequmsaaf kan ittiin jedhamu malee cimina isaa agarsiisuuf miti. Ibsa sirrii (pssitive) daafanaan wal qabatu arga-dhe keessaa kan Aab Borbor, “Daafanummaan cubbuu miti, of jaalachuu malee,” jedhudha. akka ibsa kanaatti, daafanaan waan beekee nama hubuuf raawwatu osoo hintaane amaluma Waaqni waliin uume waan ta’eef kan mataa isaatuu hineeggatu kan jedhurraa madde. Haata’u malee, amaloota inni ittiin qeeqamu hundi yaadrimee nagaa Booranaa faana waan hindeemneef jibbama.

**Falfala:** Falfalli dubbiinis ta’e raawwiin faallaa waan sirrii namni itti jiruu kan dubbatu ykn raawwatudha. Amala falfalaa kan qabu nama, horiifi bineensa ta’uu mala. Falfalli waan dansaa waan badaatti jijjiiruu, cubbuu hojjechuu, dhugaa dabsuu, sobuufi kkf hiika jedhu akka qabu Leus & Salvadori (2006) kaa’aniiru. Jechoota Leus & Salvadori tajaajilamuun falfala ibsuuf yaalan hunda fudhachuun qabiyyee irraa waan fageessuuf, yaada isaanii ‘waan dansaa waan badaatti

jijjiiruu’ gama jedhu qofaati akkaataa ani ragaa argadheen wal simata. Gama kanaan fakkeenya fudhataniin, “Lafti nagaya, inni waan hamtuu tolchuu fedha, hinfalfala. Lafti nagaya, nami *arooyii* jedhee yaame, hinfalfala,” (2006:205) jechuun dhimma nagaa kallattiin kaasuun, falfalli faallaa nagaa ta’uu ittiin mul’isani. Kanaafuu, falfalli kanuma namni nagaan jiru kan waan hamtuu lafa hinjirre akka jirutti dubbatu ykn calaqqisiisudha. Gama biraan, bakka waa hinjirretti waan jiru taasisanii dhiheessuudha. Adeemsi kun rogarfee semiyootiksi keessatti haalli itti ibsamu:




Raawwiin falfalaa, *fakkeessuu*fi *waan jiruun ala* keessa kan jiru ta’ee, dubbiis ta’e raawwiin haala kanaan dhihaatu waan jiruun faallaa ykn yaada wal dhiitu kan qabudha. Bakka taateen gargaarsa gaafachiisu hinjirretti namni *arooyii* jedhu, falfala jedhamee qoodama. Kanaaf fakkeenya kan ta’u hariyyaan Booranaa Danbal Duubaan waamaman (gadaa Jaldeessa Liiban 1961-1968 gidduutti kan dhalatan) waan jedhanii dhahataniin falfalan jechuun Aayyo Hinseeneen kaafte.

Waaqi roobee bilaan billeen baate
Ilti dhooftee nafaan suukiin yaate
Suukiin sunleen gabbat sirrat baate
Waaqi roobee bisaan gallakkise
Bisaan cinnaan siif fuloon lakkise. (Aayyo Hinseenee)

Yeroo ijoolleen haala kanaan dhahattu rakkoon hinturre, ega isaan dhahatanii dhibeen bu’uu Aayyo Hinseeneen dabaltee eerti. Hariyyaan kun yeroo Kuusoma isaaniitti waan dhahataniif, kan Kuuchu ammoo gadaa Jiloo Aagaa (1977-1984) keessa ta’a. Gadooma Jiloo aagaa maanguddoon hubaatii qaqqabe, “…horiin dhumatee allaattiifi waraabessi nutti Islaanee, nutti Kiristaane waan ofiin ijjeefatu malee du’aa nurraa nyaachuu didee,” (Oba-Smidt, 2016:349-50) jechuun akka ibse kan kaafte, yaada Aayyo Hinseeneen wal fakkaata. Waantota akkanaa arraba namaa duukaa deemanii mudatan, “Waaqi fulaa arrabi abbaa oolu oola,” mammaaksa jedhuun akka ibsamu Aab Waaqoo kaasa. Gama falfalaan mammaaksi kun waan Danbal Duubaa kanati mudata. Akkaataa dhugeeffannaa jaarroleetti namni falfalu waan irratti falfale akka argatu ibsuun, namoota akkanaa faana hariiroo uummachuun akka hinfedhamne Aab Jaarsoon hima. Mammaaksi, “Waakkataan

dhaba dhaha, waakaan dhukkub dhaha,”[29] jedhu falfalaan wal qabsiisuun himan yaada kanaan wal deeggara. Hiika mammaaksa kanaa bakka lamatti qooduun yoo ibsan, yaada armaan gadii fakkeenyaan deeggaruun kan dhiheessan mammaaksa Aab Waaqoo falfala ittiin ibse faana wal tumsa.

> Waakkataan dhaba dhaha kan jedhu, ani amma horii qaba, aanan kunoo, loon kunoo re’een kunoo… aanan mani miyyuu beela’aa dhufe itti hinkennu waakkata. Iyyeessaa hinkennu, iyyeettii hinkennu, beela’aan hinga’u, dheebotaan hinga’u inwaakkata, la dhaba dha’e ega Waaqi kenneef. Waaqi laaluma laalee biraa fuudha.
> Waakaan dhukkub dhaha: ergaan yadhufte (kan gosaa), “An fayyaa nii,” jedha. Yoo ollaan erregaa yaamu, “An fayyaa nii,” jedha. Waaqi laaluma laalee… nam fayyaa odoo qabuu an fayyaa nii jedhu kana dhukkubanni ciisuunii inkennaafii.

Ragaaleen olitti dhihaatan raawwiin namaa falfalaan ibsamu faallaa danboobaa kan dhaabbate ta’uu kan mirkaneessan yoo ta’u, akkuma amalli danboobummaa horiis ta’e uumama biraa irratti mul’atu, falfalummaanis amala wal fakkaataa akka qabu muuxannooleen Booranaa nimul’isu. Kanumaan wal qabatee Aab Jaarsoon, Booranni nama qofa osoo hintaane uumama falfala jedhee qoodu akka qabuufi isaaniinis akka hinfeene eera. Booranni akkuma horii danbooba jedhamuun olitti dhihaate falfalas akka qabu Aab Jaarsoo, “Horiin falfalli bobbaallee niyakka, bultiillee niyakka,” jechuun ibsa. Akkuma boqonnaa 4[ffaa] keessatti ibsame, horiin finna namaa ta’uuf bobbaafi bultuma toluu akka qabudha. Qabiyyeen kun lamaan bannaan bu’aa namni horii/loon irraa argatu dhabamuun, namni akka hubaatiif saaxilamu taasisa. Kun ammoo kallattiin yaadrim-een nagaa Booranaa akka hubamu taasisa.

Amalli falfalummaa horii irratti kan mul’atu xiqqeenyumarraa eegalee akka ta’e, “Jabbiin yoo ati bobbaaftu bobbaa diddee butumeen simartu, karraan simartu loon hintaatu. Jabbii akkanaa nibeekani, garuu haadha jalaa hinqalani, hingugurani kan baddu baddee kan haftu hafti. Kanuma ati ittiin jiraachuuf horatteti sitti daba,” (Aab Taarii) jechuun ibsa. Horiin kaan kan duraan amala addaa hincalaqqisiifne ega guddatee korma ga’ee, “Kormi falfalli bakkuma doogamsuuf deeme bula. Guyyaa dhibiillee galuu dhiisee doogamsuu argate gul deemee achumaan bada; osoo namni hinhanne, gurgurtee horii biraatti jijjiirta ykn qalattee nyaatta,” (Aab Jaarsoo) jechuun furmaata kan jedhu kan silaa hinmalle eera. Kana jechuun, osoo horiin kun amala falfalaa hinqabaannee

[29] Marii garee jaarrolee faana Yaaballootti 11/02/2022 taasifame keessaa.

qalatanii nyaachuu kan jedhu filannoo hinta'u, hormaataaf jiraata ture. Kana keessaani yaadrimeen nagaa Booranaa kan ibsamu.

Akkuma bineensi danboobaa jiru kan falfalus jiraachuu Aab Jaarsoon, "Gadamsi amma kaawoo hinqabu," jechuun Booranni akka dhugeeffatu hima. Akkasumas, gadamsi amala jibbisiisaa inni qabu, "Deemsi isaallee akka tokko," jechuun Aab Jaarsoon dubbata. Akkasumas, illeensa isaa warra namaa seenu hinfedhani; olooke laf jalatti galu yoo namatti ba'e, tumaaddessa/qillisaa yoonni afaan ofii dubbatu, farroo hamaa akka ta'an Aab Jaarsoon tarreessa. bineensota akka illeessaafi olookeen yoo namatti ba'e akkasumas, tumaaddessi afaan isaan yoo namatti dubbate falfala ta'a jedhee akka dhugeeffatu hima. Falfala gosa akkanaa, Booranni 'matumakeen badi' jechuun akka abaaruufi jechoonni abaarsaa kun sababa amala falflummaa uumama kanneennii irraan kan madde waan ta'eef, raawwii Booranni isaan irraa hinbarbaanne kana yoo raawwatan, jiraachuu isaanii balaaleffachuun hariiroon uumaa uumamaa akka cabu taasisa.

Booranni muka falfala jedhee qoodu, "Muka baddana, buutiyyeefi qaraaruu," (Aab Taariifi Aab Jaarsoo) jala illee hinqubatamu jedhu. Muuxannoon lagannaa akkanaa kan maddu, amala walitti firoomsuu irraa akka ta'e ragaan jaarrolee nimul'isu. Fakkeenyaaf, buutiifi buutiyyeen bifaan waan wal fakkaataniif, buutii buutiyyeerra jiru adda baafachuun ulfaataa akka ta'e Aab Liiban hima. Nama gaaddisa buutiyyee taa'uu barbaadu dhorkuun, hubaatii tasaa gama buutiin dhufu akka hinmudanne itti taasisanidha. Namni hubaatii irraa walaba ta'uun hiiroon nagaa kanaan wal qabatu akka galma ga'u gargaara. Namni, horiifi bineensi falfalummaan isaanii raawwiifi amala calaqqisiisanirraa madduun yoo ta'u, kan mukaa garuu akkaataama uumama isaniiti. Walumaagalatti, falfalli mallattoo namnis ta'e uumamni kaan dubbii ykn/fi raawwiin waan namni ittiin badu/dararamu dhageessisuu ykn/fi mul'isuun hariiroo namni namaafi uumama kaan faana qabu kutuun faallaa nagaa kan dhufudha. Haata'uutii, kan mukaa garuu akkaataama dura Waaqni itti uumerraan waan ta'eef, xiin-uumeetti hidhuun nagaa isaaf jecha irraa dheecha. Kanaafuu, uumama kamuu yoo ta'e, hanga jireenya namaa irratti dhiibbaa geessisanitti hariiroo jiru cabsu jedhamanii waan dhugeeffatamaniif mallattoo ta'u.

## 6.2. Mallattoolee Gocha Namaan Calaqqisan

Mallattoolee raawwiin mul'atan yoon jedhamu, gocha raawwate irraa ka'uun hariiroon akka cabuuf mallattoo kan ta'anti mataduree kana jalatti ibsame. Gochi namaa mallattoo hariiroon cabuu agarsiisan akkuma mataduree olitti dhihaatee faallaa yayyaba jiruu deemuudha. Yayyabni

waan uumamaafi namni tolfate yoo ta’u, ka’umsa mataduree kanaaf yaada kana lamaan walitti kan qabate, “Awaannisa roobaa, qe’een keenna rooba,” (Aab Borbor) mammaaksi jedhu waan booranni dhaha nagaa (lafa waraanni, dhukkubi, oolaan takka hinqabanne) ittiin himatu akka ta’e ibse. Kana jechuun, lafa awwaannisni tuqxe hookkarsoonni kunneen akka hinmudanne himuun yayyaba uumamaa ta’uu dhugeeffatu. Haata’umalee, bara 2022 utuu hongeen hinhammaatiin dura hawaannisa mootummaan qorsaan akka fixe eeruun, awaannisni kan fareeffatan[30] malee kan fixan akka hintaane cimsee dubbata. Maanguddoon argaa dhageettii kun hongee mudateef waanti irratti himuu danda’an kanafaa ta’uu akka malu hima. Hawaannisni waan balleessu qabaateef isa balleessuun aadaa Booranaa keessa akka hinjirredha hubannoon kun kan mul’isu. Kanaafuu, mallattoo hariiroon cabuuf waan namni raawwatu waan fayyadu/hinfayyadne ykn xiqqaa/guddaa jechuun ulaagaa taa’uun miti kan murtaa’u, yayyaba jiruun madaalameeti. Haaluma kanaan, taatee namni raawwatu hariiroon dhimma nagaa cabuuf mallattoo kan ta’an keessaa kanneen bu’uura jedaman armaan gaditti dhihaataniiru.

**Nagaa diduu/Nama dubbisuu dhiisuu:** Waan raawwachuu male raawwachuu dhiisuunis gochuma namaa waan ta’eef mataduree kana dabalatee haala kanaan kan qindaa’an nijiru. Adeemsi nagaa wal gaafannaa Booranaa *sirna* gabaabaa sadarkaa namoota dhuunfaatti gadi bu’ee gaggeeffamuun namni waan addunyaa isaa dhugeeffannaan walitti hidhee wal iyyaafatu ta’uu (Aguilar, 1998) akka ta’e eeredha. Nagaa wal iyyaafannaan yaadrimee salphaa akka hintaaneefi yaadrimee ‘nagaa diduu’ jedhu qabaachuu bakka ta’etti ibsameera. Ibsi kunis mudannoo kana irraa ka’uun mallattoo hariiroo cabsuu jalatti dhihaate. Mudannoo gaaddisaa kanaan jaarsati, “Babaaroo?” jedhee gumii dubbisee deebii dhabe. Itti deebi’ee “Boorana, nagaa hindidiinaa,” jedhe. Jecha lammataa hordofee akkaataa namni gaaddisa taa’ee jiru cufti dhukkisee itti jalaa qabe, hiika Booranni nagaaf kennuufi walitti hidhatinsa yaadota lamaan gidduu jiru agarsiise.

Taateen kun kan mul’isu, raawwiin nagaa wal gaafannaas ta’e iyyaafannaa mataa isaan *nagaa* bakka bu’ee yoo dhihaatudha. Kanaafuu, raawwiin kun adeemsa hawaasni hiiroo nagaa irratti odeeffannoo waal jijjiiru waan ta’eef, sadrkaan itti wal iyyaafatan wal caaluunuu hookkarsaaf akka saaxilu ragaaleen mul’isu. dhabamuun isaa hookkarsa akka uummu raagaan himamuu argaa-dhageettii armaan gadii akka ragaatti kaasu jaarroleen.

[30] Waan miidhaaf dhufe hiika dansaa itti kennuu (boqonnaa itti aanu keessatti ibsama)

Yooyyaa jedhee wal dhungachuu lakkisee
Namii deemu cuftii harka wal qabatee
Gaafas waaninni itti aanaaf hinqabannee? (Aab Borbor, raaga Areeroo Boosaroo[31])

Yaadni kun raaga argaa-dhageettiin himamu ta'ee, akkaataan nagaa itti wal gaafatan mataa isaan hariiroon cabuuf mallattoo ta'uu irratti shoora akka qabu mul'isa. Kana jechuun, wal dhungachuufi harka wal qabachuun hariiroo hawaasa gidduu jiru ibsuuf wal caaluudha. Namni yoo wal dhungate jaalala akka walii qabuufi yoo harka wal qabatee dhiise ammoo waluma argeef malee yaadaa akka wal hinqabne akka ibsu Aab Borbor kaasa. Garaa garummaan kun uumamuun hariiroo Boorana gidduu jiru akka hubudha raaga armaan olii keessatti kan dhihaate.

Namni waan silaa irraa eegamu guutummaan dhiisuu/qabiyyee isaa jijjiiruu/qabiyyee keessaa hir'isuun mallattoo hariiroon cabuu mirkaneessu. Gama biraan, haalli nagaa wal gaafannaa hariiroo jiru mul'isuuf humna guddaa akka qabu agarsiisa. Akka Aab Kiyyaan himetti, nagaa wal gaafannaan qabiyyee gabaabaa kan of keessaa qabu ta'ee, namni waliin ture, ollaa ykn qe'ee tokko keessa jiru gidduutti taasifamudha. Gabaabaa kan jechisiise waan waliin jiraniif akkaataa bultii oolmaa walii 'baarat/tuut ka'ee/oolee ykn babaaroo?' kanneen jedhan qofaan daanga'a. Nagaa wal iyyaafannaan ammoo dhimma dhuunfaarra darbee haala qilleensaa, haala horii, waraana, waan naannoon keessa tureefi amma itti jiru hunda hammata. Nagaa wal gaafannaas ta'e wal iyyaafannaan adeemsa Booranni dhimma dhuunfaafi waan naannoo isaa jiru keessatti walii qoodudha. Dansummaafi hammeenya hiirowwan nagaa irratti walii qoodaniin ejjennoo itti aanu (walii gammaduu, wal gargaaruu, itti qophaa'uufi kkf) fudhachuuf gagaaramu. Kanaafuu, lamaan kana keessaa tokkollee hojiirra oolchuu baachuun qabiyyeewwan eeraman kanneen irratti namni odeeffannoo dhabee gara hookkarsaatti akka seenu waan taasisaniif, odoo nagaa gadi fageenyaan iyyaafachuu maluu yoo gabaabsee gaafatee darbeyyu mallattoo hariiroon cabuu ta'ee tajaajile. Aab Kiyyaan, "Nama sitti dhufe hindubbisiin darbuun aad-male," jechuun ibse.

**Haraamuu, Kobuufi Caphana:** Jechoonni kun sedeen dhimma hariiroo saalaa namni qabuun wal qabatu. Yeroo baay'ee bakka walii seenuun yoo tajaajilan hiika wal fakkaataa dabarsu. Gama fooklooriin *obscenity* kan jedhamuufi, "An act or expression that transgresses a culture's ordinary norms of social decorum," (DuBois, 2011:911) jechuun kan ibse faana wal qabata. Kana jechuun, kabaja hawaasni aadaan qabu keessaa ba'uun, jecha safuu kan namni itti qaana'u dubbachuudha.

[31] Areeroo Boosaroo yeroo saddeeqa taphatu waan dubbachaa ture kan eganni du'ee namni walitti hime.

Muuxannoon booranaan jechoonni kun jecha dabalatee raawwileen sadarkaa kanatti qoodaman jiru. Jechoonni sadarkaa kanatti qoodaman tajaajilamuun of eeggannoo guddaa barbaadu. Sadarkaa raawwiittis aadaan yayyabamee kan jiru cabsuudha.

Jireenya qabatamaa keessatti haala isaan itti mallattoo hariiroon cabuu ta'anii tajaajilan kan agarsiisu Mammaaksi, "Haraamticha akka haroo qa'ee keessaa," (Waariyoo Garboolee) jedhu ragaa tokkodha. Hiika mammaaksi kun qabu, haroon qe'ee keessaa akkamiin haraamuu akka ta'e, "Uuri, cancanni cufti itti gad deebi'aa, ijoolleen irra oolti, horiin irra oolaa, dhaanachaa oolu," jedha Waariyoon. Nama mammaaksa kanaan ibsuun arrabsoo akka ta'eefi innis nama gosaafi luba odoo adda hinbaafanne dubartiitti dubbatu ta'uu hima. Gama biraan, "Dubartii argeemaaf, 'niitii san' jennaan haraamuudha," (Aayyo Abdii) jetti. Akkasumas, "Kan ijoollee durbaa wa gaafate haraamuu-kobuu; caphana," (Aayyo Jiloo) jechuun ibsite. Haala kanaan, haraamuu-kobuufi caphanni dhimma saalaan wal qabatee dubbii afaaniifi waan gochaan raawwatan hammata. Yeroo tokko tokko jechi *caphana* jedhu maqaa namni haraamuu-kobuu ittiin waamamudha. Caphana jedhamee kan qoodamu keessattuu, dhiiras ta'e dubara haraamuu-kobuu irratti hirmaatanidha.

Moggaasni haraamuu, kobuufi caphanni kallattiin kan namoota gidduu daangaa kaa'an yoo ta'u, akka fakkeenyaatti Aab Dullachaa, "Namni durba gudeede caphana; qixxee nam du'ee; mootummaa jijjiirrate jechuudha," jechuun kan kaa'e, hookkarsa akkamii hawaasa keessatti akka uumu agarsiisa. Akka ibsa Aab Dullachaatti hookkarsi mudatee nama addaan baasu, ijoollee durbaatti yakkuu qofaan kan mudatudha. Calaqqeen haraamuu-kobuu inni biraa, "Goonni Goona ykn Sabbo Sabboon fuudhuu," (Aab Duurettii) akka ta'e eera. Adeemsa fuudha akkanaa Aab Borbor gama isaan, "…fuudha aadmalee, caphana itti galaa ta'e," jedha. Moggaasni sadeen kun akkaataa namoota gara garaan ibsamanitti, hiika wal fakkataan nama itti dubbachuu hinqabnetti hariiroo saalaan wal qabatu yoo dubbateefi nama waliin raawwachuu hinmalle faana hariiroo wal qunnamtii saalaa yoo raawwate kan ibsanidha. Dhiibbaa mallattoon naga-dhabaa kun fidan, "Waan [sanyii] namaa balleessaati," jechuun Aab Duurettiin yoo ibsu, kana jechuun, namni yakka kana raaw-wate, hariiroo hawaasaa Booranni qabuun ala akka ta'u mul'isu.

Bakka ijoolleen durbaa gaa'elaan alatti qunnamtii saalaaf dirqisiifamtetti maatii intalaafi warra gurbaa gocha kana raawwatan gidduu hariiroon nagaa incaba. Sadarkaa kana qofatti dhaabbachuu dhiisuu danda'a, hanga gosa walitti buusuutti kan deemus jira. Yoo dafee hinfuramiin hariiroo uumaa-uumamaa akka hubu ragaa armaan gadiin ibsameera.

> Wanni nagaan baddeef haraamuu kobuu kana. Marri horii baddee, dheefeen horii baddee, aanan badanii, dhadhaan bade, kaayoon wanni jira cufti baddee, namni durii horiin bulaa wanni nyaatan kun muka jennaa, muka callaan bulanii, har'aan tana shaayii gurraattii ibiddirraa fuudhee Booranni dhugu, har'a nuu tokko. Dur aananiin addeeffatee dhuga. (Aayyo Jiloo)

Ibsa kallattiin Aayyo Jiloon nagaan sababa haraamuu-kobuun akka baduufi kanaan wal qabatee Booranni maal maal akka dhabe faana eerte. Nagaan bade jechuun ifatti kan tarreessite, uumama namni itti tajaajilamuufi uumama uumamni ittiin fidamu (margaafi horii) akkaataa hidhata isaan waliin jirenya ibsan agarsiisuuf kan yaaledha. Taatee mudatu kana namatti kan fidu Waaqa akka ta'e, innis aadaa Booranni yayyabatee qabu cabuu isaan ta'uu Aayyo Jiloon ibsa kennite keessatti dhugeeffannaan kan keesse.

Caphanni, namni kan ittiin badu jechuun jaarroleen kaa'an kun, qaama lamaan (intalaafi dhiira) waan wal qunnamtii saalaa irratti hirmaatan ilaallata. Caphana jedhanii qooduuf, gaa'elaan ala ijoollee durbaafi dhiira kamuu gidduutti adeemsa, yaalii wal qunnamtii saalaaf taasifamuufi yoo wal qunnamtiin saalaa raawwatee argamedha. Intalli ega durba taatee fedhi intalaa keessa jira ykn dirqisiiseeti kan jedhu qoodinsa caphanummaaf marii keessa akka hinseenedha yaadni jaarrolee kan mul'isu. Adabbii caphanooma hordofee dhufu kan guutummaan fudhatu dhiira akka ta'e Aab Dullachaan eera. Yaada isaa kana akka sababaatti kan yakka raawwateefi kan yakki irratti raawwate ta'ee akka ilaalamuun deeggaruun dhiheesse. Yaada kanarraa kan ifa ta'u, raawwii kanaan wal qabatee hawaasa gidduutti nagaa hawaasaa kan hokkarsu hubaatiin akka qaqqabudha. Garee hawaasaa yakki akkanaa keessatti raawwate yaadrimeen nagaa dhimma hawaasummaafi dinagdeen walitti isaan fidaa ture addaan cita. Sababni isaas, yakki ijoollee durbaa irratti raawwatu yakka gaa'elaa itti fufinsi dhalootaa irratti hundaa'uu waan ta'eefi. Itti fufinsi dhalootaa hiirowwan nagaa Booranni irratti xiyyeeffatu akka ta'e qabiyyee darban keessatti dhihaateera. Kanaafuu, yakki akkanaa dhalootaan waan wal qabatuuf hookkarsa bal'aa uumuun nagaan akka boora'u taasisa.

**Arrabsuu/abaaruu:** arrabsoon dhimma ceeraa keessattis kan ka'uu danda'udha. Hariiroo namni walii isaa faana qabu keessatti dhiibbaa qabu eeruun, Afrikaaf akka jecha Awrooppaa *obscenity* miira guddaa kan baate akka hintaane (Peek, 2004) falma. Haata'umalee, Booranaaf jecha ulfaataafi lubbuu wal baasisudha. Sababni isaas, safeeffachuu dhabuu ykn nama kabaja dhorkuu waan ta'eef. Kunis, dubbiin ykn gochaan kan mul'atu yoo ta'u, hanqina namni qabuun ykn

akkaataa hinmalleen nama sana salphisuudha. Hanqina namni qabuun arrabsuun kan akkamii akka ta'e taatee namaafi leenca gidduutti mudate durii-durii gabaabaa armaan gadiin yaadrimaa'eera.

> Durii leencati mucaa namaa fudhatee guddifatee jedhani. Amma wayi ijjeesee fidaafi. Warri gurbaa oduu dhaga'anii gara warri jiru dhaqani. Leencilleen warra haasa'aa dhufe dhaga'ee, "Warrike ya dhufe," jedhee raasaa seene. Amma warri ol duudanii, "Leenci attami sifida?" jennaani, "Akka dansaa na fida, rakkoo oomaatuu hinqabu, guyya guyyaan foon nyaanna, rakkoon tokko qofa, leenci yoo rafu bobaa walitti hinqabatu, bobaati ajaa'a, kana malee rakkoo oomaatuu hinqabnuu," jedhe. Warris nagaatti jedhee yoo deemu, leenci dhaga'aa ture gad ba'ee, "Eeboo kanaan darba-dhuu na waraanii," jedhe. "Yoo ka na hinwaraanne taate, sin caccabsaa," jedhe. Amma waraanuufillee nyaachisee obaasee guddise, akka hindhiifnellee si caccabsa jedhee, humti namaafi ka leencaa wa tokko taatee? Amma fuudhee waraane. "Akka dur si nyaachise na nyaachisi," jedheen. Amma gurbaanillee foon guyyuu fidee nyaachisee madaa leencaa fayyise. Ennaani leenci, "Anini waraansa ati na waraantellee natti hinmullattu, jecha ati gaaf kaan naan jetteti garaa na jira," jedheen. (Aab Liiban)

Durii-durii kanaan wanni namaan jedhan waan qaama madeessan caalaa hammaattuu akka taate leenci kan agarsiise. Taatee kanaan wal qabsiisee Aab Liiban waan silaa ta'uu male kan jedhu, "Kanaafi fulaa haasaalleetti waan namni mufatu, waan hamtuu namaan jechuu hinmalle, yoo namalleen wa jedhaniin waan namaan jedhan ilaallachuu malanii," yaada jedhu kaase. Yoo kana hinta'iin hariiroon qaaota gara garaa gidduu jiru akka cabu dandeessisa.

Yaadrimeen durii-duriin dhihaate kun jireenya qabatamaa Booranaa keessattis akka mul'atu duudhaalee gara garaati jiru. Booranni arrabsoo jecha lakkuu *ceeraa-fokkoo* akka jedhuufi ibsa isaas, "Ceeraa-fokkoon kan akka haadha maqeenessuuti (arrabsuu)," (Waariyoo Godaanaa) jechuun kaa'e. Arrabsoonuu akka wal caalu, "Wanni, haatatee akkas ta'i, dhal dabi," jedhanii, waan hamtuu," (Aayyo Jiloo) jechuun ibsite. Dhiibbaa arrabsoon gosa akkanaa qaban, "Jiruun namaayyu la gabaabbate jenna," jechuun dabaltee ibsite. Kana jechuun, sababa arrabsoo kanaan namnuu akka namaatti baduuf deema sadarkaa jechuutti deemamuu agarsiisa. Akka Booranni haadhaaan nama arrabsuu jibbu Soomaleen waan beektuuf, yogguu lagni Waabee guutee jiru laga gama dhaabbattee, "Haadha kee raa'i," (Goollichaa) jettee Booranni qabachuuf jedhee lagatti seenee akka du'u hima. Jalqaba irratti Booranni haadhafi lafa *baattoo* jedhee safeeffata. Itti fufuun, Adaan kun maal irraa akka madde, "Fardilleen beeytaa haadhafaa, obboleettii fa'itti hindhihaatu," (Aab Borbor) jechuun, aadaa kanas *haramuu-kobuun* hidhamuu ibse. Kana malees, gosi haadha ofiituu aadaa kana qaba. Mammaaksi, "Haati nama dhalte, kalaabsuu ilaa daati," (Aab Liiban Duubaa) kan jedhu, waanuma dhokachhuu hindandeenyeyyu kan dhoksuuf yaaltu ta'uu ittiin ibsa. Haati jaalala akkanaan malee jecha aadaan ceera jedhameen hinibsamtuuf mallattoo hariiroo

cabsuu ta'a. Jechi arrabsoo kamuu waan aadaa akka hintaaneefi nama kamirraayyu hariiroo jiru keessaa kutti.

Nama arrabsuuf ka'umsi dhaabbataa taa'uu baatus, kanuma dubbiin gidduu namaa hinjirre fedhuma dhuunfaa irraa kan madde ta'uu fakkeenya Guyyoon, "Soomaleen Boorana yoo hadhuu feetu, horii qabattee gara lafa Booranaa dhufuun haraafi marra balleessiti. Yoo Booranni maaliif akka balleessan gaafatu, 'beeki, horiin afaan qawwee dheedaa' jedhu, tun Booranaa arrabsoodha," jedha. Jecha arrabsoo kan ta'e, 'loon afaan qawwee dheeda' jechuun, eeyyamaan osoo hintaane meeshaa ani baadheti mirga kenneef yaada jedhu kan dabarsu ta'uu isaan akka ta'e Guyyoon dabalee ibsa. Kanaafuu, arrabsoon kun kallattiin hariiroo namni akka namaatti qabeenya uumamaa waliin qooddatu keessaa ba'ee ijoo naga-dhabaa kan ta'e waraanaan wal balleessuutti seena. Kanarraa kan hubatamu, arrabsoon nama dhuunfaas ta'e garee irratti naga-dhaba gama addaan baasuufi wal ajjeesisuutti geessuu akkasumas, kanarra darbuun Waaqaanillee akka walitti nama buustu ibsu. Kun akkana ta'ee, jechi lakkuu biraa *haraamuu-kobuu* jedhu arrabsoo faana ibsa wal keessaa kan qaban yoo ta'u, innis haala armaan gadiin dhihaateera.

Ka'umsaaf sababa biraa qabaatus, arrabsoon mallattoo hariiroon cabuu akka mul'isu fakkeenyi gara garaa ka'uu danda'a. Qabatamaan marii uwwootaa/dubartootaa Haliisitti Boorana, Gabraafi Gujii gidduutti taasifame irratti, waraana gosa kana gidduutti uumamuuf shoora olaanaa akka qaban ofirratti ragaa ba'ani. Jechi arrabsoo isaanii, "Isin dhiiraa nitii?" kan jedhu akka ta'eefi jecha kana hordofuun dhiirri gara waraanaatti akka seenu ibsi isaanii kan mul'isu. Taateen arraba kana qaqqabsiise kan silaa mariin xumuramu akka ta'e ibsuun, akka ta'uu hinmalle qeeqaa fuula duraaf qaama furmaataa malee dhiira kakaasuu irraa of qusachuu irratti mari'atani. Marii isaanii keessatti cimsanii kan kaasan, jechi arrabsoo kun ulfaataa ta'uufi kan dhiiraan jechuu hinmalle ta'uu mul'isa. Dhiira dhiirummaa gaafachuun, qeeqa dhiirri qooda isaa ba'uu dhabuu ittiin dhiheessanidha. Kana jechuun, hookkarsa dhufe qolachuun ga'ee dhiiraa akka ta'eefi jecha kana booda waraana malee filannoon biraa akka hinjirre mirkaneessa. Dhiirtis qeeqa kana jibba gara waraanaatti seena. Kanaafuu, dubbiin kun yoo dhihaatu mallattoo waraana (wal dhabbii keessatti hubaatii hamaa kan qaqqabsiisu) eegaluu ta'ee, hariiroon cabuu mul'isa.

**Morka:** Morki caacculee gara garaaf sababa ta'us, qabxiilee maanguddoonni kaasan keessaa, "Loli morkaa galgala gumaa dhawa; tiki morkaa galgala qollee dhawa,"[32] kan jedhan, mammaaksa kallattiin jecha morka jedhu tajaajilamuun taateen fafee ittiin mul'atedha. Jaarroleen mammaaksa kana yoo ibsan, "Namaafi namati waldida, lolli kuni hollaa, qara wal hinquufu wal didaa, walitti lallabaa, lallaba guddiseeti harkaan walitti deema. Dhaqi la tolchee la mataa burusse, ila la basse, lubbuu wal dabarsa," bu'aa lola morkaa yoo himan, haala tiki morkaa galgala itti qollee dhahu, fakkeenya armaan gadii kaasani.

> Naaf si'iti horii walitti tiffata. Ati maandhaa, ati maarree wal qorra, aduun la gubbaa dhufe, loon la bananii gadhiisani, nami gula hinbaane. Naaf ati la wal dinnee, ollaat wal dhanna, indubbanna, horiin dhaqanii la danqaraa bineensaatti duudan, bineensi la butee dhahe, yoo namni wal didu guyyaa barbaaduu dhufee reeffi kan ciisu kana. Tiki morkaa galgala qollee dhahaan akkana.

Morki jireenya hawaasaa keessatti mallattoo hariiroo cabsuu ta'ee akkamiin akka naga-dhaba ibsu fakkeenya armaan olii keessatti dhihaatera. Aab Waaqoon qabiyyee cubbuu keessatti morka yoo ibsu mammaaksa, "Morki wa balleessa," jedhu tajaajilamuun dhiheesse. Hidhata Hariyyaan wal qabatee Aab Jaataniin mammaaksa, "Hariyyaa ilkaan kolfaa, garaa keessi morka," jedhu kan kaase morki waan uumamaa ta'uu agarsiisa. Hariyyaa kan jedhu Booranni ijoollee gadaa tokko keessa dhalataniif bal'inaan kan tajaajilamu yoo ta'u, kana keessaisaan guutti morki maaliif akka uumamamu, "Hariyyaan lubbuun walirratti dootullee, garee isee keessaa baatee mul'achuu feeti, morki jira," jechuun Aab Jaataniin dabalee ibsa. Qabiyyee hunda olitti dhihaatan keessatti morki mataa isaan fafee akka ta'e kan agarsiisani. Morki amaloota ittiin ba'ee calaqqisu keessaa wal dhageettaa dhabuufi walii wallaaluufi waakuu dhabuun isaan ijoodha. Jechi *wal* jedhu kophaa yoo dhaabbatu hariiroo keessatti hiika sirrii ykn fafee qabaachuun isaa waan hinbeneef, jechoota hordofanii dhufan irratti hundaa'uuni hubachuun kan danda'amu.

Wal dhageettaa dhabuun kan tokko jedhu kaan fudhachuu diduun hubaatii qaqqabsiisanidha. Amalli kun kan calaqqisu sadarkaa kamirrattuu akka ta'e, "Warri marii/wal dhageettaa hinqabne raada baasa," (Waariyoo Garboolee) mammaaksa jedhuun yoo mul'isu, raada baasuun hormaata kutuu akka ta'es ibsa. Bakkeewwan gara garaatti akkuma dhihaate, waan namni ittiin jiraatu waan

[32] Marii garee 11/02/2022

nagaan ittiin ibsamu waan ta'eef, horii dhabuun hookkarsatti seensisa jechuudha. Wal dhageettaa dhabuun hanga lubbuu dhabuutti akka deemsisu sadarkaa durii-duriin[33] ibsuu irraa eegala.

Nama waan itti himan hinfudhanne, "…hindhaga'u; mataa jabaadha" jechuun akka ibsamu Aab Borbor hima. Akka durdurii kanaatti Gowwilleen akka mana warra nama nyaatuu jirtu intala warraa irraa dhageesseetti. Dabalataan carraa argatteen Qaruuxee faana baduu odoo qabduu kara warra bulguutti deebite. Wanni Gowwillee mudatellee waan jedhamte dhaga'uu diduufi mata jabina kan jedhamuun ibsamuu danda'a. Amalli kun Gowwillee obboleetti irraa adda baasee du'aatiif geessisuun isaa, mallattoo hariiroon cabsuu ta'ee akka fudhatamu taasise. Akkasumas, walii wallaaluufi waakuu diduun hariiroo keessatti shoora fafee kan ba'an ta'ee, hiika mataa isaaniin akkaataa galumsa hawaasaan yoo ibsaman, walii wallaaluu diduun yaaduma ofii qofatti cichuun dhugaa nama biraa fudhachuu diduu akka ta'eefi keessattuu, "Anati balleesse ykn dogog-goree," yaada jedhu kan hinhordofne ta'uu Goollichaan kaasa. Waakuu diduu kan jedhu namni yakka raawwateef dhiifama gaafachuu diduu akka ta'e Aab Diid yoo himu, dubbii gaaddisatti qoran[34] keessaa kan ilmi abbaafi haadha isaa arrabse, "Gosti aad-malee la siin jette ati maal jette, oomaa maal irraa garte jecha kana, maal yaadde?" jettee gosti gurbaa akka gaafatteefi innis, "Ani oomaa hingarre; ega gosti naan jettee la furadhe malee ka ani akka hamaatti laale ka dhibii hinjiru," jedhee gosaaf kan deebise fakkeenya waakuu diduu taasisee kaase. Taatee raawwateen cinatti dubbii gurbaan gaaddisa gosaa irratti dubbate, warra isaarra darbee gosa akka aarse Aab Diid dabalee ibsa. Yaadrimee nagaa keessatti waakuu diduun mallattoo hariiroo cabsuu jedha-mee kan fudhatameefis taatewwan akkanaa irraa ka'uuni.

Amaloonni hariiroo hookkaru jedhamanii eeraman kun akkuma obbolaan, warraafi namoota dhuunfaa gidduutti mudatu, gareewwan hawaasaa sadarkaa gosaafi caasaalee bulchiinsaa kees-satti akka calaqqisu ragaaleen nimul'isu. Haaluma kanaan, hariiroo waliin jireenya hawaasaa keessatti wanni fafee gama hawaasaan madduun yaadrimee naga-dhabaa akka fidu waan raagni (Areeroo Boosaroo) dubbate jechuun jaarroleen kan arnaan gadii dhiheessu.

Babbaddaan farsoo dhuddee
Badiin buddena nyaattee

[33] Dabalee 7-E 'Abbaa, qaruuxeefi gowwille' dubbisi

[34] Gumii Gaayoo 2020

Baduu ga'ee beekee
Walii wallaaluu dide. (Aab Borbor)

Dubbii Areeroo Boosaroo jechuun kan kaasan cinatti Aab Borbor qofa osoo hintaane, jaarrolee carraa waliin mari'achuu argadhe hundi haalli jireenya Booranaa har'aa yaada fafee '…baduu ga'ee beekee, walii wallaaluu dide' jedhu faana akka wal simuufi waan Areeroo Boosaroo raage ta'uu himu.[35] Akka dubbii kanaatti, 'baduu ga'ee beekee' kan jedhu namni haala itti jiruufi waan deemaa jirurraa akka waanti isa balleessu itti dhufaa jiru akka hubate hima. Garuu, 'walii wallaaluu dide' kan jedhuun namni dogoggora ofii fudhachuun yaada sirrii dhugeeffachuu dide hima. Kana jechuun, mallattoolee badisaa gara garaa wal hordofanii dhufan hojiirra oolchuun gara badisaatti akka deemaa jiru hima. Mallattooleen kun hariiroo hawaasa keessa jiru haala isaan akka Booranaatti huban, "Beenni taa'ee akkuma dhuufuu ajooftuu wal mara," (Aab Jaarsoo Waaqoo) jechuun kan ibse agarsiiftuudha. Akka yaada kanaatti, hawaasa duudhaa wal dhaga'uu, walii wallaaluufi waakuun hinjirre keessatti, dubbiin furmaata akka hinarganne mul'isa. Dubbiin hinbu'iin ammoo gama isaan ammas mallattoo naga-dhabaa ta'uun hariiroon akka cabu sababa ta'a.


**Naga-dhaba sagalee/soorata tolfachuu:** Matadureen kun hojii namni faayidaa dhuunfaaf jecha waan nama kaan hubu irratti bobba'ee jiru ibsuuf Aab Waaqoon tajaajilameti kallattiin fudhatame. Namni naga-dhaba sagalee tolfachuu kan kaase fakkeenya gara garaan tumseeti. " irraa fudhatame. Naga-dhabni kun hariiroo nama, Waaqaafi uumama kaan gidduu jiru cabsuunidha. Dabalataan, Aab Waaqoon naga-dhaba sagalee tolfachuu bifa armaan gadiin ibsa.

> Amma yoo Booranni beela'ee roobi dhibee, marri dhibee, maarree maarree jedhan, gargaarsa jedhamee boqqolloofi waantonni gara garaa ergamu. Abbaan konkolaataa, shofeerri, gargaaraan beesee isaanii argatanii dhufu. Bulchiinsatti kennu, bulchiinsi beesee guyyaan erregachaa nama waan kana qoodu itti godhanii uummataa qoodu. Gargaarsi waan kallattiin uummata hinqaqqabiiniif baasiin miiliyonaan itti ba'e, uummata yoo qaqqabellee badalluma gogaa xiqqaa tokkodha. Ammallee yoo Booranni Garriin wal hadhu naggaadee as dhiisii gar Jibuutii sanillee qawweefi rasaasa dhuftee asit gurguratti. Akkuma kana kaan sobee, kaan ijjeesee, kaan odeessee, nama walit buusee maallaqa kan guurratee jiraachuut jira. Silaa akka warra rakkoo kana keessaan sagalee argataniif beelti baduu hinqabdu. (Aab Waaqoo)

Ibsa maanguddoo kana keessatti naga-dhabni garee tokkoo garee biraaf soorata kan gama uumamaan mudatuufi namtolcheedha. Lamaanuu keessatti dhibamuufi dararamuun nama tokkoo isa

[35] Yaadni jaarrolee qorannoo kana keessatti bakka gara garaatti dhihaataniiru.

kaaniif jireenya ta’a. Kana jechuun, rog-arfee seemiyootiksi irratti fafeen sirrii ta’ee, sirriin ammoo fafee ta’a.




Rog-arfee kana irratti akka mul’atetti, naga-dhabni sirrii ta’ee nagaan fafee ta’e. Haala kanaan, taateen *nagaan ala*fi *naga-dhaba* gidduu jiru hundi, garee raawwii kana irraa bu’aa argatuuf sirrii yoo ta’u, *naga-dhabaan alaa*fi *nagaa* gidduu jiru irraa bu’aa waan hinarganneef, garee kanaaf fafee ta’a. Kanaafuu, qindaa’ina jireenyaa akkanaa keessatti hariiroon nama gidduu jiru cabuu beekuun nidanda’ama jechuudha.

**Jaala-Jaaltoo:** Kaarrileen kan uwwoonni hariiroo wal qunnamtii saalaa abbaa manaan alatti dhiira kaan faana qabaachuu kan itti faarsitu waan ta’eef, mataa isaan kan abbaa manaa aarsu akka ta’e jaarroleen himu. Hariiroon kun jaala-jaaltoo yoo jedhamu, hariiroo akka Boorantittiitti hawaasa gidduu jiru cabuuf mallattoo ta’anii ibsaman keessatti ramadama. Raawwiin kun hariiroo wal qunnamtii saalaaf dhiirri uwwaa abbaa manaa qabdu faana uummatudha. Hariiroon kun hariiroo aad-malee jedhamu waan ta’eef, hariiroo aadaa duraan jiru cabsuu isaati mallattoo nagaa cabsuu taasisa. Mallattoon kun kan uwwoonni dhawatan yoo ta’u, dhawannaan isaanii *kaarrilee* jedhama. Mallattoon kunis, kana keessaan ba’ee kan mul’atu yoo ta’u, kaarrileen kan uwwoonni ijaarsa galmaafi yoo gara lagaa bu’an dhahachuun beekama.

**Nama gaafate faana:**
Laf diisii, kumaa diisii nama ukkuma
Sesseegi jaaltoo kumaa baalageen eennu ukkumaa?
**Uwwaa lamaan:**
Harooressa muree lookoo gad luqqise
Lookoo sirraa fuudhee baandiraa sirraa buqqise
Yoonni deebi’ee si dubbise na sareet guddisee
**Haadha gurbaa faana:**
Dansaan aayyoo isaa, foon luqqee nuu kutte
Hamtuun aayyoo isaa, foon lummee nuu kutte
Lummee foon keessanii, been galii dhaabadhi
Waanin lummee dideef, mucaa kee gaafadhii.

Naa akka kiyyatti oomaa hinbeeku, ijoollumat qabadhee isiillee ollumat qabadhe. Innilleen inceeraa natti hinimanne. Itallilleenoo, an beekee wa hinkennuuf, innilleen daa'imaa qabaatee wa hinkennuuf, akkanumaan waliin deemani.

**Abbaa manaa ofii faana**
Imimmaan sabaafan sobaaf na bu'a
Na gaafannaan dhossee, na mummurraan obse
Eessaan narrat hafteef, wa jirtaa naa dhabdee?
Abbaan warra tiyyaa, kophee faana tiyyaa
Anilleen baasa hinbaafne, hinlakkisu qoxxee tiyya
Qoxxisaallee ooltu, sun hanfalaa tiyyaa.

Abbaa manaafi jaala jaartii isaa

Mallattoo hariiroon itti cabu jaal-jaaltoon kan ittiin baramu keessaa hamii, kaarrileefi yoo mana ofiitti qabatedha. Kanneen malee, abbaan worraa waan ittiin haadha worraa shakku yoo argatu kan dhufudha. Shakkiif sababni guddaan, waan abbaan manaa hingoone/waan inni quba hinqabne yoo ishee irratti argedha. Waan jaaltoon baay'inaan raawwatu huccuu bituu akka ta'eefi yoo bitameef ta'e gaaffiii, "Eennu siif bite?" jedhu deebisuu akka qabdu himti. Yeroo baay'ees deebbiin isii, "Worra kiyyati naa bite," kan jedhu akka ta'eefi kun ammoo, "Akkam jedhanii sii bitanii, maan gul sii bitanii, maan gurguranii sii bitanii…," gaaffilee jedhaniin akka hordofamee qoramu Aayyo Jiloon keesse. Adeemsi kun hariiroon aadaan ijaarame akka cabuuf mallattoo ta'uun ibsama.

Mallattummaan jaal-jaaltoo abbaamanaafi dhiira jaalaaf ganda namaa dhufe gidduufi abbaa worraafi haadha worraa walitti buusuu qofa utuu hintaane, qaama jaala-jaaltoof walii gale lamaan gidduuttis nimul'ata. Kallattiin ofiin sababa ta'a utuu hintaane, aadaan gidduu isaanii jiru cabuun kan dhufudha. Amala kanaaf akka fakkeenyaatti, "Mooyyee misingillee situ gaafa caphe, si hinjibbine gurbaa, situ gatii dhabe," (Aayyo jiloo) kan jedhudha. Akka jecha kaarrilee kanaatti, dhiirti waan akka huccuu bitee kennuun aadaa gidduu isaanii jirudha. Kun waan hinraawwan-neef, uwwaan kennaa eegdee dhabu isheefi amala jaalti ishee qabu garee ofii keessatti qeeqxi. Qeeqni kun isaaf dhahinsa/adabbii guddaadha.

**Obsa hinbarbaachifne:** Obsi ejjennoo namni dhiibbaa keessaa taa'ee ofirratti fudhatu ta'us, akka mallattoo hariiroo cabsuutti yoo dhihaatu akkaataa mammaaksa Booranaa jechuun Aab Borbor, "Obsi duubi du'a," jechuun ibse keessa ta'uuni. Hariiroo keessatti obsi akka raawwii dansaatti akka fudhatamuufi jireenya hawaasaa keessaati haala itti hojiirra oolu boqonnaa 7[ffaa] keessatti

dhihaateera. Gama obsi hiiroo nagaa hubuun kan wal qabatu ibsa Aab Borbor mammaaksa dhiheesse irratti kenneen ifa ta'a. Ibsi kunis, "Nama sitti yakkaa jiru, "Waama fedhe haajedhuu dhiisi," otoma jettuu gara ajjeechaafaatiin sittiin dhufa," kan jedhudha. Sadarkaa obsi hiirowwan nagaa itti hubu akka wal caalu mammaaksi, "Obsi, annaa-luuguu nama dhowwa malee gaggaba nama hindhowwu," jedhu kan Aab Liiban Jaatanii) kaaseefi "Obsi, gurra du'uu dhowwa malee lubbuu du'uu hindhowwu," (Aab Borbor) jedhu nimul'isu.

Mammaaksa kanneen hiika isaan hawaasa keessatti qabu jedhaniin deeggaruun kan ibsan yoo ta'u, akkaataa ibsa isaaniin yoo ilaalaman ergaa wal deeggaru dabarsu. Haaluma kanaan, Aab Liiban mammaaksa inni olitti dhiheesse tajaajilarra kan oolu, nama rakkatee wayi hateefi beela'ee re'eefi loon lagatti elmatuun akka wal qabatuufi innis annaa-luuguu jedhamuun hiika gurra du'uu akka qabu hima. Aab Liiban dabaluun, nama yakka kana raawwateef durballee akka hinkennineef kaasa. Akka ibsa kanaatti namni hanniifi luuguun adabbii dhalootataan wal qabatu fudhachuurra rakkoo isaa obsuun gaggaba jechuudha. Akkasumas Aab Borbor mammaakasa dhiheesse, "Namni amma odoo hinkadhanne yoo do'e, gurra hindoone garaan do'e malee. Yoommoo kadhate, gurra hinqabu," jechuun kan ibse, naga-dhabni obsaan dhufu hammaachuun hanga lubbuu baasuutti deema. Mammaaksa lamaan kan wal fakkeessu, gurra dhabuurra jedhanii ejjennoo ofirratti fudhatanidha. Haata'uutii, akka waliigalaatti ragaaleen olitti dhihaataniin obsi hariiroon cabuuf mallattoo ta'ee tajaajilu akka lama akka jiruufi isaanis kan namni nama irratti hojjetuufi kan maqaan akka nama hinbadneef obsamudha. Lamaanuu keessatti kan hubamu nama obsarra jiru waan ta'eef, hanga inni carraa jiraachuu dhabuutti waan oofaniifi hariiroo cabuuf mallattoo ta'ee tajaajila kan jedhamu.

**Dubbiin hinbu'iin hafuu:** Mallattoon hariiroon cabuu ittiin mul'atu kun hariiroo dura cabe hordofee kan dhufu yoo ta'u, kallattiin qabiyyee Dabalee 12-F, 'Tuqaafi Garbicha' kan jedhu fakkeenya dansaa ta'a. Durii-durii kana keessatti tuqaan dubbii isaa warra (abbaa garbichaa) irraa eegalus bu'uu waan hindandeenyeef akkaataa hubaatii walirran ga'aniin hiddii, Waata, ibidda, bishaan, arba, jirma, hantuuta, ijoollee, gaadduu, looniifi waraabessa jecha akka deemu dirqisiise. Dubbii hinbuufatiin kan jedhu sadarkaa dhihaatetti furmaata kan hinargatiin akka ta'eefi dhiibbaa akkamii hawaasa irraan akka qaqqabsiisu GG 2020 gaaddisa Maxxaarriitti jaarroleen, "Dubbiin gaafa galte hamtuu, dubbiin hamtuun waliin nama deemti; gurra Booranaat nam dhaga'a; karra moonaa balleessiti," jechuun kan dubbatan dubbii dura uumamerra hookkarsa hammaataa akka

uumu agarsiisa. Hookkarsi uumamu hamtummaanni qabu keessaa kan tarreeffaman, uumaafi uumama faana akka wal qabatu agarsiisu. Namni nama dhaga'uun qeeqa akka qabuufi hawaasa kaanirra akka nama kutu Aab Jaarsoo Liiban kan kaase akkasumas, wanni horatan kan nama duraa badu dheekkamsa Waaqaa akka ta'e qabiyyeewwan qorannoo kanaa keessatti bakka gara garaatti kan dhihaataniin wal qabata. Yaadni kun akkaataa ibsa inni yaadrimee rog-arfee seemiyootiksiin qabu irraa faallaa dura dhufan lamaan qofa fudhachuun haala inni itti yaadrimee nagaa itti ibsuun dhihaateera.


Dubbii Bu'e; Toltuu (sirrii) ◄────────► Dubbii Hinbu'iin; Hamtuu (fafee)

Akkaataa ibsa kanaan kan naga-dhaba fiduun mallattoo ta'ee tajaajilu dubbii hinbu'iin yoo ta'u, innis dhiibbaalee keeyyata olii keessatti eeramaniin calaqqisa. Wanni hamtuun dubbii hinbu'ii-niin wal qabatee dhufu jireenya qabatamaa har'aa (waan namni horate) hubuun cinatti, dhaloota dhufutti darbuun dhaaccii akka ta'udha. Keessattuu, dubbiin waan silaa warra keessatti obba'u ta'ee yoo qabatanii sadarkaa itti aanutti darban, "Warra badii; dubbii ollaatti bu'uun deemu," kan nama jechisiisu ta'uu Aab Jaarsoo Liiban hima. Jechi Aab Jaarsoo kun dubbiin yoo hinbu'iin, garee wal dhabbii uumanirra darbuun qaama kaan irrattis dhiibbaaa akka qabu agarsiisa. Dubbiin hinbu'iin hafe Booranaaf yaaddoo guddaa kan ta'uuf hiirowwan nagaa isaa hariiroo waliinii keessatti eegaman kanneen olitti eeraman waan hubuufi. Kanaafuu, yaadrimeen nagaa Booranaa kan hojiirra oolu wal dhabbii irraa walaba ta'uu qofaan osoo hintaane, namni fedha dhuunfaa gula deemuun waldhabbiin uumame furamuu dhabuun hookkarsi akka itti fufuufi caasaa daba-latu taasisa.

**Nama rakkate lakkisuu:** Amalli kun kallattiin yayyaba hariiroo namaafi nama gidduu jiru, kan duudhaan Booranaa mul'isu jedhamanii boqonnaa darbe keessatti eeraman cabsa. Rakkinaan wal qabatee waan nama walitti buusu, "Bisaan bon gurra nam ijjeesa, ganna lubbuu nam ijjeesa," (Waaqoo) mammaaksa jedhuun kaa'e. Mammaaksa kana keessatti kan nama walitti buusuun hariiroon cabuu mul'isu, bishaan bonaati. Innis, qabiyyee qorannoo kana keessatti bakka ta'etti irratti mari'atame, dhimma gurraa baduuti. Waaqoon, 'bisaan bon gurra nam ijjeesa' kan jedhu, bonni yeroo dheebuu kan namni bu'uura yaadrimee nagaa isaaf barbaadu waan ta'eef, bishaan irraa wal dhorkuun hariiroo hawaasaa keessaa ba'uu akka ta'e ibsa. Sadarkaa kanatti sababa bishaaniif jecha malee bishaan ofiin hubaatii kallattii namarraan ga'u hinqabu. Yaada lammataa keessatti garuu, bishaan ofiin nama ajjeesa. Walitti qabaa yaada kanaan, lamaanuu keessatti

rakkoon mudachuu akka danda'u kan ittiin himame ta'ee, bona dhibee nama wal hanqis; ganna heddummaateeti nama ijjeesa kan jedhu dabarsa. Naga dhaba bishaan namatti fidu, "Maqaan bon bade, rooba hingalu," (Waaqoo) jechuun mammaaksanni hime nimul'isa. Kana jechuun, yeroo rakkootti kan waan irraa eegamu hinba'iin hafee hariiroo cabse, ega rakkoon darbee hariiroon sun akka hindeebine himuun cimina naga-dhaba uumameeti ittiin ibsama.


Nama rakkootti jiru gargaaruu dhiisuun mallattoo ijoo hariiroon cabuu mul'isu ta'ee akka fudhatamuuf, rakkinni akka nama balleessu dhugeeffachuun isa hangafa ta'uu AG Roob hima. Waan hawaasni dhugeeffannaa kana ittiin mul'isu mammaaksa, "Dhowwatan gurra du'ani, kenninaani garaacha du'ani," jedhuun deeggaruuni kan ibse. Mammaaksi kun yaada keeyyata darbe kees-satti ka'een kan wal deeggaru yoo ta'u, waan gargaaruu malaniin malee hiiroo jireenyaa adda baasee hinwaamu. Gurra du'uu kan jedhu hiika akkamii akka qabu mammaaksa, "Nama gurraa du'e biraa, nama lubbuu du'eti irra jira," (Leus & Salvadori, 2006:291) jedhu kan kaa'an, ifa taasisa. Ibsa biraan, nama rakkate lakkisanii hariiroo cabsuun kan mudatu, waan horatan namaa kennuun raawwii qabatamaa isaan fafee waan ta'eefi. Fafee isa mudatu hanqisuuf jecha kan namni wayi nama dhowwotu jechuudha. Haata'uutii, fafeen sodaatramu fafee hammaataa fiduun hariiroon cabee rakkoon dhalootatti tarkaanfatu akka uumamu taasisa. Adeemsi kun rog-arfee seemiyootiksiin yoo dhihaatu, bifa armaan gadii qabaata.




Adeemsa rog-arfeen kun ittiin ibsamuun, *kennuufi dhowwachuu* akkasumas, *dhowwachuun alaa fi kennuun ala* kan jedhan faallaa walii kan dhaabbatan ta'ee, bakka hariiroon itti cabu yoo fafeen hojiirra ooludha. Akkuma yaaxxina qorannoo jalatti ibsameen, qabiyyee kana keessattis fafeen taatee *dhowwochuu* fi *kennuun ala* jiru gidduu kan jirudha. Kana jechuun, raawwiis ta'e jechi guutummaan faallaa kennuu dhaabbatu ykn/fi yaada wal dhiitu dabarsan hundi nama rakkateef furmaata waan hintaaneef fafee ta'u. Fafummaan dhowwochuu mammaaksa, "Waaqa hiyyeessati dhaltii ijjeesa," jechuun Aab Borboriifi Aab Liiban Jaatanii kaasan keessaan calaqqisa. Akka ibsa Aab Liibanitti mammaaksi kun namni horii qabu kan hiyyoommatee yoo hinqaliin kan silaa namaa horu irratti Waaqni ejjennoo akka fudhatu dabarsa. Kana jechuun, nama rakkate gargaa-ruu

dhiisuun kallattiin Waaqaan akka walitti buusudha. Kanaafuu, mallattoon hariiroon cabuu mul'isu kun, ifatti Waaqa hirmaachisuun naga-dhabni jireenya namaa hubu mudata jechuudha.

**Lagannaa:** Jechi laguu jedhu fafeen wal qabata. Sababni isaa, wanni lagatamu kan namni silaa itti tajaajila-mu, garuu sababa ta'erraa ka'uun addaan kan cite waan ibsuufi. Akkaataa xiinxala boqonnaa darbeefi qabiyyeewwan boqonnaa kana keessatti dhihaatanitti, yaadrimeen nagaa amala waliin jireenyaa keessaan akka ibsamu eerameera. Haata'uutii, hariiroon akkaataa yayyaba hawaasni qabuun yoo hojiirra hinooliin yaadrimeen nagaa kan ittiin hanqatu keessaa lagannaan isa tokko-dha. Lagannaan qabiyyee akkamii keessatti fafee ta'ee akka mul'atu rog-arfee armaan gadii irraa arguun nidanda'ama.




Rog-arfee kanaan gama fafeen kan jiru *lagachuu* kan jedhu gama sirriiisaan *tajaajilamuu* kan jedhu faallaa godhachuuni kan dhihaate. Akka muuxannoo Booranaatti raawwiin kamuu *tajaaji-lamuun ala* hanga *lagannaatti* jiru *aad-malee* jedhamee yoo qoodamu, kanaafis sababoonni gara garaa kan akka wal dhabbiifi garaa garummaa dhugeeffannaa hawaasa keessatti mudatuun akka ta'e turtii dirree qorannoo kiyya hunda keessatti kan bal'inaan mul'atedha. Gama waldhabbiin wal qabatee lagannaa mudatuun marii GG 2020, gaaddisa Maxxaarriitti "Ka kora dhufanii barcumaan dhufatani ka natti goranii bisaan narraa hindhugne, bisaaniin dhufatan... …qe'ee na lagatte; aannanii foon walumaan qabna; aannanii foon sun na lagatte; barcuma na lagatte," yaadni jedhu kan ka'e fakkeenya ta'a. Yaada kana keessatti maalti akka wal lagatame kan tarreeffame yoo ta'u, lagannaan kan dhufe wal dhabbii namoota gidduutti uumame sababa godhachuuni. Akka qabiyyee himannaa kanaatti, wal dhabbiin jiraatullee lagannaa olitti eeraman dhufuu akka hinmalle mul'isa. Dhimmi kun gaaddisatti kan dhihaate ega wal dhabbiin qara ture furameen booda waan ta'eef, lagannaan mataa isaan mallattoo hariiroon cabuu ta'eeti marii gosaa irratti kan dhihaate.

Lagannaan mallattoo hariiroo cabsuu ta'ee ittiin mul'atu inni biraan, dhugeeffannaan wal qabata. Akkaataa duudhaa Booranaatti horiin qalamu areerrannaan (kadhaa Waaqaan) durfama. Qabiy-yee ariirtii keessatti maaltu akka jedhamu keessaa fakkeenyi armaan gadii isa tokkodha.

Hayyee, nagaa nuguuti
Nuu sugaa'i
Nuu milkaa'i
Haadh Jaatanii na tolchi
Maqaa Haadha Jaatanii amala na tolchi
Hawaxxuu na tolchi
Hawaxxuu keessaa Wayyituu na tolchi. (Aayyo Hinseenee)

Areerrannaan yeroo horii ofii nyaachuufis ta'e fedhanii namaaf qalan irratti kan adeemsifamu yoo ta'u, kadhaa Waaqaa jedhamee hubatama (Aab Borbor). Haata'umalee, Boorana amantaa hammayyaa gara isaanitti seene hordofan biratti kadhannaan kun fudhatama dhabuun garee kana gidduutti wal dhabbii akka uume fakkeenyi armaan gadii nimul'isa.

> Ani amma obboleessi kiyya suniin Islaama; osoo ani foon qaleefii harka kiyya hinsooratu. Akka aadaatti wanni kun fudhatama hinqabdu; kan obboleessi harka obbooleessaa lagatu. Fakkeenyaaf, namni kun soddaa kiyyaa mana kiyya dhufnaan yoon horii qaleef, isa amantaati dhorgaa anuu horii kiyya ila qaleefii aadaan nama horii namaa gorra'uti jiraa; nama handhuura baafatuti jiraa; kan qara areerratuti jira. Yoo ati callifteema koottuu horii kiyya qali jetteen illee aadaan wal faallessiti. Yoo ati qaltelleen inni harkakee hinsooratu; obbolummaa gidduuttiyyu dhiibbaa uumti. Namaaf horii kan qaltu ulfinaaf ta'ee yoo ati qalte hinsooratu jechuun ati horii ijibbaatteefii innimmoo harkake soorachuu ijibbaachuu dhabuudha. Natu gorra'ata jechuun abbaa horii ulfina dhorguudha. Ilmuu abbaa dursee loon hingorra'u. (Diqqaa)

Akka yaada kanaatti, Booranni akkaataa qoodinsa hawaasni yayyabatee qabuun alatti dhugeef-fannaa irratti hundaa'uun qoodinsa *unuufi isaanii* keessa seenuu agarsiisa. Yaadni olitti dhihaate kan agarsiisu, Booranni duudhaan jiraatu odoo hinareerranne horii hinqalu, horii ofiis namni biraa akka qalu hinkennu. Faallaa kanaan, kanneen amantaa biraa hordofan waan Booranni areer-ratee qale hinsooratuudha. Haala kanaan rakkoon kun maatii irraa hanga soddaatti hojiirra ooluun, hariiroon hawaasummaa akka cabu taasisa. Yaada Diqqaan kaase keessaa 'yoo ati callifteema koottuu horii kiyya qali jetteen illee aadaan wal faallessiti' jedhu, hanga aadaan jiranitti fedhi jara Islaamaa akka hindanda'amne mirkaneessa. Guutummaan yaadaa akka walii-galaatti garee lamaan gidduutii kallattiin dhimma hariiroon cabuu hima. Yaadrimeen harka wal lagannaa Booranaaf dubbii ijoo nama jallataan wal qabatu ta'uu boqonnaa darban keessatti ka'eera. Namni yoo harka walii lagatus ta'u garee hawaasaatti makamuu dheesse "Ati maa cinaacha namaa irraa gorta?" (Aab Borbor) jedhamee akka gaafatamu hima. Akka ibsa Aab Borboritti namni mufannaa malee nama akka hinbaqanneefi sababa maaliin akka ta'e adda baasuuf kan gaafatamu akka ta'edha. Gama kamiinis ta'u, waan Booranni waliin qooddatu keessaa of baasuuun, jiraachuun nagaa kan ittiin

mirkanaa'u aadaa keessaa of baasuudha. Kanaafuu, namni gama kanaan aadaa keessa hinjirre hiirowwan nagaa tokkummaa hawaasaa keessaan horataman dhaba jechuudha.

**Abaaruu:** Dhimma abaarsaan wal qabatu irratti yoon odeeffannoo gaafadhu, nama natti himuuf fedha qabu hinarganne. Raawwii yakka dura raawwate hordofee kan dhufu yoo ta'u, "Abaaruun mataa isaan waan nama balleessaa waan ta'eef hinfedhamuyyu," jechuun mammaaksa, "Abaareen Waaqa hinqabdu, dubbii abaarree Waaqaa-laftilleen quba hinqabdu," (Aab Waaqoo) jedhuun tumsuun ibsa. Jechoota abaarsaa jechuu akka hinbarbaanne kan ittiin mul'atu keessaa, AG 36[ffaa], Halakee Dooyyoo Harreelee Booranni abaaruu namni ragaa kenni hundi nihima. Garuu maal jedhamee akka abaarame qabiyyee isaa himuurra, "Wanni Booranaa si biratti hinafne," akka jedhame afaan wal fakkaataan himu. Akka ani GG 2012 daawwadhee argetti, nama yakka hojjetee gumiitti akka argamu gaafatamee didetti, "Kun Booranaa miti," jedhameeitti murameen wal fakkaata kan AG kunis. Murteen akkanaa mataa isaan abaarsa akka ta'e kan jaarroleen ibsan. Himoota gabaaboo kana keessaan ergaan hedduu akka darbaa jiru kan mul'isu, wanni Booranaa yoo jedhuufi Booranaa miti yoo jedhu gaalewwan kun kallattiin dhim-ma maalii akka dubbatan ifa ta'uu baachuu isaaniiti.

Nama *Boorana miti* jedhan maal jechuu akka ta'e GG irratti ibsa kennameen, "Marraa-bisaan Boorana waliin hinqabu, irraa hinfuudhani, itti hineerumsiisani, badu hinbarbaadani, barcumanni taa'erra hintaa'ani, du'u hinowwalani…" jedhuun dhihaate. Abaarsa kanaan wal qabatee kan abaaruufi abaarame hariiroon addaan cituun qabiyyeen heeraman nimul'isu. Haala qilleensa Booranaa irraan kan ka'e waggaa keessaa baatiiwwan muraasa kan horii namni ittiin fidamu carraa doloolloo dhuguu argatu. Yeroo roobni hinjirretti eela too'anii waan obaasaniif yoo xiqqaate ollaan wal deeggaruu barbaachisuyyu, ega abaaraniin booda hariiroon hawaasummaa kan abaareefi abaarame gidduu hinjiru jechuudha. Akkasumas, kan AG Halakee, "Wanni Boorana si bira hinjiru," jedhame, qabiyyee abaarsa kanaa kitaabarratti kan ba'e kan armaan gadii jedha.

Halakee Dooyyoo, ati makkalaa[36] wa hinmuriin,
Liichoon tee qundhii gorfoo keessaati
Haraa hinmurtu, eelaa hinmurtu
Ati aduu dhiite,
Il galchuutti dhi'ii,

---

[36] Ilmaan jaarsaa hojiiwwan idilee warra keessaa kan akka moonaa ijaaruu, loon bobbaasuufi… hayyuuf akka hojjetu kan gosti ramaddu.

Aadaan dhi'ii,
Dhugaan dhi'ii. (Jaatanii, 2015:591 V-3A)

Akka ragaan dirree mul'isutti haala Jaataniin itti dhiheesse kun *falfala* jedhamee akka ilaalamuufi aadaan amala akkanaa akka hinqabnedha. Haata'uutii, qabiyyee abaarsaa kana keessatti Halakee Dooyyoo Abbaa Gadaa ta'us, yakka yaa'a mataa isaafi lallaba adulaa irratti raawwateen kan jedhanii abaaran keessaa 'ati makkala wa hinmuriin' kan jedhu, hayyummaa irraa kaasuun akka nama gogeessi irra darbe tokkootti lakkaa'uudha. Waan silaa yuuba ta'ee hawaasa keessatti raawwatuun ala taasisuun cinatti, hawaasa keessatti fudhatama akka hinarganne abaarani. Rifaatuu abaarsa kanaan AG kun akka du'e jaarroleen kan himani. Kanaafuu, abaarsi mallattoo hariiroo cabasuu kan ta'u, hanga lubbuun addaan baasuutti.

Abaarsi hariiroo nama gidduu jiru qofa kan cabsu osoo hintaane, hariiroo namni uumama faana qabuttis nice'a. Jireenya amma itti jiramu kan dura itti turame faana madaaluun, "Waanuma namni jedhee wal abaareti dhufee nam qabate," (Aayyo Jiloo) jechuun keessi. Qabiyyee abaarsaafi miidhaa mudate jettus, "Ebelu, muka nyaadhu… jedhee midhaan kun, zayitiin kunillee waanuma mukarraa argaman mitii, suni," jechuun ibsiti. Komiin Aayyo Jiloo hongeen lafa qabattee loon dhumatanii aannaniifi foon dhabuun waan namni dubbateen Waaqi akka nama adabedha. Kanaafuu, naga-dhabni gama abaarreen mudatu hariiroo uumaa uumamaa irratti dhiibbaa ga'uun namni akka hubamudha.

**Irree itti fudhachuu:** Irree itti fudhannaan gama biraan human tajaajilamuu jechuudha. Mallattoon kun yeroo baay'ee sababa hordofee dhufu qaba. Irreen sadarkaa lama akka qabu, "Nami aggacha hindhugeeffatiin, dha'insalle hindhugeeffatu," (Aab Borbor) mammaaksa jedhuun mul'ate. Aggannaan qaama irree fudhannaa ta'ee dha'insaaf seensadha. Namni namatti aggatee yoo dhiisellee "…rifeensa bobaa itti mul'isee?" jedhanii sadarkaa bobaan itti banameen sadarkaa isaa akka baasan dubbii gaaddisatti qoran irratti ka'e. Kana jechuun, aggannaan mataa isaan mallattoo hariiroon cabsuun ittiin mul'atudha. Waan aggatamu keessaa, "Namni waraana/liichoo namatti aggate, waan hamtuudha," (Aab Diid) jechuun waan akka aadaatti jiru ibsa. Meeshaalee kanneeniin dha'insa raawwannaan sadrkaa hariiroon itti cabu dabala malee waan haaraa ida'u hinqabu. Irree tajaajila-muun uumama namaan ala jiran irraa akka eegaleefi innis yayyaba namaafi Waaqa gidduu jiru cabsuuti ibsama. Innis, horii namni qalatee nyaatuun wal qabatee, "Horiin dabaree Waaqaati," (Aab Borbor) jechuun kan ibsedha. Dabareen kan namni horii hinqabne isa qabu irraa aannaniif jecha fudhatudha. Horiin suniifi waan inni dhale kan abbaa horiiti.

Yaadrimeen kun hariiroo namaafi Waaqa gidduu jirurraa akka maddedha jechi Aab Borbor olitti dhihaate kan mul'isu. Kanaafuu, qalatanii nyaachuun aadaakana cabsuu waan ta'eef mallattoo hariiroo cabsuu ta'ee fudhatama. Adeemsa horii qalatee nyaatu keessatti hariiroo qabu eeggachuuf waan Booranni raawwatu boqonnaa 6ffaa keessatti dhihaateera.

Irree tajaajilamuun fedha dhuunfaa galmaan ga'achuuf yaaluu ibsuuf ogafaan gara garaan kan mul'atu ta'us, durii-duriin armaan gadiis waan jireenya qabatamaa hawaasaa keessatti mul'atu ibsuuf kan dhihaate keessaa fudhatame.

> Durii, jaldeessaafi kinnisati ollaa wal godaanaa jedhani. Jaldeessaafi kinniisi ka ollaa wal godaanu, kinniisi jaldeessaa nadhii nyaataa kenneefii jiisaa itillee godheefii keessummeessa. Jaldeessi faayidaa guddoo kana kinniisa biratti waan argeef, kinniisa saamuu barbaadeeti 'daguun kee yoomi?' jedhee gaafate. Kinniisis, waan jaldeessi erregate itti beekeeti, "Kan ani daguu baay'ee qabu yeroo saafaati," jedheen. Kinniisis jaldeessaan, "Jaldeessa dhaluunkee eessa?" jedhe. Jaldeessi, "Naaf ulaan cufaayyu irra dhaluu, qoffe funyaaniitiifi dhaalla udduuti," jedhee dhaluu isaa dhugaa itti himate. Jaldeessi waan kinnisaa nyaachuuf saafaa yoo dhufu, kinniisi yeroo saafaa kan inni qophaawee diina ofirraa eegu waan ta'eefuu, yoo achii ka'u qoffee funyaanii dhawa, kan achii ce'u dhaalla udduu dhawa. Akkanaan kinniisi qarummaan caalee, jaldeessi wallaalummaan hanqatee kinniisi jaldeessa dabsatte. (Taadhii Galma)

Taateen durii-durii kana keessatti raawwate yaada, "Nami uumamaan walii obboleessa, garuu wanni nyaaphummaallee fidaa hammeenna namni hojjetudha," (Diqqaa) jechuun ibseen yaadrimee wal fakkaataa qaba. Booranni *nyaapha* jedhee qooduun uumama isaatirraa utuu hintaane, raawwii isaan akka ta'e seenaalee Booranaa keessatti calaqqisaniiru. Akka fakkeenyaatti, yeroo mootummaa Haile-Sillaasee waan aadaa irratti hojjetameefi yeroo ammaatti bakkeewwan jilaafi lafa bishaaniifi margaa Booranni harkaa qabu ture irreen irraa fudhatanidha. Akka jechamaatti, "…nyaapha Dooyyoo Borooti," kan jedhu, raawwii AG 18ffaa qeequuf kan Booranni tajaajilamu, kan ofiis carraa nyaapha ta'uu akka qabu ittiin mul'ise. Abbaan gadaa kun, "Koottaa wal haanee wal raragnaa, sidii cuf la balleessinee," (Aab Borbor) jedhee, Booranni Sabboo-Goona; Arsiin Siikkoo-Mando; Gujiin Kontomaa-Daarimu jedhee wal waraansisuu isaa irran akka ta'e argaa dhageettiin himama. Amalli kun hawaasa jeebanaa keessatti fedha garee galmaan ga'uuf hookkarsa taasifamu jechuun (Mbiti, 1970) qoode faana wal simata.

Jireenya qabatamaa Booranaa keessatti *aadaa* kan jedhu bakka olaanaa qaba. Qabiyyeen aadaa bal'aa ta'us, sababa irreen haala hariiroon itti cabu kan ibsu goba (sirba dhimma waraanaa) armaan gadii haa'ilaallu.


Hidhanuu duulaa malee, eegi Sadee Jabaa
Haadha dhiiraa takkaa nami hinijjeefne
Hidhanuu duulaa malee, eegi Jaldeessa Obcii Arbooraa
Darmii fardaa takkaa nami hinqalle. (Jaatanii, 2015:14 V-3B)

Gobi kun, nyaapya dabsatanii ega galanii Sadee Jabaafi Jaldeessa Obcii qeequuf dhihaate. Sadeefi Jaldeessi duula nyaapha booranatti dhufe irratti hirmaachuuf jedhanii waan raawwatee hinbeekne irratti irree fudhatani. Sadeen haadha isaa dhukkubsattu dhoksaan ajjeesee, Jaldeessi ammoo farda hoosiftu fuudhee deemuu waan hindandeenyeef ilmoo jalaa qalee fudhatee deeme. Raawwiin isaanii kun dubbii guddoo ta'ee sadarkaa Boorana guutuu hirmaachisuutti akka ce'eefi booda lamaanuu cubbuun akka du'anti himama. Kana jechuun, waan hinmalle irratti irree fudhannaan hariiroo namni namaafi uumama kaan faana qaburra darbee kan Waaqa faana qabus nicabsa.

**Dhaaccii[37]:** Jechi dhaaccii jedhu Boorana biratti kan daran barame yoo ta'u, ibsa jaarroleen kennan keessaa Aab Kanuu, "Waan wal fakkaataa gartee ka yeroo hedduu atiin garte. Amma silaa har'a ganni kun yoonni muyoo taate, amma fakkeennaa oolaa gadooma abbaa irratti dhuftee ammallee ilmee irratti yoo irra deebite," jechuun yoo ibsu, Aab Jaarsoon gama isaan, "Waan faroo ykn dansaa dhaloota keessatti maree dhufu," jedha. Ibsoota jaarrolee kana lamaan irraa kan hubatamu, taatee dhaloota keessatti irra deddeebi'ee dhufu yoo ta'u, taateen kun adeemsa akkamiin akka irra deddeebi'u ibsuu gaafata. Akkuma boqonnaan kun mallattoo hariiroo cabsanirratti xiyyeeffatu, mara hamaa namni sodaatu kan jedhamuun hawaasni argaa dhageettiin seenessu akka ragaatti dhiheessuun haala naga-dhabni ittiin calaqqiseeru akka fakkeenyaatti kaasuuni irra deddeebiin kan yaadrimaa'ani. Wanni maree dhufu kun sadarkaa lama akka qabu muuxannoon hawaasaa yoo mul'isu, sadarkaan duraa kan maatii ykn garee hariiroo dhiigaa qabanitti kan hidhatu akka ta'e, "Abbaarraa ilmootti kan darbaa deemtu, abbaan cubbuufaa hojjeteefaa ta'uu danda'a. Yoo abbaan cubbuu hojjete akaakoo qaqqabdi; waan abaaboo irraa namatti lufaa," (Aab Borbor) jechuun kan ibse nimul'isa. Aab Borbor dabaluun muuxannoo dhuunfaa isaa, "Nu amma abaaboon keenna abbaa ofii hingarre. Akaakayyuun kiyyalleen abbaa ofii hingarre. Kosiitti dhalate jechuudha egiinni du'ee. Abbaan na dhale anaa ganna 8 du'e. Warri keenna kun dhiirti lubbuun hinbultuu, akkana ta'aa turte," jechuun haala dhaacciin dhalootatti luftee hubaatii itti qaqqabsiifte hima.

[37] Cubbuu dhaalame irratti xiyyeeffata.

Hubaatiin dhaacciin akka sadarkaa lammaffaatti qaqqabu, kan bulchiinsa gadaan wal qabatee maqbaasiifi gogeessaan maree akka Booranaatti dhufudha. Akkuma duratti eerame marris ‘mara dansaa’ ykn ‘mara hamaa’ jedhamee qoodamuun yoo dansaa jaalatamee yoommoo mara hamaa nisodaatama. Gogeessiifi maqbaas akkamiin akka maran danaa armaan gadiin dhihaateera.




| Gadaa/Luba | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 29 | 30 | 31 | 32 | 33 | 34 | 35 | 36 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Gogeessa | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 1 |
| Maqbaas | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 1 |

Danaa 9: Haala Gogeessiifi Maqbaasi Luba/Gadaarra Maru.

Gadaan Booranaa maqbaasa toorbaafi gogeessa shanirra maraa deema[38]. Haala kanaan, danaa kanarraa bitaa gara mirgaatti yoo lakkaa’amu, hanga gadaa 35tti maqbaasi tokko yeroo shan, gogeessi ammoo yeroo toorba irra deddeebi’uun dhufu. Dhaacciin yoo gogeessi qaqqabu ykn maqbaasi maree dhufu waan ta’eef, seenaa maqbaas ykn gogeessa darbee akkanaan himamaa deema. Gogeessi kan abbaafi ilma jechaa wal hordofee deemu waan ta’eef, adeemsa kana keessatti muuxannoo jiruun:

Oolaa Bulee Dhaddachaa
Oolaa Gobbaa Bulee
Oodiyyoo tiyya dooti haadhaa ilmee. (Aayyo Hinseenee)

Ogafaan kun mara gogeessa keessaan dhufeefi dhaaccii abbaaf ilmaan hubaatii qaqqabsiisedha. Maqaan ogafaan kana keessatti eeraman Bulee Dhaddachaa AG 60[ffaa] (1929-1936) tti kan oogganeefi Gobbaa Bulee ganna afurtamaan booda AG 65[ffaa] (1969-1976) ta’ee kan oogganedha. Akka

[38] Maqbaasa, gogeessiifi marri boqonnaa 6ffaa keessatti gadifageenyaan ibsameera.

seenessa ogafaan kanaan walqabatee himamutti, gadaa Bulee Dhaddachaatti oolaa/ongeen horii fixee ammallee gadaa ilmaan isaa irrattis taateen walfakkaataa akka mudatedha. Abbaafi ilmi/aan gogeessa tokkoon waan waamamaniif akka Danaa 9 gubbaatti dhihaate, garaa garummaa waggaa afurtamaan lakkaa'amaa kan deemu hundi gogeessa tokko jala seenuun dhaacciin ittiin himama.

Gama biraan dhaacciin maqbaasa lubaa hordofuun hubaati qaqqabsiisu baay'inaan kan himamu, irra deddeebii maqbaasa tokkoo hordofee kan himamudha. Kana jechuun danaa olitti dhihaate kana bitaa gara mirgaatti lakkaa'aa yoo deemamu garaa garummaa ganna saddetii gadaa tokko gidduu jiruun maqbaasi tokko yeroo tokko deebi'ee kan dhufu ganna 56 booda. Fakkeenya marri maqbaasaan itti dhufu Aab Borbor, "Booruu Guyyoo shiftaan mataa irraa aadde maan? Dhaaccii Soraa Diidoo Qarsaati[39]. Ammallee Booruu Guyyoo (67$^{ffaa}$) onanaa do'ee reeffa argan maan? Dhaaccii Jaarsoo Iddooti. Kun hundi maqbaasi isaani Libaasa," jechuun kaasa. Booruu Guyyoo AG 67$^{ffaa}$ 1985-1992 kan ture yoo ta'u, Soraa Diidoo Qarsaa (39$^{ffaa}$) gidduu garaa garummaa ganna 224ti jira. Adeemsa kanaan maqbaasi isaanii Libaasa waan ta'eef, Libaasi yeroo afur mare jechuudha. Dabalataan, lubi Booruu Guyyoo dhaaccii mara maqbaasa luba biraan (Jaarsoo Iddoo 32$^{ffaa}$, 1705-1712), ganna 280n maree kan dhufeen hubamuu mul'isa.

Dhaacciin waan sodaatamu akka ta'e, ibsi haala gara garaan maanguddoonni kaasan nimul'isa. Ibsoonni kun naga-dhaba uumamuuf raawwileen dhaacciin wal qabatan hawaasa keessa akka jiraniifi, kallattiin Aab Jaataniin, "Dhaacciin harkaan dabartee miilaan dhiitti," jechuun hubaatiin turtillee malee akka hinafne mirkaneessa. Aab Borbor gama isaan dhacciifi cubbuu akka tokkotti kan ilaale, "Cubbuun tokko nidhaqqabdi, tokko nitaakkiti," ibsa jedhu yoo kennu, Aab Moluun "Wanni Waaqaa tokko dhaqqabi, tokko sirriiqi," jechuun, mudannoo akkanaa Waaqati namatti fida jechuun kaa'e. Ibsa hunda keessattuu ergaan jiru wal fakkaata. Kana jechuun, 'tokko dhaqqabi, tokko sirriiqi' kan jedhu, namni waan hojjeteef (dabas ta'u tolaa) ofumaan argata ykn dhalootа dhufutti darba kan jedhu dabarsa. Adeemsa kanaan, naga-dhabni dhalootatti darbu kan dhaloonni sun ofiin hinhojjetiiniifi waan isaa hinbeekiiniin hubamu jechuudha. Kanaaf, mudannoon kun faallaa nagaa kan dhufu waan ta'eef jalqabarraa mallattoo naga-dhabaati jedhamee qoodamuun itti qophaa'ama.

---

[39] Odoo baallii hinfuune raabomatti kan du'ee Dhaddacha Odaa Morowwaa gadaa ta'e.

Dhaaccii/Cubbuun namni waan ofii hojjeteef ykn waan dhaloota keessatti raawwatee darbeef kan ittiin hubamu waanta'eef, faallaa nagaa kan ta'e dirqama naga-dhabaan ibsama. Ibsa olitti dhihaatan irratti hundaa'uun yoo ilaalamu dhaaccii wanni hammaataa isa taasisu, waan abbaan ykn akaakoon ofii durii hojjete yoo hinbeekne ykn argaa dhageettiin waan himu yoo hinqabaannedha. Kanaan kan wal qabatu oolaa gadaa Kuraa Jaarsoo (2022) maanguddoon akka armaan gadiitti ibsa.

> Dhaloota Booranaa keessaa haarawa wanni amma harkaa nuqabaa kun. Rakkoo kana uusi hindubbanne, maqbaasi hingarsiifne, gadaa itti marten hingarsiifnee, rakkinni kun haara'a. Amma laf dheeda shan: Goomolee, Malbee, Golboo, Wayaama, Garaacha Tulaa, rakkoon akkana waliin geettee qabatte hingarrellee, hindhageennellee. (Aab Borbor)

Akka ibsa kanaattis ta'e yaada MGX Yaaballootti gaggeeffamerraa argametti, rakkoo Booranni yeroo ragaan kun funaanamu itti jiru kallattiin maalitti akka hidhatu kaa'uu hindandeenye. Waan jaarroleen irratti walii galan, cubbuun namaa heddummaannaan Waaqni akka adabaa jiru yaada jedhu irratti. Keessattuu Aab Jaarsoo Waaqoo, "Bara cinnaatu[40] ga'e jenneeti sodaanne," jechuun kan dubbate, rakkoon lafa jirtu jireenya irratti hagam hammaattuu akka taate ibsa. Yaaddoon kun hundi kan madde mallattooleen naga-dhabaa olitti eeraman mataa dhaabbatanii ykn walirratti hundaa'uun hariiroo cabuun dhiibbaa uumamurraati. Haata'uutii, hubaatiin hammaataa gama hariirowwan jiraniin mudatee namni hinbadne, duudhaaleen ittiin eegan akka jiru jireenyi hawaasaa mul'isa. Haaluma kanaan, boqonnaan itti aanu haala hawaasni hariiroo qaamota gara garaa faana qabu itti eeggatu irratti xiyyeeffachuun dhihaate.

## 6.3. Mallattoolee Hookkarsa Mudateen Baraman

Akkuma matadureewwan armaan olitti eeramanii kana jalattis dhimma aad-malee namaan wal qabatus, hookkarsa mudate irraa sadarkaan aad-malummaa kan baramu ta'uun adda isa taasisa. Amalli kun hariiroo namni Waaqa faana qabu gidduutti kan mudatu yoo ta'u, aad-malee namni nama akka isaa ykn uumama kaan irratti hojjete hordofuun dhufa. Namni Waaqa faana ifatti waliin dubbii qaba kan jedhu dhugeeffannaa qabatamaa Booranaa keessa hinjireef hookkarsa mudate keessaan hariiroon Waaqa faanaa cabuu hubata. Mallattooleen kun bal'inaan Waaqni nama faana jiraachuu kan mul'isan hir'achuu/dhibuun claqqisu. Yaadrimeen nagaa Booranaa Waaqatti hidhatee ibsamu hidhata isaa kana dhaba. Mallattooleen hidhanni kun laaffachuu/cituu agarsiisan

[40] Akka ibsa maanguddootti 'bara cinnaa' kan jedhu, kan namni cubbuu dhumee qulqulluu qofti hafu jedhu.

kallattiin nama ykn finna namaa hubuun mul’atu. Hojii yaadrimeessuu kana galmaan ga’uuf mallattooleen gara garaa kan wal fakkaataniifi faallaa walii dhaabbatanti calaqqisa. Sona nagaan ittiin ibsamu keessaa roobni isa tokkodha. Haata’u malee, yoo hanga roobuu qaburra darbu hook-karsa uuma. Seenaa Booranaa keessatti AG 15ffaa Biduu Dhoqqee Rasoo (1569-1576), gosaan Karrayyuufi manni Warra Kulaa Kormee guutummaa gadooma isaa (ganna saddet) roobni utuu walirraa hincinne roobee horii qeenci keessaa yaa’ee dhumate. Mudannoo kanaaf ammas sababa biraa kaasa Booranni. Warri Kulaa Kormee *gaaroo* jedha Booranni. Gaaromni uumamaan kan cubbuu hinqabne, qulqulluufi eebbifamoo kan ta’anidha. Namni amala akkanaa AG ta’uu akka hinmalle. Gadaan ni’abaarti, ni’ajjeefti, namatti gatii murti; kunneen ammoo amala gaaroo waan hintaaneef adabbii Waaqa irraa namatti fida (Aab Borbor). Kana jechuun, namni baaka argamuu hinmalle dhaabbachuun mataa isaan mallattoo yaadrimee nagaa cabuu ta’uudha.

Faallaa roobni eeddummachuu kan dhufu, bonni dheerachuudha. Kunis hookkarsa kan fidu yoo ta’u, oolaa/hongeen ibsama. Sadarkaa jechaatti oolaa/hongeen faallaa jiidhaati. Jiidhi bu’uura finna lafaa ta’uufi jireenyi namaas adeemsa kana irratti akka hundaa’e Boqonnaa 4ffaa jalatti ka’eera. Oolaa/hongeen yeroo isaa eeggatee raawwachuu yayyaba uumamaa kan ta’e roobaan wal qabatee kan mudatu ta’ee, hookkarsa itti fufinsa jireenyaa irratti dhufudha. Roobni yayyaba uumamaa yeroo isaa eeggatee raawwatu yoo ta’u, dhibuun isaa mallattoo Waaqni ittiin nama adabu jedhamee ibsama. Gama biraan, mallattoon namni hariiroo Waaqa faana qabu dhabuu itti barudha. Daawwannaa hojii kanaaf taasifameen taatewwan hamoo jireenya namaa irratti qormaata ta’an mul’ataniiri. Kanaan wal qabatees hawaasni muuxannoo qaburraa ka’uun dubbiiwwan ittiin yaadrimeessu kaasa. Oolaan 2020 irraa eegalee hanga jalqaba 2023tti mudatee ture taatee qabatamaa hojii kanaati. Gaaga’ama mudaterraa ka’uun, “Oolaan akkas buutee horiin du’e kun, horiilleen afaan hinbeeku waan ta’eef cubbuu namaat itti deebi’ee jenna,” (Aayyo Jiloo) jechuun ibsite. Yaada kana keessatti jechi cubbuu jedhu kan ka’e ta’us, yaadrimeen isaa barruu irratti dhihaateera. Akka yaadaatti garuu, dhiibbaa raawwateen jalqaba horiin kan hubame yoo ta’u, kanaaf ammoo sababni nama akka ta’eti ibsame. Ibsa dhihaate kanaan waan namni hojjete ifatti kan beekame hinjiru, hubaatii jireenya isaa irratti dhufe mallattoo godhachuun hariiroon namaafi Waaqa gidduu jiru cabuu kan hubate.

Mallattoon hariiroo namaafi Waaqa gidduu jiru cabuu mul’isuuf roobni yeroo isaarra dabarsuun ka’umsa ta’us, kana hordofee kan mudatu (gaaga’amni finna namaa/horiin dhumachuun) ifatti hanga badii akka agarsiisu kan ibsaman suura armaan gadiin mul’isuuf yaalameera.



Suuraa 9: Loon gurguraaf Haroo Bakkee dhufan. (Suurri qorataan)



Suuraa 10: Loon gurguraaf Haroo Bakkee dhufee achitti du’e. (Suurri qorataan)

Suuronni kunneen akkuma maqaa isaanii irratti ibsamuuf yaalame, hongeen dheerachaa waan dhufeef, utuu luubbuun isaanii hinba’iin gurguranii mallaqatti jijjiruuf jecha gara gabaa kan dhufanidha. Barri 2022 Booranaaf yeroo hamaa ture. Yeroo suurri kun ka’etti loon muraasa qofa kan bakka gabaa ga’uu danda’ani. Kanneen bakka gabaa qaqqaban keessaa kaan kufanii achitti hafu. Hammeenyummaa hongee irraa kan ka’e seenaa darbe lakkaa’uun egeree isaaf raaga. Amalli kun kan keessatti calaqqisu keessaa faaruun ijoollee Kuuch fakkeenya guddaadha.

Gadaamoojjii ya baala caacaa
Gadaan Guyyoo Gobbaa badhaadhaa
Gadaan Kuraa Jaarsoo kun caalaa (Aayyo Hinseenee)

Walirra caalti malee Gadaa oolaan keessa hinmudatiin ykn bonni itti hindheeratiin gadaa Adii Dooyyoo qofa akka ta'e argaa-dhageettiin himama. Gadaa Kuraa Jaarsoo jechuun kan 2017 irraa eegalee baalliin harka jiru yoo ta'u, gogeessa isaa keessaa kan seenaa gaarii qabutti hidhuun yoo ibsan haala kanaan dhiheessu. Haata'umalee, gadaan Kuraa daran hammaataa akka ta'e suurri olitti dhihaate ragaa tokkodha. Kana jechuun, waan gogeessi itti tureen danboobuu caalaa waan namni amma itti jiru carraa jireenya irratti murteessuu qaba. Sadarkaa hubaatii hongeefi innis Waaqa irraa ta'uu, "Waraana dheetanii jalaa ba'ani, oolaa duraa hinba'ani," (Marii uwwootaa dhimma nagaa irratti aanaa Guchiitti (29/01/2022) taasifame irraa kan fudhatame) jechuun hookkarsa namaan uumamu faana wal bira qabuun ibsu.

Hongeen alatti uumamni uumama kaan hubuu malee ofiin uumama kaaniif faayidaa hinqabne hariiroon cabuuf mallattoo biraati. Uumama amala akkanaa qabuufi dhiibbaa kanaan wal qabatee dhufu Booranni ibsa armaan gadii qaba.

Muki ba'ee marra balleesse
Marra badet loon balleesse
Loon badeti gadaa balleesse
Gadaa baddet Booran balleesse (Aab Liiban Jaatanii)

Mallattoon hariiroon cabuu hubaatii qaqqabuun mul'atu oolaa ykn roobni baduu qofaan utuu hintaane yaada kanaanis dhihaateera. Muki Booranni marra/marga balleesse jechuun ibsu *saphansi* kan bal'inaan beekamu yoo ta'u, naannoo inni ba'etti margi hinba'u. Saffisaan lafa dhuunfachaa waan deemuuf ammoo marga turellee balleessuun hookkarsi akka uumamu taasisa. Muka ba'e kana horiin baala isaa hinnyaatu, qoraattiis kan qabudha. Waanti hammaataa isa taasise ammoo, lafa dheedisaa dhuunfachuufi naannoo isaatti margi akka hinbiqille taasisuu isaati. Ogafaan olitti dhihaate kun caasaa hariiroo yaadrimeen nagaa ittiin dhihaatu gabaabinaan kaa'e. Silaa mukti ba'uun horiif gaaddisa ta'ee baalli isaas nyaata isaanii ta'uun jireenyaaf kan mijachuu qabu, madda hookkarsaa ta'e. Kana jechuun, yeroo itti wanni sirrii fakkaatu jireenya irratti fafee ta'u mul'isa. Fafummaan isaa uumama mataa isaan utuu hintaane, marga loon sooratu balleessuun hubaatiin isaa akka nama qaqqabu taasisa. Muka kana waan namni tolchu/dhaabu miti. Akka adabbiitti akka itti dhufetti dhugeeffachuu isaan waan ta'e irraa mallattoo hariiroon cabuu akka hubatuuf

fakkeenya kan ta’e. Hariiroon cabus, baduu uumamni sona nagaa irraa kan ka’e gara badinsa namaatti geessa. Baduun namaa ammoo *naga-dhaba* kan jedhuun ibsama.

Booranni jireenyi isaa horii irratti kan hundaa’e yoo ta’u, keessattuu loon *guutuu* jedhee ibsa. Namni horii kaan guddoo qabaatee yoo loon hinqabaanne, *guutuu hinqabu* akka jedhamu Aab Jaarsoo Liiban kaasa. Haata’umalee, loon horii kaanirra rakkoo xiqqoon akka hubamu utuu beekuu dhiibbaa jiru faana akka waliin jiraatu haala gara garaan ibsa. Amala kana qabaachuun isaa jireenya namaa irratti dhiibbaa akka qabu Booranni bifa durii-duriin kan kaa’u qaba.

> Durii, nam tokkoti horii sadii looni, gaala, re’ee qaba jedhani. Amma horii kanati bisaan dhabee, bisaan barbaaduu deeme. Yoonni bisaan barbaaduu deeme, eela kaan nyaaphati irra ciisa. Amma abbaan gara horii deebi’ee, gaalaani, “Eela kan an dhufu nyaaphati irra ciisa, yoon an sin fide na ijjeesanii sin fudhatani, maan wayyaa?” jedhe. “Mukumat nu oofi aabboo, mukumat nu oofi,” jedhani. “Re’ee atiinoo?” jennaan, “Faanuma gaalaa nu oofi,” jette. Looniin mari’ate, “Bisaan ani ba’een cufa nyaaphat irra ciisa, yoon amma isin fide na ijjeesanii sin fudhatu, maan goonu?” jennaan, “Qooda nu dheebuu oollu, si ijjeesanii nu haafudhatanii,” jedhani. (Aab Liiban Duubaa)

Durii-durii kana irraa ka’uun, “Loon afaan waraanaarraan nam deemani,” jedhamee akka mammaakamu maanguddoon kun kaasa. Mammaaksi kun hammeenya yeroo bonaa mudatuun wal qabatee, hanqina margaafi bishaanirraan kan ka’e walitti bu’insa Booranni keessa seenu dabarsa. Namni loon qabu lafa gidduu keessa taa’uu hindanda’u, lafti moggaa ammoo nyaapha (kan Booranni aadaa waliin hinqoodanne). Hongee kallattiin hanqina/dhabamuu roobaan mudatus ta’e sababa muka ba’uun dhufu, fakkeenya taatee namaan ala akka adabbiitti namatti dhufan jedhamanii dhugeeffatamu. Amala uumamaa loon qabuufi haala Booranni itti jaallatu wal bira qabuun waan ittiin qeeqamu qaba. Gabbinniifi baroodni loonii akka yeroon daanga’e hubannoo jirurraa ka’uun yoonni gabbatee baroodu Gabarti, “Nu hinsobiinii, been Boorana sobi,” (Waaqoo Biqqoo) akka jedhan hima. Jireenyi Oromoo Gabraa guddinaan gaala irratti kan hundaa’edha. Gaalti ammoo rakkoo dandamachuutti loonirra waan wayyuuf qaama qeeqaa ta’e. Kana jechuun, Booranni haala jireenya isaaf kan mijatu filachuu irratti sirrii miti jechuudha.


Walumaagalatti, yaadrimee nagaa booranaa keessatti hariirowwan jiran kan cabaniifi akka caban kan mul’isan mallattoolee olitti dhihaataniin yaadrimaa’u; aad-maleen ibsa waloo isaaniiti. Namni yoo aad-malee ta’u, kara namaanis ta’e Waaqaan ejjennoon irratti fudhatamu aad-maleedha. Utuu addaan hincitiin itti fufinsa aad-malee keessa aadaan waan hinjirreef, jireenyi hinjiru jechuudha. Kana malees, Booranni sarrii kan jedhu ammoo aad-malummaa namaan utuu hinta’iin rakkoo tasa nama mudatuti ittiin ibsama. Sarriin kan ofii nama dhabsiiftu akka taate Aab Waaqoon ibsa. Naga-

dhabni faallaa nagaa dhaabbatu asirraa madda. Boqonnaa itti aanu keessatti ammoo, waan Booranni yaadrimee nagaa isaa itti eeggatuti dhihaate. Kana jechuun, mallattooleen hariiroo cabsan utuu hinmullatiin ykn ega mullatanii hariiroon cabee booda ejjennoo fudha-tamu irratti xiyyeeffata.

# BOQONNAA TOORBA

## 7. AADAA BOORANNI NAGAA ITTIIN TIKSU

Hubannoo nagaa irratti jiru yaadrimeessuuf jalqaba ilaalchi addunyaa hawaasaa maal irratti akka yayyabame, innis ‘maaltu jira?’ kan jedhu deebisuun eegale. Kan jiru kun ammoo sababoota gara garaan akka hookkaramaniifi hookkarsa uumamaniif ammoo mallattoolee akkamiin hawaasaaf ifa akka ta’anti ibsame. Hubannoon hawaasaa guutuu ta’uuf haala hookkarsi akka hinuumamne itti eeggatuufi hookkarsa uumame itti tasgabbeessu barbaada. Kana jechuun, boqonnaa kanaan gufuuwwan *wanna jiran* gidduutti uumamuun hariiroon akka cabu taasisan haala itti Booranni to’atuti xiinxalame. Boqonnaa kana keessatti haala Booranni yaadrimee nagaa isaa itti fufsiisuti dhihaate. “Nagaan to’annoo yoo hinqabaanne naga-dhaba,” (Aab Waaqoo) jechuun kan ibse waan mudatu ifatti kaa’a. Mammaaksi kun rog-arfee seemiyootikii irratti haalli itti ibsamu kan armaan gadii fakkaata.




Akka rog-arfee kana gubbaatti ibsametti, *eeguu* kan jedhu mammaaksa olitti dhihaate keessaa bakka to’annoo jedhuu bu’uun kan fudhatame yoo ta’u, adeemsa yaadrimeen nagaa isaa ittiin galma ga’u jechuun mammaaksa Booranni jedhudha. Faallaa eeguu kan jedhuu *gadi dhiisuun* aadaafi jireenya waliinii kan hinqabne, aad-malee ta’uun hubaatii kan qaqqabsiisudha. Taateen kamuu eeguun ala ba’e gara gadi dhiisuutti deema. Gama kaaniin ammoo, gadi dhiisuun ala taanaan gara eeguutti ykn waan to’annaa qabuuti. Nagaan jireenya yoo ta’u, faallaan isaa naga-dhabni ammoo badinsa ta’a. Akka ibsa Aab Waaqootti, badinsa hanbisuun nagaa itti fufsiisuun kan danda’amu to’annoon yoo itti ta’e qofa ta’uu hima. Boqonnaan kunis to’annoo Booranni jireenya isaa itti fufsiifachuuf haala duudhaa isaan raawwatuufi dhugeeffatu irratti xiyyeeffate.

Yaadrimee nagaa eeggachuun hariiroo namni qabu keessatti waan raawwachuuf eeyyamamuufi dirqamu akkasumas akka hinraawwanne kan dhorkan gidduu daangaa kaa’uudha. Kana jechuun, kan Booranni aadaafi aad-malee jedhee taatee jireenya keessatti mudatan itti qoodu ibsu. Aad-maleen boqonnaa darbe keessatti kan ibsame yoo ta’u, boqonnaa kanaan aadaa Booranni jiruuf

jireenya keessatti ibsuti gama yaadrimee nagaa eeggannaan yaadrimaa'e. Namni akka namaatti muuxannoo walirraa dhaaluun murtoowwan jireenya guyyuu keessatti fudhatu *fookloorii* akka ta'e (Metcalf, 2005) kan ibse, ejjennoo Booranni jireenya isaa itti fufsiisuuf walii isaa irratti ykn waan jireenya isaa hubu kamirrattuu fudhatu adda baasuuf gargaare. Addemsa jireenya itti fufsiisuuf taasifamu keessatti ejjennoowwan amala gara garaa qaban kan fudhataman ta'us, wanti beekamtummaa hawaasaan raawwatu hundi aadaa isaati. Muuxannoo Booranni nagaa isaa ittiin eeggachuuf tajaajilamu bal'inaan ejjonnoo hookkarsa irraa walabaan jireenyi akka itti fufu gochuun yoo mirkaneessu, gama kaaniin ammoo irreef (hookkarsaaf) carraa kenna. Kana jechuun, gama sirriifi fafeen kaayyoo tokko galma ga'uuf hojjechuun isaa yaadrimeen nagaa Booranaa dhugaa dachaan akka ibsamu mul'isa. Dhugaan hundi nagaa eeggannaa keessatti bu'aa mataa isaanii qabu. Dhugaan tokko aadaa hookkarsaan alaan nagaa eeggachuu yoo ta'u, dhugaan lammataa irreen nagaa eeggachuudha. Amaloonni kun lamaan haala isaan jireenya qabatamaa Booranaa keessatti hojiirra oolan akka ittaanutti ibsamaniiru.

### 7.1. Raawwilee Aadaa Irreen alaa Nagaan ittiin Tikfamu.

Nagaa tiksuuf hojiin jalqabaa dursanii waan jireenyaaf barbaachisu guuttachuudha. Akkuma qara boqonnaalee lamaan keessatti dhihaate, nagaa kan jedhu yaadrimee bal'aa waan ta'eef jireenyi akka itti fufu hojjechuun qabiyyee bal'aadha. Akkuma mataduree kanaan ibsame, kana keessatti haala Booranni qaama kaan irratti utuu hubaatii hinqaqqabsiisiin nagaa isaa itti eeggatuti ibsame. Yayyaba jireenyaan uumamni hundi gara jireenyaatti kan dhufe Waaqaan yoo ta'u, namni aadaa tolfachuun jireenya isaa gaggeeffachuu qabiyyeewwan darban keessatti dhihaateera. Taatewwan uumamaanis ta'e namtolcheen aadaan yayyabame cabuun jireenyi namaa hookkarama. Booranni jireenya isaa itti fufsiifachuuf ammoo akka dhuunfaattiifi gareetti waan raawwatuun kaayyoo nagaa Booranaa jedhu galmaan ga'achuuf akka hojjetu hubannoon jiru kan mul'isu. Haaluma kanaan, hubannoowwan kunneen haala isaan hawaasa keessatti calaqqisan kan ibsan duudhaalee hawaasaan deeggaruun ibsamani.


#### 7.1.1. Itti Gaafatamummaa Dhuunfaa Fudhachuun Nagaa Eeggachuu

Itti fufinsa jireenyaaf nagaa eeggachuu dirqama akka ta'e hubannoon Booranaa kan mul'isu ta'uu olitti tuqameera. Mataduree kanaan, nagaa eeggannaa keessatti shoora namni dhuunfaa yaadrimee nagaa Booranaa keessatti taphatuti ibsame. Mammaaksi, "Waaqa, jedhii of tissi, Waaqa, jettee

karaa keessa hinciisiin," (Aab Waaqoo) jedhus shoora nama dhuunfaa hima. Akka mammaaksa kanaatti, ibsa Boqonnaalee darban keessatti ka'aniin wal deeggaree Waaqi kan dura dhufu akka ta'e eeruun, achi jalatti garuu itti gaafatamummaan dhuunfaa murteessaa ta'uu ibsa. Waaqa waammatanii of tiksan (balaa irraa of eegu) malee, Waaqa waammatanii karaarra ciisuun (balaaf of saaxiluu) jireenyi itti fufuu hindanda'u. Gama biraan, wanni Waaqa itti waammatan waan sirrii ta'uu akka malu ittiin dabarsu. Dhimmi sirrii (kadhaa Waaqaa) gocha dogoggoraan hordofsiisuun (karaa keessa ciisuu) yoo hordofame, bu'aa sirrii hinargamsiisu. Bu'aan sirrii yoo wanni sirrii waliin deeman gidduutii dhufa.

Booranni yaadrimee jireenyaa hojiirra oolchu irratti hubannoo gadi fagoo qabaachuu isaa oguma isaan akka mul'atan ifadha. Haaluma kanaan, maddi yaadrimee nagaa Waaqa akka ta'e haala gara garaan ibsamanis, nagaa argate kana eeggachuun ammoo nama dhuunfaa irraa akka eegalu ifatti kaa'a. Mammaaksa keeyyata olii keessatti dhihaateen kan wal deeggaru, "Bulaan, lubbuu Waaqa gargaara," (Aab Borbor) jechuun, kaayyoo mammaaksi kun jedhamuufis, "Beeytaa, kan nama eegu Waaqa. Garuu uummanni waanhamtuu irraa namni akka of eeguuf kana jedhanii," jechuun ibse. Booranni hunda danda'ummaa Waaqaa shakkii keessa seensisuu utuu hintaane, aad-malee ta'aa ykn waan akka dhuunfaatti irraa eegamu utuu hinraawwatiin Waaqa kadhachuun sirrii akka hintaane ittiin hima. Kana jechuun, utuu beekuu ykn hubannoo isaa qabuu waan ta'uu hinmalle ta'ee itti gaafatamummaa mataa isaa Waaqatti dabarsee kennuun sirrii akka hintaane kaa'a. Waan booranni jireenya isaa itti fufsiifachuuf akka dirqamaatti raawwatu, taatewwan jireenya isaa guyya guyyaa keessatti calaqqisan jiru.

Jiraachuuf namni kan dura ta'uu malu waan ittiin jiraatu ykn kan sooratu irratti hojjechuu qaba. Mammaaksi, "Abbaa du'aa, garaachati harkatti du'a," (Aab Waaqoo) jedhu kana ibsa. Jechi *abbaa* jedhu qaama itti gaafatamummaa fudhatu, kan oogganu ykn kan irratti murteessu bakka bu'a. Gaaleen *abbaa du'aa* jedhu nama lubbuun jiru, garuu kan waan irraa eegamu hinba'anne ykn utuu waa hojjechuu maluu kan taa'u ibsa. Hubannoon kun rog-arfee seemiyootikii irratti haala armaan gadiin taa'eera.



Jechi jalqabaa rog-arfee irratti *hojjechuu* kan jedhu taatee sirrii jiraachuuf nama irraa eegamu ta'ee, faallaa isaan *taa'uu* kan jedhu ammoo fafee jireenyi ittiin badudha. Abbaa du'aa ta'ee kan garaachi harkatti du'u, gara sadarkaa taa'uun alaatti seenuu dhabuu isaati. Booranni tokko yoo iyyoommate kan Boorana kaanii gaafatee gargaaramuuf mirga qabu of dhowwote. Kamis ta'u, hojjechuun jireenya itti fufsiisuu akka ta'e akka ulaagaa duraatti fudhatamee, kun ta'uu yoo baate adeemsa akka aadaatti taa'e tajaajilamuu dhiisanii taa'uun du'a akka fidudha ergaan mammaaksa kanaa.

Booranni daa'ima aadaa hojiin guddisa. Daa'imti dhalatee ganna saddet duraa qofa hojii irraa walaba ta'a. Ganna saddetiin booda ga'een hojii akka humna isaaniitti qoodamee kennamaaf, beekamaadhas. Hojiin daa'imaa kan eegalu jabbii tiksuu kan jedhuun beekama. Bal'inaan ga'ee hojii keessa darbanis ta'e raawwatamu, dhiichisa hariyyaa keessatti kan armaan gadiiti calaqqisa.

Mucaan waacufa sirraa fuudha
Tikaa-obaa sirraa fuudha
Cufa karraa sirraa fuudha
Cufa balbalaa sirraa fuudha
To'ana saayyee sirraa fuudha
Ergannoo gosaa sirraa fuudha
Qora gaaddisaa sirraa fuudha.

Ogafaan kun kan miseensi hariyyaa (ijoollee gadaa tokko keessa dhalatte) yeroo kuusoma isaanii worra isaaniirra naanna'uun hurrubsanidha. Namni hinhojjenne horachuu hindanda'u; yoo hinhoranne ammoo hawaasa keessatti qeeqama. Qeeqa dhimmi dinagdee irratti ka'an keessaa, "Mucaa ganna soddomaa sadeen aanan mi'aayan hinqabne hinjaaladhu," (Aab Borbor) kan jedhu, namni yoo yeroo isaatti waan irraa eegamu hinba'iin miira akkamii akka qabaataniif ibsa. Akka yaada kanaatti, namni utuu soddoma hinguunne dursee irratti hojjechuun waan qabaachuu qabu qabatee akka argamuu qabu hima. Qeeqa kana dhala ofii irraa hanbisuuf worri ijoollee isaanii daa'imummaa irraa hojii shaakalsiisaa guddisu. Shaakalli kunis, qabeenya horachuufi kan qaban haala itti kunuunsan irratti xiyyeeffata. Hormaanni horiifi daa'imaa wal hordofanii deemu. Keessattuu dhiirri gara gaa'elaatti seenuun dura dinagdeen of danda'uu qaba. Waan nyaatee jiraatu cinatti hangi isaa wal caalus, dhiiraafi ijoollee durbaaf aadaan *handhuuraa* jira. Handhuuraan guyyaa gubbisaa ykn maqaa moggaasan/baasan kennaa horii daa'imaaf kennamudha. Faaruu jiloota gara garaa kan akka gubbisaafi dhiichisa ijoollee kuuchu irratti dhihaataniin daa'imti horii jalqabaa kan argattu maatii irraa ta'uu mul'isu.

Gudoo guduruu galmaa,

Haati tee saqaan galma
Abbaa waddeessi galma
Moonaa handhuureen galma
Handhuuraan horee moonaa guuta

Ogafaan armaan olii jila gubbisa/moggisa irratti kan jedhamu ta'ee, handhuuraan raawwii guyyaa san eegamu ta'uu ittiin mul'isa. Keessattuu, jilli kan ilma angafaa (gubbisa) taanaan, han-dhuuraan worra gurbaa irraa qofa utuu hintaane gostis qooda fudhata. Kanarraa kan mul'atu, itti fufinsi dhalootaa (kan yaadrimeen nagaa ittiin mirkanaa'u) jiraachuuf, dinagdeen dirqama akka ta'edha. Hubaatii gama dinagdeen itti dhufuuf (hookkarsa hanga du'aatii fidu) yoo hinsaaxila-miin gama dinagdeen wal qabatee nagaa isaa eeggateera jechuudha.

Dinagdeen dhimma jiraachuu irratti murteessuuf qabu cinatti, "Qabeenni jabina sitti hora," (Aab Waaqoo) mammaaksi jedhu, shoora dabalataa jiru qooda. Hanga qaamni humnaan isa caalu (kan qabeenya isaa hubuu danda'u) itti dhufutti, jabina kana kan irraa mulqu hinjiru. Jabinni kun carraa dubbatanii dhaga'amuufi kan hinbarbaanne diduutti deema. Jabinni kun abbaa qabeenyaaf bu'aa sirrii yoo qabaau, faallaa isaa kan ta'e laafaaf ammoo fafee ta'ee mirga qabu akka dhabu isa dirqisiisa. Amalli kun durii-durii Dabalee 12-F 'Tuqaafi Garbicha' jedhu keessatti garbichi qabeenya tuqaa gatuuniifi abbaan garbichaas waan tuqaan itti himate diduun, irree dinagdeen kenneefitti tajaajilamuu agarsiisa.

Qabeenya shoora haganaa qabu kana horachuun ifaajjii hedduu qaba. Booranni bakka qubatu haala horiif mijatu irratti hundaa'a. horiif mijachuufi dhiisuu isaa mala *abuuruu* tajaajilama. Abuuruun guyyaafi halkan kan gaggeeffamu ta'ee, guyyaa margiifi bishaan jiraachuu ega adda baafatee booda, halkan ammoo haalli qilleensaa kan hubaatii qaqqabsiisu ykn mijataa ta'uu ittiin mirkaneeffatama. Haata'umalee, adeemsi kun yeroo hunda kan tajaajilu akka hintaane, hongee 2022 irraa eegalee hammchaa dhufeen mul'ateera. Mudannoo Booranni yeroo kanatti keessa jiru Aab Waariyoon durii-durii gabaabaa armaan gadiin deeggaree ibse.

> Durii, namati bineensa reebe. Ennaan, bineensi dheetee duraa ba'uu dadhabee ya boolla seene. Beeytaa tuqaan tun yoo reeban eegee dhaabeet ce'a, boolla qotatee hinqabu. Yoo qotatee hinqabne, yoo ati mudditu boolluma arge seena. Qara lubbuut naqee warra ifii taatee wayi hintaa'u, dheeteet ba'a. Bineensi, "Boolliti tun tiyyaa niti, lubbumati itti na naqee," jedhe jedhani. (Aab Waariyoo Guyyoo)

Durii-durii kana keessaa mammaaksa, "Boolliti tun tiyyaa niti, lubbumati itti na naqee," jedhu fudhachuun qabatamaan haala dheedi isaafi Booranni guutuu itti jiru haala armaan gadiin kaa'e.

> Durii yoo godaanu, dursee abuureeti, “Marri sun loonii dansaa,” jedhee godaana. Amma har’a Booranni waan irraa goru dhabee kar silaa ittiin hingodaanne, lafa loon hinfuune, loon hinseenne ka weenniin gubbaat galu, ka jaldeessi gaaraa gubbaat galu, gobeessa kanaat fincaawu, itti udaawu, baddaa tan duudanii lubbuut naqaa nyaatan loon. Gobeessi isaan nyaatan dhibee itti fidde ta *akiimiin* hindandeenye. Kaan Galaana Koonsoot godaane ta biinniifi gandii qabdu, amma warri achi godaanellee gaabbuut jira.

Yeroo ragaan qorannoo kanaa funaanamaa ture keessatti Booranni loon gara Gujii, Konsoo, Garrii, Amara, Arbooreetti godaansiseera. Bakka deemanitti dhibamanii dhumaa jiraachuufi namnis abdii kutatee kan dhihoo jiru horii lubbuun jiran oofee akka dhufaa jiru, kaan ammoo namuma naannoo jirutti kennee gargaarsa barbaaddannaa kara magaalaatti deebi’e. Booranni rakkoo hammaataaf hinsaaxilamiin kan lalleessa (re’ee) fi/ykn gaala qaban qofa. Bonni dheeratee ko’oommachhuu, “Harki kaan irba kaan irbaata, dhalaan lachuu cufti saama, nu ijibbaata,” kan jedhu jaarroleen marii irratti kaasani. Kana yoo ibsan, “Looniif namni tokko hinnyaatu, yooti har’a cidii argatte boor boosheeti hinjirre, yooti har’a booshee argatte, boor bisaanti hinjirre,” hammeenya rakkoo itti jiranii kaa’ani. Ejjennoo itti jiranis, “Tiyyaan nabaasiiti fidde,” Booranni bu’aa loonii irratti hundaa’ee jiraatu hunduu kara kara akka faca’e himu.

Kana hunda ega guutanii booda, jaarroleen nama gara horii jiru, “Nagaa jabeeffadhaa,” akka jedhaniifi “Nagaa jabeeffadhaan diiramallee, gar guyyaallee,” (Aab Waaqoo) jedha. Ganamaafi galgalli maal qabatee akka jiruufi jabeeffannaan amala akkamii akka ta’e ibsa armaan gadii kenne.

> Sidhibaaf kan sitti dhufuufi kan waan akka sagalee isaatti erregaturraa warra jabeessi, bultii-oolmaa jabeessi. Ganami barii, bobba’a; kara bobbaatti bineensat jira. Kanaaf tika jabeessuu qaba. Yoo lafti moggaa taate, nam hindagatiin jechuudha. Bineensi laga oola, horiin gara bineensi jirut bobba’a. Galgalli bultii, karra cufadhu, fuloo cufadhu, to’adhu, qorqoradhu, bulfadhu… bineensi guyyaa riph oolee galgalee yaa’a. Namimmoo loon isaa elmatee galgala rafa. Deemma but-gumura, eeggadhu. (Aab Waaqoo)

Yaadni kun, horii horatan yoo hineeggatiin namaan hatamuu/saamamuuf akkasumas bineesaan nyaatamuuf saaxilamoo ta’uu dabarsa. Kana jechuun, horachuuf waan barbaachisu guuttachuu qofaan yaadrimeen nagaa gama horiin jiru hinmirkanaa’u. Yaada Aab Waaqoo olittii dhihaate keessatti ‘deemma but-gumura’ kan jedhu, halkan keessaa yeroo itti kan horii hatuufi butu finiinarra ga’udha. Yeroo muddama kanatti dammaqinaan eeggachuun horii ofii jabeeffa-chuuf murteessaa ta’uu dubbata. Kana gochuun, horii ofii nama horii ofii nama dhabsiisuuf karoorfatee dhufuufi bineensa soorata isaaf butu irraa walaba taasifatu. Akka ibsa maanguddoo kanaatti, namni

nama kaan dhabsiisuuf jedhee akka hatu, bineensi garuu cubbuuf jedhee utuu hintaane akka soorata isaatti erregatee ta'uu kaa'a. Kaayyoo kamiifuu ta'u, horii ofii jabeeffa-chuun sona nagaa kan ta'e dhimmi gama dinagdeen jiru furuuf gargaara.

Horii ta'eef hunda isaanii yaadrimee jireenya isaaf wal qixa akka hinabdanne, "Horii mucha lamaa hinjaaladhu, yookii cittoon baddi yookii cittee baddi," (Aab Borbor) jechuun tajaajila irraa argamu bu'uura godhachuun ibsa. Mammaaksi kun kallattiin mucha afur kan qabu loon faana wal dorgomsiisuun qindaa'e. Qabxiin ittiin wal dorgomsiifame lakkoofsa muchaa irratti hundaa'uun garaa garummaa baay'ina muchaan carraa hubaatii irraa hafuuf qabaniini. Lakkoofsaan heddum-machuun hubaatii mucha irratti dhufuuf kanneen lakkoofsaan xiqqaarraa carraan keessaa hafee tajaajila kennuu waan jiruufi mammaaksi kun kan himamu. Rakkoo beelaa nama mudatu furuuf carraan bal'aa mucha hedduu harka jira.

Horii mucha lamaa kanta'an haalli itti eegu hanga loonii akka hintaane mammaaksa, "Ilti hoolaa lalleessa," jechuun hoolaafi lalleessa/re'ee walitti makee bobbaasuun sadarkaan itti jabeeffaman kana ta'uu hima. Hoolaafi re'een horii manaa ta'anis, uumamaan amala gara garaa qabu. Amala isaanii akkaataa mammaaksa kanaan Aab Borbor yoo ibsu, "Osoo lalleessi waliin hinjiraannee, hoolaa waan alaa dhufeti (bineensa) fixa," jechuun, re'eefi hoolaa itti yaadamee akka walitti madaqfaman dabalee hima. Yaada Aab Borboritti ida'uun Aab Liiban, "Hoolaan dhalooti isaa lafuma laala malee samii hinlaalu. Lalleessi mukallee koreeti nyaata; ilti isaas hinboqotu, kallattii hunda waan mil'atuuf yoo waa arge waan baqatuuf hoolaan waliin baqata," jedha. Akkasumas, "Guyyaa kokorsaan bade, gaalti bade," jechuun muka akka bilbilaatti bocamee morma isaatti hidhameen akka hordofuti ibsama. Yeroo jila dhibaayyuufi Gumii Gaayoo kan jiran irraa kan hafe loon irraa ija kan hinbuqqifanne, horii mucha lamaaf bakki kun hinkennamu. Kana jechuun, namni eegumsa hintaasisu jechu akka hintaane raawwileen isaa nimirkaneessu.

Hangamiyyu qabaatan amalli ofii adaba qabaachu akka qabu, "Ulfina abbaati ofirratti qaba," jedha Booranni. Ani amma nama qabeenya guddoo qabu, nama guddaallee, yoo akka nama guddaa hindubbanne, akka nama guddaa hindeemne kabaja hinqabu, nama hundati ba'ee na arrabsa, na miidha…" (Aab Borbor) mammaaksaan tumsee ibsa itti kenne. Namni hojjetatee horateefi umriin mataa isaan hariiroo hawaasni walii isaa faana qabaatuun kabaja itti horu. Haata'umalee, ulaagaan kun kan hojiirra oolan, yoo namichi qabeenya qabuufi ganna guddaa aadaa kana akkaataa aadaan itti tajaajilame qofadha. Kana jechuun, qabeenyas ta'e umrii qofti mataa isaaniin itti fufinsa

jireenyaaf akka wabii hintaane mul’isa. Yaada kana kan deeggaru horii dabalatee ilmoo dhiiraa qabaachuun itti fufinsa idda dhalootaa abbaa tokkoo keessatti bakka olaanaa qaban ta’anis, kan ittiin of tuulan akka hintaane akka jechaaatti kan dhihaatuti jira.

Looniin hindhaadiin, oolaa guyyaa tokkootii
Dhiiraan hindhaadiin, lola guyyaa tokkootii,” (Aab liiban Duubaa).

Qabeenyi lamaanuu hookkarsa uumamaafi namtolchee jalatti qoramaa kan jiraatan akka ta’eefi qabiyyeewwan kanneen lamaaniin wal qabatee waan afaanii nama ba’u ykn raawwatan irrati of eeggannoo barbaachisa. Hakeekkachiisni akkanaa kan barbaachiseef kan hinqabnes waan jiruuf dhimma amlee isaanii ta’ees ibsamuu danda’a. Akkuma kan qabu humna qabeenya isaan hariiroo akka hincabsine eegamu, nama hinqabnes yoo argate waan raawwachuu hinqabne jechuun akka qeeqaatti, “Hiyyeessi quufe, sukkaan sirba,” (Aab Borbor) jechuun dursanii hidhu. Mammaaksa kana keessatti aad-malee lama, sirbuufi innumtuu sukkaan (meeshaa ittiin wa muran) ta’uuti ibsame. Akka ibsa jaarroleetti quufnaan Waaqaafi nama namaa kenneef galata galchuu malee jalqaba irraa sirbuun aadmalee ta’uudha. Dabalataan, aad-malee duraa irratti meeshaa hubaatii qaqqabsiisuu danda’u qabatanii sirbuun ammoo aad-malee biraati. Kanaafuu, namni waan argate kamuu keessatti yoo of to’ate nagaa isaa eeggata.

Kaayyoon horii qabaachuu fedhii bu’uuraa namaa kan ta’e soorataaf ooluudha. Adeemsa soorachuu keessatti horii horsiise irraa maal isaa akka sooratuufi akkamitti akka sooratuun hariiroo eeggatee yaadrimee nagaa itti mirkaneeffatanti jira. Akkuma boqonnaa darban keessatti horiin dabaree Waaqaa ta’uu ibsame, hubannoo kana akkamiin akka hojiirra oolchuufi waadaa kana yoo cabse maal akka godhuti qabiyyee kanaan dhiheete. Aadaan horii dabaree aannan isaa soorachuu irratti kan daanga’e yoo ta’u, Booranni yoo aannan dhugu akka waadaa eegetti fudhata. Faallaa kanaan, yoo qalatee nyaate ammoo aad-malee ta’uu isaa kaa’a. Aadaanis jiraatu ykn aad-malee ta’u, haala ittiin ibsamuti jira. Yeroo gumiin taa’ee aannan wal harkaa fuudhee dhuguufi foon muratee walii dabarsu, aannan gama mirgaan marsiisaa foon ammoo bitaan raawwata. Bak-bu’een gama/harka mirgaafi harka bitaa, aadaafi aad-malee ibsu. Horii qalannaan aad-malee ta’uu isaarraa kan ka’e utuu hinqalatiin dura sirna hareerrannaa gaggeessa. Hareerrannaan maal akka ta’e, “Akka nyaatani Waaqatti himanii, cubbuun si hinajjeefnee, marraa bisaan irraa cubbuun si hinkunnee, nuu sifaa’ii, ka hafellee nuu horsiisi jechuuf kadhatani,” (Aab Borbor) jedha. Akka yaada kanaatti, hareertiin adeemsa yakka ofii itti fudhatan, maaliif akka raawwatan itti ibsuufi qaama yakka irratti

raawwatan dhiifama itti gaafatanidha. Kaayyoon isaas, aad-malee raawwataniif akka hinadabamne adeemsa nagaa itti eeggatanidha.

Nagaa eeggannaan, yoo namni qabxiilee olitti eeramaniifi, jireenya isaa itti fufsiisuu keessatti amala wal fakkaataa qaban irratti hojjetedha. Yaadrimeen nagaa jireenyi namaa itti mirkanaa'u, "Nagaan bobbaafattee, nagaan galfattee, nagaa keetiin rafta," (Aayyo Galgala) kan jedhu yoo galma ga'e ta'uu ibsite. Haata'umalee, loon nagaan bobbaafatanii nagaan galfatanii irriba nagaa rafuuf shoorra namni dhuunfaa dirqama taphachuu qabu nijira. Akkasumas, hariiroo namni nama akka isaa, uumama kaaniifi Waaqa faana qabu jireenyi akka itti fufuuf qooda mataa isaanii qabu. Gaaleen *nagaa Booranaa* jedhu ammoo mataa isaanuu nagaan hubannoo waliiniin akka galma ga'u kan of ibsudha. Kanaafuu, matadureen kanatti aanee jiru ga'ee nama dhuunfaa cinatti akka gareetti nagaa eeggannaan amala akkamiin akka calaqqisuti dhihaate.

### 7.1.2. Jireenya Waliinii keessaan Nagaa Eeggachuu

Jireenya waliinii jechuun namni nama faana kan jedhu irratti kan xiyyeeffatame ta'us, hubannoo jiruun garuu Waaqaafi uumama kaanis akka hammatu beekamaadha. Matadureen olitti dhihaates, namni akka dhuunfaatti waan raawwatee nagaa isaa itti eeggatuti ibsame. Adeemsa ibsa kennuu keessatti, qaamota olitti eeraman faana hariiroo akka qabu haala gara garaan calaqqiseera. Matadureen kanaan ammoo namni nagaa isaa eeggachuuf waan raawwatu irratti hubannoo Booranni qabuti dhihaate. Haaluma kanaan, namni nama akka isaafi uumama kaan faana kan walii galu agidaan akka ta'eefi agida jechuun ammoo wal mi'eeffannaafi wal barannaa keessaa akka dhufu Aab Waaqoon ibsa. Dabalataan, agidi kun mammaaksa, "Sa'a abbaan gaafa cabse, hormi ila bassa," jedhu akka hanqisu kan kaase, shoora hariiroon wal hubannaa irratti hundaa'e nagaa eeggachuuf qabu hima.

Bineensi kan jireenya namaa hookkaru ta'uun utuu beekamuu, yaadrimee nagaa ofii eeggachuuf jecha yeroon itti bineensa tajaajilan nijira. "Haroo yoo ta'e bineensuu dhufee dhuga, isiinuu diidumaa. Yoo eel taate naanniga guutaniif bineensi bisaanii jedhee akka itti bu'ee hindooneef," (Aab Jaarsoo). Bineensi itti seenee duunaan bishaanichi faalamee dhugaatiif ooluu waan hindandeenyeef, waan bineensi barbaadu dursanii guutuufiin qabeenya ofii kunuunfatu. Namni akka dhuunfaatti hormaata isaa jabeeffachuuf waan raawwatu biratti Waan naannoo ofiitti ta'u si'aayinaan hordofnaan horiin mataa isaanuu waan fuula duratti ta'u dhahuun ejjennoo namaaf deeg-

garsa kennu. Waan horiin dhahu, “Akkuma butumeen jalaa fuudhameen gara lolaa dhuganiifi marra dheedan ofumaan dhahani; gar sanatti naanna’anii marratani. Yoo baqi jiraatellee akkanuma nidhahani; yoo ati butumee jalaa kaaftu bobbaa didanii gara warraatti ol dacha’anii marratu,” (Aab Taarii) jechuun ibse. Mallattoolee loon agarsiifnaan namni hiikuun dhahaaf tajaajilmu Aab Borboris kan armaan gadii eere.

> Loon fuluma ciisanitti udaanu. Egi udaanee bonni kun horii ajjeesa jedhanii sodaatani. Horiin kanuma sugi jiru du’afaa. Ammallee loon kana yeroo wal keessa duudanii rafan kaan nidhumatani. Yoo addaan faffaca’anii moonaa keessa ciisan nidamboobani horiin kun jireenyatu jiraa jedhani. (Aab Borbor)

Horii keessaa mallattoolee loon agarsiisanidha dhaha himuuf caalumaatti kan tajaajilu. Horii lubbuun jiru qofa utuu hintaane, ega qalataniillee moora isaa ilaaluun jireenya fuula dura namaa jiru beekuun itti qophaa’ama. Akkuma horiin waan hamtuu himuun namni dursee itti qophaa’uun nagaa isaa akka jabeeffatu tumsu, Booranni uumama ol jiran ykn uusa Waaqaa, waca sinbiraa, haala qilleensaa, jecha namaafi kkf hordofuun miidhaa mudachuu malanirraa oola. Jilli, kan hariiroon uumaa-uumamaa ittiin jabaatu dhaha Booranaa baatii/ji’aafi urjiin lakkaa’amu irratti hundaa’ee gaggeeffama. Uumamni kunneen akka Booranni henna hubatee jireenya isaa karoor-fatu gochuun yaadrimee nagaa isaaf qooda isaanii gumaachu.

Hariiroo gama namaan jiruun, nama namummaa isaan fudhachuun hubannoo Booranni qabu ta’uu, boqonnaa darban keessatti dhihaateera. Hubannoo kana haalli itti hojiirra oolchu irratti yaadni armaan gadii muuxannoo Booranni qabu keessaa dhihaateera.

> Namni gosa dhibii gosa kankeetti galeetini, “Ani gosa keeti mataa naa aadi,” jedheetiin jedhe, gosa galchiteenii kamuu ta’u galee niboorana. Kan keelleen kanumaan waliin dhalattelleen yoo hammeenni dhufe hormeelleen sirraan ba’aa mitii; kanaaf namni namaaf obboleessa. Wanni nama gargar baasu ammeennuma qofa. Sidii wal hinbeekne amma tokko ka’ee an Booranaa; an ammeenna hinfedhu Boorantittii fedhaa jedhe, aadaan harka lamaaniin fudhatti. (Diqqaa)

Nama akka namaatti fudhachuun yayyaba jalqabarraa taa’ee jiru jedhee Oromoon guutuun kan dhugeeffatu ta’uu madden gara garaa kaa’u. akka kaayyoo mataduree kanaatti, Booranni yeroo waliin jiraatu miira waliinii akkamiin hojjiirra oolchuun yaadrimee nagaa isaa akka eeggatu irratti xiyyeeffatame. Yaadrimee jireenya waliinii kan ittiin ibsatan keessaa mammaaksi, “Nam tokkicha karaa deemu hinjaaladhu; wafaa ta’a nami iyyuuf hinjiruu,” (Aab Borbor) jedhu akka ka’umsaatti

fudhatame. Mammaaksi kun qeenxummaan akka sirrii hintaane qeequun, maaliif kan jedhus deebisuun yaada ofiin of ibsedha. Milkaa’inni dhuunfaan jiru gumiin yoo ta’e milkaa’ina fida jechuun malee, ga’ee dhuunfaan jireenya keessatti qabu xiqqeessuuf miti. Hubannoo kana bifa gara garaan kan ibsu ta’us, moggaasa maqaa *jaldeessa* jedhu kan tajaajilamu, “Harki isaa waan fuudhu hindhabu, milkaa’aadha. Gumiidhas,” (Aab Waaqoo) jechuun kan ibse keessaan ifa taasuse.

Yaadrimeen nagaa Booranaa hariiroo Booranni Waaqaafi uumama faana qabuun kan ibsamu yoo ta’u, hariiroo inni akka Booranaatti walii isaa faana qabuun murtaa’a. Nagaa Booranaa kan jedhus kana galma ga’uuf kan hojjetu ta’ee, adeemsa hojiirra oolmaa qaba. Innis caasaa xiqqaa Booranaa kan ta’e maatii irraa eegalee guddachaa akka deemu yaada marii jaarrolee armaan gadiin calaqqiseera.

> Mucaan abbaa ceera, intalti haadha ceerti, niitiin dhirsa ceerti, nagaa armaa jalqabata. Jaarsa dheetta, jaartii dheettaa ila keessa hinmillattu, jaarsaa jaartii yoo agartu, “Aabboo ebeluu tiyya, aayyoo ebeluu tiyya,” jetta. “Gurbaa, been lubbuun bultaa, Waaqi si bulchinna,” jedha, nageenna akkana keessaa argatta. (Aab Jaarsoofi Aab Taarii)

Akka yaada kanaan dhihaatetti, wal sodaa/ceera maatii keessa jiruti gara ollaatti ba’ee yaadrimee nagaa akka galmaan ga’u hima. Walii ceeruun aadaa gidduu isaanii jiru eeggachuu, wal kabajuu, wal safeeffachuufi walumaa galatti aad-malee ta’uu dhabuudha. Aadaa jabaa maatii gidduu jiru *wal dhageettaa* kan jedhu bakka olaanaa qaba. Akka mammaaksaattis, “Warri marii qabu jibicha baasa; kan marii hinqabne goromsa baasa,” (Waariyoo Garboolee) jechuun kan ibse, yaadrimee wal dhageettaa mul’isa. Mammaaksi kun jireenya amma itti jiraniifi egeree madaaluun falaasama dhihaatedha. Bakka horiin lamaan jiranitti, egereen namaa kan hubamu jibicha har’aan caalaa goromsa har’aa dhabuun akka ta’e wal bira qabuun ibsa. Hubannoon darbus, jibichi yoo guddate korma ta’ee hormaataaf oola. Kormi tokko moonaa ykn ollaa jiraannaan hormaanni itti fufuu danda’a. Jabbiin dhalatu kan abbaa dhaltii malee kan abbaa kormaa hinta’u. Kanaafuu, goromsa baasuun itti fufinsa hormaataa nama jalaa addaan waan kutuuf, akka goromsa hinbaafne wal dhageettaan akka barbaachisu himama.

Jaarraa ammaa keessattis taanaan nagaa eeggannaan dhuunfaan caalaa gareen akka wayyu, Gumii Gaayoo 2020tti dubbiin gosa Fullallee daangaa Keeniyaa keessa jiraataniin dhihaate fakkeenya qabatamaadha. “Namallee yoonni laafe mataan qulaamsan malee udduun hinqulaamsan. Udduun

keessan nu'u, mataan keenya isini. Nu amma, akka nuti ilaalletti, udduun qulaamuu argannee mataan qulaamuu dhabne," jedha. Yaadni kun komii yoo ta'u, laaffachuu hariiroo gidduu isaanii jiru ibsuuf bak-buusaa tajaajilamuun ibsate. Innis, akka aadaatti nama lubbuun ba'uuf laaffate osoo lubbuun hinbaane aannan afaanitti hunachiisanidha qulaamuun. Kan waa liqimsanii du'a ooluu danda'an kara afaaniin (gara mataa kan jiru) malee kara udduun miti. Warri Keeniyaa akka nama du'aaf ga'ee, gosti isaanii qindaa'aafi jabaan kan isaan walitti qabuu danda'u utuu jiruu worri laafe kun barbaacha dhufuun qulaamuu kara udduuti jechuun ibsate. Bak-buusaa namni kun tajaajilame, haala kanaan itti fufnaan gosti kun akka addaan citu ifatti ibse. Kun ammoo kan mul'isu, Walumaa-galatti, waan hamtuu eegala irraa kaasuun ofirraa dhorkuun nagaa ofii eeggachuun gara jireenya waliiniitti akka dhufamu mul'isa.

Namni akka namaatti amalaafi fedha gara garaa qabaachuu isaarraan wal-dhageettaan akka gidduu isaa jiraatu kan barbaachise. Namni yoo waliin jiraatu waan walii eeggatu hedduu qaba. Amala namni uumamaan turtii umurii keessa horachaa deemu walii beekuun hariiroo waliin jireenyaa akka itti fufu taasifata.

Nama ganna 20 rafta jettee hinloliin umrii irribaa keessa jiraa.
Nama ganna 30 yoo inni qorii lamallee nyaatee fixe, umrii nyaataa keessa jiraa hindallaniin.
Nama ganna 40 dubbiin ta isaati, insaamiinii itti dhiisi, ganna waa qoruu keessa jiraa. Kanaafi gadoomallee kan ganna kanarratti fedhaniif.
Nama ganna 50 yoonni waraana qabatee si dur deeme, osoo nyaaphallee taatee faana hindeemiin, dheetee hinba'u cicha si hadhaa.
Nama ganna 60 yoonni akka waa kennuu harka hiixatee deeffatee kaa'ellee, amma booda hojjedhee hinargadhu jedhee harkat bobaa jalaa hinba'uu hinkomatiin.
Nama ganna 70 miir fuudha, hafuurati cita.
Nama ganna 80 miil jalaa fuudha.
Nama ganna 90 kuunnoo afaan boollaa fuudhe. (Aab Liiban Jaatanii)

Amaloota kana dursanii beekuun waan wal irraa eeganiifi eeggatan irratti daangaan uumamaan taa'u jiraachuu akka hubatan gargaara. Hubannoon kun ammoo, gama kanaan wal qabatee nagaa hookkarsa irraa walaba ta'e qabaatu. Booranni wal danda'ee akka waliin jiraatuuf kan ittiin wal to'atu aadaa bocate. Aadaan sadarkaa goorootti hariiroon Waaqa, namaafi umama kaan faana jiru akka hincabne kan ittiin eegamudha. Gaaleen 'aadaa Booranaati; aadaa Booranaa niti' jedhan, dubbiin afaanii ba'uufi gochi raawwatan madaalamanii kan ittiin ibsamanidha. Hariiroon yoo akkaataa yayyabaan hojiirra oole, *aadaa* jedhamee ibsama. Faallaa kanaan, akka namni itti jiru yoo yayyaba cabse *aad-malee* ta'a. Nagaa eeggannaan aadaa jireenyi hawaasaa akka itti fufu

hojjetu kun akkaataa hojiirra oolumaan yayyabame. Aadaa qabaachuufis ta’e hojiirra oolmaa isaa mirkaneessuuf nama nama dursu qabaachuu hubannoo jedhu Booranni tajaajilama.

Jireenya waliinii keessatti qaama oogganssa hawaasaaf itti gaafatamummaa fudhate Booranni, ‘nama nama dursu’ jedha. Yaadrimee nama nama dursu qabaachuu jedhu irratti hubannoo qabu yoo yaadrimeessu, durii durii armaan gadiin akka ibsamu Aab Waaqoon hima.

> Durii, sololiyaafi kurupheetti humniti wayii itti dhuftee, “Dur-deemaa keessan ijjeesumoo, isin diigu?” gaafate. Sololiyaan, “Dursaa keenna nuu dhiisi, nudiigi,” jedhe. Kurupheen ammoo, “Dursaa keenna ijjeesi, nu dhiisi,” jette. Egi gaafas kurupheen dursaa isaanii sun dhabdee ka isaan walitti qabu hinjiruufi kophaa deemti. Hayyuu hinqabdu, gumii… hinqabdu jechaadha. Sololiyaan ammoo ka Waaqi baase inba’e, dursaan isii barbaadee walitti qabeeti akkasiin gurmuun yaa’a jedhee mammaakuun jaarsi Booranaa aadaa ibsa. (Aab Waaqoo)

Yaadrimeen waliin jireenya Booranaa amala sololiyaa kan hordofe ta’uu Aab Waaqoon kan ibse cinatti, dhugaan qabatamaan raawwatus kana hima. Caasaa hawaasaa xiqqaa, warra irraa eegalee hanga caasaa olaanaa Boorana guutuutti, kan ittiin oogganamee nagaa isaa eeggatu namni jira. Caasaaleen hawaasaa sadarkaa maatii irraa kaasee jiru hojii kana keessatti bakka ta’etti ibsa argateera. Bakka kanatti, namoota nama dursan kan akka Boorana guutuutti tajaajilanti dhihaate. Kanneen keessaas, caasaa olaanaa isaanii qofa fudhachuun: qaalluu, abbaa gadaafi abbaa hariy-yaa kanneen jedhanti gama nagaa eeggannaan ibsame.

**Qaalluu:** gama dhugeeffannaa (religion) kan ibsamu ta’ee, qaalluu jalqabaa *Waaqat dhale* jedhama. Yeroo ammaatti qaalluti qaalluu dhala malee Booranni itti hinfilatu. Hariiroo Booranni qaalluu faana qabu, “Qaalluun namaa Waaqa; Waaqaa nama,” (Aab Kiyyaa) mammaaksa jedhu kaasa. Adeemsi hojiirra oolmaa hubannoo, “Kinniisi tuutaan hojjeta. Qaalluu qaba, achirratti tuucha, inkabaja, ulfina qaba,” (Aab Waaqoo) jedhu akka qabu ibse. Haaluma kanaan, abbaa gadaa dabalatee hawaasni qaalluu muuduun eebba hormaataa (namaafi horii), fayyaafi kkf irraa fudhata. Qaalluun maqaa biraa *laduu* jedhuunis kan waamamu ta’ee, eebba keessattis, ‘Waaqa laduu shananii’ jedhama. Jechi eebbaa kun baay’ina laduu Booranni qabu shan ta’uufi isaaniif abbaan Waaqa ta'uu ibsa. Namni gara qaalluu dhaquuniss ta’e Waaqa kan gaafatu, waan jireenya isaa itti fufsiisuuf isa gargaaran argachuufi. Keessattuu, waan akka dhuunfaattis ta’e nama kaan irraa argachuu hindandeenye gama isaaniin guuttachuun nagaa isaa eeggata.

**Abbaa Gadaa:** worra bokkuu keessatti kan waamamu ta’ee, “Ilmaan kormaa, kan luba qaqqa-battee dhalatte,” (Aab Borbor) keessaa kan dhufudha. Akka mammaaksaatti, “Waaqi abbaa gadaa

dura hindeemu," (Aab Jaatanii) jedhamees ibsama. Abbaa gadaa ta'uuf mitta Booranni itti tolchee wal jalaan itti guddatanti jira. Luba qaqqabachuu kan jedhu, abbaan dooromaa ofiitii hanga gadamoojjii ta'u gidduutti kan dhalchedha. Kanaafuu, ilmi tokko kana gidduutti dabballee, gammee (gurguddaa/xixiqqaa), kuusa, raaba ykn doorii ta'ee dhalachuuf carraa qaba. Adeemsi kun gabatee armaan gadii keessatti dhihaateera.

Gabatee 9: Adeemsa hojiirra oolmaa aadaa ilmaan kormaa

| **Lak.** | **Waan Abbaan Ta'e** | | **Waan Ilmi Ta'u** | |
|---|---|---|---|---|
| | **Abbaan** | **Turtii gannaa** | **Ilmi** | **Turtii gannaa** |
| 1. | Doorii/Gadaa | 5/3 | Dabballee | 8 |
| 2. | Gadaa/Yuuba I | 5/3 | Gammee I | 8 |
| 3. | Yuuba I/Yuuba II | 5/3 | Gammee II | 8 |
| 4. | Yuuba II/Yuuba III | 5/3 | Kuusa | 8 |
| 5. | Yuuba III/Yuuba IV | 5/3 | Raaba (Didiqqaa) | 8 |
| 6. | Yuuba IV/Gadaa Moojjii | 5/3 | Doorii/Ilmaan Jaarsaa | 5/3 |
| 7. | Gadaa Moojjii/Jaarsa | __ | Ilmaan Jaarsaa | __ |

Adeemsi kun Booranaaf akka kan baallii fuudhe yeroo isaarra hindabarsine kan hidhu akka ta'e ibsu. Akka gabatee kana keessatti dhihaatetti, yoo abbaan doorii ganna shaniifi baallii fuudhee ganna sadii xumurutti ilmi dabballeedha. Lallabni ijoollee ykn abbaa gadaa kan ta'u filachuun yoo ilmaan kuusatti ceetu waan ta'eef, ilmi hanga guyyaa lallabaatti dhalatu carraa filatamuu qaba. Mammaaksi, "Adulaa kal'oo keessatti lallabani," jedhus, kana yoo ibsu, kaayyoon isaas hanqinni ilmaan dhiiraa filatamuu akka hinmudanne carraa bal'isuuf jecha. Akka ilmaan kormaa walitti heddumatanii filannoof hinrakkanneef ammoo, aadaa ilmaan jaarsaa jala kaa'e.

> Gadaan waan nam miirsaati; aangorraa simiirsa, seerri isaa qadadduufi walaannaa qaba fulaan darbuu hindanda'ani. Amma warri gadaa kun doorii laf jiru dheeta; dooriin teettee laalti hindubbattu, sun of duubatti dheeta. Duub fedhii ilma namaa ka guutamtee hinqadaadamne, cubbittii nyaattee hinquufne, ka waan feete dhiisii gara hinqabne kanaa wanni miirsee fulaa itti tolche gadaadha. Ilmi namaa wal saama, wal dorgoma, wal giica, mittoo-matooma jedha, waan cufumaaniyyu sima tokkichatu waan cufa guurrachuu fedha. Gadaan waan kana of nama miirsiti. Gadaa keessatti quufanii haga hindarbani. Maal jennaan, wanni cufti miittaa qabdi, wanni waan sun kiilanii sii kennaniif achiin darbuu hin dandeessu. (Aab Waaqoo)

Hariiroo ilmaan kormaa haala kanaan qindeessuun, akka dhuunfaattis ta'e gareetti to'annaa wal irratti taasisuun dhaloonni dhufu hunda adeemsa bulchiinsaa keessa dabarsuuf shoora akka qabu yaadni Aab Waaqoo olitti dhihaate kan mul'isu. Mitti aangoo kan mul'atu, sadarkaalee Gadaa jedhamuun kan himamu keessaani. Innis, yoo tokko Gadaa, dooriiti jala jira; yoo tokko doorii,

raabati jala jira; yoo tokko raabaa, kuusati jala jira, yoo tokko kuusaa, gammee guguddaa; gammee guguddaa, gammee xixiqqaan; gammee xixiqqaan dabballee jechaa wal hordofuun walirraa fuudhaa deemuu keessaani. Adeemsi kun Boorana kamiifuu ifaaafi kan hundi erregatu waan ta'eef, bakki itti mitta darban hinjiru. Kanaafuu, yaada jaarroleen kaasanirraa kan mul'atu, gadaa keessatti mitta eeguuf walaannaafi qadadduun shoora olaanaa qabaatanis yoo daangaa darbu qooda yuubaafi/yk Boorana guutuu ta'uudha.

Sadarkaalee ilmaan kormaa keessatti dhaloota gidduu garaa garummaa ganna saddetiiti jira. Kuusomaan (ega adulaan lallabamee) booda gareewwan gidduutti morka, qoccollaa, hacuuccaafi dorgommiin gidduu isaniitti uumama. Amalli gareewwan gidduutti uumaman kun uumamaan kan jiraniifi yoo hinto'atamne carraa wal balleessuu uumu jedhamanii fudhatamu. Rakkoon kun akka hinmudanneef, tooftaa qadadduun walirraa eeguu tajaajilama. Ilmaan kormaaf walaannaan garaagarummaa gannaa caalaa yaadrimee lubaan hojiirra oola.

> Lubi wal dhaqqabee waliin yaa'a godaanu hariyyaa sadiidha. Wakora Waaqoo (Barbaari ka qara dhalate ykn dabballee irraa kan edatu), Danbal Diidaa (gammee didiqqaa irraa kan edatan)fi Wakora Guyyoo (Waguura ka maandhaa, gammee gurguddaa irraa edatan). Barbaari karra abbaa kormaa kaan eega; Wakoori halkan guyyaa buttee eega; Waguuri korma tissa, godaansisaafi waaba ijaaruufi hoka haamti (of keesstti abbaa muraa qabdi kan hojii qoodee kennuun to'atu). Waan ifii jabeeffachuu kan jedhuufi. (Aab Jaarsoo)

Yaadni olitti dhihaate jila buttee dhaabuu keessatti of eeggannoo guddaa waan barbaaduuf haala isaan hojii walii qoodanii jila isaanii itti galmaan ga'anidha. Kana malees, cubbuu dhaacciin (dhaloota irraa dhalootatti) darbu eeggachuuf, lubatti maqbaas dabaluun walaannaafi qadadduun lakkaa'ama. Luba jechuun ibsa salphaan, maqaa abbaan gadaa ittiin ittiin waamamaa miseensa garee tokkoo ta'uu ittiin ibsamudha. Miseensa luba tokkoo, "Lubi lubbuu wal ulatti," jechuun mammaaksaan himama. Miseensi luba abbaa ofii hundi ijoolleef abbaadha. Kan gama haadhaanis akkanuma. Adeemsi qadadduufi walaannaa garaa garummaa ganna saddetiin kan qoodamu faana kan wal fakkaatu ta'ee, gogeessi maqbaasaan waan maruuf ulaagaa mataa isaa qaba. Gabateen armaan gadii adeemsa kana ittiin ibsuuf Aab Borbor kan ittiin na barsiisedha.

Gabatee 10: Haala Maq-basni Gogeessarra itti Maru

| Lak. | Abbaa Gadaa | Gogeessa | Maqbaasa | Haala | Amala |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Liiban Jaldeessaa | 5 | Moggisa | 5 | Qadadduu duraa |
| 2. | Adii Dooyyoo | 1 | Maakula | 1 | ↑ ↓ |
| 3. | Boruu Galmaa | 2 | Fullaasa | 2 | Qadadduu eegee |
| 4. | Liiban Kusee | 3 | Mardiida | 3 | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 5. | Areeroo Geedoo | 4 | Daraara | 4 | |
| 6. | Bulee Dabbassaa | 5 | Libaasa | 5 | |
| 7. | Aagaa Adii | 1 | Sabbaaqa | 1 | |
| 8. | Guyyoo Booruu | 2 | Moggisa | 2 | |
| 9. | Madha Galmaa | 3 | Maakula | 3 | |
| 10. | Jaldeessa Liiban | 4 | Fullaasa | 4 | |
| 11. | Gobbaa Bulee | 5 | Mardiida | 5 | |
| 12. | Jiloo Aagaa | 1 | Daraara | 1 | |
| 13. | Boruu Guyyoo | 2 | Libaasa | 2 | |
| 14. | Boruu Madhaa | 3 | Sabbaaqa | 3 | |
| 15. | Liiban Jaldeessaa | 4 | Moggisa | 4 | |
| 16. | Guyyoo Gobbaa | 5 | Maakula | 5 | |
| 17. | Kura Jaarsoo | 1 | Fullaasa | 1 | |

Booranni fuulaan wal hinbeekne hariiroo gidduu isaanii jiru beekuuf kan wal qoratu keessaa luba, gogeessaafi maqbaas kanneen beekamoo keessa jiru. Akka Booranaatti gogeessi shani, maqbaas ammoo torbatu jiru. Gogeessi abbaa gadaa jalqabaa (Gadayyo[41]) irraa eegalee hariiroo abbaa, ilma, akaakoo… jechaa maqaa abbaa gadaa/luba angafa ta’een waamaa kan deemudha. Maqbaasi ammoo toorba, isaanis maqaa dhaabbataan, “Fullaasa, Mardiida, Daraaraa, Libaasa, Sabbaaqa, Moggisaafi Maakula,” (Aab Borbor) jedhanti jiru. Hariiroo isaan yaadrimee nagaa eeggtan qadadduu duraafi eegee walii ta’uuni. Haala kanaan, “Fullaasi Moggisa dhala; Moggisi Libaasa dhala; Libaasi Mardiida; Mardiidi Maakula; Maakuli Sabbaaqa; Sabbaaqi Daraara; Daraari Fullaasa dhala. Gogeessi shani Maqbaasi torba. Kuniin qadadduun mara,” (Aab Borbor) jechuun adeemsa hojiirra oolmaa isaanii ibsa. Hariiroon kun adeemsa dhaabbataa keessa darbus, baay’inni gogeessaafi maqbaasaa yeroo hunda waliin hindeemu.

Maqbaasi tokko deebi’ee gogeessa isaarra ooluuf Gadaa 35 gaafata. Haala kanaan ega Gadayyoo Galgaloo, Fullaas marroo 3[ffaa] Kuraa Jaarsoo irratti dhufe. Adeemsa kana keessatti Booranni bara edachuun maraa-maraara jedhee kan darberraa kan dhufu maal ta’uu akka malu kan ittiin himu. Waan namni har’a hojjetu akka lama jiraachuu cubbuun wal qabsiisee, “Kaan abbaa qaqqabdi; kaan nitaakkiti,” (Aab Borbor) jechuun kaase. Booranni har’a “Oolaa gadaa Bulee, Oolaa Gobbaa Bulee…” (Aayyo Inseene) jechuun walitti dabarsaa fideen, taatee qabatamaa mudatee tureen, maraa-maraara abbaa irraa ilmaafi akaakootti akka qaqqabu ittiin wal barsiisa. Seenaa abbootiin

[41] Abbaa Gadaa Booranaa kan jalqabaa ega aaromsa gadaatii

keessa dabarsan yoo hinbeekne fuulduree nagaa Booranaa irratti hojjechuun akka hindanda'amne dhugeeffannaa jiru ta'uu Aab Jaarsoon hima. Dhaaccii gadaa keessa jiranii baruuf, yoo xiqqaate seenaa gogeessa gadaa keessa jiranii, seenaa maqbaasa isaa akkasumas, seenaa qadadduufi walaannaa maqbaasaafi gogeessaa beekuu gaafata. Kana jechuun, seenaa abbootii gadaa Booranaa cufaafi akkaataa eerrega qadadduufi walaannaa beekuu nagaan eegama.

Haata'umalee, aadaan Booranaa akka dura yayyabameen itti hinfufne, kufaa-ka'aa bakka har'a jiru kana ga'e. "Booranni ganna 72 Islaan ta'ee aadaa gidduut lakkise jedhan. Alii Gurraacha Yaayyaa Muunyoo gadaa dhaabe," (Aab Borbor). Yeroo aaromsaa Oolee Boonayyaa gadaa-moojjii, Gadayyoo gadaa, Yaayyaa ammoo raaba tolchuun eegale. Aadaa Booranaaf qaamonni kun sadeen isaan ijoo yoo ta'an, gadaa-moojjiin qulqulluu waan aadaan jettu qofa dubbatee haalota qajeelchu, gadaan irrees fayyadamee kan aadaa adeemsisu, akkasumas raabi kan gadaa gargaaru, qeequufi baallii fudhatudha. Gadaan deebi'us, hariiroon hawaasa gidduu jiru haala Boorana addaan fageessuun waan tureef, kana fooyyessuuf ejjennoo fudhatame Aab Borbor yaada armaan gadii hime.

> Abbaa gadaa 6[ssoo], Areeroo Boruu Bakkalchaa gaafa Booranni Sabbo Goona fuudhee Gooni Sabboo fuudhe. Nami durii midhaadduuma ilaalee fuudha. Dadhabanii namni ormee gosaan deema, durba miiloo ifii guuraa, walitti hammaatee wal hadhee, Gumiin Sirichoo teettee murtee, nami dide haraamu jettee abaarte. (Aab Borbor)

Akkuma yaada kana keessatti dhihaate, akka argaan wal fuudhuun firummaa kan jedhu hinqabu. Muuxannoo Boorana addaan facaasu kana hanbisuuf, sirni gaa'elaa maal hordofuu ulaagaa itti godhani. Ulaagaan kun akka hincabneef ammoo abaarreen hidhani. Adeemsa kanneen irraa kan hubatamu, raawwii sirrii ta'us taateen qeenxee tokko mataa isaan itti fufinsa hawaasaaf ga'aa akka hintaane agarsiisa. Haata'umalee, aadaan deebi'ee laaffachaa dhufuun badisarra geenyaan, Abbay Baabboo, kan baallii kennee bade kan ilmaan isaa baalli fuudhuuf jettu dhufee Daawwee Gobboon, "Ani amma ya Islaane, aadaa gooroo jabeessaa," (Aab Borbor) jedhee gorsee halkan biraa ba'ee akka deeme ibsa. Daawwee Gobboos abba qota afur irraa jaarrolee walitti fuudhuun ji'a ja'aaf waliin turanii aadaa bocani. Jaarroleefi qoti arfan:

Aabkar Allayyoo Jiddaa = Layee
Iguu Barruu = Teertalle,
Mallee Galaan = Gaayoo
Dubbee Dhaddachaa = Areeroo

Marii isaanii kanaan wanni irratti walii galan hunda keessaa tokko qofti hanqachuufi innis, “Dhiirti Sabboo cufa Sabboo haalagattu, Dhiirti Goonaa cufa Goonaa haalagattu,” (Aab Borbor) kan jedhudha. Yaada kana marii irratti Dubbee Dhaddachaa, “Fuudha malee wal barannootaan wal lagachuu hinmallee,” jedhee mormus, aangoo abbaa gadaatiin murtaa’e. Haata’umalee mormii gama uwwaan ka’een yaada lammataan dubbiin buufatte. Jarri uwwaa mormii isaanii kaarrileen haala armaan gadiitti ibsatani.

Dudubbachuu fedhe, Dubbee yaamuu fedhe
Dubbii Daawwee Gobboo sanaaf toorba laamuu fedhe
Ka Dubbee dubbuma, ka Daawwee daawwuma
Oduun Daawwee Gobboo sun anaa dhageettumaa.

Yaada kanaan, aadaan Booranaa wal-dhageettaa, falmii, qeeqaafi bakka barbaachisutti aangoos tajaajilamuun ijaarame goolabni jedhu kan kennamuufidha. Hubannoon kun akkaataa raagamtaan ‘Hormaataafi nagaa’ jedhu itti qindaa’e keessatti calaqqiseera. Qindaa’inni raagamtaa kanaa boca dayalektikii (Dujardin 2021), waan har’a hojjetu irratti mormiin ka’ee furmaanni kennamuun furmaata kenname ammas deebi’ee mormiin mudata jechaa kan itti fufu ta’uu calaqqisiise. Qabiy-yee raagamtaa keessatti namni waan dura Waaqni kenneef hormaata fudhachuu dhaqe. Garuu hinmilkoofne. Akka furmaataatti nagaa jedhee akka gaafachuu male yaadni furmaataa dhihaate. Yaada furmaataa kana ammas mormiin mudatee, nagaa kaattoon hidhame fudhate. Booranni, aadaan dura taa’e yoo cabe akkasumas hubannoon haaraa jireenya hawaasaa hubu ykn fayyadu yoo dhufe haala itti ofirraa ittisu ykn aadaa ofii keessatti keessummeessu irratti ammas aadaa qaba. Duudhaalee jiran keessaa Gumiin Gaayoo, Boorana guutuu hirmaachisee haala jireenya guyyuu madaaluun haala itti waliin deeman irratti seerri ba’udha. Haalakanaan, gadaa lama irratti hookkarsa jirurraa seera haaraa lallaban gabatee armaan gadiin dhihaataniiru.

Gabatee 11: Seerota haaraa Booranni gadaa lama irratti lallabate

| **Lak.** | **Abbaa Gadaa** | **Hubaatii qaqqabe** | **Seera ba’e** |
|---|---|---|---|
| 1. | Guyyoo Gobbaa | Bineensa *tarrii* jedhamtu ajjeesuu | Adabbii loon sadii (?) |
| | | Ijoollee durbaa barsiisuu dhiisuu | Adabbii loon shanii (?) |
| | | Dhaqaan qabaa/dhanna qabaa | Adabbii loon sadii (?)______ |
| 2. | Kura Jaarsoo | Ijoolleen durbaa utuu hineerumiin ulfaa’uu | Warra intalaa |
| | | Heddummachuu gatii fuudhaa | Woyyaa 15 |
| | | Gosti wal fuudhuu | Haraamuu, Boorana miti |

Adabbiin kennamu hanga yakka hojjetanirraa bu’aa argatanirra guddata. Tarriin bineensa xiqqoo kurupheen gadii taatee fooniif ajjeesa. Tarriif jedhee loon sadii dhabuu waan hinfeeneef, tarrii ajjeesuu akka lagatu ittiin taasu. Ijoollee durbaa yeroon barnoota yoo hinseensisiin loon shan

adabamee akka daa'imti barattu taasifama. Gumii gadaa Kura Jaarsoo irratti seerri haaraa marii gaaddisa gosaa dhuunfatee kan ture dhimma ijoolleen durbaa utuu hineerumne ulfaa'uudha. Kun warra intalaa kan adabsiisu akkaataa aadaan ibsa armaan gadii itti kennuun kana murani.


> Dubartiin kan warri isaanii hinbeekne manaa baatee fagaachuun yakka. Dubartiin aadaa qabdi, qe'ee fagaachuu hinmalle qe'eetti eeguu malani. Fulaa deemtetti waan irra gahe warrati itti gaafatamaa. Ijoollee durbaa warri jabeeffachuu qabaa. Yoo akkana deemtee ulfoofte, yoo warri hineegiin, yoggaa namni qabe sun itti hiniyyiin, yoo itti dhiisan itti hingaafatamu.

Seeronni ba'an kanneen jireenya irratti hubaatii qaqqabsiisaniifi faayidaa xiqqoof jecha yakka raawwatamu hanqisuudha. Faallaa kanaan, waan jireenyaaf bu'aa qabu, garuu hanqina hubannoo irraa kan ka'e kan Booranni barsiifata keessa dhufetti cichuun fudhachuu dide akka fudhatu taasisuufi. Walumaagalatti, aadaan Booranaa adeemsa keessa gabbachaa kan dhufeefi ammas fooyya'uuf banaa akka ta'e mul'isa. Kanaaf ammoo, hirmaannaan qaama hundaa murteessaa ta'us, qooda namni nama dursu taphatu olaanaadha. Ragaaleen olitti dhihaatan kanuma kan eeru yoota'u, qindaa'ina Booranaa keessatti hariyyaanis caasaa mataa isaa ittiin nagaa Booranaa eegu qaba.

**Abbaa Hariyyaa:** akkuma abbaa gadaa worra bokkuun kan waamamu garuu faallaa isaaniin, "Warra lubi biraa darbee hariyyaan kuuchee cittu," (Aab Borbor) hima. Kana jechuun, yoo ega abbaan gadaa moojjiitti ce'ee booda kan dhalataniifi jarreen kanarraa kan dhalatan hundadha. Akkuma gama gadaatiin Booranni guutuun luba ittiin waamamu qabu, ijoolleen gadaa tokko keessa dhalatte miseensa hariyyaa ta'uun abbaa hariyyaa tokkoon waamamu. Yeroo jilaas ta'e hojiiwwan hawaasaa keessatti walaannaan adeemsa wal qajeelchuufi wal oogganuu keessatti akka dhiibbaa walirraan ga'anii aad-malee hintaane malli qadadduun wal eeguu ilmaan jaarsaafis nihojjeta. Walaannaan kan ilaalamu garaa garummaa ganna saddetiin waan ta'eef kan ilmaan kormaa irraa adda ta'a.

> "Qadadduu jechuun warra gadaan tokko jidduu jirtu. Kun amma warra bantiillee walii aaduu jilallee waliin tolfatu. Wal aannaan warra wal mo'atu; warra durii akkas ta'i, akkas ta'i jedhee wal ajaju. Walaannaan duraa si mo'attii, walaannaa eegee siti mo'ata. Walaanna duraafi eegee, qadaddu duraafi eegeeti jira." (Aab Borbor)

Wal mo'annaa keessatti hacuuccaan hinbarbaachifne akka hinraawwanneefi walaannaa lamaan gidduu wal dhageettaan akka jiraatu, qadadduun to'annaa olaanaa taasisu.



Walaannaan warra walitti aanan, ‘A’ fi ‘B’, ‘B’ fi ‘C’, ‘C’ fi ‘D’, kkf jechaa dhalootuma faana garaa garummaa ganna saddeetiin itti fufa. Qadadduunis dhaloota hordofee kan deemu ta’us, Gadaa tokko ce’uun ‘A’ fi ‘C’, ‘B’ fi ‘D’ hordofuun hariiroo jirudha. Adeemsi kun haala itti wal oogganuun dhimma hawaasaa itti hojjetan, wal qeeqaniifi wal barsiisanidha. Miseensa hariyyaa kan walitti hidhu jaalala akka ta’eefi innis faaruu keessatti, “Waliin ooltee ceekoo wal dabarsite, walirraa dheechuu diddee lubbuu wal gaggeessite,” (Aab Jaatanii) jedhamee akka ibsamu hima. Kana jechuun, hariyyaan yoo waliin ta’an taphaan kan guutaman ta’ee, yoo wanni humna isaanii olii itti dhufee tokko keessaa hube akka hindandeenye utuu beekanii baqachuu dhiisuun hanga waliin dhumuutti ejjennoo fudhatu.

Walumaagalatti, qindaa’inni wal xaxaa kun mitta akka jedhamuufi kaayyoon isaas sakkaba namaa to’achuuf akka gargeere Aab Waaqoon kaa’a. Sakkabni miira anaaf qofaa ykn ana qofat jedhu yoo ta’u, tokko qofti olaantummaa akka hinqabaanne kan ittiin hojjetamudha. Booranni amala sakkaba to’achuu hawaasa ollaa isaa jiran irratti akka hojiirra oolcheeru argaa-dgageettiin dabarsa. “Fedhiin dhala namaa ka guutamtee hinqadaadamne. Liiban Waataa sakkaba saboota gidduu jiru hanqisuuf waan namni waliin qajeelfachuu male tolche,” (Aab Waaqoo) yaadrimee jedhuun ta’uu kaa’a. Liiban Waataa, AG (1777-1784) gosti gara garaa 17 haala itti nagaa isaanii eeggataniif Gumii Simphira Balali hundeessuun mari’achaa turani. Gumiin kun umurii dheeraa hinqabaatiin hafus, seenaa Booranaa keessatti bal’inaan ka’a. Kanarraa ka’uun, Booranni nagaa eeggannaan waliin ta’anii hubannoo wal fakkaataan jiraachuu malee, dhuunfaanis ta’e garee muraasaan kan galma ga’u akka hintaane jireenya isaan agarsiise. Hawaasa ollaa jiraatu faana aadaa isaa ittiin guuttachuuf Koonsoofi Somaalee (Eejji-Waamaa) faana hariiroo jabaa qaba. Kamis ta’u, hariiroo alaa qabaachuuf hidhanni keessaa jiraachuun dirqama akka ta’e kan Booranni ittiin calaqqisiisu keessaa qabxiileen ijoo gaditti ibsamaniiru.

**Garaa garummaa uumamaa kabajuu:** garaa garummaa uumamaa Booranni yaadrimee nagaa isaa ittiin eeggachuut hojiirra oolchu, gama saalaan dhiiraafi uwwaa jechuun kan waamuun eegala. Qoodinsi kun hubannoo nama akka namaatti simachuu hordofee kan dhufudha. Jechi *uwwaa* jedhu laguu/baatiin wal qabatee ibsamuun, akka kabaja mul’isuutti akka fudhatamuufi nadheen kan jedhurra akka filatamu Aayyo Jiloon ibsiti. “Durba da’uun haadha, haadha da’uun Waaqa,” (Aab Waaqoo) akka jedhamu hima. Aab Waaqoon yaada kana kan kaase, durbi yoo dhalatte ofiin deebitee haadha akka taatuufi haati ammoo amala Waaqaa akka qabdu bakbuusaan ibse. Ga’ee

hojii qooddannaa keessatti, “Dubartiin muka laafaa,” (AG Roob) jechuun Booranni hojii ulfaataa akka itti hinkennine hima. Dubartoonni gaaddisa gosaatti maaf argamanii dubbii hinqorre irratti, “Maaf dhiira deesse? Kun waan gaariidhaa?” jechuun jecha laafaan deebise. Haala namni aduufi dheebuun dararamaa dubbii itti qoruufi hojiiwwan ulfaatoo gosaa raawwatamu yoo ilaalan, kabaja uwwaaf jiru mul’isa.

**Fuudha/gaa’elaan:** hariiroo saala faallaa Booranni ‘Xaphoo-Xaphaapho’ (dhiiraafi uwwaa) irraa eegaluu yayyaba Waaqaan ibsa. Yayyabni Waaqaa kun aadaa namni dhaleen eeguun akka barbaachisuufi kaayyoo isaa dhaloota itti fufsiisuus gufuuwwan akka mudatan qabiyyee darban keessatti ibsameera. Akka dhalataa Booranaa tokkotti aadaa keessatti qooda fudhachuuf Boorana irraa dhalachuun ulaagaa jalqabaa waan ta’eef, gaa’elli Boorana gidduutti gaggeeffama. Kanaaf sababni guddaan, gaa’elli gosaafi luba ilaallatee deema. Kan gosa ykn luba isaa faana hariiroo wal qunnamtii saalaa raawwate haraamuu jedhamee abaarameera. Abaarree kanas, “Haraamuu jechuun waan nama balleessaati. Ka ilmee namaa, akaakoo namaa balleessaati araamuun,” (Aab Duurettii) jechuun ibse. Kanaafuu, kan luba isaa hinbeekne faana gaa’ela raawwachuun abaarsa kanaaf saaxilama jedhamee waan dhugeeffatamuuf fuudha Booranaan alaa hinraawwatu.

Itti fufinsi dhalootaa hariiroo saala faallaa gidduutii ta’uu dhugaa qabatamaa ta’uu isaan haala inni itti galma ga’uu qabutti aadaati tolfame. Aadaan kunis, yaadrimee nagaa keessatti akka ta’e durii-durii ‘ibidda, karaa, bisaaniifi nagaa’[42] jedhu, marii gaaddisa irratti waan aadaan fakkaattu ibsuuf kan tajaajilaman keessatti calaqqise. Durii-durii kana keessatti intala kadhachuu kan dhaqan hundi jireenya namaa keessatti qooda mataa isaanii waan biraan bakka bu’uu hindandeenye qabu. Haata’umalee, nagaan yoo of ibsu, “Yoo ani hinjirre karaallee hindeemanuu, yoo ani hinjirre ibiddallee hinbobeessanuu, yoo ani hinjirre bisaanleen hindhuganuu, wanni cuftuu yoo nagaa qabaatte taati, yoo nagaa qabaatte latti, yoo nagaa qabaatte jiraatti, na malee lafti hinbaaftu,” jedhe. Kana jechuun, waantonni jireenya keessatti tajaajila murteessaa kennan qabaatanis, tajaajilli isaanii kan mirkanaa’u jiraachuu nagaa irratti. Durii-duriin kun, hariiroo Booranni walii isaafi hawaasa ollaa isaa jiru faana qabu hammaachaa waan deemuuf, yoo mana keessa nagaan jiraate allis nagaa ta’a yaada jedhuuf Aab Hassan tumsituu taasisee tajaajilame.

[42] Dabalee 7- H: Hassan Abdiin marii Karra Gumaataatti taasifame irratti kan kaase.

Fuudhi yaadrimee nagaa keessatti wal qoratee itti seename hookkarsa hamaa jireenya hubu utuu hinqaqqabsiifne horanii waliin jiraachuuf tola. Namni fuudhe *bultii godhate* jedhamee ibsama. Ibsi kun gaa'ela keessatti itti gaafatamummaa guddaa kan fudhatu isa dhiiraa ta'uu hima. Kana jechuun, dubartiinis shoora gama ishiin taphattu akka qabdu beeksisa. Wal hubannaafi wal dhageettaan gaa'ela keessatti ijoo akka ta'e hubachuuni wal fuudha Boorana gidduutti qofa kan daangesse. Kanarraa ka'uun, "Booranni walii isaaf obboleessa ykn soddaa walii ta'a. Sabbo Sabboof ykn Gooni Goonaaf walii obboleessa, si'ii Goonaafi Sabboo walii sodda'a," (Aab Borbor) jedhuun Booranni yayyabate. Aadaan kun Booranni bakka qubatee jirutti gosuma isaa fuudhee ykn saba dhibii fuudhee addaan akka hinfacaane eege.

Kana hunda eeggateeyyu fuudhi aadaa ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaati jira. Aadaan isaanii kun garee adulaa (nama nama dursuu) keessa dhala ofii seensisuuf murteessaadha. Ilmaan kormaa fuudhuuf lubni isaanii fuudhuu qaba. Lubni isaanii ammoo fuudhuuf yeroo itti aadaan eeyyam-tuti jira. Ilmaan jaarsaa garuu lubni isaanii waan jala darbeef humna isaanii irratti hundaa'anii yeroo barbaadanii fuudhuu danda'u. Luba ofiitti qaqqabuu yoo barbaadan daddafanii fuudhuuti irraa eegama. Yaadolee ka'an irratti hunda'uun aadaa fuudhaa Booranni qabu yoo yaadrimaa'u, nagaa Booranaa eeguuf aadaaleen jiran kana irratti hundaa'ani.

**Boorantittiin:** akkuma hariiroon gooreetti gadi bu'aa deemu, ejjennoon nagaa eeguuf fudhatamu ifa ta'aa deema. Boorantittiin yaadrimee bal'aa yoo ta'u, sadarkaa gooroofi gooreetti ibsama. Sadarkaa gooroo isaan, Boorana aadaa Booranni uumaa-uumamaa qabu kan eegu ibsa. Sadarkaa gooreetti ammoo, waan Booranni kaan itti jiru kan Boorana isa tokkootti fudhatamuu hima. Haala Booranni uumama kaaniifi nama akka namaatti fudhatu qabiyyeewwan darban keessatti ka'aniiru. Maqaan Boorana jedhu, "Boorana Booroo, Boorana Jiillee, Boorana Guutuu Saddeetii kan calla miti nuti hinbeekne," (Aab Borbor) jechuun maqaa waloo akka ta'etti kaa'a. Maqbaasi duratti turellee lama (Loolloyiifi Tuulama) qofa akka tureefi, isaanis angafa ta'uu ibsa. Booranni ammaa kun Boorana kaan irraa citee dhufuu hima. Akka yaada jaarroleetti, kan amma Boorana jedhee of waamu xiqqaa malee, bal'aafi Oromoo hunda ilaallata.

Yaadrimee *Boorantittii* Aberra (2015) fi Gufu (1996), jireenya waliiniin aadaa ofii eeggachuun jireenya naga-qabeessa jiraachuu kan jedhu akka qabu ibsani. Haala Booranni har'a itti ibsu yaada kanaan kan wal deeggaru ta'ee, "Booranni miyyuu tokko," (Aab Waaqoon) jechuun qindaa'ina hawaasa gidduu jiru kaa'a. Qindaa'ina miyyuu jechisiise aadaa ittiin wal bulchu, akkaataa aangoo

ittiin wal harkaa fuudhu, akka itti horatuufi itti wal fuudhu qabaachuu isaa akka ta'e ibsa. Kanaafuu, boorantittii kan jedhu boorana irraa dhalatee aadaa Booranaa kan qooddatu bakka bu'a. Gama biraan, qabiyyeen hojii qorannoo kana keessatti waan Booranni qabu jedhamee ka'e hundi Boorantittii ibsa. Kana jechuun, ilaalcha addunyaa tokko kan qooddatanidha. Hubannoo wal fakkaataa yoo qabaatan akkuma dura ibsame, waan dhaban caalaa wanni argatan waan heddummatuuf hariiroon jiru Boorantittii kan jedhuun ibsama. Gabaabumatti, gosoota Booranaa 18n keessatti waamamuufi dirqama irraa eegamu kan ba'udha. Nagaan Booranaa kanadhas.

**Angafummaan:** kana dabalatee kan booranni jireenya waliiniif jedhee raawwatu hundi taatee yaadrimeen Boorantittii itti hojiirra oolanidha. Waan waliin ta'ee raawwatu keessatti *angafa* kan jedhu dursummaan ibsama. Jecha kanas yaadrimee lamaan (angafa dhalootaafi angafa aadaa) kaa'a. Ulaagaa kana lamaan keessatti madaalee dhabuun, "Amma Booranni angaftittii Oromoon kennuuf san angafa ta'uu hinbeeku. Akkam akkamiin angafaa hinbeeku," (Aab Borbor) jechuun kanuma isaaf kennameyyu qeeqa. Qeeqa kana Aab Borbor yoo kaasu, maqaan Boorana jedhu Boorana har'aa kana qofa akka hintaane hubanno jedhu waan qabuuf, ulaagaa angafti ittiin taa'u lamaan keessaa isa kamiin akka ta'e argaa-dhageettiin bira hinqaqqabne. Booranni har'aa bakka duwwaa hafe dhiisuun bakka irraa jirurraa ka'uun aadaa isaa miyyuu taasisee yayyabate. Gama dhalootaan maqaa waloo jedhee kan dhugeeffatu Boorana fudhachuun Sabboofi Goonatti qoodee himuu eegale. Haalakanaan, Booranaaf Goonatu angafa; Goonaaf Fullalleetu angafa; Fullallee mana torbaa Daaccituuti angafa jechuun kaa'a.

Eebba keessatti, "Horaa bulaa; angafaa-maandhaan bulaa," kan jedhu, warra irraa eegalee raawwii Boorana guutuu walitti fidu irratti yaadrimeen isaa akka hojiirra oolu mul'isa. Haalli hojiirra oolmaa isaas, garee gidduutti wal dhageettaan akka jiraatu gochuufi. Raawwilee jilaa ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaa irratti ulaagaa angafaafi quxusuu/maandhaan ga'ee hojii qooddatanii jila isaanii kan gaggeeffatani. Angafummaan kabaja kan qabu yoo ta'u, maandhaaf hojii kan qoodu angafadha. Haaluma kanaan guddachaa deemuun marii gosaaf gaaddisatti yoo ba'an kan eebbisu angafadha. Qooda maatii keessaa, hirmaannaa gosaafi hariiroo uumee (dhimmi dhugeeffannaa) irratti angafaaf maandhaa adda baasuun gaggeeffama. Kan dura dhufe tajaajila duraa qaba kan jedhu waan qabuuf abbaa kan dhaalu ilma angafa. Ijoolleen durbaa ulaagaa eerumaan waan gara abbaa warraa malee abbaa ishee dhalee hinqooddattu. Dura dhalattullee qooda angafti dhiiraa qabu akka dhuunfaatti hinargattu. Maandhummaafi durba ta'anii dhalachuun ulaagaa kanaan, keessat-

tuu qabeenya warraa qixa qooddachuu irratti qaawwi jira. Kana irraa kan hafe, aadaan Booranaa akka hojiirra ooluuf hojii guddaa hojjeta.

Ulaagaan angafummaa lammataa kan aadaan angafa tolchitu yoo ta’u, waan abbaan hojjeteefi aangoo namni qabu hordofee hojiirra oola. Waan hojjetaniin kan jedhuuf, “Macca warra jalqaba seera fardaa tume angafti,” (Aab Borbor) jechuun, ammallee waan fardaan wal qabatu gosa Maccituu akka gaafatan hima. Gama biraan waan abbaan ta’een ykn aangoon, maandhaallee ta’u mana ofiitti angafti abbaa warraadha, eebbi qorii mana isaas kan isaati. Haaluma kanaan jiltis kan abbaa jilaati jechuun, “Akka aadaa jilaatti, guyyaa gooroo harkaa ba’an kana, Abbaa Gadaa ka amma gooroo harkaa qabu kanati nama angafa,” (AG Roob) jechuun Gumii Gaayoo ibse. Qabatamaanis, gaaddisni eebbaan waan banamuuf, dursa abbaan gadaa eebbiseeti abbootiin seeraa eebbisu. Hayyuun kamuu jila ofii irratti angafadha. Jila ofiin qopheesseen alatti sagantaalee qophaa’an irratti angafummaan gannaan keessummaa’a malee ulaagaan kun achi hince’u. Kanaan wal qabatee waltajjii mootummaanis ta’e qaamota gara garaan qophaa’an gubbaatti abbootiin gadaa akka eebbisan kan affeeran aadmalee akka ta’e Aab Borbor falma. Kana jechuun, waan kan isaa hintaane irratti deemee abbaa itti ta’uudha.

Hawaasa keessatti namni dandeettii addaa qabu kaan irratti aangoo waan qabuuf nagaan waliin jiraachuu malee filannoo akka hinqabne, “Cirreessi boolla, boolla guyyaa itti bu’an hinbeekani,” mammaaksa jedhuun kan ibsamu nimul’isa. Cirreessi nama qorsa namaafi horiif irraa argatan, akka ammaatti ‘ogeessa fayyaa’ jedhamee kan waamamudha. Mammaaksa kanaan cirreessiifi boolli bakka walii bu’uun ibsamani. Kana jechuun, lamaanuu (dhibamuufi du’uu) waan hinoolle waan ta’aniif, nisafeeffatama. Booranni namoota ogummaafi dandeettii addaa qaban waan qabaniin hawaasa tajaajiluun rakkoo hanqisu jechuun hundaafuu kabaja addaa qaba. Ayyaantuun uumama ilaalee dhaha himuun namni yeroo faana akka socho’u gargaara. Goota yoo qabaate sidiin/diinaan sodaatamee hadha/waraana irraa walaba ta’ee jiraata. Qaroon gara dubbiin deemtu beeka waan ta’eef waan ofii dabaan hindhabani. Akkasumas, alaqaa (ogummaa soorata qopheessuu)fi kkf hundi kan Booranni angafa taasisee kaa’udha. Akka mammaaksaatti kan himamu:

Jabeenna Diidoo Gaawwole,
Qarummaa Liiban Waataa,
Alaqummaa nadheeniin Masulee Saaqqoot mo’e. (Aab Borbor)

Akkuma namaaf angafaafi maandhaa kennamu uumama kaaniifis kennuun raawwilee nagaa isaa ittiin eeggachuuf gaggeessu keessatti tajaajilama. Horii keessaa farda, looniifi korbeessi jilaaf kan irra deddeebi'anii ka'an yoo ta'u, hundi isaanii bakka itti angafan qabu. Guyyaa baallii fuudhan horii keessaa farda qofa nama faana kan hirmaatu. Horiin kaan, saree dabalatee ija warra baallii fuudhee dhufu duraa maqfamu. Gama kaaniin, bakka qalmi barbaachisutti ammoo korma, korbeessaafi dullacha qalanii jila gaggeessu. Bakkeewwan gara garaa lafaafi wantonni lafa irratti biqilanis jilaan wal qabatanii angafummaan kennamaaf. Angafummaan lafaa bosonni irraa hincirani, hinqotani. Mukti angafti dhimmi jilaaf yoo ta'e malee hinmuramu. Uumamoonni kun hariiroo namni Waaqa faana qabu mijeessuu keessatti qooda waan fudhataniif kunuunfamu. Dursarraa filatamummaan isaanii shoora isaan jireenya keessatti qaban irraa ka'uun waan ta'eef, ammas kunuun famuun isaanii kallattiin kunuunsa naannoo irratti qooda qabaata. Bakka itti argamuu qabaniifi shoora ba'an irratti hundaa'uun yoo ibsaman, angafaafi maandhaan faallaa waliiti. Bakka walii cufuu hindanda'ani. Yaadrimeen angafaa quxusuu yaadrimee duraa-duubaa hubachiisuun jireenyi addunyaa madaallii isaa eeggatee akka itti fufu gargaara.

**Barsiisuufi Gorsuu:** barsiisuun waan namni hinbeekne itti himuu yoo ta'u, gorsuun ammoo beekumsa argatan akkamiin akka itti tajaajilaman kallattii qabsiisa. Lamaan bakka tokkotti yoo ibssaman hiika guutuu dabarsuuf waan gargaaruuf walitti qindaa'ani. Hojiin barsiisuu duraa kan Waaqni nama barsiise, innis dhimma henna akka ta'e Aab Jaataniin hima. Namoonni beekumsa kana qaban *ayyaantuu* jedhamu. "Dhaha malee hinhorani, faroo malee hindeeegani," mammaaksi jedhu shoora beekumsi ayyaantummaa qabu hima. Dhahaafi hormaata walitti hidhee dhihees-suun, shooranni jireenya keessatti qabu himuun namni akka beekuu qabu dhiibbaa gochuufi. Beekumsa qaban waan dansaan (kan jireenyi ittiin gaggeefamu) ibsuu malee, gama fafeen (farrisuun) yoo ta'e maalti akka mudatu akeekkachiisa. Maalummaa dhahaafi akkamitti akka himamu mammaaksa, "Lukkuun barii dhoofti, waaqi rooba dhaha," jedhu keessaan calaqqiseera. Faallaan barii dhiha; faallaan roobaa ammoo aduudha. Bariin wanni haaraa dhufuu bakka yoo bu'u, dhihi ammoo kan jiru dhabamuun ibsama. Akkasumas, roobni jiidhaafi jireenyaan yoo ibsamu, aduun ammoo bona, kan waa balleessu jedhama. Kanaafuu, beekumsa wal irraa fudhachuufi kan fudhataniifi hubatan ammoo gama sirriin ibsuufi hiikkachuu kan jedhu dabarsa. Hubannoon wal barsiisuufi wal gorsuus yaadrimee kana qaba.

Walirraa barachuun kan galma ga'u wal dhageettaan yoo jiraate yoo ta'u, lamaan kun jiraachuun jireenya keessatti hiikanni qabu, "Wa barachaan il banachaa, wal dhageettiilleen finna horachaa," jechuun, warri uwwaa marii aanaa Guchiitti taasifame irratti kaasan ibsani. Mammaaksa kanaan jechi *il* jedhu Oromoo kaan biratti *ija* kan jedhudha. Gaaleen *il banachaa* jedhu, bak-bu'eedha; namni tokko hubannoo addunyaa keessa jiruu horachuudha. Kun ammoo, gama wa barachuun waan ta'eef itti hidhatee dhihaate. Booranni hojii wal barsiisuufi wal gorsuu umrii guutuu kan deemsisu yoo ta'u, akka addaatti ganni kuusomaa (17-24) ilmaan jaarsaa kana hojiirra oolchuun beekama. Ijoolleen kuuchuu sagantaa *jaarsat yaa'uu* jedhu qabu. Jaarsi kunis *jaarsa gorsaa* yoo jedhamu, amla ijoolleen qabaachuu qabdu gorsa, jila isaaniif (jila kuusomaa) akkamitti akka qophaa'aniifi maal gochuu akka qaban barsiisa. Haata'uutii, bakki barnootaafi gorsaa angafa bira waan ta'eef, yeroo jilaa ijoolleeti gara jaarsaa deema. Ijoolleen Kuuchu yoo miseensa hariyyaa ishee waamtu, "Dhukiin abbaa keennaa, jaarsi geettee koottaa jedha," (Roobaa) kan jedhu faaruu keessaan akka dabarsan hima. Jaarrolee hojii kanaaf filatamaniifi gama kanaan angafa ta'anti jiru.

Dhokinaan aabboo keennaa, Utaalloo taayee koottaa jedha
Holiyyee gurri tuuroo tiyya, jaarsi marate surree ruufaa
Dhokina aabboo keennaa, nageenni galee karraan duudee
Dhokkoon eebbisee ka'ee, karaa ka hoolaa dhalee jedhe. (Waaqoo Biqqoo)

Gorsiifi barnoonni gara jaarsaa dhaqan bakkaafi yeroo daanga'aa qaba. Kana irraa kan hafe, guutummaan dhaloota Boornaa (ilmaan kormaa) dabalatee jireenyi isaanii barnootaafi gorsaan kan guutamedha. Hariyyaan waan jaarrolee irraa barattu cinatti ofiin wal adabdees ta'u wal gorsitee jaalala wal barsiifti jedha Aab Jaataniin. Kan ilmaan kormaa ammoo, guyyaa nyaachisaa irraa eegaluun hanga baallii kennanitti jaarsi aadaa barsiisuufi waan raawwatan itti agarsiisu biraa hindhibamu. Hojiin barsiisuufi gorsuu aadaa dhaabbataan jiran cinatti haala yeroo irratti hundaa'uunis niraawwata. Ijoolleen durbaa duritti haala akkamii keessatti akka guddattuufi kan ammaa faana walbira qabuun ijoollee durbaa lama mana barumsaatii qabdu waan Aayyo Jiloon jettee gorsite gaditti dhihaateera.

> Wanni nu gorsanuu hinjirtu. Wanni dhiiraa hinjirtu, ta loon tissitu loon tissiti, ta re'ee tissitu re'ee tissiti, ta warra ooltee haadhaa bisaanii qoraan dhaxxuufi waan manaa daladdu injirti. Dhiiraan wal dubbii hinqabdu. Namniyyu durba jedha, hindubbatuuni yooseen akka feete guddoo, midhaadduu taate fuula keessa namni dhufelleen, "Babaaroo ijoolle," jedhee dabra. Kophaatti hindubbisani, mana haadhaatti hindubbisani. Waan gorsaniyyu hinqabduyyu, wanni hamtuu lafa hinjirtu.
> Amma ijoollee kiyya: gizeen ammaa hamtuu, namni dubartii hinjirtu, yaayyuu bade. Isinillee maqaan yabade, haadha isin dhaltellee maqaan yabade, abbaa isin dhalellee

> maqaan yaayyu bade, addunyaa agartuu, akka isiin jirtu agartanii? Wanni taatani, eegi dhiira ka barbaaddan ta’e, eegi aan dhiir fedhaa, dhiirat daramuu fedhaa yoo ka jettan taate yaad sun fudhattan, tamaarii jettanii hindhabiinaa dhiira fuudhaa. Yoo danda’e fuudhee sin hatamaarsisu, dadhabus haa’afuu. Baduma keessatti, manuma keenna keessatti walitti maamulattanii garaachoftanii dhaluun anaa eebee, aabbee eebee, isinii eebee, warri sunii eebee. Yoo dandeettanii ta irraa of dhoortan taate, tamaarii teessan fixadhaa. (Aayyo Jiloo)

Booranni ijoollee isaa aadaa ittiin barsiisuufi gorsu irratti muuxannoo ga’aa qaba. Akkuma seensa irratti dhihaate, egereen waan arra barataniifi gorsa maanguddoo irraa fudhataniin egereen dhalootaa akka murtaa’utti dhugeeffatama. Akkaataa itti dhaloota guddise keessaan aadaa isaa waan eeggatuuf, ijoollee barsiisuufi gorsuu irratti qabeenyaafi humna guddaa baasa.

**Buusaafi gonofaa (gargaarsa):** jechoonni buusaafi gonofaa jedhan jireenya hawaasummaa Booranaa keessatti irra deddeebi’anii ka’u. Jechoonni kun lamaan akka jecha tiishootti dhihaachuun amala gara garaa lamaan kaayyoo tokkoof (rakkoo dinagdee walii furuu) hojjetu. Jechi *buusaa* jedhu aannaan buusuu kan jedhu irraa dhufe. *Gonofaa* kan jedhu ammoo waan banaa ta’e cufuun tajaajilaaf oolchuu hiika jedhu qaba. Meeshaalee aadaa dibbee kocheefi buduunuu jarri uwwaan dhadhaa itti qabachuuf tajaajilaman adeemsa gonofuun waan qophaa’aniif, jecha kana ibsuuf fakkeenya gaariidha.




Suuraa 11: Buduunuufi dibbee gonofuun qophaa’an. (Suurri, qorataan)

Yaadrimeen jechoota lamaanii kan rakkate gargaaruu ta’ee, buusaan sadarkaa ollaatti kan aannan hinqabneef buusuudha. Aannan namaa buusuun loon dabaree kennuun ta’uu danda’a. Akkuma irra deddeebiin bakka gara garaatti ibsame, loon dabaree jechuun kan namni aannan isaa qofa tajaajilamee yoo saani sun gu’u warraa kan deebi’udha. Kanaafuu, aannan buusuun qodaa aan-

nanii keessaa walii buusuutii hanga loon aannaniif walii kennuutti deema. Yaadrimeen aadaa *buusaa*, yoo rakkoon addaa jiraate malee sadarkaa ollaatti xumurama. Ollaan waan walii kennu hinqabaanne caasaa qindaa'ina hawaasaa dhihootti ce'a malee, utuu Booranni beela'e jiruu hincallifamu.

Gonofaan rakkoo buusaarra darbu yoo ta'u, suurri olitti dhihaate kan gonofaan ittiin yaadrimaa'u dha. Meeshaaleen aadaa lamaan gogaa, gaafaafi muka irraa qophaa'ani. Buduunuufi dibbeen muka muramanii dheerina lamaaniin banaadha. Gama tokkoon erbee gogaatiin cufuuti gonofuu jedhama. Ega gonofamee boodas tajaajilaaf oola. Gargaarsaan wal qabatee gonofaan aannaniin qofa kan furamu kan hintaanedha. Nama sababa rakkoo dinagdeen hubame waan isa barbaachisu guutuun gara jireenya Booranni kaan jiraatuutti deebisuudha. Gargaarsi adeemsa kennuufi fudhachuudha. Yaadrimeen kun rog-arfee seemiyootikiin haala armaan gadiin ibsama.




Rog-arfee olii kanaan fudhachuun sirrii, kennuun fafee bakka bu'ani. Namni waan jireenya isaaf ta'u fudhatu, ni'ida'ata waan ta'eef sirriin ibsama. Kennuun ammoo waan qabanirraa hir'isuu waan ta'eef fafeen dhihaate. Ibsi kun waan qabatamaan jiru ta'us, hubannoo Booranni buusaa-gonofaa itti hojiirra oolchu dirqama Boorantittiifi. Kana jechuun, nama rakkate Booranni hundi jalqaba irraa akka irratti hirmaatu dirqama miti. Boorantittiin, aadaan buusaa-gonofaa kan Boora-naati jechuuf malee, dirqama duraa kan fudhatu ollaa waliin qubatanii jiranidha sadrkaa buu-saatti. Deeggarsi taasifamu gara gonofaatti kan ce'u (horii gumaachuu) yoo ta'e, warra, miiloo, gosa… jechaa hanga Boorana hirmaachiduu danda'a. Rakkoon nama dhuunfaa gosarra darbu hinjiraatu, gaafatamnaan garuu hindidamu.

Booranni kamuu aadaa buusaa-gonofaa irratti akka hirmaatu kan dirqisiisu, duubdeebii inni qabu ta'uun ifadha. Gargaaruu diduun aad-malee ta'uudha; aad-maleen nama rakkate dhiisuu cubbuun ibsama. Cubbuun ammoo amala lama (kan nama yakke qaqqabdu ykn dhalootatti ceetu) akka qabdu qabiyyee darban keessatti ka'eera. Kana jechuun, namni buusaa-gonofaa dhowwote ofiin deebi'ee buusaa-gonofaa kan barbaadu ta'a, yookaan qaccee isaa keessatti mudata jedhamee

sodaatama. Booranni yoo wal gaafatu qoratee dhugeeffachuun waan ta'eef, dhowwochuun yoo dhugaa ta'e cubbuunis kan hinoolle dhugaadha jedhamee fudhatama. Kanaafuu, nama buusaa-gonofaa irratti hirmaataaf kan har'a fafee ta'e, duub-deebii isaaf sirrii kaawwateera kan gaafa rakkoo ofii isaa ykn qacceen isaa nyaatu. Buusaa-gonofaa/gargaarsa nama rakkateef taasisuun, kan qabu hiyyoommachuun carraan isaa kan hinbeekamneef galfata qabatamaa kaawwachuudha. Haala kanaan, aadaan Boorantittii kan rakkateef mirga argachuu kennee, kan qabu irratti ammoo dirqama kennuu fe'a. Aadaan kun eenuufuu, eenyurrattuu hojiirra oola.

Jireenya hawaasaa keessatti yoo gargaarte malee hingargaaramtu aadaa jedhu cinatti barsiifataan kan hawaasa keessatti hojiirra oolu mammaaksa, "Sareetiin kophaa hinbaane, hirkata mukaa malee; deegi kophaa hingodaanu, ilma dureessaa malee," (Aab Liiban Duubaa), jedhe keessaan hubannon jedhu jiraachuu ibsameera. Mammaaksa kanaan, amala sareetii, idda kophaa dhaab-bachuu hindandeenye deegaaf kennuun ibsame. Qindaa'ina kanaan, deegi yoo kophaa godaane waan nyaatu waan hinqabneef, qaama qaawwa kana cufuuf akka isa barbaachisu dabarsa. Amala kana Aab Liiban yoo ibsu, deegi duuressa irraa loon dabaree yka qammana/baaduu aka irraa argata jedha. Deegis walabaan taa'ee qabeenya duuressaa kan sooratu utuu hintaane, dureessaaf horii eeguuti irraa eegama. Lamaan waliin kan jiraatan yoo kan tokko barbaadu inni kaan guute dha. Kana jechuun, mirgi deegaaf kennamu ykn dirqamni duuressa irratti gama aadaan fe'amu hinjiru, fedha lamaanii irratti hundaa'a. Adeemsa kamiinuu ta'u nama rakkate gargaaruun hiika akkamii akka qabu, "Kaattoo baasuun ofiifi," (Aab Borbor) haas-barruu jedhamuun akka ibsamu kaa'a. Akka has-barruu kanaatti, buusaa-gonofaan yaadrimee aadaa namni kaawwaterra akka darbuufi dirqama aadaa uumamaa akka ta'e ibsa. Namni dirqama kana ba'e ammoo hariiroo Waaqa faana qabu jabeeffata waan jedhamuuf yaadrimeen nagaa eeggannaa daran jabaata.

Akkaataa kanaan, namni ammatti fudhate deebi'ee raawwii fudhachuun alaa waan hojiirra oolchuuf, gara kennuutti dhufa; namni kenne deebi'ee gara kennuun alaatti dhufuun gara fudhachuutti akka ce'u adeemsichi kan mul'isu. Qabatamaan, namni loon fudhate nama kenne eebbisa; deebi'ee, namni rakkate yeroo hunda fudhachuun kan jiraatu utuu hintaane ofii isaas ta'e dhaloota keessatti akka kennuu danda'utti hojjechuun kan rakkate gargaara. Akkasumas, kan qabu kennuuf qofa kan taa'e utuu hintaane carraan ofiinis ta'e dhaloota keessatti dhabee fudhatu akka jirudha. Adeemsi kun yayyaba uumamumaan jiru ta'uu eeruuni Booranni qabu isa hinqabne

gargaaree badisa irraa wal oolchuun jireenyi akka itti fufu waan taasisuuf, namni har'a utuu qabuu kan hinqabne lakkise kan qabu qabatee hariiroo hawaasaan ala ta'a.

**Eebbifachuu:** jecha eebbifachuu jedhu, "Amantii hijibbinuu; Islaana taatee Kiristaana taatee Gumiin Gaayoo la eebbistee, amantiin cubbuu lagadhaa, wal hinjeesiinaa wal hinsaaminaa jetti…" (Aab Borbor) jechuun kan ibse keessaa fudhatame. Booranni amantaa (religin) gara isaatti seenan (Islaamaafi Kiristaana), gama barsiisa isaaniin aadaa Booranaa hinfaallessitu jechuun gadaa Jiloo Aagaa (AG 66[ffaa], 1977-1984) eebbise. Eebbisuu kan jedhu, Booranni amantaa kanneen hordofuu isaan hariiroon Boorantittii keessa turuu akka danda'u beekamtummaa kennuudha. Booranni waan gara isaatti dhufe argeef hinbalaaleffatu/hinabaaru. Ega qoratee booda bu'aafi miidhaa isaa adda baasuun gama sirrii isaa eebbifatee fafeenni qabu ammoo akka hinraawwanne abaara.

Barbaachisummaa barnoota ammayyaa, "Osoo barnoonni hindhufnee nami garaachaan do'a," (Aab Borbor) jedha. Kanaaf ammoo sababa yoo himu, horii bonni namarraa fixee namni gumaa malee hafuu hima. Kan baratee hojii qabu miindaanni argatu baatiitti waan hinoolle ta'uu akka tumsituutti kaasuun yaada goolabaa dura kaaseef falma. Kanamalees, barnootaan guddachuun aadaallee akka kunuunsu, "Ka akka dooktiretii marree marree kuni karaa Booranni itti fayyadamu gorsa malee dhiibbaa hinqabu," jechuun jaarsi argaa-dhageettii kun ibsa. Waan Booranaa bu'aa qabu eebbisee simachuufi waan duraan raawwachaa ture garuu yoodhaabe aadaa irratti kan dhiibbaa hinqabne eebbisee dhaabuun haala yeroo faana deema. Kan Booranni eebbisee fudhate kan armaan olii yoo ta'an, kan inni eebbisee dhaabe keessaa adabbii hama-mudaammuddiifi dhanna qabaa ijoollee durbaati. Hama-mudaammuddii dhaabbachuu isaaf Boorannuu aadaa eeguuf dirqii itti taanaan malee wal ajjeesuuf fedha dhabuu isaa irratti, mootummaan kan yakke ofii akka ajjeesu seera labsuun isaa goolaba itti kenne. Boorannis, mari'atee bokkuu adabbii kana ittiin raawwatu bakka tokkotti geessanii gatani. Dhanna qabaan ijoollee durbaa, GG gadaa Guyyoo Gobbaa (AG 70[ffaa], 2009-2016), ibsa ogeeyyii faayyaan booda falmii bal'aati fiixewwaniifi hayyoota gidduutti gaggeeffame. Falmiin booda, barsiifata raawwachaa dhufe ta'us miidhaa malee bu'aanni qabu eeruu waan hindandeenyeef eebbisee fudhate. Eebbisee fudhachuun garaagarum-maan uumamee gara hookkarsaatti akka hinseenamneefi kan dhufe jireenya Booranaaf waan bu'aa buusu jechuun akka sona nagaa Booranaatti fudhata.

**Lagachuu:** Jechi lagannaa jedhu gama fafeen haala inni hariroo namni qabu boqonnaa 5[ffaa] jalatti ibsameera. Qabiyyee kana keessatti ammoo gama sirrii isaan haala inni nagaa eeggachuuf itti

tajaajiluti dhihaate. Kana jechuun, waanti jireenya namaa irratti hubaatii qaqqabsiisu yoomessa irratti hundaa'ee hubaatii itti hanqisu jiraachuu hima. Booranni hariiroo jiru tursiisuuf waantonni lagatuufi akkaataan ittiin lagatu akka akkatu jiru. Isaanis, jecha afaaniitii hanga raawwiitti laguun jiraachuu danda'a. Mammaaksi, "Waaqi fulaa arrabi abbaa oole oola," (Aab Waaqoo) jedhu, arrabnumti abbaa akka hookkarsa ofirratti waamu beeksisa. Hariiroo namni walii isaa faana qabu qofatti daangessee ibsus, Rosenberg (2005) haalli keessa jiran hookkarsa ta'ullee waan nagaa dub-bachuun itti fufinsa jireenyaa keessatti bakka olaanaa akka qabu qoode. Booranni garuu, daangaa bal'aa kaa'uuni yaadrimee kana kan ibse. Hookkarsa dogoggora afaan ofiin dhufu hanqisuuf, waan dubbii afaaniif hinbarbaachifne lagachuun nagaa ofii eeggatu.

Sadarkaa jechaatti kan Booranni lagatu hedduu ta'anis, dhimmi nagaan kallattiin kan wal qabatu *nageenni hinjiru* jedhu gonkumaa kan hinjedhamneefi yoo rakkoon wayii jiraatellee, "Nagaa jira, garuu…" (AG Roob) jechuun waan ta'aa jiru akka ibsan hima. Jireenya irratti hubaatii guddaa kan qaqqabsiisan waraanniifi hongeen hamaan yoo jiraatellee, faallaa nagaa dhaabbatanii naga-dhabaan hinibsamani. Yaadrimeen nagaa bal'aafi taatee qeenxeen akka hinibsamne irratti falmii jiruuf ragaa ta'a. kana malees, jechi nagaa jedhu raawwii qabatamaan mil'atan qofatti hindaan-ga'u, ulfoodha. Hubannoo kanaan, hubaatii mudateef *nagaan hinjiru* jechuun ibsuun, ulfoo kanas faallessa. Akka Booranni ibsuun ammoo, waan qabatamaan mudaterra wanna ulfoo, kan Waaqni yaadeti caala jechuun hiikama. Akkasumas, waan horiin ittiin fidamu irrattis, *sugi hinjiru* akka hinjedhamneefi horiin waan nyaatuufi dhugu yoo hinqabaanne ta'ellee, *suga lammeessooti jira* jedhamee akka ibsamu Aab Kiyyaan eera. Afaan seedaa jechuun haala wanni tokko dhiisanii moggaasa biraan waamuu yoo ta'u, haala kanaan suga lammeessoo kan jedhu oolaa/goginsa ibsa. Sababa lagannaa barbaachise, "Beeytaa, waan Waaqi godhu hinbeekanii; yeroo garii loon biyyeema kana arraabee gabbata," (Aab Borbor) jechuun ibse.

Jila akka dhibaayyuu irratti haala uffannaa, yeroofi waan sooratuufi jechoota dubbatu hundi haala baramaa duraanii irraa adda ta'a. Keessattuu dubbiin *afaan jilaa* jedhamuun akkaataa walii galtee addaa qabu. Haaluma kanaan, aannan/silla, dubartii/elellaa, billaa/sulluuda, bisaan/lolaa, aanan unadhu/silli maaqi/silli, waraana/daaya, lafa qonna/lafa dhalchiifna, baqannaa/burraaqafi kkf akka jedhamam Aab Borbor ibsa. Jireenya guyyuu keessattis *saalaa-fokkoo/ceeraa-fokkoo* jedhamanii lagataman jiru.

> Ceeri waan hamtuu dubbachuu; jaarsaa jaartii, intal dubartii biratti, amma Booranni dubartii waliin buluun ilmee uumataa jedha. Maqaa beeytaa ittiin jedhan kaan diidatti baasanii hinjedhani. Waan ceeraa nama aayyo, aabbo jettuun biratti hindubbattu. Saalaa fokkoo jedhani walumatti deebisiin. (Aab Borbor)

Hariiroo gidduu isaanii jiru eeggachuu keessatti eenyutti maal akka dubbataniifi keessattuu raawwataniif (wal qunnamtii saalaa) akka argan hindubbatan kan jedhudha. Kanaafuu, hariiroo jiru eeggachuuf akkuma dirqama wanni dubbataniifi raawwatan jiru, wanni lagatanis akka jiruufi kunis haala yaadrimee nagaa itti eeggatanidha.

**Jilachuu (galata, faroofi fala):** Jilachuun ejjennoo irreen alaa nagaan ittiin eegaman armaanolitti dhihaatanis ta'e tooftaa biroo tajaajilamuun furmaata argachuu yoo hindandeenye kan dhufudha. Booranni jechama, "Waan nagayaa cufti jila," (Leus & Salvadori 2006:372) jedhu akka qabu kan ibsan, qabatamaan jireenya guyyuu keessatti calaqqisa. Raawwiin jilaa kamuu yoo madaalamu, hidhatanni dhimma nagaa faana qabu mul'isa. Jilannaa keessatti amaloonni sadan (galata, faroofi fala) yeroo baay'ee walirratti yoo ibsaman, haala ittiin adda ba'anis niqabu. Ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaa sadarkaa tokkorraa kaanitti yoo ce'an, jilaan mul'isu.

Oo qoraan karraa,
Karrayyuu Baarentumaa
Raaba Yaayyaa dhageettaa
Guddannee raaba taanee
Gurmannee yaa'a taanee… (Aab Jaarsoo Liibaniifi Waaqoo)

Aaromsa gadaa Booranaa irratti kan jalqaba raaba ta'e Yaayyaa waan ta'eef isaan sirbani. Sirbi kun mokkee jedhamee yoo waamamu, dursa gammeen gurguddaa gara kuusaatti ce'uu ittiin ibsatu. Kuusomaan booda yaa'a of danda'es ta'u. Jiloonni akkanaa hanga Gadaa Moojjiitti jiran, kan ijoollee Kuuchuu, kan Qaalluufi kkf hundi bakka qaqqabaniif galata kan itti dhiheessanidha. Galateeffannaan Waaqa biratti hiikanni qabu, "Waaqi inmaacha/injaalata galatoomi yoo jedhan," (Aab Jaarsoo Liiban) jechuun ibsa. Nagaan ammoo *kaayoo* (waan gaarii dubbachuufi kkf) faana akka deemu yaada duraa kanaan wal qabsiisee ibsa. Yaadrimeen nagaa hariiroo wal hubannaafi wal madaalaa akkanaa keessaa ba'a. Adeemsi kunis, haala salphaa nagaan ittiin eegamudha.

Jilannan biraa faroon ykn falaan waan namatti dhufe ofirra dabarsuun nagaa ofii eeggachuudha. Kun kan hojiirra oolan, waan humna namaan ol ta'e, kan Waaqatti dabarsanii kennanidha. Lamaan tajaajila irratti amala gara garaan kaayyoo tokko galma ga'uuf hojjetu. Faroon waan badaa mudatetti hiika dansaa kennuu yoo ta'u, "Awwaannisa roobaa, qe'een teenna rooba," (Aab Borbor)

mammaaksi jedhu, fakkeenya ta'a. Awwaannisni waan silaa horiin nyaatu balleessa. Booranni garuu balleessaa isaa dhiisee roobati dhufa jechuun ibsa. Fareessuu kan jechisiisu, bu'aan boodaan dhufu mudannoo ammaa caala jedhanii dhugeeffachuudha. Amalli fareessuu biraa hojii kanaaf fudhatame, gocha daa'imaan wal qabatee kan mul'atudha.

Hoo Aliyoo
Alii Gurraachaa
Gurraacha Yaayyaa
Yaayyaa Muunyoo
Diida munyuuxxee
Badaa curruuxxee
Daraaraa dheeddee
Daraaraa marraa
Waaqi sifeessee
Daraaraa ilmaa
Waaqi guddise. (Aab Jaarsoo Liiban)

Ragaan dhihaate kun faaruu yeroo gubbisaa jedhamudha. Daa'imti yoo daa'imuu eegaltu waan argite afaan keewwatti. Wanni ishiin afaan kaawwattu kan nyaatamuu hinmalle waan ta'uuf, kan afaanitti geessite hundi akka sifaa'uuf Waaqa kadhatani. Gochi ta'uu hinmalle yoo raawwate, humna hubaatii qaqqabsiisuu isaa gara humna jireenyi ittiin fidamuutti jijjiiruudha. Adeemsi akkanaas *fareessuu* jedhama. Yoo taatewwan sadarkaa fareessuurra darbu gara *falachuutti* ce'a. Falachuun adeemsa rakkoo mudatee lafa jiru ykn dhaacciin namatti dhufaa jiru ofirra iyttiin dabarsanidha. Adeemsi kun rakkoo mudateef furmaata barbaachaaf waan ta'eef, fareessuu irraa adda. Amala falachuun ittiin calaqqisu amala addunyaa jireenya namaa marsee jiruun murtaa'a.

Rakkoowwan mudannaan furmaata jilaan itti barbaadan keessaa yoo sidii/diinni namatti dhufe fi/ykn bonni yoo dheeratedha. Duula gara sidiitti taasifamu irratti *uchuma* buusuun 'kaayomsi' jechuun akka milkaa'aniif Waaqatti himatu. Akkasumas, yoo bonni dheeratee jireenyi hammaatu dhibaayyuu ba'anii hamtuu ofirra dabarsu.

Hoo fororee
Fororsaan roobee,
Roobee lag yaasee
Madda gabbisee
Maddii arreessee
Arreedaa bulchee
Bulaa gaamarsee
Badhaasoo, dhibaayyuu sit dhufee
Dhibaayyuu nagayaa, nagaa na guuti… (Aab Jaarsoo Waaqoo)

Roobni dhibuun hookkarsa qaqqabuun sonoonni nagaa nihubamu; gama biraan nagaan hir'ate jechuudha. Kanaafi faaruu dhibaayyuu kanaan nagaa naguuti kan jedhu kan dhufe. Jilli biraa, dhaacciin wal qabata. Kaayyoon jila kanaa, "Waaqa yaammatanii kadhatanii akka wanni abbaa kun akaakoo hindabarre," (Aab Borbor) taasisuu akka ta'e ibse. Falachuu dhiisuun rakkoon akka itti fufu affeeruu waan ta'eef, falatanii hookkarsa hanqisuun nagaan eegama. Raawwileen caasaa oogganse sadeenii (qaalluu, ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaa) yoo sakatta'amu, jireenyi Booranaa jilaan kan guutame jechuun nidanda'ama. Keessattuu kan ilmaan kormaa gubbisa irraa kaasee hanga Gadaa Moojjiitti jilaan kan guutedha. Sadarkaan gadoomaa ammoo hedduu isaa fudhata. Tarii kanaaf ta'uu danda'a Baxter (1978) gadaa gama jilaan ibsuuf kan yaale. Kaayyoon jilaa, eebba Waaqaa argachuufi eebbi argame akka itti fufuuf ta'uu (Aguilar, 1998) kaase. Ragaaleen dhihaatan kan deeggaran ta'us, jilli hariiroo namni nama akka isaa uumama kaaniifi Waaqa faana qabu akka qajeelu taasisuudha. Hariiroo kana eeggachuun isaa kallattiin nagaa eeggachuu ta'a. haata'umalee, nagaa eeggannaan yoo adeemsota kanneeniifi kan isaan fakkaatan hojii kana keessatti hineeramiiniin galma hinga'iin hafu, ejjennoo hammaataatti ce'ama.

## 7.2. Irree itti Fudhachuun Nagaa Eeggachuu

Irree fudhannaan ejjennoo hamaafi hubaatii qaqqabsiisu yoo ta'u, waraanaan nagaa eeggachuun seenaa keessatti kan ture ta'uu (Lambarde, 1599; Tytler, 1836; 1837) kaasu. Sadarkaan isaa wal caalus gadaa Booranni irreen nagaa isaa itti hineeggatiin hinjiru. Eejjennoo kanatti seenuun dura carraan jiru hundi ega guutummaan yaalamee booda. Ejjennoon irree itti fudhannaa abaaruun ykn hubaatii qaamaafi dinagdee qaqqabsiisuun hojiirra oola. Sadarkaaleen kun lamaan armaan gaditti ibsamaniiru. Ejjennoo kana lamaan keessatti kan hinseenne, amala uumamaan gareen tokko qaburraa ka'uun hubaatii qaqqaburraa adabbiin fudhatamu jira. Mudannoo gadooma Biduu Dhoqqee Rasoo (1569-1576), roobni ganna seddetanuu roobee horiin dhumateef, Booranni itti gaafatamummaan guutummaan Karrayyuutti kennuu ega AG kanaa Karrayyuun fiixee ta'ee hin-beeku (Aab Borbor). Karrayyuun ammoo, Warra Kulaa Kormee ittiin adabuun sadarkaa gosaatti hayyuu tolchuu dhiise (Aab Jaarsoo Liiban). Ejjennoon kun, amalli akkanaa irra deebi'a jedhanii dhugeeffachuu irraa akka hinmudanne haala itti eeganidha.

**Abaaruu:** Akkaataa Booranni hariiroo nama faana qabuun abaarsa itti hiiku Aberra (2015), Boorana nagaa Booranaa keessaa baasuu akka bakka bu'u ibse. Hubannoon kun kan ijaarame dirqama guutum-maan nagaa Booranaa keessaa baasuu qofa utuu hintaane, hubaatii salphaa irraa

eegaluun kana chi ga'udha. Adabbii sadarkaa salphaaf fakkeenya kan ta'u qabiyyeen durii-durii armaan gadii ilaaluun ka'umsa gaariidha.

> Gurraachi miidhaagaa, dheeraa surree ruufaa jedhani, bisaan wadhakkaa keessa taa'a, Waaqni. Amma nam naafa, nam ballaa, nam moluu qabuufi ka gaane worri kuniini itti dhufe. "Aboo an miila hinqabu, naafa miil kan nafayyisi," jedhe. "Ya fayyitee been," jedhe. "Anilleen ballaa, laf hinargu, bofaa buutiin nat deemte hinargu, il tan na deebisi," jedhe. "La fayyitee been," jedhe. "An guyyaa cufa wa fixa, moluu rifeensi natti hinejju, dunfura fedha, rifeensa nat baasi," jedhe. "La si baasee been" jedhe. Ka gaanet dhufee, "ilma si kadhachuu dhufe, ilma naa kenni," jedhe. "La sii kennee been," jedhe. Jarri warratti deebinaan warri la gaafate. Naaftichi, "Ee waanin okkolfadhee gadiin ba'u la argadhe," jedhe. Ballaan, "Ee, waanin lipheeffadhee gadiin ba'u la argadhe," jedhe. Moluun, "Ee, rarreessa xiqqaa tokko la argadhe," jedhe. Ka gaane, "Udaan Waaqaa tokko dhaba hinqabani, galata Waaqaa," jedhe. Amma Namni naafe achumatti kottoonfatee deemuu malee amma wayi fayyaa? (Aab Jaarsoo Liiban)

Namni naafe deebi'ee kan hinfayyine, kan takka molate deebi'ee kan hinbiqilleef, akkasumas kan iji jaame deebi'ee kan hinagarre guyyaa kanarraa abaaramani. Abaarsa kanaan namni kan adabame waan kadhatee argate tuffachuufi galata dhowwochuu isaani. Abaarsi kun akka dhala namaatti akka ta'e kan himu yoo ta'u, waan ittiin abaaraman dhabuu malee sona nagaa jireeny ittiin gaggeeffamu biroon akkuma jiranitti ta'u. Jireenya qabatamaa keessatti haala wayi itti dubbatan hariiroo keessatti humnanni qabu, "How we speak can open or close doors, heal or hurt, create joy or suffering, and ultimately determines our own degree of happiness," (Maver, 2005:3) jechuun kaa'een wal qabata. Durii-durii kana keessattis kan dhihaate, akki itti kadhatan waan barbaadan akka argatan gargaare. Waan argatan akki itti ibsan ammoo dhala namaatti abaarsa dhale. Jireenya qabatamaa Booranaa keessattis amalli abaaruu haala itti calaqqisu yaadni maanguddoo armaan gadii ni'ibsa.

> Yoo niitiin si dhibde, harkaan itti gamtee dhaanuu, arrabsuu hindhaqiin. Gorsi, warra tan-teetti kottaa nuu argaa jedhi. Infudhatti, warra isaat ba'ee qoreef jetti hindhugeeffattu. Yoo ammallee si dhibde, warra soddaa kankeetii dhaqi. Ammallee rakkoon kun amala keessoo isii waan taateef martee dhufti. Kana Booranni, udduu dhaanii if jalaa baasii udduu dhaabii ibidda bobeeffadhu," jedhee mura. (Aab Waaqoo)

Yaadni kun adeemsa keessa darbamu ibsuun yoo furmaanni barbaadamu (wal danda'anii waliin jiraachuu, kan yaadrimeen nagaa Booranaa guutuu ta'e ittiin ibsamu) dhibu, ejjennoo hordofee fudhatamu kaa'e. Abaarsi gama tokko qofa huba hubannoon jedhu hinjiru. Garuu, nama akkaataa aadaan jiraatuuf boqonnaadha. Mammaaksi, "Gaafa daalleen mamaa baate, gaafa gumiin itti baate," (Aab Jaarsoo) jedhu boqonnaa jedhamu ibsa. Akka mammaaksa kanaatti, waan dur mana keessatti dhoksaan itti gubatan, kan ollaan hinbeekne guyyaa ifa ba'u irraa kaasee qaamni dura itti

dadhabaa ture keessaa ba’uun, ollaa, warra, ykn gosati baata. Qaamni sadarkaa kanatti abaa-raman jireenya duraa dhabanis, Boorana keessa jiraachuu hindhorkamani.

Abaarreen yoo cimaa deemu, ‘Tun Boorana miti’ kan jedhu sadarkaa Gumii Gaayootti (gadaatti) kan murtaa’udha. Kana jechuun, nama aadaa Boorantittii cabsuu Booranni irratti dhugeeffate, nagaa Booranaa keessaa baasuudha. Nagaa Booranaa keessaa ba’e jechuun lafa Booranaa gadhii-sisuu jechuu miti. Hariiroo hawaasummaa keessaa guutummaan ba’a: eela dhuunfaan qabaachuu isa barbaachisa, itti hineerumsiisan, irraa hinfuudhani, dhibamu hingaafatani, kophaa bobbaafata, du’aa isaa hinawwalani… guutummaan, waan Boorantittii jechisiisu hunda keessaa ba’a. Kanaaf, ofumaan Boorana gadhiisee bada. Yookaan, akka Halakee Dooyyoo Harreelee (AG 36[ffaa]) ta’a. Abbaan gadaa kun yakka armaan gadii hojjennaan kan Booranni abaaredha.

Waaccuu Koraat korma qaltee
Qoraa Booranat tolchitee
Gaddaa kolkolleetiin yaa’a buutee, yaa’a kolkolchitee
Adulaa lama gubbaan ja’a biyyat naqxee, Boorana ja’a nu tolchite
Wanni Booranaa si biratti hinafne… (Aab Borbor)

Yakki raawwate kan olitti ibsame kana yoo ta’u, aangoo qabuun ejjennoo kana fudhate. Haata’u-malee, aangoon isaa Booranaa ol waan hintaaneef abaarame. Abaarsa kanaan rifatee dhiiga tufee akka du’e argaa-dhageettiin darba. Qabiyyeen abaarsa kanaa, ‘wanni Booranaa si biratti hinafne’ jedhudha du’aatiif kan geessise. Wanni Booranaa si biratti hinafneen aangoo yerositti qabu irraa kaasuun cinatti kan silaa akka hayyuutti itti fufee abbaa seeraa ta’uu danda’u hunda dhaba. Kan isaa qofa utuu hintaane, dhiibbaan isaa dhalootattillee darbee sadarkaa gosaafi Booranaatti akka hubu Booranni nidhugeeffata. Aadaa hubnaan qaalluuyyu akka goodhabsan (wayyummaa isaa akka hinfudhanne), “Qaalluun Maxxaarrii Gaadullaa, man Jaajii, qaalluu Mandaadaa jallatee aga darbee, namni itti ammaannaan bade jedhani,” (Aab Jaarsoofi Taarii) himu. Murtoo Booranni AG fi laduu irratti fudhatu, aadaan olitti kan bulu akka hinjirre mul’isa. Akka hubannoo Booranaatti aad-maleen Boorana diiga; yoo aadaan jiraate namni bakka bu’a. Kanaafuu, diigamuu irraa hafuuf hanqina gama hayyuu dhabuun mudaturra aadaa eeguu filatani.

**Hubaatii kallattii:** Yaadrimee hubaatii qaqqabsiisuun nagaa eeguu Booranni amala Waaqni qabu akka ta’etti ibsa. Qabiyyee xiinxalaa kana keessatti bakkeewwan gara garaatti kan dhihaate, yoo namni aad-malee ta’u Waaqni ni’adaba kan jedhudha. Mammaaksi, “Rimaa oolchuufi rimeecha oolchu Waaqati beeka” (Aab Liiban Jaatanii) jedhu, namaafi waan namaa irratti kan aangoo qabu

Waaqa akka ta'e mul'isa. Adabbiin kamuu gama Waaqaan jireenya namatti dhufu yakka namni raawwateeni jedhama. Hubannoo kanaani Boorannis dhiibbaa nagaa isaa irratti keessaas ta'e alaa itti dhufan kan eeggatu. Ejjennoon duraa dabaa ofii sirreessuun dabaa alaa itti dhufe waliin ta'ee qolata. Yaadni kun kan ittiin yaadrimaa'u durii-durii 'Tuqaafi Garbicha'[43], irraa yaadni armaan gaditti fudhatame ka'umsa gaariidha.


**Tuqaa:** Waraabessa, sa'a nyaadhu
**Waraabessa:** Sa'i maal ta'e?
**Tuqaa:** Sa'i somaa gaadduu cabsuu diddee, Gaadduun ijoollee gaaduu diddee, Ijoolleen hantoota hadhuu diddee, Hantooti jirma jala doonuu didee, Jirmi garaa arbaa baqassuu didee, Arbi bisaan xuuxuu didee, Bisaan ibidda dhaamsuu didee, Ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, Iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, Abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide. Waraabessi danda'ee wa obsaa, "Inbuta," jedhee sa'atti gamnaan sa'i soma gaadduutti game, gaadduun ijoollee gaadde, ijoolleen hantuuta haadhuutti gamte, hantooti jirma jala doonuuf yaate, jirmi garaa arbaatti gamee, arbi bisaanit game, bisaan ibidda dhaansuuf gamanii, ibiddi goomphee Waataa gubuuf ka'e, Waati iddii idduuf game, iddiin oobruu abbaa garbicha nyuuf kaate, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq sun fuusiseef. (Barattoota m/b Kobolee, Amajji 31 fi Gur. 01/2022)

Yaada durii-durii irraa cite fudhatame kun ejjennoo xumura irratti irra ga'ame yoo ta'u, tuqaan dooqa ishii garbichi duraa gate deeffachuuf adeemsa hordoftedha. Jalqaba irratti, garbichi inaaf-faan galaanatti duraa darbe. Sababa kanaan, abbaa garbichaatti himattee furmaata dhabnaan iddiitti himatte, iddii irraan Waata, ibidda, bishaan, arba, jirma, hantuuta, ijoollee, gaadduu, sa'a jechaa hanga waraabessaatti deemte. Adeemsa tuqaan hordofte, warra isa kaan irratti hubaatii qaqqabsii-suu danda'aniini. Booda gama hirreen itti dhufnaan hindi kan dura didan dirqiin (irree) itti deemani. Tuqaanis irreen dooqa ishii argatte.

Aadaan adabbii *hama-mudaammuddii* hanga bulchiinsa Minilik 2[ffaa], keessattuu mootummaa Haile Sillaasee keessa guutummaan akka dhaabbate kan himamu, ejjennoo hamaa nama irratti fudhatamudha. Gosni adabbii kun adeemsa namni hamaa akka du'u itti taasisan ta'ee, utuu dhiigi lafa hinbuune raawwata. "Bokkuun buusaa, buusaa irra dhaananii dhiigni qaama keessa yaa'ee akka du'u taasisani. Mudaammuddii, jilba, ciqilee, koomettoo dhaanani. Hulaan sunniin akka malee hamtuu; dhiigat kees ce'a, nidu'a inniinuu. Dhiigni ka onneetti eejju kanneen irraa ka'a," (Aab Burjii) jedha. Kana jechuun, adeemsi adabbii utuu dhiigni lafa hinbu'iin foon keessatti

[43] Dabalee 7-F dubbisi.

madeessuun dhiigni karaa isaa dhiisee qaama guutuu keessa yaa’uun, namni dhiiguma ofiin du’a. Muuxannoon adabbii qaamaa ammallee akka jiru suuraa armaan gadiin calaqqiseera.



Suuraa 12: Adabbii qaamaa Gumii Gaayoo 2020 irratti (Suurri, dargaggoota gosa Maliyyuu)

Akkuma suura irraa mul’atu adabbii kanaan millaafi garaa mukatti hidhuun harka ammoo muka duubaan walitti hidhani. Haala kanaan waaree booda sa’a dheeraaf ega tursiisanii booda yoo irraa hiikan hadhooftuu akka diddige himani. Adabbii kanaaf kan qaqqabsiise haadhaafi abbaa isaa arrabsee gocha isaaf gosa deebisee qeequun akka ta’eefi waliin dubbii tures haala armaan gadiin seeneffame.

> Gosti aad-malee la siin jette ati maal jette, oomaa maal irraa garte jecha kana, maal yaadde?” jettee gosti gaafatte. “Ani oomaa hingarre; ega gosti naan jettee la furadhe malee ka ani akka hamaatti laale ka dhibii hinjiru,” jedhe. Kanatti mukatti hidhuun kan dhufe; egasiis loon lama itti murre. (Aab Diid Galgaloo)

Dubbiiwwan akkanaa irratti miseensa gosaa malee qaamni biraa argamuu waan hindandeenyeef hayyuu gosaa irraa af-gaaffiin fudhatame. Jecha gurbaan worra isaan jedhe hayyuun kun irra deebi’ee dubbachuu hinbarbaanne, garuu dargaggoota irraa maqeenessuu akka ta’eti dhaga’ama. Kaayyoo ijoo adabbii kanaa kan adabame sirreessuu qofa akka hintaane, “Namni jallataa qeerroo irraa eegalee hedduuti dhufa; kanaaf adabbii tana yoo agartu nisodaatti; aadaatti hindabdu; hinjallattu; jecha hamaa hindubbattu,” jechuun Aab Diid dabalee ibse. Jalqabumarraa, “Gadaan

ijjeechaan nama bulchiti," (Aab Borbor) jechuun qaalluu faana wal bira qabuun ibse. Booranni Boorana irratti ejjannoo fudhachuun, jireenya egereef kan dhuunfaarra gareef bakka kennuu mul'isa. Booranni wal dhageettaa walii isaa faana qabuun kan alaa tola jedhee waan dhugeeffa-tuuf, namoota qaalii isaallee itti dhabee nagaa isaa eeggata.

Dubbiifi raawwii namaa aadaa/aad-maleedha jechuuf galumsi murteessaa akka ta'e mammaaksa, "Dubbiin akka yeroo naan jedhanii jirti," (Waaqoo Biqqoo) jedhe, ni'ibsa. Akka mammaaksa kanatti, yeroo aadaan aad-malee, aad-maleen ammoo aadaa itti ta'u akka jiru hima. Yaada kana kan dhugoomsu, "Dhugaan fuula hamtuudha," (Aab Borbor) mammaksa, jedhu kan kennedha. Akka Aab Borbor kaa'etti, yeroo dhugaa dubbachuun dubbii ta'ee dharri nagaa buusu jira jedha. Haata'umalee, aad-malee hundatti irree fudhatamne, "Muka ibiddaa aaru cufa yoo gatan, waan bobeessan dhabani," (Aab Borbor) mammaaksa jedhuun kaa'a. Ibsa mammaaksa kanaas, "Aara wal caala malee muki hinaarre hinjiru. Namni dogoggora hinqabne hinjiru. Nama cufa hamaa jennaan namaa waliin buluu hindandeessu. Akka amalaatiin nama horachuudha," jedhe. Aab Borbor yaada kana haas-barruu Booranaa, 'nyaapha Dooyyoo Boroo' jedhee ittiin wal qeequ waliin walitti fiduun ibse. Dooyyoo Boroo shakkii irraa kan ka'ee, hawaasa ollaa jiru hunda faana waraana eegalee gaaga'ama guddaa qaqqabsiise. Booranni mudannoo kana muuxannoo badaa seenaa isaa keessa jiru taasisee kaasa. Ammallee namni amala akkanaa yoo mul'ise, jechama kanaan ibsu. Bakka bakka itti fufinsi jireenyaa filannoo biraa hinqabnetti irreeti hojjeta.

Itti fufinsa aadaa isaa irratti isuma keessaa kan gufuu itti ta'an irratti akkuma fudhatu, jireenya isaaf yaaddoo kan ta'an irratti immoo Booranni gara jabeessa. Gara jabinni isaa kun amma dura hojiilee gara garaa keessatti hubannoo gara garaan dhihaachaa ture. Kan akka Marcus (1994), Booranni hawaasa ollaa isaa jiraatan irratti hookkarsa akka kaasu ibsa. Gama biraan, Mekuria (2011) bulchiinsi gadaa itti fufinsa nagaaf akkuma dimokiraatawaa ta'e haala itti waraana tajaajilsmus niqaba jedha. Waraana akka aadaatti qabatee akka deemu kan ibsu irratti ragaan qabatamaa dhihaatu hinjiru. Haata'umalee, aadaa waraanaan nagaa isaa eeggachuu kan mul'isan taatewwan qabatamoo jireenya guyyuu keessatti calaqqisan nijiru. Kaayyoon isaas, humna yaadrimee nagaa Booranaa hubuuf dhufe dabsachuudha.

Akka Booranni waraanatti seenu kan taasisan, haaloof jecha ykn humna isa hubuuf itti dhufaa jiru yoo argedha. Halloon kan utuunni quba hinqabaatiin dhufee namaafi horii isaa hubedha. Haaloon wal qabatee kan bal'inaan ka'u seenaa Diidoo Gaawwolee, adulaa Karrayyuu gadaa Madha

Booruu Daadoyi (1753-1760). Diidoon gootummaa waan qabuuf AG faana mataa wal qabuu heddummeessa. Akka inni kophaa godaanu itti malanii inni kophaa godaannaan diinni dagee ajjeese. Nammaan ajjeefamuun isaafi goota dhabuun isaa AGtti xiiqii hore. Yaada keessa ta'ee utuu saddeeqa taphatuu, "Takka, lama, sadii gaafa jiru natti gogee, doonaan hidhaa natti gossee ka'aa dooya dhaqaa," (Waaqoo Biqqoo) jedhe. Dooyi bakkaafi haala diina kanaa basaa-suudha. Diinnis waan kana beekuuf miliqeera. Garaan haadhaa nibeeka jedheeti, haadha rafuuf jettu dhokatanii akka caqasan itti erginaan, "Lafa eeli raayyaa bisaanii, maddoon gaara midhaan warraa, haaloo Diidoo kiyyaa nam baasu dhabanii," (MGX, Yaa'a Balloo 20/02/2022) jechuun, bakka diinni qubate himte. Eeruu haadhaa irratti hundaa'uun haaloon Diidoo deebi'e. Ammallee jeemuu (geerarsa gootaa) keessatti akka Booranaatti hirmaatanii deebisuu ibsamu.

Haaloon haaloo gaafattee, qottoon olla gaafattee
Haaloo Diidoo Gaawwole, baatee gochi gaafatte. (Waaqoo Biqqoo)

Haaloon yoo danda'ame battalatti akka deebi'u, ta'uu baannaan hanga lubbuun jiranitti baasuu yaalu. Mammaaksa, "Galata irraa do'ani, haaloo waliin do'ani," (Aab Waaqoo) jedhuun, waan namni namaa oolee (galata) fi waan namni nama irratti raawwate wal bira qabuun qindaa'e. Aab Waaqoon yaada kana yoo ibsu, "Yoo galataa, ofii wa gochuu dadhabdee ilma kankeetti dhaamattee doote, ekeraan kankeellee ni qabbaneeffatti. Haaloo eegi ufii hinbaasiin waliin doote, ilma kan keetti hinamantu ingubatta," jedhe. Yoo danda'ani wanuma namni nama godhe godhani, dadhabnaan warra haaloo ta'uu ilmatti himatani. Adeemsi nagaa eeggannaa kun, akkuma inni tolche tolchuun akka danda'amuufi daran itti hammaatanii akka inni irra deebi'ee hinyaadne gochuuni.

Adeemsa nagaa eeggannaa keessatti taateen Boorana ejjennoo waraanaa akka hordofu taasisu yoo humni isa hubuuf dhufaa jiraachuu arge/hubatedha. Diinni akkanaa bineensa illee nidabalata. Jaarsi Booranaa nagaallee nidubbata, akka ilmi janna ta'us inhojjeta. Gootummaan daa'imummaa irraa akka itti guddisan kan himu ogafaan armaan gadiiti jira.

Ilmi abbaan bareedaa, bareeda;
Duul, duula sodaata;
Dhab, dhab sodaata;
Dhabee galu abbaa sodaata. (Aayyo Hinseenee)

Ogafaan kana keessatti bareedaa kan jedhu gootoma ibsuuf gale. Abbaan yoo goota ta'e ilmis sanuma jechuun, amala goota irratti calaqqisu ibsa. Haala kanaan, ilmi gootaa duula dhaquu isaa nisodaata, ega duulee waan ajjeesu dhabuu nisodaata, yoo dhabe ammoo manat galuu abbaa sodaata. Sodaan jalqabaa kan maddu, bakki duulaa ifaajjii guddaa hanga wareegamuutti carraan jiraachuu isaati. Haata'u malee, carraan kun jiraatus irraa hinafu, inuma duula. Kun ammoo gootummaan sodaan hinjiruu utuu hintaane, sodaa mo'atanii fuulduratti deemuu kan jedhu ibsa. Sodaa ofii mo'atanii duuluun mataa isaan ga'aa miti, waan ajjeesan dhabuun sodaa biraa dhala. Tooftaafi humna qabu tajaajilamee mirga fudhatee galu malee, harka duwwaa taanaan akka abbaan isa hindhiifne kaa'a. Kanaafuu, waanta gootni sodaatu kan gara garaa akka ta'aniifi kanuma keessatti kaayyoo barbaadamu galmaan ga'a.

> Booranni roobaan jireessa; horii qeencaan jiraata. Roob gul socho'a/godaana, gos dhibiillee keessa godaanuu danda'a, karaa callaa gubbaa hingodaanu raasaa keessa godaanuu danda'a. Gaafanni raasaa keessa godaane bineensi horii nyaachuuf itti socho'uu danda'a (qophiin gootummaa nyaapha isatti dhufu maraaf akka ta'e mul'isa). Yoo loon keessa jirtutti bineensa loonitti dhufe namuma suniti dhorgata ykn qolata jechuudha. (Diid Diimaa)

Horiin kamuu tajaajila mataa isaa kan qabu yoo ta'u, harreetti dhaachaaf/fe'isaaf itti tajaajilama. Ogafaanota gara garaa keessatti ammoo harreen akka nyaata waraabessaa taatetti dhihaata. Dhawana harree keessattis harreefi waraabessa walitti fiduun yoo waraabessi harree qabatu ejjennoo abbaan horii fudhatu himu.

Gabaabaa kiyya Galoo, gabaabinni amaloo
Uqquu dhaane baranoo, dhaachituu bonni qabee
Dhaanee orrisi qabee, waraaboon gonne qabee
Waraanaan sirrat hadhee. (Goollichaa)

Bineensaan cinatti, sidiin loon ooffachuu yoo dhuftellee nifalmata. Horii ofii jabeeffachuun dirqama akka ta'e, "Karra, abbaat durat do'a," jedhani. Eegi ati lubbuun baatee karra tantee ka fudhatan taate, ol jettee Boorana keessa hindeemtu jechuudha. Yoo abbaan sodaatee horii isaa sidiitti lakkise Booranati reebee (faana ce'ee) irraa buusa. Sababni isaas, "Abbaan dabeessallee ta'u, loon tan Booranaati. Nyaaphi fudhatee galuun gurra Booranaa dansa miti," (Soraa Liiban) kan jedhu aadaama Booranaa ta'uu hima. Yoo xiqqate waan ofii eeggachuun ammoo dirqama nama hundaati. Aadaan buusaa-gonofaafi irbi gama waraanaan kan hojiirra oolu, nama utuu falmatuu ykn bakka inni hinjirretti saamame qofaafi. Hanga sidiin Boorana hubaa jirutti kan dhaabbatee ilaalu hinjiru. Mammaaksi, "Lubbuu dhufte, qaroomi hindhufu," (Karra Gumaataa,

21/02/2022) jedhu, ejjennoo lubbuu baafannaa malee yeroo mariifi xiinxalaa akka hinqabne ibsa. Waraana Booranatti dhufetti yoo wal yaaman:

Ochi Dambalaa,
Ochi Wakooraa
Warri keenna indhowwa!
Jillicha sarbaa, galalcha sarbaa!
Waraabessa ebeluu,
Gordib ebeluu,
Sanyii ebeluu ebeluu,
Dhalcha ebeluu ebeluu,
Janna ebeluu…
Dambala akalee… hordi, jedhee reeba. (MGX, Yaa'a Balloo 11/02/2022)

Qabiyyee armaan olii jechuun, "Wal jalaa iyyani; nyaaphi ya biyya balleessee reebaa, namni hindhufiin goli nyaapha," akka jedhama. Kana jechuun, "Daafanaa waraana reebuu dide indhaanani, nijeesani," (Okkoto Tikoo) jedhe mul'isa. Kan duule ammoo amala waraabessaa qabaachuu akka qabuufi hiikti isaas 'waraabessi anbaa hinqabu, anbaa hinanbisiinee' kan jedhu akka walii dabarsan marii kana irratti ka'e. Amala waraabessaa qabaachuun nama waraanuu danda'uufi iratti hirmaate qofarratti akka hojjetu, sidii dabsatee qe'ee sidii yoo saamu, ijoollee, uwwaa, jaarsa, nama dhibee qaamaa qabuufi kan rafee jiru ajjeesuun aad-malee jedhee ibsa. Kanneeniin alatti, nama duula irratti hirmaate irratti ejjennoo fudhatamuu qabu mammaaksa, "Kan qabii tuffate, arboora malee du'a," (Waariyoo Garboolee) jedhuun gara jabina wal barsiisa. Akkasumas, yaadni jeemuu armaan gadii keessatti dhihaatu mammaaksa kanaan wal tumsa.

Gaarri Saakoo xiqqumaa Waaqa hanqata
Nami Waaqi jaalate xiqquma qaalluu hanqata
Nami tokko ijjeese sunumaan dhaaduu argata. (Halakee Moluu)

Duulatti ega ba'anii hangaafi baay'ina utuu hintuffatiin ejjennoo akka fudhatan jajjabeessa. Kana akka raawwataniif, mallattoo goonni ittiin adda ba'uufi beekamu, arbooraafi dhaaduu maqaa dhahuun ittiin dadammaqsa. Muuxannoo kana Booranni amma illee nitajaajilama, yoo hintajaa-jilamiin sidiin akka isa balleessituti himama. Ejjeenni fudhatu kana, "…a determination to defend their grazing, water and stock from similar pastoral competitors, it is one which Boran still merit," (Baxter, 1979:85) akka ta'e ibse. Waan ofii eeggachuu keessatti hanga sidiin dhuftee waraana eegaltutti Booranni taa'ee hineegu, yeroo gadooma isaa kan yaaddoo itti ta'uu danda'u dursee rukkuta. Raabni maqaanuu waraana akka ta'e Aab Dullacha hima. Ati namaaf tolteef yeroo hunda galanni hindeebi'u, kan tolaniif deebi'ee akka sidii namatti ta'u durii-durii Boqonnaa 6$^{ffaa}$ keessatti

mudannoo kinnisaafi jaldeessaan ibsameera. Jaldeessi damma nyaatee galata galchuurra daguu kinnisaa gaafate. Kinnisni akka dubbiin itti dhufaa jirtu hubattee qarummaan jaldeessa dabsatte. Akkasuma, raabni nama ajjeesee aadaa ittiin guuttatu hinqabu, garuu waan booda isa hubu qarummaan tasgabbeessuuf ejjennoo fudhatudha.

Utuu hubaatiin hinmudatiin dura waan naannootti raawwatuufi dhaga'amu irratti hundaa'anii yoo ejjennoo hinfedhatiin, yaadrimee mammaaksa, "Nami aggacha hindhugeeffatiin, dha'insallee hindhugeeffatu," jedhuuf saaxilamuu ta'a. Utuu hindurfamiin dursuufis ta'e yoo hindandeenye baqachuuf, mallattoon jalqaba argamu murteessaadha. Ejjennoon raabaa hubannoo kanaani qaama kaan irratti waraana kan banu. Booranni tolaanis ta'e umnaan akkaataa dubbiin itti dhufeen nagaa eeggachuu hubannoo jedhu hojiirra oolcha. Walumaagalatti, yaadrimee Booranni nagaa isaa itti eeggatu nagaa Booranaa itti fufsiisuu kan jedhu keessaani. Kana galma geessisuuf ammoo, hariiroon madaalawaa akka jiraatu hojjechuun ulaagaa jalqabaa Booranni qabudha. Yoo kanaan hindanda'amiin akkaataa dubbiin itti dhufteen keessummeessuu aadaa jedhu hojiirra oolcha.

# BOQONNAA SADDET

## 8. GOOLABAAFI YABOO/YAADA FURMAATAA

Qorannoo ‘Nagaa Aadaa Booranaa keessatti Yaadrimeessuu’ mataduree jedhu irratti xiyyeeffatee gaggeeffame kun bifa gaaffilee qorannoo boqonnaa duraa keessatti qindaa’an deebisuun dhihaate. Boqonnaa kanaan ammoo gaaffilee qorannoo kanaa deebi’aniin waan irra ga’ame bifa goolabaan dhiheessuufi ragaa qabatamaa hawaasa keessa jirurraa ka’uun yaada furmaataa dhimma nagaan wal qabateti dhihaate. Haaluma kanaan, matadureewwan gara garaa lamatti qoodamuun armaan gaditti dhihaataniiru.

### 8.1. Goolaba

Hojii qorannoo keessatti goolabni kan waan qorannoon irra ga’ame ykn waan qorannoon buuse dhiheessudha. Nagaa akkaataa hubannoofi ilaalcha addunyaa qabatamaan yaadrimeessuuf jalqaba irraa jecha *nagaa* jedhu duudhaa hawaasni waliin qabu ykn caaccuu fookloorii ta’ee fudhatamuun, yaadrimee fookloorii dachaa (metafolklore) hordofuun gaggeeffame. Adeemsa kanaan, duudhaalee Booranni qabuufi aadaa inni itti jiraatu, *nagaa* kan ogeeyyiin ibsa ifa ta’e kennuuf rakkatan yaadrimeessuuf ammoo akka salphatu gargaarani. Nagaan yaadrimee wal xaxaa hubachuuf rakkisaa ta’e ta’us, Booranni yayyaba jecha kanaaf raagamtaan ega kaa’ee booda adeemsa hojiirra oolmaa isaa gama ogafaanii, raawwilee gara garaafi meeshaalee aadaa yoomessa gara garaa keessatti dhihaataniin mul’isa. Faca’insi caacculeefi yoomessaa jiraatus qindaa’ina gidduu isaanii jiruun hubannoo guutuu tokko dabarsu. Hubannoon jirus, nagaan hariiroo namni Waaqa, nama akka isaafi uumama kaan waliin qabu gidduutii ba’a. Sadarkaa kanatti, nagaan hariiroon madaalawaa Waaqa, namaafi uumama kaan gidduu jiraachuudha.

Akkaataa dhugeeffannaa Booranaatti hariiroon duraa Waaqaan akka yayyabameefi innis *seera uumamaa* ykn *aadaa Waaqaa* jedhamee waamama. Gama biraan, Waaqni kan bakka hundatti argamu, waan cufa kan beekuufi hunda kan danda’u jedhamee gabaabbatee bifa ibsamuun jireenya qabatamaa Booranaa keessatti calaqqisa. Aadaan uumamaa jireenyi madaallii isaa eegee akka itti fufu kan taasisu yoo ta’u, bu’uurri falaasamaa *waan jiru* kan jedhu kan keessatti keessumaa’udha. Waan jiru argachuu namaadha nagaa jedhamee akka angafaatti kan ibsamu. Kana jechuun, uumee (cosmic) irraa eegalee shoora ba’uu qaban yoomessa isaanii keessatti qooduu isaaniiti. Yayyaba

uumamaa nagaan ittiin ibsamu bifa gabaabaan yoo dhihaatu: rooba roobeen margi ba'a, marga ba'e horiin nyaata, horii nyaateti aannan ba'a, aannan argate namni dhuga. Haata'umalee, seerri uumamaa cabuun madaalliin bakka isaa gadhiisee faallaa nagaa kan ta'e *naga-dhaba* (dhuma jireenyaa) kan jedhutti darbama. Kaafuu, sadarkaa naga-dhabaatti dhimmi nagaa bakka hinqabu, namni waa'ee nagaa kaasu waan hinjirreef. Taatewwan gara naga-dhabaatti geessan mallattoolee isaan mul'isaniin hubatamu.

Taatewwan nagaa hookkaraniifi yoo dabalaa deeman gara naga-dhabaatti geessan kan maddan *aad-malee* ta'uu irraati. Aad-maleen waan silaa ta'uu malan dhiisanii waan silaa ta'uu hinmalle yoo ta'annidha. Gama biraan, aadaa/yayyaba uumamaan ala ta'uudha. Akka dhugeeffannaa jirutti, ka'umsi aad-malummaa nama ta'ee, hariiroo Waaqa faana qabu cabsuun waan silaa argachuu male dhabuun aad-maleen itti dhufa. Haata'uutii, Booranni taatewwan aad-maleetti ta'an mallattoolee ittiin hubatu qaba. Mallattooleen kunneen waan namni nama akka isaa ykn/fi uumama kaan irratti raawwatu, amala horiin/bineensi mul'isuufi taatee gama Waaqaan mudatan irraa gara hookkarsa nagaatti deemaa jiraachuu ykn hookkarsatti seenuu bara. Mallattoolee aad-maleen ittiin hubataman hedduun isaanii amala wal xaxaa waan qabaniif, sadarkaa qalbeeffannaafi muuxannoo guddaa barbaadu. Faallaa kanaan ammoo waan raawwatanirraa ka'uun salphatti kan hubatamanis nijiru. Kana keessatti waanti hubatamuu qabu nagaan sona hedduu irraa waan ijaarameef sonni nagaa tokko yoo cabe hookkarsa uuma malee kallattiin naga-dhaba jedhamee hinibsamu. Naga-dhabni bakka sonoonni nagaa hundi dhabamanii jireenyi addaan cite/dhaabbatetti. Kun akka hinmudanne namni adaa uumamaa irratti hunda'uun aadaa itti waalii isaafi uumama kaan faana ittiin jiraatu dhale/uummate. Aadaa namni dhale haala aadaa uumamaa eeguuf tolutti waan qindaa'eef hariiroo Waaqa faana qabus eeggata.

Aadaa namni uummachuun jireenyi isaa akka itti fufu taasisu *nagaa eeggannaa* jedhama. Ejjennoo jalqabaa nagaa eeggannaa, yayyaba uumamaa hubachuudha. Innis, waan jiraniifi amala isaan qaban adda baafachuudha. Kana hordofuun, waantota jiran ittiin/waliin jiraachuuf aadaa tolfata. Ilaalchi addunyaa Oromoo seera uumamaa eeguu irratti kanxiyyeeffate ta'us, Booranni ammoo garee ammayyu muuxannoo kana cimsee hojiirra oolchudha. Aadaan sadarkaa goorootti haala namni nama akka isaafi uumama kaan faana wal hubannaan waliin jiraatu gargaarudha. Aadaan mallattoo aad-malee calaqqise irratti hundaa'uun utuu rakkoon hinmudatiin ejjennoo fudhatamuu maluufi kanarra darbee rakkoon yoo mudates adeemsa ittiin keessaa ba'an hunda hammata.

Yayyabni uumamaa nagaan ittiin ibsamu akkuma sadarkaaleefi adeemsa gara garaa keessa darbee jireenyi akka itti fufu taasisu, taatewwan kana gufachiisanis amala gara garaan calaqqisu. Nagaa eeggannaa kan jedhus hookkarsa dhufaa jiru hanqisuu ykn kan mudate to'achuu irratti hojjeta. Nagaan kan hookkaramu rakkoo namni uumu irraa madda hubannoo jedhuun, aadaa Booranni nagaa ittiin eeggatus nama giddu galeessa kan godhatanidha. Nagaa eeguun mallattoon nagaa hookkaran mul'achuu hordofuun nama dhuunfaatii hanga garee (Boorana guutuu) hirmaachisuutti deemuu danda'a. Kaayyoon nagaa eeguu fedha jiraachuu namaa guutuuf utuu hintaane, seera uumamaa eeguufi. Innis, yayyabni uumamaa kan Waaqaa waan ta'eef namni yayyaba kana akka hincabsine of eega ykn caasaa hawaasni qabuun eegama. Yoo sadarkaa to'annoo namaarra darbe Waaqni aad-malee uumamaa mul'isuun nagaan akka eegamu taasisa.

Booranni *nagaa Booranaa* jedhee kan ittiin jiraatu adeemsota kana hunda kan of keessaa qabudha. Nagaan sadarkaa goorootti 'itti fufinsa jireenyaa' jedhamee ibsamuu danda'a. Sadarkaa gooreetti ammoo, jiraachuu + qabaachuu/argachuu + ifaajjii sirrii namaati. Hubannoo Booranni nagaa irratti qabuufi aadaa inni jireenya qabatamaa keessatti hojiirra oolchu kanneen keessatti mirkanaa'u. walumaagalatti, ragaalee maddaniifi xiinxala gaggeeffame irraa bu'aan gara garaa kan argaman yoo ta'u, isaan keessaa: 1) Oromoo irratti dhimmi dhugeeffannaa isaan wal qabatee Waaqa kan jedhu akka qabu, 2) Yaadrimee nagaa ilaalcha addunyaa isaan wal qabatu qabaachuu, 3) Nagaan sona hedduu kan of keessaa qabuufi gama sirrii isaan kan ibsamu malee fafeefi sona qeenxeen daangessanii kaa'uun sirrii akka hintaanefi 4) Aadaan hawaasaa birkii mataa isaa kan qabuufi wal ta'anii yaadrimee nagaa galma ga'uuf kan qindaa'an ta'uun kanneen ijoodha.

### 8.2. Yaboo/Yaada furmaataa

Mataduree hojiin kun irratti dhihaate ilaalcha addunyaa hawaasni irratti hundaa'ee jireenya isaa gaggeeffatu irratti waan xiyyeeffateef qabiyyee walxaxaafi hubachuuf rakkisudha. Qindaa'ina hojiin kun ittiin dhihaates nama qorannoo gaggeessuufi yoomessa irratti hundaa'ee jijjiiramaaf kan saaxilamedha. Hubannoofi goolaba argame irratti hundaa'uun egeree qorannoos ta'e itti fufinsa aadaaf yaadoleen furmaataa armaan gadii dhihaataniiru.

- Qorannoo kanaan yaadrimee lama (nagaafi fookloorii) walitti fiduun gaggeeffame. Adeemsa kanaan jechi *nagaa* jedhu yaadrimee bal'aa guutummaan jiruuf jireenya namaa keessatti argamanidha. Kanaafuu, qorannoon dhimma hawaasaa irratti gaggeeffamu hundi

yaadrimee gooroo akka nagaa fuulleffannoo godhachuun dhihaachuu danda'u. Oromoof jechi nagaa jedhu humna kana qaba. Ejjennoon kanaan yaaxxioota fuulleffannoo biyyoota lixaa qabanirra ragaa qabatamaa dhiheessuuf dandeessisa.

- Muuxannoofi hubannoo hawaasa jeebanaa qorachuun raawwilee guyyuu isaanii argachuu barbaada. Amala horsiisee bulaa bishaaniifi marga barbaacha bakkaa bakkatti sochouuf qabuun cinatti, rakkooleen uumamaa kan akka hongee yoo itti rakkoon hojii qorannoo mudatu daran akka hammaatu taasisa. Amaloota akkanaa gara dirreetti utuu hinba'iin dursanii hubannoo qabaachuun, karoora haala yeroo waliin wal simatu baafachuufi isaan oogganamuuf haala mijeessa. Kanaafuu, namni gara qorannoo hawaasa jeebanaa keessa jiru, waa'ee hawaasa irratti qorachuuf deemuu waan dubbise cinatti dursanii abuuruun rakkoowwan mudachuu malan hanqisuu/salphisuu danda'a.
- Haalota qorannoof hinmijanne kan duraan itti hinyaadiin ykn yaadamullee kan irra darbanii ragaa itti maddisiisan mudachuu danda'a. Haala akkanaa keessatti, malli ragaa maddisiisuu tokkoon yoo haalli hinmijatiin, mala biraan itti demuun odeeffannoo guutuu argachuuf yaaluudha. Fakkeenyaaf, hanqina yeroo, baajetaa, haala naannoofi/ykn kkf irraa waanti daawwatamuu male yoo hinmijatiin, namoota jila barbaadame kana irratti hirmaatan, keessattuu jila keessatti qooda kan qabaatanii turan marii gareefi afgaaffiin ragaa barbaadamu irraa maddisiisuun bakka duwwaa cufuuf hojjechuudha. Daawwannaan hafe jedhamee odeeffannoo hanquu dabarsuurra waan fiatamuuf.
- Taatewwan hookkarsa uumuun jireenyi akka itti hinfufne taasisan mallattoo mataa isaanii qabu. Hawaasni jeebanaa muuxannoo ilaalcha addunyaa ittiin jiraatu irraa horateen mallattoolee kana hubachuun nagaa isaa eeggachuuf ejjennoo barbaachisaa fudhata. Beekumsa hawaasaa kanaaf bakka kennuun ragaa qabatamaa sirna barnootaa keessa seensisuun ga'umsaan barsiisuun nagaan waarawaa akka argamu dandeessisa. Kanaafuu, akka Oromiyaatti Biiroon Barnoota Oromiyaa qaamota dhimma nagaa irratti hojjetan faana qindaa'uun yoo irratti hojjete, sadarkaa Oromiyaarra darbee akka biyyaatti imaammanni waalta'aa hawaasa walitti fidu akka burqu daandii saaqa.
- Xumura irratti, hojii qorannoo ilaalcha addunyaa hawaasaan wal qabatu keessatti, taatewwan uumamaas ta'e namtolchee mudachuun hojii irratti gufuu fakkaatanis, ragaa qabatamaa malleen saayinsiin qaqqabuu hindandeenye akka miiraffatamu carraa uumu. Akka qorataatti, sammuu banamaan haalota ilaaluufi xiinxaluun, qorataa gaarii qaree

baasa. Mudannoowwan fafee ta’anis, danboobsuun filatamaadha. Walumaagalatti, nagaa Booranaa yaadrimeessuun Oromoo aadaa duudhaa isaa gadhiisee hariiroo jiru dhabeef haala deebi’ee itti qindaa’uuf dammaqinsa kenna.

## WABIILEE


Aberra Degefa Nagawo (2015). *Justice that heals and restores: the potential of embracing borana Oromo indigenous justice system alongside the Ethiopian formal criminal justice system.* AAU, PhD dissertation, unpublished.

Abrahams, R. D. (1993). Phantoms of Romantic Nationalism in Folkloristics. *The Journal of American Folklore*, 106(419), 3-37.

Abreham Alemu Fanta (2015). *Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the South western Oromo of Ethiopia: a Comparative Study*. PhD Dissertation, University Amsterdam.

Aguilar, I. M. (1998). *Being Oromo in Kenya.* Trenton, NJ: Africa World Press.

Aguilar, I. M. (2008). The Nagaa Boorana: Contemporary Discussions on Ritual and Political Diversity. *Journal of Oromo Studies*, 15(1), 181-202.

Ahmed, J. A. & Berns-McGown, R. (2004). Northeastern African Folklore (The Horn): Overview. In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 595-599). Routledge.

Albert, O. I. (2008). Understanding peace in Africa. In D. Francis (Ed.), *Peace and Conflict in Africa* (pp. 31-45). Zed Books Ltd.

Allolio-Näcke, L. & van Oorschot, J. (2013). Social Constructionism. In R. J. McGee & R. L. Warms (Ed.), *Theory in Social and Cultural Anthropology* (pp. 785-788). SAGE Publications, Inc.

Al-Saadi, H. (2014). *Demystifying Ontology and Epistemology in research methods.* Research Gate.

Anderson, L. G. (1985). The Elusive Definition of Peace. *International Journal on World Peace*, 2(3), 101-104.

Andrzejewski, B. W. (1962). Ideas about Warfare in Borana [Oromo]: Histories and Fables. *African Language Studies III*. Pp 116-136.

Anfinsen, R. (2015). Nature and the Political Ideal of Aristotle. *Contrastes: revista internacional de filosofía*, 20(3), 145-161.

Asebe Regassa Debelo (2019). Living with Conflict: Borana's Resilience in Southern Ethiopia. *African Conflict & Peacebuilding Review*, 9(2), 75-97.

Asebe Regassa Debelo and Tadesse Jaleta Jirata (2018). Peace Is Not a Free Gift: Indigenous Conceptions of Peace among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia. *Northeast African Studies*, 12(1-2), 201-230.

Asmarom Legesse (1973). *Gada: Three approachs to the study of African Society*. New York: the free press.

Asmerom Legesse (2000). *Oromo Democray*. New Jersy: Red Sea press.

Assmann, J. (2004). Monotheism and Polytheism. In, J. Assmann & S. I. Johnston (Eds.), *Religions of the Ancient World* (pp. 17-31). A Guide, Cambridge Mass.

Babbie, E. (2008). *The Basics of Social Research*, (4th ed.). Thomson Wadsworth, USA.

Barash, D. P., & Webel, C. P. (2022). *Peace and conflict studies* (5th ed.). Sage Publications.

Barnes, E. H. (1923). The Natural State of Man (An Historical Resumé). *The Monist*, 33(1), 33-80.

Bartels, L. (1983). *Oromo Religion: Myth and Rite of Western Oromo of Ethiopia - An attempt to understand.* Berlin: Dietrich Reimer Very lag.

Bascom, W. R. (1954). Four Functions of Folklore. *The Journal of American Folklore*, 67(266), 333-349.

Bassi, M. (1994). Gada as an Integrative Factor of Political Organization. In, D. Brokensha (Ed.), *A River of Blessing: Essays in Honor of Paul Baxter* (Pp. 15-30). Maxwell School of Citizenship and Pubuc Affairs Syracuse Unnersity, Syracuse, New York.

Bassi, M. (2005). *Decisions in the Shade: Political and Juridical Processes among the Oromo-Borana.* Cynthia Slvadori (translator). The Red Sea Press. Asmara, Eritrea.

Baxter, P. T. W. (1965). Repetition in Certain Boran Ceremonies. In M. Fortes and G. Dieterlen (Eds.), *African Systems of Thought* (pp. 64-78). London: OUP for I. A. I.

Baxter, P. T. W. (1978). Boran Age-Sets and Generation-Sets: Gada, a Puzzle or a Maze? In P.T.W. Baxter & U. Almagor (Ed.), *Age, Generation and Time: Some Features of East African Age Organizations* (pp: 151-182). C. Hurts & Co. Publishers, London.

Baxter, P. T. W. (1979). Boran Age-Sets and Warfare. *Senri Ethnological Studies,* 3(30), 69-95.

Baxter, P. T. W. (2002). Editorial note. In Sahilu K. (Autor), *Borana Folktales: A Contextual Studies* (pp: viii). London, United Kingdom.

Ben-Amos, Dan (1970). Review of Victor Turner, The Forest of Symbols: Aspects of Ndembu Ritual (1967). *Western Folklore,* 29 (2), 134-136. http://dx.doi.org/10.2307/1498807

Bhattacherjee, A. (2012). *Social Science Research: Principles, Methods, and Practices* (2nd ed.). Textbooks Collection. 3. http://scholarcommons.usf.edu/oatextbooks/3

Blackstone, A. (2018). *Principles of sociological inquiry: Qualitative and quantitative methods.* Saylor Academy Open Textbooks.

Bongmba, K. E. (2001). *African Witchcraft and Otherness: A Philosophical and Theological Critique of Intersubjective Relations.* State University of New York Press, Albany.

Borena Zone Planning and Economic Development Office (2013 E.C.). *Physical and Socio-Economic Profile of Borana Zone.* Yabalo.

Boucher, D. (2009). *The Limits of Ethics in International Relations: Natural Law, Natural Rights, and Human Rights in Transition.* Oxford University Press.

Boulding, E. (2007). Peace culture. In L. R. Kurtz, & J. E. Turpin (Eds.), *Encyclopedia of violence, peace, and conflict* (V. 2, pp. 653-667). Academic Press.

Boulding, E. K. (1977). Twelve Friendly Quarrels with Johan Galtung. *Journal of Peace Research,* 14(1), 75-86.

Boyland, J. R. (2019). A social constructivist approach to the gathering of empirical data. *Australian counselling research journal,* 13(2), 30-34.

Brewer, D. J. (2000). *Ethnography.* Open University Press, Buckingham. Philadelphia.

Britannica, T. Editors of Encyclopaedia (2024, April 4). Maat. *Encyclopedia Britannica.* https://www.britannica.com/topic/Maat-Egyptian-goddess

Bronner, S. J. (1986). Folk Objects. In Elliott Oring (Ed.), *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction* (pp. 199-123). Utah State University Press.

Bronner, S. J. (2017). *Folklore: The Basics.* Routledge, Taylor & Francis Group, London & New York.

Buckingham, W. (2011). *The philosophy book.* Dorling Kindersley Ltd.

Bulatovich, A. [1897] (2000). *Ethiopia through Russian Eyes: Country in Transition 1896-1898* (R. Seltzer, Trans.). The Red Sea Press.

Cerulli, E. (1922). *Folk-literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia (Vol. 3).* African Department of the Peabody Museum of Harvard University.

Chandler, D. (2017). *Semiotics: The Basics* (3rd ed.). Routledge, New York.

Chilisa, B. (2012). *Indigenous Research Methodologies.* SAGE Publications, Inc.

Collinson, D. & Plant, K. (2006). *Fifty Major Philosophers* (2nd ed.). Routledge.

Costantino, E. T. (2008). Constructivism. In L. M. Given (Ed.), *The Sage encyclopedia of qualitative research methods,* (pp. 116-120). Thousand Oaks, CA: Sage.
Creswell, J. W. (2013). *Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing among Five Approaches* (3rd ed). SAGE Publications, Inc.
Creswell, W. J. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative and Mixed-Method Approaches* (3rd ed.). London: SAGE.
Creswell, W. J. (2014). *Research Design: Qualitative, Quantitative, and Mixed Methods* (4th ed.). Approaches SAGE Publications. USA.
Daani’eel Bal’is & Taaddesee Jaallataa (2024). Nagaa Booranaa: Xiinxala akkaataa Hawaasni Booranaa Nagaa itti Hubatu. *Barruulee Gadaa*, 7(2), 18-28.
Danesi, M. (2004). *Messages, signs, and meanings: A basic textbook in semiotics and communication* (V. 1). Canadian Scholars’ Press.
de Saussure, F. (1959). *Course in general linguistics.* C. Bally & A. Sechehaye (Eds.). Wade Baskin (Trans.). New York.
DeBrohun, B. J. (2007). The Gates of War (and Peace): Roman Literary Perspectives. In K. A. Raaflaub (Ed.), *War and Peace in the Ancient World* (pp. 256-278). Blackwell Publishing Ltd.
Dietrich, W. (2012). *Interpretations of Peace in History and Culture.* Palgrave, Macmillan. https://doi.org/10.1057/9780230367715
Diop, C. A. (1989). *The cultural unity of black Africa: The domains of patrisarchy and matriarchy in classical antiquity.* Karnak House, Britain.
Dovlo, E. (2004). Ancestors. In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 2-5). Routledge.
Dovlo, E. (2004). Cosmology. In, In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 147-150). Routledge.
Drago, A. (2012). Peace Studies and the Peace Movement. *Journal of Peace and Conflict,* 45(1), 163-191.
DuBois, A. T. (2011). Obscenity. In C. T. McCormick & K. K. White (Eds.), *Folklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and Art* (2nd ed., pp. 911-914). ABC-CLIO, LLC.
Dujardin, Y. (2021). *Dialectical Waves of Change: Using Dialectics, Emerging Issue Analysis and the Futures Wheel to Develop a Tool for Applied Futures Research.* World Futures Review, SAGE.
Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Prentice-Hall, Inc., Englewood Cliffs, N. J.
Dundes, A. (1966). Metafolklore and Oral Literary Criticism. *The Monist*, 0(4), 505-516.
Farrer, R. C. (2011). Cosmology. In C. T. McCormick & K. K. White (Eds.), *Folklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and Art* (2nd ed., pp. 312-314). ABC-CLIO, LLC.
Farrer, R. C. (2011). Myth. In C. T. McCormick and K. White (Eds.), *Folklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and Art* (2nd ed., pp. 894-901). ABC-CLIO, LLC.
Fetterman, M. D. (2010). *Ethnography: Step-by-Step* (3rd ed.). Sage Publications, Inc.
Flick, O. (2002). *An Introductions to Qualitiative Research.* London: SAGE Publications Ltd.
Flick, U. (2014). Mapping the field. In U. Flick (Ed.), *The SAGE Handbook of Qualitative Data Analysis* (pp. 1-8). SAGE.
Foot, E.C. (1913). *An Afan Oromo-English, English-Afan Oromo Dictionary.* Cambridge University Press.
Foster, R. B. (2007). Water under the Straw: Peace in Mesopotamia. In K. A. Raaflaub (Ed.), *War and Peace in the Ancient World* (pp: 66-80). Blackwell Publishing Ltd.

Galtung, J. (1964). An Editorial Source. *Journal of Peace Research,* 1(1), 1-4.
Galtung, J. (1967). *Theories of Peace: A Synthetic Approach to Peace Thinking.* International Peace Research Institute, Oslo.
Galtung, J. (1969). Violence, Peace, and Peace Research. *Journal of Peace Research,* 6(3), 167-191.
Galtung, J. (1981). Social Cosmology and the Concept of Peace. *Journal of Peace Research,* 18(2), 183-199.
Galtung, J. (1986). *Peace Theory: An Introduction.* Princeton University. Princeton, New Jersey.
Galtung, J. (1996). *Peace by Peaceful Means: Peace and Conflict, Development and Civilization.* International Peace Research Institute, Oslo. SAGE Publications, London.
Geertz, C. (1973). *The interpretation of cultures* (V. 5019). Basic books.
Gemetchu Megerssa (1993). *Knowledge, Identity and the Colonizing Structure: The Case of the Oromo of East and Northeast Africa*. Revised version of an unpublished Ph.D. Dissertation, London: University of London, School of Oriental and African Studies.
Gemetchu Megerssa (2005). The Oromo World View. *The Journal of Oromo Studies,* 12(1-2), 68-79.
Gemetchu Megerssa and Kassam, A. (2019). *Sacred Knowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa.* Artist Printing Enterprise, Ethiopia.
Graf, F. (2004). What Is Ancient Mediterranean Religion? In, Sarah Iles Johnston (Ed.), *Religions of the Ancient World* (pp. 3-16). A Guide, Cambridge Mass.
Greimas, A. J. & Rastier, F. (1968). The Interaction of Semiotic Constraints. *Yale French Studies* (41), 86-105.
Greimas, A. J. (1983). *Structural Semantics: An Attempt at a Method.* Lincoln: University of Nebraska Print.
Greimas, A. J. (1987). *On Meaning: Selected Writings in Semiotic Theory* (Paul J. Perron and Frank H. Collins, Trans.). Minneapolis: University of Minnesota Press, Minneapolis.
Gufu Oba (1996). Shifting Identities along Resources Borders: Becoming and Continuing to be Boorana Oromo. In P. T. W. Baxter, J. Hultin & A. Triulzi (Eds.) *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquiries* (pp. 117-131). Uppsala: Nordiska Afrikainstitutet.
Halake Dida Gobessa (2020). *Ayyaantuu: An Indigenous Borana Weather Forecasting System.* Eclipse Printing and Graphics Design PLC.
Halliday, M. A. K. (1978). *Language as Social Semiotic: The Social Interpretation of Language and Meaning.* London: Edward Arnold.
Hammersley, M. and Traianou, A. (2012). *Ethics in Qualitative Research: Controversies and Contexts.* SAGE.
Hannah, A. P. (2016). Eirēnē: Ancient Greek Goddess and Concept of Peace. In, T. Shogimen (Ed.), *Visions of Peace: Asia and The West* (pp. 11-28). Routledge, Tylor & Francis Group.
Hansen, A. (1998). *Mass communication research methods.* NYU Press.
Hart, H. M. (2007). *Understanding Human History: An analysis including the effects of geography and differential evolution.* Washington Summit Publishers: Augusta, GA.
Herzog, D. A. (2005). *Webster's New World Essential Vocabulary.* Wiley, Hoboken, NJ.
Hoeflich, H. M. & Grabher, M. J. (2008). *The Establishment of Normative Legal Texts: the Beginnings of the Ius Commune. In The History of Medieval Canon Law in the Classical Period, 1140–1234.* The Catholic University of America Press.

Holbrook, C. J. (2004). Astronomy. In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 21-28). Routledge.

Ishida, T. (1969). Beyond the Traditional Concepts of Peace in Different Cultures. *Journal of Peace Research*, 6(2), 133-145.

Jaatanii Diida Haroo (2014). *Jaarraa: Haaromsa Aadaafi Seenaa Booranaa* (V-1). Elleni P.P. PLC. Finfinnee.

Jaatanii Diida Haroo (2015a). *Jaarraa: Haaromsa Aadaafi Seenaa Booranaa* (V-2). Zak Print, Hawassa.

Jaatanii Diida Haroo (2015b). *Jaarraa: Haaromsa Aadaafi Seenaa Booranaa* (V-3A). Zak Print, Hawassa.

Jaatanii Diida Haroo (2015c). *Jaarraa: Haaromsa Aadaafi Seenaa Booranaa* (V-3B). Zak Print, Hawassa.

Jaenen, C. J. (1956). The Galla or Oromo of East Africa. *Southwestern Journal of Anthropology*, 12(2), 171-190.

Jarstad, A., Eklund, N., Johansson, P., Olivius, E., Saati, A., Sahovic, D., ... & Åkebo, M. (2019). *Three Approaches to Peace: A framework for describing and exploring varieties of peace.* file:///C:/Users/Admin/Downloads/Three%20Approaches%20to%20Peace.pdf

Johnson, C. M. (2013). Symbolic and Interpretive Anthropology. In R. J. McGee & R. L. Warms (Ed.), *Theory in Social and Cultural Anthropology* (pp. 841-846). SAGE Publications, Inc.

Joyce, J. (2004). Ethiopia (People's Democratic Republic of Ethiopia). In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 240-241). Routledge.

Julien, C. (2007). War and Peace in the Inca Heartland. In K. A. Raaflaub (Ed.), *War and Peace in the Ancient World* (pp. 329-347). Blackwell Publishing Ltd.

Kainz, H. P. (Ed.) (1987). *Philosophical Perspectives on Peace: An Anthology of Classical and Modern Sources.* Macmillan Press.

Kant, I. [1795] (1917). *Perpetual peace: A philosophical essay (Campbell Smith, Trans.).* London: George Allen & Unwin Ltd.

Kassam, A. and Gemetchu Megerssa (1994). Aloof Alollaa: The Inside and the Outside; Boran Oromo Environmental Law and Methods of Conservation. In D. Brokensha (Ed.), *A River of Blessing: Essays in Honor of Paul Baxter* (pp. 85-98). Maxwell School of Citizenship and Pubuc Affairs Syracuse Unnersity, Syracuse, New York.

Kastely, L. J. (2015). The Rhetoric of Plato's Republic: Democracy and the Philosophical Problem of Persuasion. The University of Chicago Press.

Kelman, H. C. (1981). Reflections on the History and Status of Peace Research. *Conflict Management and Peace Science*, 5(2), 95–110.

Keniger, L. E., Gaston, K. J., Irvine, K. N., & Fuller, R. A. (2013). What are the benefits of interacting with nature? *International journal of environmental research and public health*, 10(3), 913-935.

Kielmann, K. (2012). *Introduction to Qualitative Research Methodology: A Training Manual.* Produced with the support of the Department for International Development (DfID), UK.

Krapf, J. L. [1860] (2016). *Travels, Researches, and Missionary Labors, During an Eighteen Years' Residence in Eastern Africa; Together with Journeys to Jagga, Usambara, Ukambani, Shoa, Abessinia, And Khartum; and a Coasting Voyage from Mombaz to Cape Delgado.* Cambridge University Press. The Forgotten Book.

Kretzmann, P. E. (1920). *John Ludwig Krapf: The Explorer-Missionary of Northeastern Africa.* The Book Concern.USA.

Kumar, R. (2011). *Research Methodology: Step-by-step guide for beginners* (3rd ed.). SAGE Publications Ltd.
Kurtz, L. R. (1999). Preface. In L. R. Kurtz & J. E. Turpin (Eds.), *Encyclopedia of violence, Peace and Conflict*, (V. 2, Pp: xxxi-xxxvi). Academic Press.
Lambarde, W. (1599). *Eirenarcha: Or Of the Office of the Justices of Peace* (4th Ed.). London, Ralph Newbery.
Langlois, L. J. (1985). Folklore and Semiotics: An Introduction. *Journal of Folklore Research*, 22(2/3), 77-83.
Lattas, A. (1997). Aborigines and contemporary Australian nationalism: primordiality and the cultural politics of otherness. In G. Cowlishaw & B. Morris (Eds.), *Race Matters: Indigenous Australians and 'Our' Society* (pp. 223-255). Aboriginal Studies Press.
Lawes, R. (2002). *De-mystifying Semiotics: Some Key Questions Answered*. International Journal of Market Research.
Leavy, P. (2014). Introduction. In P. Leavy (Ed.), *The Oxford handbook of qualitative research* (pp. 1–14). New York: Oxford University Press.
Leavy, P. (2017). *Research Design: Quantitative, Qualitative, Mixed Methods, Arts-Based, and Community-Based Participatory Research Approaches*. The Guilford Press.
LeCompte, D. M. & Schensul, J. J. (2010). *Designing & Conducting Ethnographic Research: An Introduction* (2nd ed.). Rowman & Littlefield Publishers, Inc.
Leerssen, J. (2013). Notes towards a definition of Romantic Nationalism. *Romantik*, 2(1), 9-35.
Leus, T. & Salvadori, C. (2006). *Aadaa Booranaa: A Dictionary of Borana Culture.* Shama Books. Addis Ababa, Ethiopia.
Lewis, S. H. (1966). The Origins of the Galla and Somali. *The Journal of African History*, 7(1), 27-46
Lubisi, M. P. (2004). Naming Customs in Africa. In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 575-576). Routledge.
Lune, H., & Berg, B. L. (2017). *Qualitative research methods for the social sciences.* Pearson.
Luttwak, E. N. (1999) Give War a Chance. *Foreign Affairs*, 78(4), 36-44.
M. J. M. (1879). Peace. *The Irish Monthly*, 7, 253-259.
Magdalenic, S. (1999). Folklore. In L. R. Kurtz & J. E. Turpin (Eds.), *Encyclopedia of violence, Peace and Conflict* (V. 2, pp. 21-32). Academic Press.
Magdalenić, S. (2008). Folklore. In L. Kurtz (Ed.), *Encyclopedia of Violence, Peace, and Conflict* (pp. 827-836). Academc Press.
Marcus, H. (1994). *A History of Ethiopia.* University of California, London, England.
Marcus, J. (1997). The journey out to the Centre: the cultural appropriation of Ayers Rock. In G. Cowlishaw & B. Morris (Eds.), *Race Matters: Indigenous Australians and 'Our' Society* (pp. 29-51). Aboriginal Studies Press.
Markakis, J. (2011). *Ethiopia: The Last Two Frontiers.* Eastern African Socities.
Martin, B. & Ringham, F. (2000). *Dictionary of Semiotics.* London & New York.
Mason, J. (2002). *Qualitative Researching* (2nd ed.). SAGE Publications.
Matsuo, M. (2007). Concept of Peace in Peace Studies: A Short Historical Sketch. *Japanese Concept of Peace: Its Structure and Characteristics.* Pp. 13-26.
Maver, D. J. (2005). Foreword. In M. B. Rosenberg, *Speak peace in a world of conflict: What you say next will change your world,* (pp. 3-4). PuddleDancer Press.
Mbiti, S. J. (1970). *African Religions and Philosophy.* Anchor Books. Doubleday & Company, Inc. Garden City, New York, USA.

Mbiti, S. J. (1975). *Introduction to African religion.* Oxford, UK: Heinemann.
McGill, V. J., & Parry, W. T. (1948). The unity of opposites: a dialectical principle. *Science & Society*, 418-444.
Mekuria Bulcha (2011). *Contours of the Emergent and Ancient Oromo Nation: Dilemmas in the Ethiopian Politics of State and Nation-Building.* The Centre for Advanced Studies of African Society. Cape Town, South Africa.
Merriam-Webster, Inc (Ed.). (2009). Merriam-Webster's Elementary Dictionary. Merriam-Webster.
Merriam-Webster. (n.d.). Concept. In *Merriam-Webster.com dictionary*. Retrieved April 23, 2024, from https://www.merriam-webster.com/dictionary/concept.
Merriam-Webster. (n.d.). Conceptualize. In *Merriam-Webster.com dictionary*. Retrieved April 23, 2024, from https://www.merriam-webster.com/dictionary/conceptualize.
Merriam-Webster. (n.d.). Peace. In *Merriam-Webster.com dictionary*. Retrieved April 23, 2024, from https://www.merriam-webster.com/dictionary/peace.
Mertens, D. M. (2010). *Research and evaluation in education and psychology: Integrating diversity with quantitative, qualitative, and mixed methods* (3rd ed.). SAGE publications.
Metcalf, P. (2005). *Anthropology: The Basics*. Routledge.
Middleton, J. (Ed.). (1967). Introduction. In *Myth and Cosmos: Readings in Mythology and Symbolism* (pp. ix-xi). University of Texas Press, USA.
Mohammed Hassen (1983). *The Oromo of Ethiopia, 1500-1850: With Special Emphasis on the Gibe Region.* Thesis submitted for' the degree of Ph.D. of the University of London, School of Oriental and African Studies.
Morris, B. (1997). Racism, egalitarianism and Aborigines. In G. Cowlishaw & B. Morris (Eds.), *Race Matters: Indigenous Australians and 'Our' Society* (pp. 161-176). Aboriginal Studies Press.
Mosia, B. (2020). *Symbols in Georgian folklore with Comparison of World People's Imaginations.* https://www.researchgate.net/publication/341180865
Mulemi, A. B. (2004). Medicine: Overview. In M. Peek & K. Yankah (Eds.), African Folklore: An Encyclopedia (pp. 492-498). Routledge.
Mushakoji, K. (1978). Peace Research as an International Learning Process: A New Meta-Paradigm. *International Studies Quarterly*, 22(2), 173-194.
Neuman, W. L. (2007). *Basics of Social Research: Qualitative and Quantitave Approach.* Pearson Education, Inc.
Neuman, W. L. (2014). *Social Research Methods: Qualitative and Quantitative Approaches* (7th ed.). Pearson Education Limited, Peaeson. USA.
Nola, R. (2019). Definition: Atheism. In J. W. Koterski, & S. G. Oppy (Ed.), *Theism and Atheism: Opposing Arguments in Philosophy* (pp. 19-33). Macmillan Reference USA.
Oba-Smidt, C. (2016). *The Oral Chronicle of the Boorana in Southern Ethiopia: Modes of Construction and Preservation of History among People without Writing*. LIT.
Obsa Mamo Kosa & Ketema Tafa Biratu (2020). The Role of Proverbs in Peace Building among Oromoo: The Case of Bale Zone of Oromia Region. *American Journal of Sociological Research*, 10(1), 22-28.
Opoku, K. A. (1985). Religion in Africa during the Colonial Era. In A. Boahen (Ed.) *General History of Africa-VII: Africa under Colonial Domination 1880-1935* (pp. 508-538). United Nations Educational, Scientific and Cultural Organization.

Ortner, B. S. (1973). On Key Symbols. *American Anthropologist*, New Series, 75(5), 1338-1346. https://www.jstor.org/stable/674036
Otto, E. (2007). Law and Ethics. In S. I. Johnston (Ed.), *Ancient Religion* (pp. 84-97). Harvard University Press.
Palaganas, E. C., Sanchez, M. C., Molintas, M. P., & Caricativo, R. D. (2017). Reflexivity in Qualitative Research: A Journey of Learning. *The Qualitative Report*, 22(2), 426-438.
Paper, J. (2005). *The Deities Are Many: A Polytheistic Theology*. State University of New York Press, Albany.
Peek, P. M. (2004). Insults and Ribald Language. In M. Peek & K. Yankah (Eds.), *African Folklore: An Encyclopedia* (pp. 378-380). Routledge.
Perrault, S. J. (Ed.). (2008). *Merriam-Webster's advanced learner's English dictionary*. Merriam-Webster, Incorporated.
Petrovic, J. (2015). Social Semiotics. In K. Tracy (Ed.) *The International Encyclopedia of Language and Social Interaction* (pp. 1-6). Set. John Wiley & Sons.
Petzschmann, P. (2013). Hermeneutics. In R. J. McGee & R. L. Warms (Ed.), *Theory in Social and Cultural Anthropology* (pp. 389-392). SAGE Publications, Inc.
Phillipson, H. J. (1916). Notes on the [Oromo]. *Royal Anthropological Institute of Great Britain and Ireland. Man*, 16, 177-181.
Porter, J. (2007). Custom, Ordinance and Natural Rights in Gratian's Decretum. In A. Perreau-Saussine & J. B. Murphy, (Eds.), The Nature of Customary Law: Legal, Historical and Philosophical Perspectives (pp. 79–100). Cambridge, Cambridge University Press.
Raaflaub, A. K. (Ed.). (2007). Introduction: Searching for Peace in the Ancient World. In *War and Peace in the Ancient World* (pp. 1-33). Blackwell Publishing Ltd.
Raaflaub, A. K. (Ed.). (2016). Introduction. In *Peace in the Ancient World: Concepts and Theories* (pp. 1-11). Wiley Blackwell.
Read, E. K. (1967). Morality and the Concept of the Person among the Gahuku-Gama. In John Middleton (Ed.), *Myth and Cosmos: Readings in Mythology and Symbolism* (pp.185-229). University of Texas Press, USA.
Reddy, S., Atrey, M., Bhattacharjee, D., Vij, N. G., Mawon, S., Mali, D., … Kumari, P. (2021). *Folklore: Canon, Multimediality, Interdisciplinarity and Social Epistemology*. Indira Gandhi National Open University. New Delhi.
Rehman, A. A., & Alharthi, K. (2016). An introduction to research paradigms. *International journal of educational investigations*, 3(8), 51-59.
Richards, K. (2003). *Qualitative inquiry in TESOL*. New York, NY: Palgrave Macmillan.
Richmond, O. P. (2005). *The Transformation of Peace*. Palgrave, Macmillan.
Richmond, P. O. & Berenskoetter, F. (2016). Peace. In F. Berenskoetter (Ed.), *Concepts in World Politics* (pp. 107-124). London: Sage Publications.
Rosenberg, M. B. (2005). *Speak peace in a world of conflict: What you say next will change your world*. PuddleDancer Press.
Roulston, K. & Choi, M. (2018). Qualitative Interviews. In U. Flick (Ed.), *The SAGE Handbook of Qualitative Data Collection* (pp. 233-249). SAGE Publications Ltd.
Roy, D. R. (2005). *Traditional Customary Laws and Indigenous Peoples in Asia Minority*. Rights Group International.
Sahlu Kidane (2002). *Borana Folktales: A Contextual Studies*. London, United Kingdom.
Sarantakos, S. (2013). *Social Research* (4th ed.). Palgrave Macmillan, UK.

Schneider, M. D. (1980). *American Kinship: A Cultural Account* (2nd ed.). The University of Chicago Press, Chicago and London.
Shongolo, A. A. (1994). The Gumi Gaayo Assembly of the Boran: A traditional legislative organ and its relationship to the Ethiopian State and a modernizing world. *Zeitschrift für Ethnologie,* (H. 1), 27-58.
Sibanda, E. (2014). The Role of Folklore in African Society. *International Journal of Sociological Science,* 1(1), 1–7.
Sims, C. M. and Stephens, M. (2011). *Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions* (2nd ed.). Utah State University Press. Logan, Utah.
Spradley, J. P. (1979). *The Ethnographic Interview*. New York: Holt, Rinehart and Winston.
Suchanek, F. M. (2017). *The Atheist Bible: An atheist's view on life, the universe, and everything.*
Taheri, A. M. & Dehghan, M. (2013). Definition of Peace and its Different Types as Approached by Halqeh Mysticism. *Procedia-Social and Behavioral Sciences, 4th World Conference on Psychology, Counselling and Guidance,* 114, 56–61.
Tavakoli, H. (2012). *A Dictionary of Research Methodology and Statistics in Applied Linguistics.* Rahnama Press. Tehran, Iran.
Tenna Dewo (2008). The Concept of Peace in the Oromo Gada System: its Mechanisms and Moral Dimenssions. *Journal of Oromo Studies,* 15(1), 139-179.
Teshome Emana Soboka & Assefa Tolera Sori (2021). Conceptualizing Modern Urban Governance in the Everyday Language of an African Society. *Urbanities,* 11(2).
Tsega Etefa (2012). *Integration and Peace in East Africa: A History of the Oromo Nation.* Palgrave Macmillan, USA.
Turner, V. (1957). *Schism and Continuity in an African Society: A Study o f Ndembu Village Life.* BERG. Oxford, Washington, D. C.
Turner, V. (1967). *The Forest of Symbols: Aspects of Ndembu Ritual.* Cornell University Press, Ithaca and London.
Turner, V. (1973). Symbols in African Ritual. *Science,* 179 (4078), 1100-1105.
Turner, V. (1980). Social Dramas and Stories about Them. *Critical Inquiry,* 7(1), 141-168.
Turner, V. (1982). *From Ritual to Theatre: The Human Seriousness of Play.* PAJ Publications.
Twetten, B. D., Carl, B., Johnson, M., and Carrasquillo, R. F. (2019). Definition: Theism. In J. W. Koterski & S.J. G. Oppy (Ed.), *Theism and Atheism: Opposing Arguments in Philosophy* (pp. 1-17). Macmillan Reference USA, a part of Gale, a Cengage Company.
Tytler, F. A. (1836). *Universal History: from the Creation of the World, to the Beginning of the Eighteenth Century* (V. II). London: Hilliard, Gray, and Company.
Tytler, F. A. (1837). *Universal History: from the Creation of the World, to the Beginning of the Eighteenth Century* (V. I). London: Hilliard, Gray, and Company.
Van Inwagen, P. (1998). Meta-ontology. *Erkenntnis* (1975-), 48(2/3), 233-250.
Van Leeuwen, T. (2005). *Introducing social semiotics*. Routledge, Taylor & Francis.
Vanderstoep, W. S. & Johnston, D. D. (2009). *Research Methods for Everyday Life: Blending Qualitative and Quantitative Approaches.* Jossey-Bass, A Wiley Imprint.
Vansina, J. (1965). *Oral Tradition: A Study in Historical Methodology* (H. M. Wright, traslator). Routledge & Kegan Paul, London.
Verharen, C. (2008). Comparing Oromo and Ancient Egyptian Philosophy. *The Journal of Oromo Studies,* 15(2), 1-31.
Waktole Tiki (2010). *The Dynamics of the Ancient Tula Wells Cultural Landscape: Environmental and Social History, ca. 1560 to the Present.* Department of International Environment and

Development Studies (Noragric). Norwegian University of Life Sciences, Philosophiae Doctor (PhD) Thesis.

Walker, P. O. (2015). Indigenous Paradigm Research. In D. Bretherton & S. F. Law (Eds.), *Methodologies in Peace Psychology: Peace Research by Peaceful Means* (pp. 159-179). Springer International Publishing, Switzerland.

Ward, K. J. (2002). Ethnos in the Politics: Aristotle and Race. In J. K. Ward & T. L. Lott (Eds.), *Philosophers on Race: Critical Essays*, (pp. 14-37). Blackwell Publishers Ltd.

Webel, C. & Kaba, M. (2019). Definitions of Peace in the Modern Era since 1920. In, *A Cultural History of peace in the Modern Age* (pp. 21-40). Bloomsbury Publishing.

Webster, N. (1979). *Webster's third new international dictionary of the English language, unabridged* (2nd ed.). Merriam-Webster. New York, USA.

Webster, N., Harris, W. T., Allen, F. S. (Frederic Sturges). (1910). *Webster's new international dictionary of the English language: based on the International dictionary of 1890 and 1900.* Springfield, Mass: G. & C. Merriam Company.

Whatham, A. E. (1899). Were the Israelites Ever Polytheists? *The Biblical World,* 13(5), 293-307.

Whitehead, L. T. (2004). What Is Ethnography? Methodological, Ontological, and Epistemological Attributes.

Wilkinson, S. (2004). Focus group research. In David Silverman (Ed.). *Qualitative Research: Theory, method & practice,* (2nd ed., pp. 177-199). Sage Publications.

Wilson, W. A. (2006). *The Marrow of Human Experience.* Utah State University Press Logan, UT.

Workineh Kelbessa (2001). *Traditional Dromo Attitudes towards the Environment an Argument for Environmentally Sound Development.* Organization for Social Science Research in Eastern and Southern Africa. Social Science Research Report Series - no. 19.

Yakin, H. S. M., & Totu, A. (2014). The semiotic perspectives of Peirce and Saussure: A brief comparative study. *Procedia-Social and Behavioral Sciences*, 155, 4-8.

## DABALEEWWAN

### Dabalee 1: Qajeelfama Daawwannaa

2. Waan naannoon fakkaatu (haala teessuma lafaa, haala qilleensaafi…)
3. Akkaataa qubsumaa (yaa'a jila geggeessu)
4. Waliin dubbii (idileefi mit-idilee) keessatti jechootaafi mallattoolee calaqqisan
5. Waantota dhorgamaniifi eeyyamaman (waanna sirriifi sirrii hintaane)
6. Waantota sirna Gumii Gaayoo ibsuuf addatti argaman/dhihaatan/raawwatan
7. Raawwilee ykn faaruuwwan dhihaatan
8. Shoora meeshaaleen aadaa sirnarratti qabu (waaqessuu moo ittiin waaqeffachuu)
9. Hirmaannaa qaama maraa moo muraasaa ta'uu isaa.
10. Qindaa'ina namootaa/hirmaattotaa
11. Duraa duuba raawwii
12. Dhiibbaalee aadaa Booranaa mudatan (gama mootummaa, qorattoota, barnoota, dhaabbilee mit-mootummaa (NGOs), hawaasa naannoofi…)

### Dabalee 2: Af-gaaffiif gaaffilee ka'umsaa

1. Yaadrimee nagaa booranaa hidhata xiin-uumeen
    - Nama eenyutu uume? Maaliif uume?
    - Nagaan maali; eessaa dhufe?
    - Waaqti uumama biraa irraa addatti nagaa Booranaaf kenne qabaa?
    - Jalqabarratti, akka dhuunfaakeetti nagaa ta'uuf waan raawwattu/guuttattu?
    - Nagaa, nagee, nageenya, naga-qabeessa, fayyaa, babaaroo,… maalidha?
2. Hariirowwan namni uummatuufi shoora yaadrimee nagaa
    - Namni jiraachuuf maalitti hidhachuu qaba?
    - Nama eenyutu uume; sababa maaliif?
    - Dhimmoota akkamiif waaqa kadhatta?
    - Waaqa maal jettee kadhatta?
    - Waaqa yeroo akkamii galateeffatta; akkam jettee?
    - Booranni qorsa/qoriha aadaa kan akkamii qaba?
    - Duudhaa isaan Booranni haala qilleensaa maal irratti hundaa'ee hima?
    - Bineensa manaa/bosonaatti maal tajaajilamta?
    - Namni namaaf maal ta'aaf?
    - Booranni fira jedhee kan waamu kan akkamiiti; gama haadhaan, abbaan, hidhata gaa'elaan?
    - Nyaaphni kan akkamiiti; maalirraa ka'uun nyaapha jechuun kaa'uu kan eegalte?
    - Raawwilee hariiroo uumuuf jecha (nama, uumama biroofi Waaqa) raawwattu qabdaa?
    - Namni Waaqarraa bu'aa maal argata, Waaqnihoo namarraa?
    - Waaqa akkamiin ibsita?
3. Booranni seera/aadaa ittiin bulmaataa akkamii qaba?
    - Siif seera/aadaa jechuun maali?
    - Aadaan Booranaa maal irratti hundaa'ee yayyaabama?
    - Seerri/aadaan wal caaltii/walirra jirtii?

- Seerri/aadaan Booranaa eenyuuf/eenyurratti hojjeta (nama dhuunfaa, kan humna hinqabne, hiyyeessa…)?
- Booranni seerota/aadaalee qabu kan mul'isuuf sagantaanni raawwatu/qopheessu?
- Sirni Gadaa nagaa Booranaaf bu'aa akkamii buuse?
- Namni akkaataa aadaan jettuun buluufi hookkarsa uumee hinbeekne hiika maalii qaba?
- Booranni afaan/jechoota kadhannaa/eebbaa (jechoota ulfoo ta'an) addatti qabaa?

4. Nagaan yoo maalti ta'e cabe jedhama; akkamiin eegamu?
    - Waaqni namatti mufataa, maaliin mul'ata?
    - Namni mufannaa qabuuf mallattoolee akkamii mul'isa?
    - Nagaan cabe kan jettu yoo maalti raawwate? Uumaa, uumamaafi namarraa?
    - Hookkarsi hundi sadarkaa walqixa qabaa? Jecha afaanii hanga uumama mancaasuufi nama ajjeesuutti?
    - Adeemsaafi sadarkaalee hookkarsi itti furamu?
    - Namni seera/aadaa cabse maaliin adabama; adabbichi hiika maalii kenna/dabarsa?
    - Namni akka nama adabuuf (fkn: hama-mudaammuddii, karra-mataafi…) eenyu aangoo kenneef?
    - Nagaa guutuu/hir'uu: araarri itti hinquufamne nijiraa? Adabbiin xiqqaachuu; sirni hir'achuu…?

**Dabalee 3: Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoof**

1. Nagaa namaa eenyutu eega jadha Booranni?
2. Booranni nagaa uumama/hawaasa biraa irraa addatti qabu jiraa?
3. Booranni garee nyaapha jedhee qoode qabaa; maaliif?
4. Hariiroo ittiin eeggachuuf seera/aadaa gurguddoo Booranni qabu kan akkamiiti?
5. Balleessaan callifamee/dhiifamaan irra darbamu jiraa?
6. Booranni aadaa isaan buluu irraa bu'aanni hawaasa dhibii irraa addatti qabu/argate maan?
7. Aadaan nagaa booranaa akka itti hinfufne/hanqina qabaatu waantonni dhibbaa irraan ga'an: amantaa, siyaasa, barnoota, hammayyummaa, dinagdee…?
8. Adabbiin 'hama mudaammuddii' akka hafu kan dhiibbaa geessise, raawwii *sirna gadaa* akkamiin simate?
9. Nagaa/aadaan Booranaa eenyummaa hawaasa Booranaaf shoora ba'e?
10. Tolfannaan maali? Yeroo tolfannaatti maaltu raawwata?
11. Namni tokko Boorana jedhamuun bu'aa maalii qabaaf? Yoo hinjedhamne miidhaan isaahoo? Boorantittiin Boorana ta'uun ibsamaa?
12. Aadaa Booranaa keessaa kan hubaatii qaqqabsiisanidha kan jettu?
13. Akkaataa saalaan ykn umriin ga'ee hojii qooddannaan kan akkamiiti jiru?
14. Booranni tokko hariiroo gaa'elaa Booranaan alatti yoo ijaarrate/tte aadaan maal jetti?
15. Garaa garummaafi wal fakkeenyi 'nagaa, fayyaa, qabeenyaa' maali?
16. Jireenya itti fufsiisuuf qabeenya, nagaafi fayyaa keessaa kamti qooda olaanaa taphata?
17. Namni nagaa qaba kan jedhu haala akkamii keessatti? Nagaa qabaachuun maaliin ibsama?
18. *Nagaa jabeeffadhaa* jechuun maali?
19. Namni namarraa, uumama biroorraafi Waaqarraa bu'aa maal argata?
20. Hulluuqqoon maali? Maal hulluuqu?

**Dabalee 4: Odeeffannoo madda ragaalee**

| Lak. | Maqaa | Ganna | Gosa |
|---|---|---|---|
| 1. | Aab Borbor Bulee Dirree | 71 | Noonituu |
| 2. | Aab Waaqoo Guyyoo | 70 | Noonituu |
| 3. | Aab Jaarsoo Liiban Quluuxaa | 66 | Karrayyu |
| 4. | Aab Taarii Dooyyoo | 76 | Karrayyu |
| 5. | Aab Liiban Jaatanii Culluu | 60 | Qarcabduu |
| 6. | Qaalluu, Liiban Jiloo | 88 | Maxxaarrii |
| 7. | Aab Duureettii Waaqoo | 74 | Oodituu |
| 8. | Aab Dullacha Halakee | 75 | Qarcabduu |
| 9. | AG Roob Jaarsoo | 45 | Hawaxxuu |
| 10. | Aab Burjii Gogeessaa | 96 | Hawaxxuu |
| 11. | Aab Kanuu Jiloo Kunnoo | 52 | Warra Jiddaa |
| 12. | Aab Jaatanii Diida Haroo | 51 | Digalu |
| 13. | Aab Kiyyaa Garraadoo | 47 | Oodituu |
| 14. | Aab Huqqaa Waacillee | 89 | Digalu |
| 15. | Aab Diid Elemaa | 70 | Digaluu |
| 16. | Waariyoo Godaanaa | 27 | Koonnituu |
| 17. | Diid Galgaloo | 40 | Maliyyuu |
| 18. | Dhibaayyuu Liiban | 38 | Karrayyu |
| 19. | Aayyo Hinseenee Gufuu | | Hawaxxuu |
| 20. | Aab Moluu Galgaloo | 70 | Digalu |
| 21. | Aayyo Abdii Aadam | 57 | Digalu |
| 22. | Boruu Diimaa | 34 | Koonnituu |
| 23. | Diqqaa Booruu Diidaa | 31 | Maxxaarrii |
| 24. | Duub Qaamphee | 23 | Digalu |
| 25. | Kannanoo Areeroo | 48 | Warra Jiddaa |
| 26. | Guyyoo Liiban Galgaloo | 48 | Hawaxxuu |
| 27. | Guyyoo Areeroo Liiban | 19 | Hawaxxuu |
| 28. | Guyyoo Kusee | | |
| 29. | Goollichaa Dheengichaa | 31 | Karrayyu |
| 30. | Taadhii Galma Guyyoo | 22 | Karrayyu |
| 31. | Nuuraa Diid Niyoo | 22 | Karrayyu |
| 32. | Waaqoo Biiqqoo Halakee | 18 | Koonnituu |
| 33. | Halakee Moluu | 21 | Maliyyuu |
| 34. | Diida Diimaa Hareeroo | 21 | Warra Jiddaa |
| 35. | Soraa Liiban | 20 | Oodituu |
| 36. | Waariyoo Diimaa | | |
| 37. | Waariyoo Garboolee Duubaa | 26 | Digalu |
| 38. | Liiban Duubaa Okayoo | 65 | Warra Jiddaa |
| 39. | Waariyoo Guyyoo Guutuu | 70 | Digalu |
| 40. | Hassan Abdii Guyyoo | | |
| 41. | Aayyo Jiloo Kottool Soraa | 50 | Warra Jiddaa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 42. | Aab Jaarsoo Waaqoo Bilaalaa | 88 | Hawaxxuu |
| 43. | Aab Dooyyoo Waaqoo Bilaalaa | 88 | Hawaxxuu |
| 44. | Aab Moluu Halakee Dooyyoo | 90 | Hawaxxuu |
| 45. | Aab Okkoto Tikoo Roobaa | 73 | Hawaxxuu |
| 46. | Roobaa Jaldeessa | 20 | Hawaxxuu |
| 47. | Galma Booruu Waariyoo | 19 | Hawaxxuu |
| 48. | Abduu Guyyoo Galgaloo | 19 | Maliyyuu |
| 49. | Mallicha Soraa Waaqoo | 20 | Hawaxxuu |
| 50. | Daawit Liiban Waaqoo | 19 | Hawaxxuu |
| 51. | Guyyoo Garbicha Duubaa | 20 | Qarcabduu |
| 52. | Guyyoo Jaatanii Diidaa | 19 | Karrayyu |
| 53. | Jaatanii Jiloo Taadhichaa | 19 | Digaluu |

**Dabalee 5: Eebba**

**A. Eebba gaaddisaa**

| **Kan eebbisu** | **Gumii** |
|---|---|
| 1) Bobbaan nagaa, bobbaan nagaa | Nagee |
| Bobba’ee galee galchumni nagaa | “ |
| Elelleen nagaa, elemtuun nagaa | “ |
| Elmaa gaadiin nagaa, tika uleen nagaa | “ |
| Alaa warri nagaa, dhalaa dhalchi nagaa | “ |
| Dhalaa kormi nagaa, Uumaan nagaa, uumati nagaa | “ |
| Kan uumamee garaa jiru nagaa, kan dhalatee lafa jiru nagaa | “ |
| Goseen kuusaa nagaya, gosi Booranaa Sabboofi Goona nagaya | “ |
| Yaaballo Garbiin nagaya, Dharriituu Dambiin nagaya | “ |
| 10) Surubba buruuri nagaya, dhaddiim soodduun nagaya | “ |
| Soodda booqeen nagaya, booqeen sadeen nagaya | “ |
| Sadeen aannaan miyaa’an cufummaanuu nagaya | “ |
| Nu warri Hariiroo kan nageenni wal hariiru | “ |
| Warra Bombaasa warra nagaa bobbaasu | “ |
| Warra borbori odaa gurraachaa oduun Boorana keenyaa cufti nagaya. | “ |
| Nu warra guutooti guutuun Booranaa fulaa jiru cufatti nagaya | “ |
| Nu warra mataa gafarsaati mataan Booranaa fulaa jiru cufatti nagaya | “ |
| Nu warra dayyuu dullachaati, nageenni dullachuma duri | “ |
| Cabbii diidi nagaya, jabbii tiki nagaya | “ |
| 20) Tissaa jabbiin nagaya, saabbi nagaya | “ |
| Mataa saabbo nagaya, rimeenni saabbaa nagaya. | “ |
| Rimeenni dhalatee waatiifi haati nagaya | “ |
| Halake nagaya, halaqaaf adaayyuulleen bultiin nagaya | “ |
| Kosii dirreen nagaya, Digalu-Maxxaarrii sa’aa nami nagaya | “ |
| Karti keenya nagaya, Karrayyu Dayyoo Baasoo sa’aa namni nagaya | “ |
| Hariira loon nagaya, Harooressaa Fullallee sa’aa namni nagaya | “ |
| Harooressaan jaartee elellee ilaa miilli nagaya | “ |
| Harooressa keessatti galla nulleen bultiin keenna nagaya | “ |

Goromsi gurruun dibbee afaan dhokobaatti gala “
Kormi gooba dibbee dhawattuu gaanaatti gala “
Nagayaatti oolee gala, nagayaatti bulee ka’a “
Tissaan nagayaan faana gala “
Gadaan nagaya, gadaamoojjiin ta roobaa nagayaati “
Gadaan ta Kuraa nagayaati, halkanii guyyaalleen nuu nagaya “
Akkuma nagayaan buufanne nagayaan jaarsa bultumaa taana “
Horaa bulaa, deebanaa! Ee… jenne! (2020)

**B. Eebba Bunaa**

Barri nagaya
Bariin nagaya
Worri nagaya
Ollaan nagaya
Reeri nagaya
Dheedi nagaya
Ardaan nagaya
Ardaa qubatee yaa’i nagaya
Yaa’aa yuubi nagaya
Raabaa kuusi nagaya
Kuusi gosee nagaya
Ijoolleen kuuche nagaya
Gosa Booranaa Sabboof Gooni nagaya
Alaa warri nagaya
Dhalaa dhalchi nagaya
Dhalaa kormi nagaya
Manyeen dhalat nagaya
Dhaltii gurruun nagaya
Uumaan nagaya
Uumati nu nagaya
Nu warra Bareentuma, baraa barri nutti nagaya
Warra … canaa haraa, harri keenna fulaa cufat nagaya (0:54)
Nu warra Dayyuu Dullachaa nageenni keenna dullachuma duri
Waareen nagaya
Waariin nagaya
Elelleen ngaya
Elemtuun nagaya
Elmaa gaadiin nagaya
Tissaa uleen nagaya
Naggeenna oolee, nagayaan gala
Gurruun miyyuu, ka eegeen faccee
Nagaan sooressat dur gala, maayessat eegee gala
Tissaan nagayaan faana gala
Liiban nagaya
Liiban golbaa-diidi nagaya
Warra Buluudo, ka butteen bulaada warraa ka dhalaa kormi nagaya

Warra Ardoot, ardaan jiru cufti nu nagaya
Warra Ariiroo, ka nageenni wal ariiru
Warra Dooyyoo, ka nageenni wal doofatu (1:22)
Warra Deebanu, deebanuun sa'aaf namaa nagayaa
Warra Hashanee, warra nagaa haasa'u
Warra Nuuree, warra ilaan waan dansaa argu
Warra Araallee, warra bonaa ganna raasu
Warra Odaa, odun keenna roobaa nagayaa
Warra Bittaata, bitaa mirgi nu nagaya
Warra Gabiyyu, gamaa gamti nu nagaya
Daawwaa malkaan nagaya
Daawwee taakkinee, dirreen tunuu nu nagaya
Dirree baddaa sadeen nagaya
Malbe godi sadeen nagaya
Oduun Booran keennaa nagaya
Tullaan sallan nagaya
Laduun shanan nagaya
Booqeen abran nagaya
Gadaan sadeen nagaya
Gadaamoojjiin ta roobaa nagayaati
Bokkeenni roobeeti haraa danbalaa guute
Leelloon mirgiteeti okolee guutte
Waaqat nagaa nu guute
Gadaan ta Kuraa nagayaa
Booranni cufaa nagaya
Dooriin ka Guyyoo nagayaati
Guyyaan cufti Booranaa keennaa nagaya
Raabi ka Madha nagayaati
Kuusi ka Halakee nagayaati
Goseen kuusaa nagaya
Warra mataan gafarsaa, mataan Booranaa fulaa cufat nagaya
Warra guutoo… guutuun guutuu fulaa cufat nagaya (2:16)
Warra Oobloo, warra nageenni wal ooblatu
Warra Irmaayyaa, ka dhaltiin irmeetti irmaantu
Warra Danfile, danfi keenna fulaa cufat urgaawu
Warra Dhaddacha Dheeraa, ka nagaa dheeraa horu
Warra Bulee muk-kormaa, kormaa goromsi nu nagaya
Raadaa jibichi nu nagaya
Ilmaa intaltilleen nu nagaya
Warra Dureettii, duraa duubi dallaa keennaa fulaa jiru cufaat nu nagaya
Warra Waacillee Rooqaa, gurraachi
Warra Borbori Odaa Gurraachaa, oduun keenna fulaa jiru cufaat nagaya
Warra gaallee guddaa, warra nagaa guddaa
Warra tuqaa, warra hormaati wal tuqu
Warra Moyaalee Danbii Gurraattii, gurri Booranaa cufti nagaya
Warra Miyoo, warra marraa bisaan itti miyaawu

Warra Dawoo, dawoo nuti oollee bullu cufti nu nagaya
Warra Meeggaa tulluu gurraattii,
Warra Roobdaa baddaa gurraattii,
Warra gaamaduu irri gurraattii, gurri biyyaa fulaa cufat nagaya
Dikeen alaa warraa nagaya
Digaluu Maxxaarriin ardaa qubat cufat nagaya
Karraa fuloon nagaya
Fulaan oollee bullu cufti nagaya
Karrayyuun Dayyoo-Baasoo, ardaa qubat cufat nagaya
Areeroo haroon nagaya
Arooressaa Fulleellee, ardaa qubat cufat nagaya
Arooressaan jaartii, elellee harki nagaya
Aroon qayyaa nagaya
Araatee qayyatteet irra ciiftii, haati warraa fulaa cufat nagaya
Saaboon mataa nagaya
Rimeenni saafatti uunma, sa'aa namaa nagaya (3:19)
Bobbaan marrat qajeela
Marroot karat kajeele
Niitiin dhirsat qajeelti
Ilmat abbaat qajeelchi
Gaantuut ilmat qajeelchi
Gaanaa mirgat qajeelchi
Mirgisaa mucha abranit qajeelchi
Mirgoo gabbinat qajeelchi
Sugaa bokkayaa nut qajeelchi
Funnoo dheedaat qajeelchi
Funnaan dhalat qajeelchi
Manyee dhalat qajeelchi
Dhaltii gurruut qajeelchi
Roobaa nagayaa nut qajeelchi
Waaq gurraacha, eelee gurraattii, ko… gurraacha,
Waaqa gogeessa shananii, fulaa cufat oolchii nagaan nu galchi
Fulaa cufat bulchii nagaan nu kaa'i
Ijaara laafaan nu bulchi
Arcummee laaftuun nu tissi
Ruuf teetiin nu mari
Waaqayyoo, bobaakee nu keeyyadhu

**Haadha warraaf:**

Dureettii ta'i, dur warraan buli
Aannoo ta'i, aannaniin jaari
Kee elmadhu
Kee ergadhu
Tulluu nam-dur ta'i, Boorana keessaa mul'adhu
Horooroon bobbaasi
Horiin daara ba'i
Galaana ta'i, dhiibuu dacha'i

Anoona ta’i, hundaan furfuuri
Dhaddacha ta’i, gubbaan daraari, jalaan kosaa’i
Coqorsa ta’i, wal jalaan lati
Nagaa ta’i, waan feete cufa argadhu. (Aab Jaarsoo Liiban)

**Dabalee 6: Sirba Loonii**

Tissa ulee qaba, elmaan gaadii qabaa
Elma gaadii qaba, dhihoo dhale waatii qaba
Ala daaluu tiyyoo, muchitee faaluu qabaa
Natu si faalate, muchikee nadhii qabaa
Jireenna nadhii sit na kuuchisaa nadhii mirgaa
Addat booree qaba, adduut aanan qabaa
Muchaa nadhii qaba, mucha isaat gomboo qabaa
Nadhi gomboreege, dhooboteet cooncoo reebaa
Horsiis gaaroo tiyya, naa horee kaayoon tiyya
Irmaan boorii kiyya, dhihoo dhale sooriin tiyyaa
Irmaan moonaa keessaa, nanelmuu okolee geessaa
Elmee okolee geesse, nat ittee okolee qeensaa
Nam edduut waraane, nam elmut si waraabaa
Ka tisse si tooha, nami toohe si goobataa
Ka toohe goobate, nam qabut si soorataa
Ka qabu sooratee, ka hinqabne dhalataa
Akki irmaanaa gala, irmaana kiyyat yoonana
Akki irmaanaa huursan, haa galee waatii quubsaa
Akki irmaanaa deemta, marrattee karraan seentaa
Irmaani karraat simee, nagaas isaan himaa.
Itittuun madaal awlaan, keenna waarii qabaa
Ullaa boorii baasee, waarituu beeloo baasaa
Ilmaan nadhii kiyyaa, booree kiyya garmuchaa nadhii kiyyaa
Muchaa nadhii qabaa, nat si faarsee sinaree gomboo qabaa
Dudda booree qabaa, daawwii tiyya addukeet aanan qabaa
Sore qoobatee, sooree kiyya nam qabut si soorataa.
Diriirfattee bulta, dambalaa ganna taate
Garaachaan wal qabde, akka ufiituu garaachaa haadha taatee. (Maddi sagalee, Guyyoo Kusee)

**Dabalee 7: Raagamtaafi durii-durii**

**A. Hormaataafi nagaa**

Durii, namatu wa hinqabu. Gara Waaqaa deddeebi’ee, “Na horsiisi,” jedhee gaafata. Waaqi, “Si hinhorsiisu,” jedhee deebisa ture jedhani. Guyyaa tokko, isaa worra hinjirre worraan ba’e. Niitii Waaqaan mari’ate… Achiin, “Isaan akkana hinjedhani, nagaa naa kenni, jedhi. Namni nagaa argate waan cufa la argatee, tanuma jedhiin,” jettee gorsite. Waaqi deebinaan, “Aabboo Waaqaa, abboo nagaa naa kenni,” jedheen… Waaqi, “…Atiin amma yoo akkanumaan nagaa siif kenne, yoo guyyaa cufti siif nagayaa kaattoo maalin baafadha?” jedhee gaafate jedhan. Niitiin Waaqaa, “Isiin

dhiba hinqabdu, nagumanni si kadhatu kenniif, gaaf isiinuu geessu, kaattoo geesse afaan wal miliqsanii, kaan hagasuma," jette. "Ee, nagaa sii kennee deemi," jedhe. Nihore jedhani. (Aab Jaarsoo Liiban, 2021)

**B. Leenca, Jeedalaafi Waraabessa**

Durii leencaatu adamoo dhaqee jedhani. Ennaani, damma baasee, butteen arbaat fe'ee ittiin galuuf otoo jiruu, jeedalti karaa gubbaa teettee bootti. "Abuye jeedala, maa bootta?" jennaan, "Abboo iyyoommadhee du'ee, garaachilleen na ijjeesee, kunoo karaa kan kees taa'uu jiraa," jetteen. "Akkasii? Hagan jiru hindootu, koo na gula," jedheen jedhani. "Danda'eellee hindeemu abuye leenca maan ta'a?" jette. "Asum taa'i," jedhee buttee taan dhaattuu kaa'e jedhani. Qarayyu inni indeemaanii ennaan jeedalli, "Yoo waa buq jedhani, hinmil'atiin dhuufuu iyyeessaatii, yoo waa dhimph jedhe, hinmil'atiini imimmaan iyyeessaati," jette. Ennaan, buq gootee buqqifattee seentee, buq ka jedhu maanii leencaa ya himtee wa millataa? Yoo keessaa cophu dhimph sanillee ya itti himtee maan godha? Nyaattee fixxeeti, itti udoontee, itti fincoofteeti, "Worri keenya dhaddacha guddaa jalaan ba'ani, dhaddacha guddaa jalaan na ba'i," jetteen. Inni jalaan baanaani, ol kuruphattee dhaddachatti qancoorfattee hafte. Leenci karraan ba'ee warra yaamee, "Mata namaatiinan deemaa na duraa banaa," jedhe. Karra duraa bananii ojjaa waan kaan laalani, mataa namaa inni jedhe kaan jeedalti hinjirtu. Yoo butte kaanii hiikaniitiin buqqisanii laalan, udaaniifi fincaan jeedalaa callaa.

Leenci, "Ee, bad mataa namaa ka an deemuunii ya na ordee," jedheeti, kanuma baraq jedhee reebee jedhan. Yoonni deebi'u muka gubbaa teetti. "Bu'i," jennaan buute. Mukatti hidheetu, "Si dhaana," jennaani, "Abuyyo, warri keenna idda koobaatiifi idda aduun dhaanani," jennaani, idda aduufi idda koobaa barbaacha itti dhaabate. Jeedala mukatti hidhamtee jirtu waraabessi dhufee, "Abuyyo, maa asitti si hidhan," jennaan, "Beeytaa aniin dhadhaa hoolaa gurrachaa dhuguu dinnaan, foonleen nyaachuu didee jennaan asit na hidhanii," jette. "Har'a, koot nat nyaataa nahidhii," jedheen. Inni amma dhadhaa hoolaa gurraachaa dhugaa, isii irraa hiikee of hiisise. Isiin hiiteeti kaatee biraa dhaabatte. Leenci waan ittiin dhaanuun barbaacha kooba qaarisaa ooleeti hidda jalaa dhabee amma jirmuma fidatee dhufee waraabessati dhaabate. Waraabessi, "Way indhugaa," "Isa maal dhudda?" ammallee indhaana, "Way innyaadhaa," "Isa maal nyaatta?" jedhee gobee gad lakkise.

Waraabessi aaree, "Bada akkam na hordite?" jedhee jeedala barbaadaa itti dhaabate. Amma barbaadaa dhaqee yoo inni jedhe, kuunnoo gama akkas deemti. Reebuma reebee dhaqqabe. Inni eegee qabee jennaan, "Abuyyo waraabessa, abuyyo waraabessa, warri keenna fulaa jabduu hinqabanii fulaa laaftuu qabi," jennaan, yoonni eegee lakkisee udduu qabuuf jedhu udaan ijatti lakkiftee inni arguu dhabee jennaan duraa badde jedhani. Akkanaan jeedalli qarummaan milixxee jedhani. (Marii garee Mana Barumsaa Kobolee, 2022)

**C. Hinaaffaa Lubbuun Geessifte**

Durii, leenca, jeedala, uummoo, dhadhaafi ookkoo ta'anii horii walitti qabu turani. Jeedalli waan lafa beeytuuf yeroo hundayyu loon tissiti dabaree hinqabdu. Akkanaan qara jeedalaafi okkoon waliin tissani. Jeedalli, "Warra san deemii bisaan nuuf fidii," jette. Okkoon deebiftee, "Lakki na fudhatuu," jennaan, "Si hinfudhatanii deemi," ittiin jetteen. Yoo okkoon ollaa namaa geessu, "Okkoo keenna ka gaafa godaanne baddee," jedhanii fudhatani. Jeedalli qarummaa ishii boo'aa

galte. Leenci maal akka taate gaafannaan, “Okkoo osoo ani hindeemiin jedhuu bisaan dhuga jettee ollaa namaa deemnaan, ‘okkoo keenna ka gaafa godaanne baddee’ jedhanii fudhatani,” jette. Leencilleen, “Dhiisi hinboo’iinii,” jedhee jennaan, “Handhuuraan isii ka eennuuti?” jettee gaafatte. “Keennaa dhiisii,” jedhe. Ammas in bootte, baay’ee bootee jennaan, “Teetii callisii,” jedheen. Jeedalli, “Tiyyaan lammeeffachoo,” jette.

Guyyaa lammaffaa jeedalli dhadhaa waliin tika yaatee, “Dhadhaa, dhakaa kana ol ba’iitii bisaan gubbaa nuu laalii,” jette. “Baqee badaa lakkisii,” jedhe dhadhaan. “Baxxee hinbaddu, korii nuu laalii,” jetteen. Dhadhaan laaluuf koree baqee bade. Ammalleen boo’aa galtee, “Dhadhaan osoo ani hinkoriin jedhuu bisaaniin laalladha jedhee dhakaa koree baqee badee,” jette. Leenci, “Dhiisi hinboo’inii egaa,” jennaan, “Handhuuraan isaa ka eennuuti?” jette. “Handhuuraan isaa kiyyaa callisi,” jennaan, ammallee boosse. “Teetii callisi,” jedhe. “Tiyyaan sadeeffachoo,” jette. Guyyaa sadeessoo uummoo waliin tissani. Uummoo wliin osoo tissanii haphee walitti guurtee, “Anillee ciniineen taa’uuti jiraa ciniinii taa’ii,” jetteen. Uummoon ciniinnaan ilkeen walitti qabatee hafe. “Uummoo,” jennaan, ‘mm…’ jedhe. Jeedalli kaatee galtee, “Aabuyo leenca, uummoon si hakkees-siti,” jetteen. Leencis, “Uummoo,” jennaan, ‘mm…’ jedhe. Ennaan ijjeese. Amma jeeda-li, “Aabuyo leenca, uummoon amma yanarra do’e, handhuuraan isaa ka eenyuuti?” jettee gaafatte. “Handhuuraan isaa kiyya,” leenci jennaan, “Anat kophaa tissaa horiin uummoo tiyya,” jettee guddoo bootte. “Teetii callisi,” jennaan callifte. Jeedalli tan mataa ishiin loon afur godhatte.

Illeensi horii jeedalaa itti hinaaftee, “Isayi, Aabuyyo Leenca, ta jeedali kophee midhaas-suu beeytu ati faan duwwaa deemtaa?” jetteen. “Isa jeedalli kophee miidhaassuu beettii?” jedhee gaafate. “Ee inbeeyti,” jetteen. Aabuyo leenci gara jeedalaa deemee, “Aabuyo, jeedala, atini kophee midhaassuu inbeeytaa?” jennaaniin, jeedallilleen qarummaa isiin daftee hubatteeti, “Ee, inbeeka,” jette. “Akkana taatu naa midhaassi,” jedheen. Jeedallis deebiftee, “Kophee miidhassuun rakkoo hinqabu, garuu kohpee gogaa bineensa wayiitu ta’aa,” jetteen. “Gogaa bineensa akkamiiti ta’a?” jedhe. “Gogaa illeensaati ta’a,” jetteeni. Amma leenci deemee illeensuma itti hime kaan ijjeesee gogaa irraa baasee itti kenne. Jeedalli qara kophee midhaassuu waan hinbeenneef gogaa kaan gatteetiin teette. Guyyaa kaan leenci jeedalaan, “Kophee kaan miidhaassitee?” jedhee gaafate. Jeedallis, “Eegi, xiqqumaan irraan hinba’iinii, waama xiqqooti hafe xumuruuf,” jennaan, “Hayyee, yoom dhufa?” jedhee gaafate. “Boor ykn iftaan koo furadhu,” jette. Jennaan inni guyyaa boor kaan dhiisee iftaan deemeeti, “Mee kopheen?” jedhe. “Hardhaa, kalees sit kennee,” jette. “Yoom nat kennite?” jennaan, “Akkam sitti hinkenniin, na mormattaa aabuyyo leenca?” jettee leenca laallaan aaree, “Gartaa sillee hinta’iin, ka siin gargar namni hinbeeyne, bad abuye leenca, ta illi iluma tanteetiiti narraa fuudhe,” jennaan, “Ees dabre,” jennaan, “Garan dabre, fulanni jiru inbeeka, leenci sun guddoo fulaa bisaanii akkas jira, yoon koo fula eelaa kaan jiraachuu hindhabuu,” jetteen. La ittiin dhaabatte, jeedalli leenci dur buuteeti, “Asum koottu, asum koottu…” jechaa bisaaniin ba’ani, dhufee achi gubbaa ejjee jennaani, “Kunoo aabuye leenca kuun ka eel keessa jir sanii agartaa?” jette. “Ar… dhiira akka kiyyaati na ordaa,” jedheeti bisaanitti of gadhiise, akkanatti hunda fixxee qofaa isiitti loon fudhattee jedhama. (Galma Diimaafi Guyyoo Jaatanii)

### D. Leenca, Jaldeessafi Raacha

Durii, waa sadiitu waliin turani. Sadeen kuni, leenca, jaldeessa raacha. Amma leencaat niitii qaba. Leenci adamoo ba’ee jennaani, jaldeessaafi raachi oolii mana leencaa dhufani. Amma jaartii leencaa kaaniin ittiin haasa’anii, waan cufa dubbatanii jennaan amma niitiin leencaa kaan raacha

waa gaafatte. “Raacha, udduun raphe tantee tun maan?” jennaan, “Teettoo fardaati,” jedhe. “Qabbanti nafaa tun maan?” jennaan, “Nutu daaktuu galaana,” jedhe. “Iyyanti yeroo cufaa laaga bisaanii kun maan,” jennaan, “Nutu warra arjaalaa ,” jedhe. Ennaan amma jaldeessa gaafatte. “Jaldeessa, udduun luqqaayyoon tun maan?” jennaan, “Teessum fardaa,” jedhe innilleen. Hayyeen, “Teettum fardaa taate arginee, qubi qaqallaa kun maarree?” jennaan, “Quba qubee,” jedheen. “Ilti didiimtuu tun maan?” jennaan, “Il jannaa,” jedheen. Ennaani, guyyaa kana deebina jedhanii jaldeessiifi raachi galani. Isiinillee raachiifi jaldeessi dhufuu itti himte leencatti himte.

Guyyaa qabatanitti jaldeessiifi raachi mana leencaa dhufani. Leencilleeni diinqa ciisee eeggate. Isiin waan silaa gaafatte kaan gaafatte ammallee. Akkum san deebisani. Amma raachi fulaa daaraa tan taa’a. Jaldeesi barcuma leencaa gubbaa taa’a jedhani. Leenci diinqaa gad ce’ee jennaani, jaldeessi kuruph jedhee fulaa daaraa taa’e. Raachi fulaa daaraa taa’u kaan kuruphatee barcuma leencaa gubbaa taa’e jedhani. Ennaani leenci, “Jaldeessa, udduun dhaallaa tun maan?” jennaan, “Sorroonqo dhakaati,” jedhe. “Ilti didiimtuu tun maan?” jennaan, “Il daafanaa,” jedhe. “Qubi qaqallaa tun maan?” jennaan, “Qottuu ciimphaa,” jedhe. Ennaan amma gar raachaa deebi’ee, “Abuye raacha,” jennaan, “Ya,” jedhe. “Udduun raphe tun maan?” jennaan, “Teettoo fardaa,” jedheen. “Qabbanti nafaa tun maan?” jedhe. “Nut daaktuu galaanaati,” jedheen. “Dhukkeessi galgala galgala naannoo bisaanii maan?” jennaan, “Nutu, warra arjaalaa,” jedheen. Amma akkum qar jedhe kaan jedheen. Ennaan, jaldeessi kaan baqa ka’eeti itti dhaabate. Leenci raachaa niitii isaa buuseef jedhani. (Guyyoo Jaatanii)

### E. Abbaa, Qaruuxeefi Gowwillee

Durii, abbaa, qaruuxee, gowwille ogomdii guurrachuu dhaqanii jedhani. Ennaani, fagaatnii jedhani. Qaruuxeefi gowwille waliin badani. Abbaalleen kophaa bade jedhani. Ennaani, abbaan ruufa horooroot mare lafa dhaabee biraa demee jedhani. Qaruuxeen abbuyye yaamte jedhani. Ennaani, yoo seen yaamtu horooroo kaanti jalaa awwate jedhani. Ka’anii itti dhaabatan jedhani. Deemuma deemanii warra bulguu seenan jedhani. Tokkittiin taani kosii haruut jirtii jedhani. Ennaani, wori keenna kun eger isin nyaata, nati akka warri hinnyaanne isiniin godha, kosii kan na gargaaraa jette. Ennaan gargaartee waliin fixxe jedhani. Gol duuba ijoollee dhoksite jedhani. Worri galee jennani, “Ani ega guyyaa kanan kosii haraa oolee dadhabbiin jiru, horii naa qalaa,” jettee jedhani. Qalaniifii jedhani. Isiin garum diinqaa kaan ol teettee foon kutanii yoo kennaniif ijoollee dhoksiteef ol dabarsiti. Gowwilleen quuftee, “Maan quufaan quufaa mitii,” jettee warratti iyyiti jedhani. Worri kaan akka isaaniitii intal isaanii qofat ol jiraa, “Isii intal maa akkan taata?” jennaan, “Billaat na mure,” jette jedhani. Dodoomsanii itti kennan jedhani. Gowwilleen kaan ammallee deebitee iyyinaan argan jedhani.

Amma, “Qoraan dhaqaa, ammallee ka dhibii isinii qallaa,” jedhani. Qaruuxeen kaani achumaan banna jennaan gowwilleen didde. Akka isiitii horii qalaniifii gad deebitee, qaruuxe achumaan badde jedhani. Gowwilleedhaan muka gubbaa kaa’anii ibidda jalat bobeessanii keessat kuftee yoo gubattu, “Waan qaruxee aayyaa naan jette wallaalee,” jechaa gubattee doote jedhani. (Guyyoo Areeroo)

### F. Tuqaafi Garbicha

Durii, tuqaafi garbichi dooqa waliin barbaaddachuu dhaxxe. Ennaani, garbichi warri dureessa, tuqaan inni hiyyeessa, haadhaafi abbaa hinqabu, dooqa kaan waliin barbaad-dachuu dhaxxe.

Amma tuqaan argatee garbichi dhabe. Yogguu galuuf yaa'an galaana bira ga'ee, "Mee abuyyoo, dooq kan sii laalaa na kennii," jedhe. "Hinfedhu, galaana kan keessa na duraa buuchaa-nii," jedhe. "Hinbuusu, maa irraa buusa ilaaleen si kennaa," jedhe. Ennaan itti kenne. Ilaaleeti itti kennee ka'anii deemani. Ennaan galaana guddaa tokkoon ba'ani. "Abuyyoo, mee ammallee sii ilaalaa kenni," jedhe. "Hinfedhu dhiis galaan kan keecha na duraa buucha," jedhe. "Ka reefuu hinbuusiin amma buusaa, kenni," jedhe. Fuudhee itti kenne. Ennaan galaan kaan keecha duraa buuse. Ennaan ka'ee itti dhaabate, boo'aa galeeti abbaa garbichaatti, "Abbaa garbichaa, kunoo garbichikee dooq kiyya galaana keechatti na duraa gatee dhaanii naa fuusisi," jedhe. "Hinfuusisu," jedhe. Ka'ee itti dhaabatee iddii biraan ba'ee, "Iddii, oobruu abbaa garbichaa nyaadhu," jedhe. "Abbaa garbichaa maan ta'e?" jette iddiin. "Garbichi dooq tiyya galaana keessa nadoraa buusee abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naa fuusisuu dide" jedhe. Iddiin, "Hinnyaadu," jette. Waata bira deemee, "Waata iddii iddi," jedhe. "Iddi maan taate?" jedhe. "Iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. Waati, "Hiniddu," jedhe. "Ibidda, goom-phee Waataa gubi," jedhe. "Waata maan taate?" jedhe. "Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. "Hingubu," jedhe. Ennaani, "Bisaan ibidda dhaamsaa," jedhe. "Ibiddi maan ta'e?" jedhe. "Ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. Ennaani, "Hintuqu lakkii," jedhe. "Arba, bisaan xuuxaa," jedhe. "Bisaan maan ta'e?" jedhe. "Bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. Ennaani, "Hinxuuxu," jedhe. "Jirma garaa arbaa baqassii," jedhe. "Arbi maan ta'e?" jedhe. "Arbi bisaan xuuxuu didee, bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. Jirmi, "Hinbaqassu," jedhe. "Hantuut, jirma jala doonaa," jedhe. "Jirmi maan ta'e," jedhe. "Jirmi garaa arbaa baqassuu didee, Arbi bisaan xuuxuu didee, bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. "Hindoonu," jedhe. Ennaani, "Ijoolle, hantoota hadhaa," jedhe. "Hantooti maan ta'ee," jedhe. "Hantooti jirma jala doonuu didee, jirmi garaa arbaa baqassuu didee, Arbi bisaan xuuxuu didee, bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. "Hinaanuu," jedhe. Ennaani, "Gaaddu, ijoollee gaadaa," jedhe. "Ijoolleen maan taate?" jedhe. "Ijoolleen hantoota hadhuu diddee, hantooti jirma jala doonuu didee, jirmi garaa arbaa baqassuu didee, Arbi bisaan xuuxuu didee, bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuudide," jedhe. "Hinaanuu," jedhe. Ennaani, "Hingaaduu," jedhe. "Sa'a, somaa gaadaa cabsii," jedhe. "Gaaddu maan taate?" jedhe. "Gaaddu ijoollee gaaduu diddee, ijoolleen hantoota hadhuu diddee, hantooti jirma jala doonuu didee, jirmi garaa arbaa baqassuu didee, Arbi bisaan xuuxuu didee, bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide," jedhe. Ennaani, "Hincabsuu," jedhe. Waraabessaani, "Waraabessa, sa'a nyaadhu," jedhe. "Sa'i maan ta'e?" jedhe. "Sa'i somaa gaadduu cabsuu diddee, gaaddu ijoollee gaaduu diddee, ijoolleen hantoota hadhuu diddee, hantooti jirma jala doonuu didee,

jirmi garaa arbaa baqassuu didee, Arbi bisaan xuuxuu didee, bisaan ibidda dhaamsuu didanii, ibiddi gomphee Waataa gubuu didee, Waati iddii idduu diddee, iddiin oobruu abbaa garbichaa nyaachuu diddee, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq tiyya naafuusisuu dide, ” jedhe. Waraabessi danda’ee wa obsaa, “Inbuta,” jedhee sa’atti gamnaan sa’i soma gaad-duutti game, gaadduun ijoollee gaadde, ijoolleen hantuuta haadhuutti gamte, hantooti jirma jala doonuuf yaate, jirmi garaa arbaatti gamee, arbi bisaanit game, bisaan ibidda dhaansuuf gamanii, ibiddi goomphee Waataa gubuuf ka’e, Waati iddii idduuf game, iddiin oobruu abbaa garbicha nyuuf kaate, abbaan garbichaa garbicha ofii dhaanee dooq sun fuusiseef. Akkanaan tuqaalleen haqi isaa deebi’ef jedhani. (Barattoota m/b Kobolee, Amajji 31 fi Gur. 01/2022)

### G. Mootiifi Urunguu

Dur mootiiti turee jedhani. Mootiin kun namaafi bineensa ooggana. Haadha manaa bareedduus qaba. Haati manaa isaa kun dubartii kara fedheen dhufee fedhi isii akka guutamu barbaaddu turte. Mootichis waan baay’ee isii jaallatuuf isii gammaddu malee isii gadditu arguu hinbarbaadu. Guyyaa tokko haadha manaa isaa dallantee teessu argeeti, “Waaan lafaa olii siifan godhaa maal rakkoo qabda, himadhu siifan godhaa,” jedheen. Isheenis, “Itilleen irra rafu kuni rifeensa looniiti natti hintolle, silaa jirbii guuranii naaf hafanii,” jettiin. Mootichis jirbii fichisiiseefii jennaan guyyaa muraasa ega irra ciifteen booda isallee jibbitee, “Fooliin isaa natti tolaa hinjiru osoo nama mataa lallaafaa irraa aadamee naaf hafamee,” jetti. Sulleen akkanuma godhani. Ammallee, “Fooliin rifeensaa funyaan na seene, kanallee jibbe,” jennaan, “Maal siif godhu?” jedhee gaafate. Ammallee mala dhooteeti, “Bineensa koolaa kabarrisu rifeensa laafaa garaa isaa jalatti babba’u kana guuranii naaf haahafni,” jette. Mootichis, mootii bineensa barrisuu kan ta’e urunguun akka gocha kana raawwatuuf gara mana mootii akka dhufu itti dhaame.

Urunguun odeeffannoo jalaan waan dhaga’eef waamichi ega isa ga’ee guyyaa sadii dabarsee dhufe. Mootiin waamichi isaa jarjartiin akka itti dhufan beeka malee, guyyaa sadii jalaa turee dhufu takkaa argee hinbeeku. Mootichis fuula aariitiin urunguu laalee, “Waamichi si hingeennee, waamichi kiyya si hingeennee?” jedhee gaafannaan, urunguunis, “Na ga’e gooftaakoo,” jette. Mootiin ammas, “Yoom si dhaqqabe?” jedhe. Urunguun deebiftee, “Guyyaa sadii ooleera,” jetti. “Guyyaa sadii maalti si oolche,” jennaan, “Gooftaa koo, guyyaa sadeenuu mormii sadiitu gidduu keenya ture, saniifi,” jette. “Mormiin sadeen maali?” jedhe. “Inni jalqabaa, muki jiidhaamoo gogaatu caala jennee wal mormaa turre. Warri tokko gogaa jedha, kaan jiidhaa jedha, walii galuu dadhabne. Guyyaa guutuu nutti fudhatee, galgalarratti garuu yoo damee godduun muka jiidhaatti ejjitullee gara muka gogaatti erregame, muki ka gogaati caala jennee irratti walii galle, guyyaan tokko kanaan xumurame,” jedhe. “Guyyaa lammaffaa, nami ka du’emoo ka jiruti irra caala jennee wal gaafanne. Inni kaan nama du’e jedhaa, kaan nama jiru jedhaa, kanaan wal mormaa oolle. Galgalarratti, yoo jiraa rafaa jirullee gara du’eetti erregne, nami kama du’eti caala jenne,” jedhe. “Guyyaa maayyii, kaleessa, namni lafa kanarra jiru dhiiramoo uwwaati irra caala jennee wal falmaa oolle. Inni kaan dhiira jedhaa inni kaan uwwaa jedhaa walii galuu dadhabne. Dhuma irratti galgala walii galle,” jedhe. Mootiinis, “Maalirratti walii galte?” jedhe. Urunguunis, “Yoo dhiira dubbii uwwaa gula deemtullee gamuma uwwaatti erregne, uwwaatu irra caala jennee irratti walii galle,” jedhee deebise. Mootiinis, “Haay, oomaa si hingaafadhu, kan si waameefillee dhiise, been gali,” jedhe jedhani. Akkanaan urunguun firoota ishii dhumisa irraa hambiftee jedhama. (Aab Liiban Jaatanii)

### H. Ibidda, karaa, bisaaniifi nagaa

Durii, intal tokko qaba jedhan namichi tokko. Intal taani nama afuriti kadhate jedhani; ibidda, karaa, bisaani, nagaa. Qara ibiddat kadhatee waan jedhe, “Na malee hinjiraatani, yoo qubatan naan qubatani, yoo bulan naan bulani, warri ibidda hinqabne hinbulu, intalti naa maltee,” jedhe jedhan. Ammallee bisaan kadhaa dhufan jedhan. “Na malee lafti hinbaaftu, namnillee, muktillee, horiilleen bisaaniin jira, intalti naa maltee,” jedhe jedhan. Ammallee karaan dhufee, “Na malee hindeemanii, na malee hinduulanii, na malee oomaa hindhawatanii, na malee hinbobba’anii, fulaa ani hinjirre wanni gula deemanuu hinjirtuu, intala naa kenni,” jedhe jedhani. Nagaati amma eegee aanee dhufee waan jedhe, “Wanni warri kun himu cufti yoo nageenni jiraatee,” jedhe. Ammallee, “Yoo ani hinjirre karaallee hindeemanuu, yoo ani hinjirre ibiddallee hinbobeessanuu, yoo ani hinjirre bisaanleen hindhuganuu, wanni cuftuu yoo nagaa qabaatte taatii, yoo nagaa qabaatte lattii, yoo nagaa qabaatte jiraattii, na malee lafti hinbaaftuu,” jedhe jedhani. Attirraan laalanii, intala kaan nagaaf kennan jedhani. (Hassan Abdii Guyyoo, Karra Gumaataatti)